



YUUNIVARSIITII WALLAGGAA

MAN-BARNOOTA SAGANTAA EEB-BOODDEE

**XIINXALA HAALA ITTI FAYYADAMA AFAANII BARUMSA
AFAAN OROMOO DHAABBILEE BARNOOTA OL'AANOO
KEESSATTI**

Waraqaa Qorannoo Falaasama Doktorummaa

Ashennaafii Tarrafaatiin

Fulbaana , 2025

Oromiyaa, Naqamtee

YUUNIVARSIITII WALLAGGAA
MAN-BARNOOTAA SAGANTAA EEB-BOODDEE

XIINXALA HAALA ITTI FAYYADAMA AFAANII BARUMSA
AFAAN OROMOO DHAABBILEE BARNOOTA OL’AANOO
KEESSATTI

Ashennaafii Tarrafaatiin

Gorsitootaa: Dursaa- Wondimmuu Taganyee (PhD, Itti aanaa Piroofeesaraa)

Aantee-Alamuu Waaqgaarii (PhD, Gargaaraa Piroofeesaraa)

Waraqaa Qorannoo Sagantaa Barnoota Falaasama Doktorummaan Afaan
Oromoofi Ogbarruu barsiisuutiin ulaagaa guutuuf qophaa’ee Man-barnootaa
Sagantaa Eeb-booddeef dhiyaatu

Fulbaana, 2025

Oromiyaa, Naqamtee


YUUNVARSIITHII WALLAGGAA
MAN-BARNOOTAA SAGANTAA EEB-
BOODDEE

Qorannoon kun mataduree “**XIINXALA HAALA ITTI FAYYADAMA AFAANII BARUMSA AFAAN OROMOO DHAABBILEE BARNOOTA OL’AANOO KEESSATTI**” jedhurratti guuttannaa digirii dooktarummaa falaasama barsiisummaa Afaan Oromoofi Ogbarruutiif kan geggeeffame yoo ta’u ulaagaa yuunivarsiitichaa kan guutedha.

Maqaafi mallattoo Qorataa

Maqaa: **Ashennaafii Tarrafaa Gembuu** Mallattoo _____ Guyyaa _____

Maqaafi MallattooGorsitootaa

Gorsaa Duraa: **Wondimuu Taganyee(PhD),AU**  Guyyaa _____ Gorsaa Aantee _____

Maqaafi MallattooQortootaa

Durataa’aa: **Guddataa Abdiisaa(PhD), WU** Mallattoo _____ Guyyaa _____

Qoraa keessaa: **Addunyaa Barkeessaa(PhD), AAU**  Mallattoo _____ Guyyaa _____

QoraaAlaa: **EebbaaTarreessaa(PhD), JU**  Mallattoo _____ Guyyaa: 24/09/2025

Maqaafi mallattoo Ittigaafatamaa Muummee

Maqaa: **Dheeressaa Faqqadee** Mallattoo _____ Guyyaa _____

Koree Sagantaa Eeb-booddee kanMuummee

MaqaaDura Taa’aa: **Hundumaa Dabalii (PhD)** Mallattoo _____ Guyyaa _____

Diinii Dhaabbata Qo’annooAfaanii fi Gaazexeessummaa

Maqaa: **TafariTarrafee.(PhD)** Mallattoo _____ Guyyaa _____

Mirkaneessa Qorannoo Xumuraa

Qorannoon xumuraa kun koree dhaabbatichaan erga mirkanaa’ee booda galagalchisaa koree Man-barnootaa Sagantaa Eeb-Booddeef (SGS) galii ta’eera.

Hoogganaa M/B/Eeb-booddee(SGS)

Mallattoo

Guyyaa

GALATA

Hunda dura waaqayyo na uumee asiin naga'en galateeffadha. Itti aansuun, gorsitoota koo Dr. Wondimmuu Taganyee fi Dr. Alamuu Waaqgaarii, qorannoon kun erga jalqabamee kaasee hanga dhumaatti yeroofi humna isaaniitiif otoo hinsassatiin yaada, qajeelcha akkasumas sirreeffama garaagaraa kennuun waraqaa kana gabbisuurratti aarsaa kaffalaniin galatni isaaniif qabu guddaadha; qorannoon kun gargaarsaafi hordoffii isaaniin sadarkaa kana ga'e.

Galatni koo inni biroo, hiriyyoota koo yeroon qorannicha geggeessuu eegaleerraa kaasee deeggarsa ogummaafi yaadawwan ijaaraa yeroo garaagaraatti isaan naaf kennan, qorannicha kallattii qabsiisuufi cimsuurratti gaheen inni taphate waan ol'aanaa ta'eef 'ulfaadhaa' jechuun barbaada.

Gama kaaniin, meeshaalee odeeffattoo qorannichaa bar-gaaffiis ta'e af-gaffii dhiyaaterratti fedhiifi kaka'umsa gaariin keessatti qooda fudhachuun kanneen odeeffannoo kennan, barattootaafi barsiisota Yunivarsitii Jimmaafi Bulee Horaa, keessumattuu barsiisota keessaa, barsiisota kanneen akka Hirphaa Baqqalaa (Yunivarsitii Bulee Horaa) fi Daandii Ibraahim (Yunivarsitii Jimmaa) bar-gaaffii qorannoo baay'isuu, raabsuufi walitti qabuun atooma isaan naaf taasisaniif isaan galateeffachuun itti xiqqaata.

Gama maatii kootiin, haadha warraa koo (Aadde Qaalkidaan Maandafroo), ijoollee koo (Booniyaa Ashennaafii, Yeroosan Ashennaafiifi Soolanee Ashennaafii), Harmee koo (Aadde Faantaayee Shifarraa) akkasumas obboleewwan koo (Asrassaash Tarrafaa, Dr. Leencoo Tarrafaa, Abdii Tarrafaafi Biibii Tarrafaa), hojii qorannoo digrii sadaffaa kana jalqabee hagan sadarkaa kanaan ga'utti 'dadhabne akkasumas nuffine' osoo hinjedhiin na cinaa dhaabbachuufi na jajjabeessuun asiin waan na ga'aniif galatni eenyumaayyuu caalaa isaaniif qabu guddaadha.

Dhumarrattis, abbaa koo barsiisaa Tarrafaa Gembuufi obboleettii quxisuu koo (Hanofii/Massalach Tarrafaa), hanga lubbuun turanitti jiruufi jireenya koo keessatti waa hedduun na masakuun har'a iddoo kana gahuu kootiif aarsaa guddaa kaffalaniiru; biyyeen itti haa salphatu! bara baraafis onnee koo keessa ni jiraatu! Seenaanis isaan yaadata. Yaadannoon qorannoo digrii sadaffaa kanaas guutummaa guutuutti isaaniif naaf haata'u.

AXEERARA

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa, haala itti fayyadama Afaan Oromoo xiinxaluun, adeemsa itti fayyadamaa keessatti rakkoolee mudatan adda baasuun yaada furmaataa eeruudha Kaayyoo gooroo kanas galma ga'uuf, saxaxa qorannoo ibsaafi dhiyaannaa makaa fayyadameera. Qorannoon kun, dhaabilee barnoota ol'aanaa Afaan Oromoo digrii tokkoffaa kennanirratti kan xiyyeeffatedha; yunivarsiitiiwwan akka iddattootti filatamani: Jimma, Bulee Horaa, Arsiifi Ambo dha. Maddeen odeeffannoo qorannoo kanaa, barattootaafi barsiisota Afaan Oromoo akkasumas yaadannoowwaniifi mojuulota barnootaaf qophaa'an yeroo ta'an, hundi isaanii mala akkayyoon kan filatamani dha. Haluma kanaan, barattootni 20 akkasumas barsiisotni 16 af-gaaffii akka iddattootti filataman irraawwatama qorannichaati. Gama kaaniin, jechootni qabiyyee yaadannoo keessaa kaayyoon iddatteeffaman 120 yeroo ta'an, jechootni mojuuliwwan akka iddattootti filataman sadan keessaa haalarratti hundaa'anii kan fudhatamandha. Walumaa galatti, qorannoon kun ragaalee hammamtaa adeemsa qaacceessa dokimantii keessa guuramaniifi ragaalee akkamtaa adeemsa af-gaaffii barattootaafi barsiisotaa keessa guuraman walitti fiduun kan xiinxalamedha. Argannoowwan qorannichaas, itti fayyadamni afaanii barsiisotaa irri caalaan, sirnawaafi waalta'aa/idilawaa kan hintaane akkasumas haalleen qabatamoo afaanii tokko tokko xiyyeeffannoo keessa kan hingalchine ta'uu mul'isa; akka feetummaafi hanqinni muuxannoo itti fayyadama loogaa, jijjiirraa koodii/walmakiinsa afaanii akkasumas jechoota ogummawaa argannoowwan qorannichaa keessaa kanneen bu'uuraati; akka waliigalaattis, raawwiin itti fayyadama afaanii barsiisotaa tokkummaa kan hinqabe ta'uutu hubatame. Haalleen itti fayyadamaa akkasii ammoo, qaawwa gama walquunnamtiin uumamu akkasumas mudaalee milkaa'inaa afaan dhalootaan barachuutiif Sababa ta'aniiru Kanarraa ka'uunis, rakkooleen muuxannoo, gahumsa, malleen barnootaa, sirna barnootaa akkasumas imaammataan walqabatan kanneen bu'uuraati. Kanaafuu akka furmaataatti, barsiisota gahoomsuurratti hojjachuu, dokimantiiwwan barnootaaf oolan tokkoomsuu/waalteessuu, imaammata itti fayyadama afaanii fooyyeessuu, sagantaa/leenjii walitti fufaa itti fayyadama afaaniirratti hubannoo kennu qopheessuu akkasumas akkaadaamiifi dhaaba qorannoo afaanii hundeessuun, qaama keessumattuu, afaan waalteessuu, galmee jechootaa qopheessuufi rakkoolee itti fayyadama afaanii. kaawwaniin walqabatanii mul'atan furuurratti hojjatan gurmeessuun, humna egereefi guddina Afaan Oromootiif wabii ta'u ijaaruudha.

BAAFATA QABIYYEEWWANII

GALATA.....	iv
AXEERARA.....	v
BOQONNAA TOKKO: SEENSA.....	1
1.1. Seenduubee Qorannichaa	1
1.2. Ka’umsa Qorannichaa	8
1.3. Gaaffiilee Qorannichaa	10
1.4. Kaayyoo Qorannichaa	11
1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa	11
1.6. Daangaa Qorannichaa	12
1.7. Hir’ina Qorannichaa	13
1.8. Qindoomina Qorannichaa	14
BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU (REVIEW OF RELATED LITERATURE)	15
2.0. Seensa.....	15
2.1. Maalummaa, Faayidaaleefi Gufuuwwan itti fayyadama afaanii.....	15
2.1.1 Maalummaa, Qoqqooddiifi Sadarkaalee Loogaa.....	18
2.1.1.1 Maalummaa Loogota Afaan Oromoo	18
2.1.1.2 Qoqqooddii Loogota	19
2.1.1.3 Sadarkaalee Loogaa.....	24
2.1.1.4 Haala itti fayyadama loogaa Barnoota Afaanii keessatti	25
2.1.2 Jijjiirraa Koodii(Walmakiinsa Afaanii)	28
2.1.2.1 Gosoota Walmakiinsa Afaanii	31
2.1.2.2 Sababoota walmakiinsa Afaanii.....	31
2.1.2.3 Faayidaaleefi Rakkoo walmakiinsa Afaanii.....	32
2.1.3 Ergifannaafi Walmakiinsa Afaanii.....	34

2.1.4 Maalummaaafi Haalleen itti Fayyadamaa Afaan Ogummawaa	35
2.1.4.1 <i>Itti fayyadama jechoota idilawaa</i>	35
2.1.4.2 <i>Itti fayyadama jechoota koorniyaa ibsanii</i>	36
2.1.4.3 <i>Itti fayyadama jechootaa kabaja agarsiisanii</i> ..	37
2.1.4.4 <i>Itti fayyadama jechoota mit-ogummawaafi dhiibbaa isaa</i>	38
2.1.5 Rakkoolee Itti Fayyadama Afaaniin walqabatanii uumamaniifi fala isaanii.....	40
2.1.6 Gahee Xiinqooqa Hujoo rakkoolee itti fayyadama afaanii furuu keessatti	43
2.1.7 Imaammataafi Waaltina Afaanii i	45
2.1.8 Haala Dhiyaannaa Xinxala Qabiyyee	50
2.1.9 Yaaxxina Qorannichaa	52
BOQONNAA SADII: MALLEENQORANNICHAA	60
3.0. Seensa.....	60
3.1. Paaraadaayimii Qorannichaa.....	60
3.2. Saxaxa Qorannichaa.....	61
3.3.Haala Dhiyaannaa Qorannichaa.....	63
3.4.Yoomeessa Qorannichaa	64
3.5. Irraawwatamaafi Iddattoo Qorannichaa	65
3.5.1 Irraawwatama Qorannichaa	65
3.5.2 Iddattoofi Mala Iddatteessuu Qorannichaa	65
3.6 Seenduubee Odeeffannoo kennitootaa	68
3.7. Meeshaalee Odeeffannoon ittiin funaanaman.....	69
3.7.1 I Af-gaaffii	70
3.7.2. Xiinxala Dokimanti.....	71
3.7.2.1 Qaacceessa Yaadannoowwanii.....	72
3.7.2.2 Qaacceessa Mojuuliiwwan Barnootaa.....	74

3.8. Loogota Qaacceessa Keessatti Hammataman	76
3.9. Mala Dhiyeessaafi Qaacceessa Ragaalee	76
3.10. Naamusa Qorannichaa.....	77
BOQONNAA AFUR: DHIIYEESSAAFI XIINXALA RAGAALEE	79
4.1 Haala Itti Fayyadama Loogotaa Afaan Oromoo Barsisuu keessatti	79
4.1. 1. Haala Itti Fayyadama Loogaa Barsiisotaa Daree Barnootaa keessaa.....	80
4.1.2 Qaacceessa Dokimantii	92
4.2. Afaan walmakuun barsiisuun kaayyoo afaan ofii(Afaan Oromoon) barachuu hagam akka milkeesse	98
4.3. Haalleen Itti fayyadama Afaan Ogummawaa Barnoota Afaan Oromoo keessatti	106
4.4. Adeemsa itti Fayyadama Afaanii keessatti rakkoolee mul’atan	118
4.5. Argannoowwan bu’uuraa Qorannichaa.....	122
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA,GOOLABAAFI YABOO	124
5.1. Cuunfaai	124
5.2. Goolaba	127
5.3. Yaboo	129
Wabiilee.....	131

Dabaleewwan :

Dabalee A Qaacceessa Qabiyyee Jechootaa.....	150
Dabalee B:Jechoota Qabiyyee Taalii godhaman.....	158
Dabalee C: Qaacceessa Irra Deddeebii Jechootaa.....	166
Dabalee D: Ragaalee Af-gaaffii Barsiisotaa	169
Dabalee E:Ragaalee Af-gaaffii Barattootaa.....	191

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

1.1. Seenduubee Qorannichaa

Sochiilee guyyuutti raawwatu keessatti, ilmi namaa afaanitti fayyadamuun isaa hinoolu; sababnis, afaan isa waan yaadaniifi dalagan ittiin ibsataniifi waliif ibsaniidha. Itti fayyadamni afaanii kunis dhimmootaafi haalleen adda addaa keessatti tajaajila kenna. Fakkeenyaaf, dhaabilee garaagaraa afaan fayyadamuun dhimma itti ba'an keessaa, dhaaba barnootaa keessatti afaan tokko gahumsaan itti fayyadamuun guddina afaanichaatiifi dubbattoota afaan tokkootiif gahee guddaa qaba. Kunis, haala sirriifi akkaataa qajeelaa ta'een afaanitti fayyadamuun bu'aa buusu qaba.

Haala itti fayyadama afaaniitiin walqabatee, dhimmi xinqooqaa xiyyeeffannoo argateera. Kana ilaalchisee, Wolff (2000, yaadasaa akka ibsutti, itti fayyadamni afaanii gaaffilee ijoo xinqooqa hawaasaa irratti kan ka'an kan akka eenyutu eenyuuf maal dubbata? Yoomiifi eessatti dubbata? Maaliifi akkamitti dubbata? Kanneen jedhaman kaasa. Kana malees, haalli fayyadama jechootaa, yoomeessi keessatti dubbatamu akkasumas haalleen namootni yaada dubbii ykn barruu tokkoo itti hubachuu danda'an dhimmoota xiyyeeffannoo birooti.

Barnoota keessatti ogeessi afaan akka meeshaa walquunnamtiitti tajaajilamu, haalli itti fayyadama isaa galumsaafi kaayyoo barnoota afaanii xiyyeeffannoo keessa kan galche ta'uu qaba (Hadley, 2001)). Haaluma walqabateen, Muin (2019), itti fayyadamni afaanii dhimmoota kanneen akka: aadaa, umurii, sadarkaa hawaasummaa akkasumas koorniyaa qofa otoo hinta'iin haalleen garaagaraa kaawwanis gidduugala godhachuu kan qabu ta'uu ibsa. Kunis kaninni hubachiisu, tajaajilli afaanii caasaafi seera afaanii qofaarratti kan hindaangeeffamneefi addunyaa dhugaa kana qabatamaan calaqqisiisuu kan danda'u ta'uu kan mul'isudha. Mitchell (1988), haaluma yaada kana cimsuunis "language use is a multifaceted concept that examines how language is employed in social and communicative contexts, considering factors beyond just the linguistic structure" jedheera.

Bu'uuruma kanaanis, adeemsa barachuufi barsiisuu keessatti haalli itti fayyadama afaanii milkaa'ina ykn faayidaalee bifa garaagaraan argamaniifis ta'e gufuuwwan mudachuu danda'aniif sababa ta'uu ibsu. Kanas, Sherif & others (2021), adeemsa itti fayyadama afaanii keessatti faayidaaleen argaman, dandeettii waa xiinxaluu cimsuu, dandeettii walquunnamtii fooyyeessuu, carraa beekumsa jechoota haaraa babal'isuu, dandeettii dubbachuufi barreessuu gabbisuu

akkasumas qabatamummaa itti fayyadama afaanii mirkaneessuu ta'uu yeroo ibsan gama gufuuwwaniin ammoo, qaawwi itti fayyadamaa bifa garaagaraan mul'achuu, fedhiwwan garaagaraa keessumsiiisuu dhabuu, daree barnootaas ta'e meeshaalee barreeffamaa barnootaaf qophaa'an keessatti, afaan haala qulqullinaafi gahumsa qabuun tajaajilamuu dhabuu ta'uu ibsu. Qorataan kunis, daree barnootaa afaan dubbiis ta'e barreeffamaa gidduugala godhatee geggeeffamaa jiru keessatti haala itti fayyadama afaaniirratti faayidaalee argamaniifi gufuuwwan mudatan adda baasuun qorachuun xiinxalee kan dhiyeessudha.

Manuela(2021), haalli itti fayyadama afaan ogummaawaa (Professional language) dhiibbaan inni walquunnamtiirratti qabu yeroo ibsu "In the context of language teaching, the appropriate use of professional languages does have a positive impact on effective communication" jedha. Kunis, adeemsa itti fayyadama afaanii keessatti afaan ogummaa fayyadamuun walquunnamtii keenya milkaa'aa/gaarii kan taasisu ta'uu ibsa. Kanaafuu, walquunnamtii gaarii jedhamu mirkaneessuu keessatti haalli itti fayyadamaa, afaan ogummaawaa yoo gidduugala godhate ta'uu hubachiisudha. Akka qorannoo kanaattis, dhaabilee barnoota ol'aanaa keessatti barnoota Afaan Oromoo akka ogummaa tokkootti kennamu ykn baratamu keessatti qaama xiinxalaa isa tokko ta'a.

Gama kaaniinis, akka yaada Akinlabi & Adéníyí (2017), adeemsa afaan dhalootaan ykn abbaan barachuufi barsiisuu keessatti haalli itti fayyadama afaanii, itti fayyadama afaan ofii (tokko) gidduugala (target) kan qodhatu ta'us haalleen loogootni garaagaraa afaan sanaa akkasumas afaanootni kaawwan dabaalamuun akka kaayyoo fi barbaachisummaa isaaniitti walfaana tajaajilaaf yoo oolan, walquunnamtii kan cimsan, carraa itti fayyadama jechootaa kan bal'isan akkasumas yomeessa afaan kaan hammataa (inclusive) ta'e mirkaneessuun kan danda'amu ta'uu ibsu. Qorataan kunis yaada isaanii kanas ka'umsa godhachuun, Afaan Oromoon akka afaan dhalootaatti dhaaba barnootaa keessatti baratamaafi barsiifamaa jiru keessatti loogootni naannoo garaagaraa, afaanootni lammaffaa akkasumas afaanootni biyya alaa akka barbaachisummaa isaaniitti haala afaan idilawaa san cimsuun tajaajilaaf oolchuun milkaa'ina afaan ofin barachuui mirkaneessudha jedhee yaada.

Garuu ammoo, og-barruuwwan garaagaraafi haalli qabatamaan barnoota afaanii keessatti mul'atu, haalli itti fayyadama afaanii kaayyoo barnoota afaanii gidduugala kan hingodhanneefi rakkooleen murtaa'oon raawwiin walqabataniif bifoofa garaagaraan kan mul'atan ta'uu kaasu:

Muslimawati (2022), looga gidduugala godhachuun, rakkoo itti fayyadama afaanii yeroo ibsu kan armaan gadii jedha:

Standard language is a living language which has been standardized and which is regularly used as a general-high language. A vernacular is a living language not used as a general-high language; it may be used as a limited-high language but there are some practical inconveniences as to the language use by professionals

Waraabbiin armaan olii kunis, loogni waalta'aanis ta'e mit-waalta'aan afaanoota dubbatamaa jiraniifi tajaajilaaf oolan ta'uu ragaa ba'a garuu ammoo, kan baramaa ta'eefi irra caalaa hojjiirra ooluu qabu isa waalta'aa osoo ta'ee jiruu afaan akka feetummaan itti fayyadamuurratti rakkoon raawwii gama ogeessota afaaniin kan mul'atu ta'uu ibsa.

Afaan walmakuun fayyadamuun walqabatee ammoo, Adjei & Ewusi (2019). “in the use of multiple languages or language varieties either in a single conversation or sentence, code switching and mixing may make potential misunderstandings, difficulties in comprehension, and possible negative perceptions to happen” jedhu. Yaadni isaanii kunis, afaan walmakuunis bifoofa garaagaraan jijjijjiiruun fayyadamuun rakkoo walhubannaa, afaan hiikuu ykn xiinxaluuf rakkachuu akkasumas ilaalchi faallaa sammuu namootaa keessatti akka uumamu gochuu kan danda'u ta'uu dhaamu. Qorataanis waraabbii kanarraa, adeemsa afaan dalootaan ykn Afaan Oromoon barachuufi barsiisuu keessatti itti fayyadamni walmakiinsi afaanii kaayyoofi galumsa barnootichaa gidduugala hingodhatiin geggeeffamu rakkoolee kanneeniif saaxilamuu kan danda'u ta'uu hubate.

Jechootni ergifannaan fayyadamnus walmakiinsa afaanii bifa kaaniin mul'atan ta'uu ibsuun, itti fayyadamtootni adeemsa waan afaan sana keessa hinjirre sana bakka buusuun fayyadamuun qaawwa ykn hanqina jiru guutuuf akkasumas kaayyoo murtaa'oo barnootichaa galma ga'uuf kan fayyadaman osoo hinta'iin yeroo tokko tokko, akka feetummaafi sababoota kaawwan garaagaraan seeraan ala walmakuun kan fayyadamaa jiran ta'uus walqabsiisuun kaasa. Qorataan kunis, haalli itti fayyadama afaanii barnoota Afaan Oromoo keessatti mul'atu kun amalaafi kaayyoo ergifannaa afaanii eeguun raawwachuurratti mamii kan qabu ta'uu walqabsiisuun cimsa

Afaan walmakuun fayyadamuun xiyyeeffannoo qo'annoo qorattootaa erga ta'ee oolee bubbuleera. Qorattootni afaan makuun fayyadamuu walqabatee yaadawwan faallaa garaagaraa calaqisiisaniiru. Gariin, Fkn. Modupeola (2013), afaan walmakuun fayyadamuun walhubannoofi walquunnamtii namootaa daran kan bal'isuufi cimsu ta'uu ibsa. Haaluma walqabateen, Tsuchiya & Sakurai (2023), "code sketching a resource that helps continue the flow of communication process and to make messages comprehensible" jechuun ibsa., Yaadni isaanii kunis, afaan walmakuun fayyadamuu walqabatee ilaalcha qajeelaa kan qabaniifi fudhatama kan qabu ta'uu kan hubachiisudha

Yaada qorattootaa armaan olii haala mormuun ammoo, bu'aan qorannoo kaawwanii, afaan walmakuun fayyadamuun gaarii kanhintaane ta'uu mul'isa. Cleghorn & Rollnick (2002), "there was a negative perception of code switching among the monolinguals; it is a sign of lack of proficiency or careless language habit in the target language and should be banned during communication" jedhu. Waraabbiin kun, afaan walmakuun fayyadamuun mallattoo albaadheessummaa ykn amala itti fayyadama afaanii fafee ta'uu kan ibsudha.

Yaada armaan olii gamisaan deeggaruun, Ferguson (2003), "Code switching has often been criticized, mainly by monolinguals but also by some bilinguals. Many feel that it creates an unpleasant mixture of languages produced by users who are careless in the way they speak" jedha. Bu'aan qorannoo qorataa kanaa, afaan walmakuun fayyadamuurratti guutummaa guutuutti mormii kanqabu ta'uufi namoota afaan dhalootaa ykn tokko dubbattan gidduutti qofa osoo hinta'iin, namoota afaan lama dubbatan gidduuttillee darbee darbee kan komee kaase ta'uu ibsa. Qorataan kunis, adeemsa afaan dhalootaa ykn Afaan Oromoo barsiisuu keessatti afaan kaawwan walmakuun fayyadamuurratti guutummaa guutuutti mormii kan hinqabne ta'uufi haalleen barbaachisaa ta'an keessatti fayyadamuun fala ta'a yaada jedhu qaba.

Sababoota fooyya'aafi murtaa'oo ta'aniin dabaaluun ammoo Modupeola (2013), kan armaan gadii jedha:

Although code switching is used for different purposes, its use can be productive if it fits the background of the audience, situations and topic; extra-linguistic features like setting, and relationships between participants, norms and values, as well as socio-cultural aspects are factors for the use.

Yaadni waraabbii kanaas, afaan kaayyoon walmakuun kan fayyadamnu ta'uufi.bu'aa qabeessummaan isaa seenduubee dubbattootaa, haalleen akkasumas mata duree dhimmichaarratti kan hundaa'u ta'uu ibsa.walqabsiisuunis, amaloota xiinqooqaa biroo kanneen akka yoomeessa, hariiroo dubbattootaa, duudhaa, sona akkasumas dhimmoota hawaas aadaan walqabatan, afaan walmakuun fayyadamuu keessatti gahee kan qaban ta'uu kan mul'isudha.

Haaluma walqabateen, Wang & Duran (2021), "monolingual speakers have a negative perception of code switching because of the problems of intelligibility, attractiveness and correctness" jedhu.Kunis, kanneen afaan dhalootaa isaanii dubbatan, sababa rakkoo walhubannoo, harkisaa ta'uu dhabuufi sirrummaan ilaalcha faallaa kan calaqqisiisan ta'uu kan ibsudha.Haaluma walfakkaatuun,'Bikila (2008) 'the social and structural aspects of Afan Oromo- English code switching akkasumas Zelalem (1998). Code-Switching: Amharic-English' jedhuun qoratan keessatti, afaan makuun fayyadamuurratti mormii akka hinqabne ibsu garuu walmakiinsi afaanii sababaan ykn kaayyoo itti fayyadama afaanii haala gidduugala godhateen akkasumas haalleen qabatamaa tokko tokkoofi seenduubee dubbattootaarratti hundaa'ee kan hojiirra oolu yoo ta'e itti fayyadamtoota afaan dhalootaa fayyadamaa kan taasisu ta'uu isaa bifa garaa garaatiin ibsuun ragaa ba'u.

Qorataan kunis, akkuma qorattootni tokko tokko armaan duratti, afaan walmakuun fayyadamuun tasa kan hingorfamne ta'uu ibsan san mormuufi akka qaawwa qorannootti fudhachuun, adeemsa Afaan Oromoo akka afaan dhalootaatti barachuufi barsiisuu keessatti kaayyoo barnoota afaanii, galumsa afaaniifi hawaas aadaa akkasumas amalaafi eenyummaa dubbattootaa gidduugala godhatee kan hojiirra oolu yoo ta'e, afaan walmakuun fayyadamuun miidhaa kan hinqabne ta'uu itti amana.

Pollard(2010),Yoomeessa barachuufi barsiisuu idilawaa ta'e keessatti itti fayyadamni jechoota mit-ogummaawaa jiraachuun walqabatee taajjabbii qabu yeroo ibsu "It is witnessed that language use is some times unprofessional; inappropriate, rude, or lacking in etiquette in a professional setting, such as swearing, slang, or disrespectful remarks" jedha.Kunis, itti fayyadamni jechoota mit-ogummaawaa ta'aniifi sirrii hintaane, mit-idilawaa kan ta'an, kan kabaja hinmul'isneefi namoota miira keessa kan galchan ta'uu kan mul'isdha.

Haaluma walqabateen, jechootni arrabsoofi safuun walqabatanis qaama itti fayyadama mit-ogummaawaa ta'uu al-kallattiin ibsamaniiru.Dewaele(2004), gama tokkoon, "There are some

Insulting words or phrases which are intentionally or unintentionally used in expressing disrespect, belittle, or attack someone” jechuun yeroo ibsu gama kaaniin ammoo, “In language, "taboo" words that are offensive, unpleasant, or inappropriate may be used” jechuun ibsa.

Itti fayyadama afaanii mit-ogummaawaarratti, yaadawwan hayyootaa armaan olitti kallattiinis ta’e al-kallattiin ibsame keessatti,haalli itti fayyadama jechootaafi gaaleewwanii sirriifi sirnawaa kan hintaane ta’uu bifa garaagaraan mul’ate keessatti,itti fayyadamni isaanii kan kabaja hinagarsiifne, safuu kanta’e, kan namoota miira keessa galchu, idilummaa kan hinqabne, ifaa kanhintaane, afaan hunda galeessa hintaaneefi gareen addaa qofti itti fayyadamu ta’uutu hubatame.Qorataan kunis seenduubee kana ka’umsa godhachuun barnoota Afaan Oromoo dubbiis ta’e barreeffamoota bifa mojuuliinis ta’e yaadannoon qophaa’an gidduugala godhachuun geggeeffamu keessatti rakkoolee itti fayyadama afaanii mit-ogummaawaa ta’anii,haala galumsaa,dubbistoota ykn fayyadamtootaafi seera walquunnamtii sirrii hinhordofne adda baasuufi xiinxaluun kallattii furmaataa isaanii eeruudha.

Itti fayyadama afaan mit-ogummaawaa walqabatee bu’aaleen qorannoo, Simons & Ruijters(2004), argatan akka mul’isanitti,sirnaan fayyadamuu dhabuun afaanii yoomeessa barnoota afaanii, amantaa barattootni barsiisaaf qaban akkasumas kaka’umsa,ofitti amantaafi milkaa’ina waliigalaa barnootaa barattootaarratti dhiibbaa faallaa kan uume ta’uu mul’isa.Haaluma walfakkaatuun,Pollard(2010), “in mother tongue language teaching, unprofessional language use like: informal languages and slang has hindered student comprehension or development of the target language”jedha.Yaadni bu’aa qorannoo kanneenirraa argame kaninni mul’isu, itti fayyadamni jechoota mit-ogummaawaa, barattootaafi barsiisota gidduutti qaawwa walquunnamtii kan uumaa jiruufi milkaa’ina barnoota afaanii kan gufachiisaa jiru ta’uu kan saaxiludha,Kun ammoo,daree barnootaafi yaadannoowwn ykn mojuulota Afaan Oromoo barsiisuuf qophaa’an keessatti haalla itti fayyadama afaan mit-ogummaawaa adda baasuun kallattii furmaataa kaa’uuf kan karaa saaqudha.

Akka seenduubeettis sadarkaan afaanootni Itoophiyaa irra jiran waliin walqabatee, haala Afaan Oromoos ilaallatuun, Getachew & Derib(2006) akka ibsanitti, Itoophiyaa keessatti afaanootni 30 ol ta’an afaan barnootaa ta’uuf kan carraa argatanii, baay’een isaanii barsiisota sadarkaa tokkoffaaf leenjisuuf ittiin barsiifaman ta’uu isaaniifi sadan isaan iimmoo sadarkaa tokkoffaatii ol ta’an barsiisan leenjisuuf kan hojiirra oolu ta’uu mirkaneessu.Carraa imaammanni barnootaa kun kenneefiitti fayyadamuun barattootni afaan dhalootaa isaaniitiin dhaabbiilee barnootaa

sadarkaalee garaagaraa keessatti sadarkaa tokkoffaa, lammaffaafi dhaabilee barnootaa olaanaa(Yuunivarsiitii) keessatti, barachuu danda'aniiru.Yeroo ammaa kana Afaan Oromoon akka gosa barnootaa tokkootti akkasumas akka sagantaa barnootaa tokkootti, digrii tokkoffaan, lammaffaan akkasumas sadaffaan Yunivarsiitiiwwan keessatti baratamaafi barsiifamaa jira.

Haaluma walqabateen, Afaan Oromoon afaan saba guddaa,afaanoota gurguddoo Itoophiyaa keessatti bal'inaan dubbataman akkasumas biyyoota Afriikaa hedduu keessatti dubbataman keessaa isa tokkoofi bu'uuraati(Kabbadaa,1997).Akka ragaa lakkoofsa uummataa biyyattii bara 2007tti geggeeffameetti, Afaan Oromoon akka afaan tokkoffaatti dubbatamuun baay'ina uummataa biyyattii keessaa dhibentaa 33.3n sadarkaa tokkoffaarratti argamuun isaa ibsamus,yeroo dhiyootii as garuu lakkoofsi isaa dabaluu namoota miliyoona 50 oliin(gara dhibbantaa 50) dubbatamuu isaa,qorattootniifi hayyootni afaanii ragaa ba'u.Afaanichi, afaan barnootaa, afaan sabhimaalee,afaan seeraa, afaan qo'annoofi qorannoo, afaan hojii waajiraalee erga ta'ee xiqqoo bubbuleera (Tamiru ,2018).

Kanaafuu qorataan kun,dhaabbiilee barnoota olaanaa keessatti imaammata,sirna barnootaafi raawwii barnootaan walqabatee dhimmamtootni barachuufi barsiisuu afaanii keessatti kallattiinis ta'e alkallattiin qooda fudhatan, barataa geessisuu keessatti qooda qabu; yeroo ammaa kana barnoota Afaan Oromoo keessatti, adeemsi itti fayyadama afaanii keessatti loogni kamiifi haala kamiin kan hojiirra oolaa jiru ta'uu, afaan walmakuun fayyadamuun haala kamiin kan hojiirra oolaa jiru ta'uu akkasumas haala itti fayyadama afaan ogummaawaan walqabatee raawwii jiru qorannoon xiinxaluun, akka waliigalaatti rakkoolee kenniinsa barnoota Afaan Oromoo keessatti mul'atan adda baasuun furmaata eeruu dha.

Walumaa galatti,qorannoon kun mataduree, “xiinxala haala itti fayyadama afaanii barumsa Afaan Oromoo dhaabbilee barnoota ol'aanoo keessatti” jedhuu kan geggeeffamu dha.Yaadrameewwan saayinsawaafi bu'aalee qorannoo garaagaraa armaan duratti bifa garaagaraatiin ibsaman gidduugala godhachuun akka safartuutti tajaajilaniifi galtee ta'uu danda'an ka'umsa godhachuufi kanneen akka qaawwaatti fudhataman xiyyeeffannoo keessa galchuun,qorannoo adeemsa saayinsawaa ta'een geggeessuun bu'aan isaa kan gabaafamu dha.

1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Dhaabbiileen barnoota ol'aanaa, sadarkaa ittiin barattootni sagantaa barnootaa garaagaraan leenji'anii booda hojiidhaaf itti qophaa'an waan ta'eef sadarkaa murteessaa dha; dhaabbiilee kanneeniis, baajata guddaa ramaduun, meeshaalee barnootaaf oolan hunda qopheessuun, ogeessota gahumsa qabaniin barsiisuun humna nama baratee oomishuu dha waan ta'eef, gumaachi isaan guddina biyyaaf qabaatu ol'aanaa dha (UNESCO, 2003).

Afaan Oromoon waggoota soddoman darbaniif afaan barnootaa ta'ee tajaajilaa turus, qorannoowwan dhiyoo geggeeffaman tokko tokkoofi muuxannoowwan qabatamaan isa mudatan irraa ka'uun qorataan kun akka taajjabetti, afaanichi gahee mataa isaa taphachuun akka eegametti guddachaa fi tarkaanfachaa kan hinjirre ta'uu mala dhaha; akkuma qorattootni tokko tokko (Fkn. Wondimu, 2015), yeroo garaagaraatti kaaasaa turan, haala raawwii barnoota afaanii madaaluun qajeelchuuf keessumattuu, imaammata itti fayyadama afaanii baasuu, hojiirra oolchuufi hordoffii guyyuu gochuu dhabuun, rakkoolee itti fayyadamaan walqabatee barnoota Afaan Oromoo keessatti mudataniif sababa ta'uun qulqullinaafi guddina barnoota Afaan Oromoo kan gufachiisuu danda'u ta'uutu tilmaame; qorannoo kana geggeessuufis ka'umsa guddaa ta'eefii jira.

Haala raawwiin walqabateens, qorattootniifi ogeessotni afaanii garaagaraas rakkooleen adeemsa kenniinsa barnoota afaanii keessatti mudatan jiraachuu ibsu. Haala raawwii barnootaan walqabatee gufuuwwan, ammallee ogeessoota afaan barsiisuurratti kallattiin qooda fudhatan, kanneen meeshaalee barnootaaf ta'u qopheessan akkasumas kanneen afaanicha hammayyeessuu ykn guddisuurratti hojjatan mudatan jiru (Wondimuu 2015; Chimdiifi Iristtee 2019). Qorataan kunis, adeemsa afaan dhalootaan barachuufi barsiisuu keessatti haalli itti fayyadama afaanii sababoota rakkoo kenniinsa barnoota afaanii keessaa isa tokkoofi bu'uura ta'uu walqabsiisuun cimsa. Kallattiin qorannoo kanaas, rakkoolee itti fayyadamaa kanaaf wantoota sababa ta'an adda baasuun kallattii yaada furmaataa kaa'uudha..

Hayyootni, Polio & Duff (1994), haalli itti fayyadama afaanii, barattootni akka yaada kennan, gahee taphataniifi mari'atan kan karaa saaqu ta'uufi akka waliigalaatti haala hirmaannaa isaanii kan cimsu (enhanced engagement) ta'uu ibsa; haala walquunnamtii isaanii fooyyeessuun ammoo, akka afaaniin yaada ibsatan, gaaffii gaafataniifi waan baratanirratti hubannoo gadi fagoo argachuun dandeettii walquunnamtii isaanii kan gabbifatan ta'uufi beekumsaan walqabatee

beekumsa afaan garaagaraa, aadaawwan garaagaraa, dhimmoota hawaasummaa garaagaraa akkasumas itti fayyadama bu'aalee teknoolojii (online or digital platform) isaanii kan bal'ifatan ta'uu ibsu.

Akka yaada qorataa kanaattis, dareen barachuufi barsiisuu Afaan Oromoo haalleen mijataa itti fayyadama afaanii akkasii keessatti hojiirra kan oolu yoo ta'e, carraan barachuu barattootaafi barnoota afaanii daran mikaa'aa ni ta'a jedhamee yaadama.

Osoo kana ta'ee jiruu, raawwii qabatamaa daree barnoota afaaniin walqabatee, qorataan kun kanaan dura dhaabbilee barnootaa ol'aanoo keessatti yeroo barsiisummaana akkasumas dura dura taa'aa mummee ta'ee tajaajilaa turetti, itti fayyadama afaaniin walqabateen komeewwan gama barattootaan dhiyaataniifi ofii al-kallattiin abuuruun taajjabuun akka danda'etti, barsiisotni adeemsa Afaan Oromoo barsiisuu keessatti haalli itti fayyadama afaanii isaanii galumsa qabiyyee barnootaa, hubannoo barattootaa akkasumas kaayyoo barnoota afaanii gidduugala kan hingodhanne ta'uu isaati; haalli itti fayyadama loogaa, adeemsa afaan dhalootaa barsiisuu keessatti haalli afaanoota walmakuun itti fayyadaman akkasumas haalli itti fayyadama afaan ogummaawaa isaanii qaawwa kan qabu ta'uu isaa jechuunis: sirnawaa kan hintaane, tokkummaa kan hinqabneefi akka feetummaan kan hojiirra oolaa jiru ta'uutu hubatame; adeemsa itti fayyadama kana keessattis, jechootni mit-idilawaa, safuu, arrabsoo/kabaja hinmul'isnefi walqixxummaa saalaa hinmirkaneessine qaamota itti fayyadama afaanii kanneen muraasadha.

Haaluma walqabateen, qorataan, yunivarsiitii inni barsiisu keessattis ta'e hiriyyoota isaa yunivarsiitiiwwan kaawwan barsiisaniirraa meeshaalee barnootaa ergifachuun yeroo fayyadamaa turetti wantinni taajjabe inni biroon, yaadannoowwaniifi mojuulota hedduu barnootaaf qophaa'an keessatti haalli itti fayyadama jechootaa idilawaa kan hintaane, safuun kan walqabate, kaayyoo ergifannaa afaanii kan hineegne, haalleen akkamii keessatti afaan makuun kan itti fayyadaman ta'uu kan adda hinbaasneefi jechoota dhimmoota koorniyaan walqabatan kan xiyyeeffannoo keessa hingalchine ta'uu dhabuun, qaawwa walquunnamtii (walhubannoo) gama afaaniinis ta'e hawaas-aadaan uumamuuf sababa ta'uu danda'uusaatu tilmaamame; haalli qophii isaas silaa sirnawaa kan ta'uu maluufi fedhii, dandeettii, seenduubee akkasumas haalleen qabatamaa barnoota afaanii tokko tokko xiyyeeffannoo keessa galchee kan qophaa'uu qabudha jedhamee yaadama; qorataan kunis, qorannoo kana geggeessuuf gama tokkoon wanti ka'umsa ykn sababa ta'eef kana.

Gama kaaniin, itti fayyadama afaaniirratti, dhimmoota itti fayyadama loogaa, itti fayyadama jechoota ogummawaa akkasumas afaan walmakuun fayyadamuun walqabatee qorannoowwan geggeeffaman gahaa ta'uu dhabuun dhimmootni qorataa kakaasan keessaa isa birooti

Walumaa galatti, kaayyoon qorannoo kanaas, haala itti fayyadama afaanii barumsa Afaan Oromoo dhaabbilee barnoota olaano filatamanii qorachuun rakkoolee adeemsa kenniinsa barnootaa keessatti mul'atan adda baasuun yaada furmaataa kaa'uu dha. Qorataan kunis, qorannoon dhaabbiilee barnootaa olaanaa keessatti itti fayyadama afaaniin walqabatee geggeeffamaa jiru laafaa ta'uufi dhimma barnootaa ammallee xiyyeeffannoo hinargatiin **ta'uu** ibsa. Qorataan haaluma walqabateen, qorannoowwan muraasa kanaan dura itti fayyadama afaaniin walqabataniis geggeeffaman dinqisiifatus, hojiileen kunneen qofti gahaa ta'uu dhabuun isaa qorannoo kanaaf ka'umsa ta'uu walqabsiisuun cimsa. Gama kaaniin, qaawwi tarkaanfii gama imaammata afaaniin gaggalagalaa dhufe, qorannoo kanaaf ka'umsa isa biroo ta'eera. Kanaafuu qorataan, hanqinaaleen armaan olii barnoota Afaan Oromoo keessatti mul'atan kunneen gama dhimmamtoota barnootaan xiyyeeffannoo argachuun, haalli kenniinsi barnootaa daran kana caalaa fooyya'ee mikaa'inni barnoota afaanii dhugoomuu qaba kaayyoo jedhu qabatee waan ka'eef, qorannoo kana geggeessuuf kutannoon itti seeneejira.

1.3. Gaaffiilee Qorannichaa

Qorannoo mata duree, “Xiinxala haala itti fayyadama afaanii barumsa Afaan Oromoo dhaabbiilee barnoota ol'aano keessatti” jedhuun geggeeffamurratti, gaaffiileen bu'uuraa qorannoo kanaan deebii ni argatan jedhamanii yaadaman kanneen armaan gadiiti:

- Afaan Oromoo barsiisuu keessatti barsiisotni looga haala kamiin fayyadamu?
- Afaan walmakuun barsiisuun barsiisotaa, kaayyoo afaan ofiin barachuu hagam kan milkeessudha?
- Barsiisotni Afaan Oromoo yeroo barsiisanis ta'e yaadannoo barnootaaf qopheessan keessatti jechoota ogummawaa hagam fayyadamu?
- Itti fayyadama afaaniin walqabataniis rakkoolee akkam akkamiitu barnoota Afaan Oromoo keessatti mul'ate?

1.4. Kaayyoowwan Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannichaa, haala itti fayyadama afaanii barsiisota Afaan Oromoo xiinxaluudha. Kana bu’uura godhachuunis, kaayyoowwan gooree qorannichaa kanneen armaan gadii ti. Isaanis:

- Barsiisotni Afaan Oromoo looga haala kamiin fayyadamuun akka barsiisan ibsuu
- Afaan walmakuun barsiisuun barsiisotaa, kaayyoo afaan ofiin barachuu hagam kan milkeessaa jiru ta’uu ibsuu
- Barsiisotni Afaan Oromoo yeroo barsiisanis ta’e yaadannoo/mojuula barnootaaf qopheessan keessatti jechoota ogummawaa hagam akka fayyadamn adda baasuu
- Rakkooleen itti fayyadama afaaniin walqabataniin barnoota Afaan Oromoo keessatti mul’atan adda baasuun yaadawwan furmaataa eeruu

1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa

Daree barnoota Afaan Oromoo keessatti dhimmi itti fayyadama afaanii dhimmoota bu’uuraa xiyyeeffannoo argachuu qaban keessaa isa tokko ta’uun isaa barruuwwan keessatti bifa garaagaraatiin ibsamuun dhiyaateera. Dhimma xiyyeeffannoo barbaadu kana ammoo xiinxaluufi rakkoolee adeemsa itti fayyadamaa keessatti mul’atan adda baasuun yaadawwan furmaataa eeruuf qorannoo kana geggeessuun barbaachisaa ta’eera. Kanaafuu, argannoon qorannoo kanaa, qaamoota hawaasaa garaagaraa, kan barachuufi barsiisuu keessatti kallattiinis ta’e alkallattiin qooda fudhataniif bu’aa ni buusa jedhamee yaadama. Irra jireessaan, kanneen hojii barachuufi barsiisuu keessatti qooda fudhatan, barsiisotaafi barattootaaf madda odeeffannoo ta’ee tajaajila. Haaluma kanaan :

- Barsiisotaaf, malli baruufi barsiisuu akkasumas qophiilee barruulee meeshaalee barnootaa keessatti akkafeetummaa itti fayyadama afaanii isaanii fooyyeessuufi madaqsuun, seenduubeefi dandeettii barattootaa, safuu hawaas-aadaa akkasumas kaayyoo barnoota afaanii haala gidduugala godhateen akka hojiirra oolchan qajeelfama ni kennaaf. waan ta’eef
- Adeemsa afaan ergifachuunis ta’e walmakuun sirnaan fayyadamuu keessatti amala afaaniifi koorsiilee barnootaarratti hundaa’ee kan hojiirra oolu yoo ta’e, barattootni

beekumsa jechoota haaraa, saayinsiifi teknoolojii akkasumas hubannoo isaanii akka cimsatan haala mijeessuu.

- Barsiisonni, adeemsa afaan ogummawaa fayyadamuu keessatti qaawwa gama itti fayyadama jechootaa idilawaa,, kabajaafi dhimmoota koorniyaan walqabatanii itti fayyadama afaanii keessatti mul’atan duuchuun qabu waan ta’eef
- Dandeettii dubbachuu, barreessuu akkasumas waa xiinxaluu barattootaa cimsuun mikaa’ina barattootaafi barnoota afaanii kan mirkaneessu waan ta’eef
- Barattootni, adeemsa itti fayyadama afaanii keessatti jiruufi jireenya hawaasa kaanii jechuunis:aadaa , duudhaafi sona isaanii baruun carraan walquunnamtii isaanii bal’isuun faayidaa qabeessa waan ta’eef
- Qorattoota itti fayyadama afaaniirratti qorannoo dabalataa geggeessuu barbaadaniif madda odeeffannoo ta’uun akka fayyaduuf
- Akkasumas, qaamoota sadarkaa garaagaraan (sadarkaa biyyoolessaafi naannoon) imaammata afaaniifi qulqullina barnootaarratti qooda fudhataniiifis galtee ta’uun ni tajaajila jedhamee waan yaadameef, qorannoo kana geggeessuun barbaachisaa ta’ee argameera.

1.6. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun, daangaa xiinqooqa hujoo (raawwii) keessatti, waa’ee itti fayyadama afaanii barnoota Afaan Oromoo keessatti xiinxaluun kan dhiyeessudha. Adeemsa itti fayyadama afaanii keessattis dhimmoota kanneen akka: itti fayyadama loogaa(isa waalta’aas ta’e isa hinwaalta’iin), afaan walmakuun fayyadamuu akkasumas haala itti fayyadama afaan ogummaawaa kan haguugudha. Oorannichi, haala itti fayyadamni afaanii barsiisotaarratti xiyyeeffatee xiinxalame.

Qaamotni xiyyeeffannoo itti fayyadama afaanii ogummawaafi mit-ogummawaan walqabatanii irra caalaa hammataman kanneen akka jechoota idilawaa vs mit-idilawaa, jechoota walqixxummaa vs garaagarummaa koorniyaa mul’isan akkasumas jechoota safuu/arrabsoo vs kabaja mul’isan yeroo ta’an, afaan walmakuun fayyadamuu walqabatee jechoota ergifannaafi saayinsiifi teknoolojiirratti xiyyeeffatandha.

Dirreewwan qo’annoon koorsiileen filataman irratti xiyyeeffatanii, xiinqooqa, dandeettiwwan, ogumaafi Foklooriidha; koorsiileen kunneenis, dhaabbiilee barnootaa olaanaa muummee Afaan

Oromoofi ogbarruu Oromoo keessatti, Afaan Oromoo akka digrii tokkoffaatti barataniif kan kennamani dha. Koorsiifi dirree qo'annoo tokkorratti qofa xiyyeeffachuun xiinxalamuurra koorsiileefi dirreewwan qo'annoo garaagaraa amaloota garaagaraa qaban irratti hundaa'uufi haala hunda galeessa ta'een xiinxaluun bu'aa qabeessa ta'a jedhamee yaadameeti.

Daangaa bakka qorannoon walqabatee, dhaabbiilee barnootaa olaanaa kanneen keessaa yunivarsiitiwwan kan ulaagaan filatamani dha; isaanis: Yunivarsiitii Jimmaa, Arsii, Amboofi Bulee Horaa dha. Ulaagaaleen filannoo kanneeniis, haala muuxannoofi dhaloota (generation) yunivarsiitiwwanii Afaan Oromoo barsiisuun buleeyyii ta'aniifi dhiyoo jalqaban gidduugala godhateen kan filatamani dha; haalli xiinxala qorannoo kanaa, gama garaagarummaa isaaniitiin walbira qabuun osoo hinta'iin, muuxannoowwan waloo yunivarsiitiwwan kanneenii walitti fiduun, walfakkeenya raawwii itti fayyadama afaanii isaanii bu'uura godhatee xiinxalamee kan dhiyaate dha.

1.7 Hir'ina Qorannichaa

Qorannoo kana keessatti, sababa fedhii dhabuufi albaadheessummaa odeef-kennitootaan, odeef-kennitootni. (barsiisotaafi barattoota) af-gaaffiif karoorfaman hundarraa odeeffannoo argachuu dhabuun hir'ina qorannicha keessatti mul'ate keessaa isa tokkodha. Gama kaaniinis, af-gaaffii barsiisotaafi qaacceessa mojuuliiwwanii dabalataan, ragaalee funaanuuf sagantaa qabame keessatti barattoota idilee argachuu dhabuun, dhiibbaa guddaa qabaachuu baatus hanga ta'e waa hir'isuun isaa kan haalamu miti. Kanaafuu qorataan, taateewwan qorataa mudatan kanneen akka qaawwa odeeffannootti (empirical gap) fudhachuun gara fuula duraatti qorataan kaan qorannoo dabalataa geggeessuun qaawwa kana keessatti mul'ate akk duuchu abdii qaba.

1.8 Qindoomina Qorannichaa

Waraqaan qorannoo kun,qaamota fuula mata duree(gara jalqabaarra jiran) osoo hindabalatiin,boqonnaalee gurguddoo shaniin qindaa'ee kan dhiyaate dha.Haaluma kanaan:

Boqonnaan tokkoffaa/kutaan seensaa qorannichaa, matadureewwan garaagaraa kanneen akka: seenduubee qorannichaa, ka'umsa qorannichaa,gaaffiilee qorannichaa,kaayyoo qorannichaa,barbaachisummaa qorannichaa,daangaa qorannichaa akkasumas hanqina qorannichaa haala qindoomina qabuun tokko tokkoon kan ibsu dha.

Boqonnaan lammaffaa, sakatta'a barruu qorannichaati.Yaadawwan saayinsawaa dhimma qorannicha waliin hariiroo kallattii qaban ta'anii, kaayyoo,malleeniifi yaadiddama qorannichaa haala utubuun yaadota garaagaraa hayyoota garaagaraan calaqqisiifaman ,duraa duubaan matadureewwan gurguddoo xixiqqoo garaagaraatiin qoqqoodamuun gadi fageenyaan ibsamani booda,galmoo(context) qabiyyee qorannichaan madaquun yaada dhuunfaa qorataa kanaan deeggaramuun sakatta'amanii barreeffamaan kan dhiyaatani dha.

Boqonnaan sadaffaa, malleen ykn adeemsa qorannichi ittiin geggeeffame kan xiinxaluufi bu'aalee qorannichaa akka seenduubeetti ibsaman kan ofkeessatti hammatedha; haaluma kanaan, paaradaayimiin,saxaxni,jamaan,iddattoofi malli iddatteessuu qorannichaa,meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanaman, adeemsa waliigalaa ragaaleen itti qaacceeffamaniifi hiikaman ibsuurratti kan xiyyeeffate dha.

Boqonnaan afraffaa,xiinxalaafi dhiyeessa ragaaleerratti kan xiyyeeffate yeroo ta'u, mata dureeleen kaayyoo qorannichaarratti hundaa'uun bakkeewwan afuritti qoodamanii kan dhiyaatani dha; Haala itti fayyadama loogaa,haala itti fayyadama walmakiinsa afaanii,haala itti fayyadama jechoota ogummawaa akkasumas rakkooleen itti fayyadama afaaniin walqabatan, boqonnaa kana keessatti hammataman tokkoon tokkoon isaanii gadifageenyaan erga xiinxaeen booda dhumarratti hubannoon akka waliigalaatti argannoo kanneenirraa argame adda addatti cuunfamee kan kaa'amedha.

Boqonnaan inni dhumaa ykn shanaffaa, cuunfaa, goolabaafi yaboo qorannichaa yeroo ta'an, qaamota boqonnaalee gurguddoo armaan olii kanneeniin dabalataan,wabiileefi mul'istootni qindeeffamuun duraa duubaan tarreeffamaniiru .

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUUWWANII

2.0 Seensa

Boqonnaa kana keessatti, dhimmooleen saayinsawaa qorannoo kanaa waliin firoomina qaban matadureewwan gurguddoofi xixiqqoon qoqqoodamuun duraaduubaan sakatta'amuun kan dhiyaatandha. Jalqabarratti, maalummaafi adeemsa itti fayyadama afaaniin walqabatee dhimmoota kanneen akka loogaa(garaagarummaa afaanii), walmakiinsa afaanii akkasumas itti fayyadama afaan ogummawaa kan ibsaman ta'a; qabiyyeen kunneenis duraa duubaan erga ibsamaniin booda haalli raawwii isaanii barumsa afaan dhalootaan dabaalamuun sakatta'amanii kan dhiyaatudha, itti aansuunis, imaammata afaanii barnoota qajeelchuufi dhimmoota waaltina afaaniin walqabatantu sakatta'ama. Dhumarrattis, gaheen xiinqooqni hujoo akka waliigalaatti itti fayyadama afaanii keessatti qabu ibsameera. Sakatta'a barruuwwanii kanneen keessattis, raawwiileefi muuxannoowwan biyyoota garaagaraa bifa saayinsawaa ta'aniin xiinxalamaniin kan dhiyaatandha; adeemsa kana keessattis kaayyoofi haala dhiyaannaa waliigalaa qorannichaan walqabsiisuun, yaada hayyootaa mormuunis ta'e deeggaruun, muuxannoo ykn ejjennoo qorataan calaqqisiifamuun dabaalamee kan dhiyaatudha

2.1 Maalummaa, Faayidaaleefi Gufuuwwan itti fayyadama afaanii

Afaanni, dhalli namaa kan itti fayyadamu, sagalee dubbii bakka bu'ee yaadaafi fedhii dubbataan namoota biroo waliin ibsachuu barbaadu tokko itti fayyadamee kan ibsatuudha. Kanaaf afaan meeshaa walquunnamtiifi mallattoo eenyummaa saba tokkoo tahee tajaajila jechuun ni danda'ama. Dhimma afaanii ilaalchisee beektotni adda addaatiin bifa garaagaraatiin haa kennamaniyyuu malee yaadni hayyoota afaanii hedduun walirraa kan fagaatu miti. Kunis afaan meeshaa waliigaltee tahuusaarratti akka waliigalan hubachuun nidanda'ama.

Kanumaan wal qabatee maalummaa afaanii irratti, Mitchell (1988), "Language is the medium of communication through which we express our emotions, ideas, feelings and thoughts to our fellow people" jedha. Ibsa kana irraa akka hubannutti afaan karaa ilmi namaa walquunnamtii ittiin adeemsisu ta'ee, kan namoonni miira isaaniitti dhagahame: yaada, fedhii akkasumas beekumsa isaanii ittiin ibsataniidha.

Haaluma walqabateen, jiruufi jireenya ilma namaa keessatti qoodni afaan qabu ol'aanaadha; namootni dhimmoota garaagaraa galma ga'achuuf afaan fayyadamu (Hadley, 2001). Namootni

afaan maaliif akka fayyadama ilaalchisee, Sherif & Maria.(2021), “language plays a very important role in human life-people use language to express their thoughts and emotions, to satisfy their own needs or desires, to communicate everything with others and to establish and maintain relationship’ jedhu.Kunis, ilmi namaa afaan, yaadaafi miira ibsachuuf ,fedhii isaa guuttachuuf, ittiin walquunnamuuf akkasumas hariiroo kaawwan waliin qabu nmul’isuuf kan itti fayyadamu ta’uu kan ibsudha.

Yaada armaan oliirraa, haalli itti fayyadama afaanii hedduu ta’uutu hubatame; kanneen keessaas kallattiin qorannoo kanaa irra caalaa tajaajila walquunnamtii afaanii xiinxaluurratti kan duufe waan ta’eef,dhimmootni barnoota afaaniin walqabatan daangaa kana keessatti kan hammatamandha.Haaluma kanaanis, dhimmoota walquunnamtiin afaanii itti fayyadama keessatti irratti xiyyeeffatu ilaalchisee,Hadley(2001),“Language use refers to how individuals employ language to communicate. It encompasses the communicative meaning of language, considering factors like context, intent and purpose. In essence, it's about how language functions in real-world situations, going beyond simply understanding its structure and rules”. Yaadni waraabbii kanaa, adeemsa barnoota afaanii keessatti tajaajilli walquunnamtii afaanii dhimmoota kanneen akka galumsaafi kaayyoon kan walqabate ta’ee, keessumattuu caasaa ykn seera afaaniirra darbee haalleen addunyaa dhugaa kan calaqqisiiu ta’uu kan mul’isudha.

Haaluma walqabateenis,Akinlabi & Adéníyí(2017) akka ibsanitti, adeemsa walquunnamtii keessatti dhimmootni murtaa’oo kanneen akka galumsi(context),haalleen dubbataa/barreessaa, dhaggeeffataa/dubbisaa, akkasumas dhimma ykn mata duree dhiyaaterratti hundaa’anii hubataman jiraachuu; kaayyoon(intent and purpose), dubbataan ykn barreessaan sababa maaliif(odeeffannoo kennuuf moo amansiisuuf moo bashannansiisuuf moo maaliif?) kan walquunnamu ta’uu kan ibsuufi kana galma ga’uuf afaan akkam akkamii filachuu kan qabu ta’uu kan mul’isu; caasaa afaaniirra kan darbe(beyond structure) ta’uu ammoo,itti fayyadamni seerlugaafi jechootaa akkuma jirutti ta’ee, dhimmootni hawaasummaafi aadaan walqabatanis kan xiyyeeffannoo argatan ta’uu;dhimmoota hawaasummaa keessaas humnaafi walqixxummaan walqabatee(power and equality),adeemsa Itti fayyadama keessatti rakkoo gama walqixxummaan(Fkn.gama koorniyaan) mul’atu qajeelchuun dhimma xiyyeeffannoo kennamuuf qabu ta’uu kaasan.

Haalli itti fayyadama afaanii waantota garaa garaarratti hundaa’a.Yaada kana hayyuun Mehl (2003) akka ibsitutti, ulfaatina sagalee (analyzing verbal tone with diction) haala ulfaatina sagalee jechaa ittiin dubbatame xiinxaluu ta’uu kanmul’isudha. Inni biraa immoo amala

dubbichaa xiinxaluu (analysis of verbal behavior), kunis amala dubbichaa haala inni keessatti dubbatamu xiinxaluuf kan fayyadamnu ta'uu ibsite. Kana malees, haala fayyadama afaanii (jechootaa) qorachuun, jechootaa lakkaa'uun xiyyeeffannoon inni argateefi dhiibbaan inni uume hagam akka ta'e madaaluuf akka ta'e ta'uu ibsite. Fayyadama afaanii keessatti haallii fayyummaa qaamaa illee ilaalcha keessa galchuun gaarii akka ta'efi gama kaaniinis,haalli yoomessaa illee xiyyeeffannoo kan argachuu qabu ta'uu walqabsiisuun cimsite.

Qorataan kunis,adeemsa Afaan Oromoo akka afaan dhalootaatti, daree barnootaa keessatti barsiisuus ta'e dokimantiiwwan barnootaaf oolan(Fkn.yaadannoowwaniifi mojuulota) qopheessuu keessatti maalummaafi hiikni itti fayyadama afaanii haala dhimmoota gooree,kanneen akka,amaloota afaanii,kaayyoofi galumsaa(dhimmoota caasaa afaanii,hawaasummaafi aadaan walqabatan) afaanii haala giddugala godhateen hojiirra oolaa jiraachuufi jiraachuu dhiisuu isaa qulqulleeffachuuf akkasumas walquunnamtiin akka waliigalaatti afaan dhalootaa barsiisuu keessatti yaadame hagam milkaa'aa akka ta'e qorannoo kana geggeessuun xiinxalee dhiyeessa.

Faayidaaleen adeemsa itti fayyadama afaanii keessatti argaman keessaa muraasni: hirmaannaa cimsuu, walquunnamtii fooyyeessuufi beekumsa dabaluudha (Sherif & Maria, 2021)

Hayyootni, Polio & Duff (1994), haala yaada armaan olii cimsuun, haalli itti fayyadama afaanii, barattootni akka yaada kennan, gahee taphataniifi mari'atan kan karaa saaqu ta'uufi akka waliigalaatti haala hirmaannaa isaanii kan cimsu(enhanced engagement) ta'uu ibsa; haala walquunnamtii isaanii fooyyeessuun ammoo,akka afaaniin yaada ibsatan,gaaffii gaafataniifi waan baratanirratti hubannoo gadi fagoo argachuun dandeettii walquunnamtii isaanii kan gabbifatan ta'uufi beekumsaan walqabatee beekumsa afaan garaagaraa, aadaawwan garaagaraa,dhimmoota hawaasummaa garaagaraa akkasumas itti fayyadama bu'aalee teknoolojii(online or digital platform) isaanii kan bal'ifatan ta'uu ibse.Akka yaada qorataa kanaattis, dareen barachuufi barsiisuu Afaan Oromoo haalleen mijataa itti fayyadama afaanii akkasii keessatti hojiirra kan oolu yoo ta'e, carraan barachuu barattootaafi barnoota afaanii daran mikaa'aa ni ta'a jedhamee yaadama.

Akka Sherif & Maria.(2021) gama kaaniin ibsanitti, gufuuwwan adeemsa itti fayyadama afaanii keessatti mudatan keessaa kanneen bu'uuraa, qaawwa walquunnamtii (communication barrier) afaan barnootaarratti(target language) uumamu, qaawwa gama garaagarummaa aadaan(cultural

difference) mul'atu akkasumas hanqina meeshaalee barnootaa, teknoolojiifi barsiisotaa(resource constraints)ta'uu eera.

Yaada isaa kanas cimsuun keessumattuu, rakkoolee seerlugaafi caasaa afaanii, rakkoolee madaallii, ilaalcha faallaa akkasumas rakkoolee mirga itti fayyadama dhuunfaafi nageenyaa ragaalee afaanii,adeemsa itti fayyadama afaanii keessatti gufuu ta'anirratti hojjachuun fala ta'uu kaa'a.Akka waliigalaattis, meeshaalee teknoolojii itti fayyadama afaanii salphisaa akkasumas gahoomsuuf leenjii barsiisotaarratti hojjachuun beekumsaafi malleen ittiin barsiisan cimsuun gufuuwwan haala itti fayyadama afaanii danqan furuun kan danda'amu ta'uu "Leveraging technology and adopting effective pedagogical approaches can mitigate the challenges and maximize the benefits of language use in the learning process" jechuun ibseera. Kunis gama kaaniin kaninni hubachiisu, Afaan Oromoo akka afaan dhalootatti barsiisuu keessatti itti fayyadama afaaniin walqabataniin danqaaalee mudatan hambisuuf, qaawwa gama meeshaalee barnootaafi teknoolojiin mul'atu duuchuufi leenjii cimsuun barsiisota gahoomsuurratti hojjachuun fala ta'uu dha.

2.1.1 Maalummaa, Qoqqooddiifi Sadarkaalee Loogaa

2.1.1.1 Maalummaa Loogaa

Qorattootniifi ogeessi afaanii garaagaraa, maalummaa loogaa, haala garaagaraatiin ibsaniiru. Akka hayyoota Akinlabi. & Adéníyí (2017), loogni,garaagarummaa amaloota afaanii sadarkaalee dubbii,jechootaafi amaloota seerluugaa kanneen akka hedduumina mul'istuu(plural marker),haquu (delition),itti fayyadama hi'eentaa(use of negatives),walta'iinsa mathimaafi xumuraa(subject verb agreement) fi kkfn kan uumamu ta'uu isaa ibsu. Garaagarummaan gama caasaalee afaaniinn mul'atu kunis naannoofi haala hawaasummaa dubbataarratti hundaa'ee kan madaalamuufi sirnawaa ta'uu walqabsiisuun ibsan.

Garaagarummaan loogaa sadarkaalee afaanii kanneeniin mul'achuu gidduugala godhachuun haalli raawwii isaa maal akka fakkaatu kaayyoo barnoota afaaniin walqabsiisuun,Wang & Duran(2021),kaayyoolee afaan dhalootaa barachuufi barsiisuu keessaa inni tokko garaagarummaa afaan tokkoo keessa jiran dhiphisiudha ykn walfudhachiisuu akka ta'e ibsu

Yaada hayyootaa kanneen irraa wanti hubannu, loogni sadarkaalee caasaalee afaanii keessatti, haala hawaas-naannoon walqabatee garaagarummaan dubbattoota gidduutti uumamu ta'uudha. Yaada kana ka'umsa godhachuun qorannoon kun, maalummaa loogaa erga adda baasee booda haalli itti

fayyadama loogaa afaan barsiisuu keessatti maala akka fakkaatu kan xiinxalu yeroo ta’u, kessumaattuu, haalli itti fayyadama jechootaa daree barnoota afaanii akkasumas yaadannoo barsiisaan qopheessu keessatti sadarkaa barnootaafi kaayyoo barnoota afaaniin walqabatee haalli raawwii isaa maal akka fakkaatan xiinxaluun kaayyoowwan qorannichiqabatee ka’e keessaa isa tokkodha.

2.1.1.2 Qoqqooddii Loogaa

Loogni, ulaagaalee gurguddoo lamarratti hundaa’ee qoodama. Isaanis: qoqqooddii loogaa haala hawaasummaarratti (social variation) xiyyeeffateefi qoqqooddii loogaa haala naannoorratti (Geographical variation) xiyyeeffatedha.

Qoqqooddiiwwan kanneenis, jijjiirama ykn walirraa fageenya naannoo jireenyaafi haala hawaasummaa isaaniin walqabsiisuun, Wardhaugh(2006), akkana jedha: “Different dialects can be formed when people are separated geographically and socially”. Garaagarummaan dubbataa looga garaagaraa kan naannoo ykn bakka jireenyaa akkasumas garee hawaasaa isaa waliin walqabatee kan madaalamu ta’uu isaas ibsu. Kun immoo, dubbataan tokko looga inni dubbatuun, naannoo kam ykn eessaafi garee hawaasaa kam irraa akka dhufe tilmaamuun akka danda’amu kan mul’isu dha. Kanaafuu, namni loogoota Afaan Oromoo adda baasee beeku tokko, loogoota Afaan Oromoo garaagaraa jiran keessaa, naannoo akkasumas garee hawaasaa Oromiyaa kam keessaa akka dhufe bira ga’uun ni danda’ama jechuu dha.

Qoqqooddiin loogaa haala hawaasummaarratti xiyyeeffate, fayyadamiinsa afaanii amaloota hawaasummaa waliin walqabatee uumamu dha. Gosti garaagarummaa uumu kun, garee ykn sadarkaalee hawaasaa naannoo walfakkaataa keessa jiraatan keessatti kan uumamu dha ((Reagan, 2005)). Haala walqabatan, akka yaada hayyuu kanaatti, fayyadamiinsa afaanii isaatiin dubbataa garee hawaasaa isa tokko isa kaan irraa adda baasuun ni danda’ama; keessumattuu, saala, umurii, sadarkaa hawaasummaa fi kkf bu’uura godhachuun eenyummaa dubbataa tokkoos, haasaa isaarraa ka’uun garee hawaasaa kam irraa akka dhufe tilmaamuun ni danda’ama jechuu dha.

Garaagarummaan loogaa naannoo jireenyaarratti xiyyeeffate, eenyummaa bakka jireenyaa dubbataa waliin walqabata. Innis, sababoota garaagarummaan afaanii itti uumamu keessaa isa tokko ta’ee, kan sadarkaalee afaanii kanneen akka jecha, seerluga, latiileefi sagaleessuurratti garaagarummaa uumu dha (Holmes, 2001). Dubbataa tokko, haala fayyadamiinsa afaanii isaa

gidduugala godhachuun, naannoo ykn eessarara akka dhufe tilmaamuun akka danda'amu nu hubachiisa.

Afaan Oromoon loogota garaagaa qaba. Garaagarummaan loogotaa kanneenis, haala naannoo jireenyaafi hawaasummaa dubbataa gidduugala godhateen, haaluma armaan duratti ibsameen sadarkaalee afaanii garaagaraa, jechuunis: dubbii ykn sagaleessa, jecha, seerlugaafi caasaa afaanichaa keessatti haala sirnawaa ta'een kan calaqqisiifamu ykn mul'atu dha.

Looga naannoo waliin walqabatee, Adger & Christian (2007), akkana jedhu:

Numerous studies have been concerned with the relationship between geographic location and linguistic diversity. Geographic background has a significant role in linguistic diversity. Languages vary from one place to another where speakers of the same language use it differently based on the place where they live

Akka yaada hayyuulee kanneeniitti, gosoota loogaa jiran keessaa harka caalaa looga naannooratti qorannoon bal'aa kan geggeeffame ta'uu isaafi keessumattuu maddi garaagarummaa loogaa looga naannooratti kan duufeta'uu isaati. Haaluma walfakkaatuun, qorannoo kana keessattis irra caalaa kan xiyyeeffannoo argateefi madda rakkoo ta'uun isaa muuxannoo jiruun kan timaamame looga naannoo ti.

Hayyuuleen xiinqooqaa(xiinloogaa), loogootaa garaagaraa amalaafi haala fayyadamiinsa isaanii xiyyeeffannoo keessa galchuun qoqqooduu yaalanii jiru. Garuummoo Fedha(2015) isaanii mormuun, malleen isaan fayyadaman kun akkanni mudaa qabu erga adda baafatee booda, mala mijataadha jedhee yaade(computational technique) fayyadamuun, fageenya loogootaa mala herregaa ykn Istaastiksii bu'uura godhachuun, malli qoqqooddii loogootaa duraanii jijjiiramu akka qabu akka yaada furmaataatti eeruun, hojiilee qoqqooddii loogaa hayyootaa isa duriifi isaa ammaa walbira qabuun ilaaluun madaaluu danda'ee jira. Innis, haala qoqqooddii loogaa Afaan Oromooratti xiyyeeffatee kan xiinxalame ture.

Gama kaaniin, akka hayyuulee xiinqooqaa (loogaa) duriitti, qoqqooddiin loogaa, maappiirratti daangeessuu yeroo ta'u, haalli qoqqooddii isaa garuu madaallii dhuunfaa hayyuu loogaa(dialectologist) irratti kan hundaa'e dha; gama kaaniin immoo, mala 'aysoogloosisiin' sararuunis isa biroo dha. Kanas akkana jechuun ibsu:

The standard procedure in the traditional study of dialects has been classifying languages into dialects and demarcating their boundaries on a map depending on a subjective judgment of the dialectologist. The use of isoglosses has been another commonly used procedure to divide languages areas into dialect areas (Milroy,2007).

Qorataanis yaadawwan armaan olitti ibsaman irraa ka'uun,qoqqooddii loogotaa Afaan Oromoo,akka mala Fedhaa(2015)tti,mala saayinsawaa ta'een istaatiiksii fayyadamuun akkasumas akka mala qoqqooddii Kebede(2012)tti, garaagarummaa caasaa afaaniifi walirraa fageenyaa naannoo jireenyaa dubbattootaa gidduugala godhachuun qoqqooduun isaanii, qoqqooddii loogota Afaan Oromoo hanga ta'e kan fooyyeessuufi hammayyeessu dha waan ta'eef,gumaachi isaan godhan olaanaa dha yaada jedhu qaba .

Qoqqooddii Loogota Afaan Oromoo

Loogotni Afaan Oromoo keessa jiran bal'inaan qoratamanii hinjiran.Keessattuu sadarkaaleen afaanii loognii itti mula'atu haala dubbii, jechootaafi seerlugarratti hundaa'ee qorannoowwan gaggeeffaman hanga yoonaa quubsaa akka hintaane hayyootni bifa garaagaraan ibsaniiru Haata'uumalee,naannoorratti hundaa'uun loogota Afaan Oromoo qoqqooduufi daangeessuurratti gama ogeessota xiinqoqaan hojiileen hojjataman qeeqaaf banaa ta'anis akka laayyootti kan laalaman miti.


Baroota darban keessattis ta'e yeroo dhiyoo keessa loogootni Afaan Oromoo yeroo adda addaa keessatti, qorattoota garaagaraan qoqqoodamaa turanis xiyyeeffannoofi baay'ina qoqqooddiirratti bu'aan isaan argatan garuu walfakkaataa hinturre(Fedha,2015).Qorataan kun qoqqooddiwwan garaagaraa kanneen walbira qabuun madaalee ciminaafi dadhabina isaanii adda baasee booda, qoqqooddii yeroo dhiyoo keessatti godhameefi qorattootni akkasumas hayyootni afaanii hedduun irratti waliigalu jedhee yaade sababaan deeggaruun keessaa filachuun barreeffamoota qorannicha keessatti bifa walfakkaatuufi tokkummaa qabuun ibsuun kan itti dhimma ba'u ta'a.

Akka gabaasa qorannoo isaaniirraa hubachuun danda'ametti, Bender, Mulugetafi Stinson(1976), loogota Oromoo Maccaa,Tuulama,Walloo,Raayyaa,Arsii, Gujiifi Boorana jechuun bakka toorbatti qoqqooduu danda'aniiru.Gama kaaniin, Gragg(1976),loogoota Oromoo bakka gurguddoo afuritti jechuunis: Dhiha(wallaggadabalatee), Baha(keessumattuu Harar), Kibba(Boorana)fi Gidduugala(Shawaa) qoqqooduun ibsee jira. Qoqqooddiin isaanii kun immoo kaninni gidduugala godhate,daangaa bakka jireenyaa(geographical boundary)

dubbattootaati.Qoqqooddiin kun loogoota Itoophiyaadhaan ala dubbataman, kanneen akka Gabra, Ajuran, Orma, Munyoo, Garreefi Waata kan hinhammanne dha(Heine, 1981).Gama kaaniin garuu Lioret(1994), loogota Afaan Oromoo bakka ykn garee gurguddoo lamatti qofa,looga Dhiyaa(Raayya, Walloo, Wallaggaafi Shawaa)fi Baha(Harar, Arsii, Boorana,Gabra,Ormaafi Waata) jechuun qoqqooduun ibsee jira.Qoqqooddiin kun immoo baay'ee ifaa kan hintaaneefi qabatamaan maalirratti hundaa'ee akka qoqqoode hubachuuf rakkisaa ta'uu isaa hayyootni raga ba'u.

Haata'uyyuu malee barreessitootni muraasa, kanneen akka Waaqoo(1981)fi Kabbadaa(1997), loogoota garaagaraa kilaastarii kilaastariin qoqqooduun kaa'uu danda'aniiru.Akka fakkeenyaatti, Waaqoo(1981) kilaastarii shaniin,Kibba(Arsii, Gujiifi Boorana), Gidduugala(Karrayyuu, Salaalee),Macca(Jimma, Wallagga,Ilubbaabor), Baha(Hararfi Baalee), Kaaba(Raayyaafi Walloo) jechuun qoqqooduun kaa'eera. Kabbadaan(1997) ammoo,kilaastarii afuriin, Dhiha Kaabaa(Tuulamaafi Macca), Baha(Harar,Arsii Baalee,Walloofi Raayya), Gidduugala(Arsii-Zuwaay,Gujii,Boorana,Munyoo fi Orma)fi Kibba(Waata) jechuun qoqqoodeera.Garuummoo Kabbadaan waggaa sagalii boodatti(2007),kan inniifi hiriyyootni isaa barreeffama isaanii duraanii keessatti xiyyeeffannoo keessa hingalchiin hafan, looga Saakuyyee haala gidduugala godhateen Walloo, Raayyaa,Tuulama, Macca,Arsii, Harargee,Gujii, Boorana Kibba Itoophiyaafi Orma, Garba,Ajuran,Sakuye,Garreh,Munyoo fi Waata, Kaaba Keeniyaa jechuun fooyyeessuun qoqqooduu danda'eera.Qoqqooddiin isaa duraaniifi ammaa garuu maaliif walfakkaataa ta'uu akka hindandeenyeef wanti inni qabatamaan sababaan deeggare hinjiru.

Waggaa lama booda,jechuunis 2009tti Kabbadaan, qaama qorannoo falaasamaa Doktorummaa isaa godhatee qorannoo geggeessuu danda'eera.Hidda sanyii(genealogy)irratti hundaa'uun loogota ragaa 'morphophonemic fi phonetic-lexical' irratti hundaa'uun, bakka garee hiddaa kudhaniitti qoodeera garuu kudhanan sanniin keessaa afran isaanii loogoota yeroo ammaa lubbuun jiraniin waan bakka bu'aniif, inni tokko isa kaan keessatti waan hammatamuuf akkasumas kanneen maatii tokko jalatti argaman walitti fiduun fooyya'anii,bakka jahaatti bifa diyaagiraamii caatessaa(tree-diagram)n qoqqoodamuun kaa'amuu danda'aniiru. Isaanis:Looga Dhihaa (Wollagga, Iluu Abbaa Booraa,Jimma), Looga Gidduugalaa(Shawaa), Looga Kaabaa(Walloofi Raayyaa), Looga Bahaa(Harar),Looga Kibba Bahaa(Arsii fi Baalee)fi Looga Kibbaa(Booranaafi Gujii).



Qoqqooddii loogaa bifa diyaagiraamiin caateeffamee kaa'ame: Kabbadaa (2009) irraa kan fudhatame

Qoqqooddiin loogaa dhiyoofi haarawaa dha jedhamee yaadamu kun, kaawwan caalaa hayyoota hedduun fudhatama argachuu danda'eera; fudhatamummaan kunis armaan gaditti sababaan deeggaramuu yaaleera.

Fedhaa (2015), Kabbadaa, (2009) wabeeffachuun, qoqqooddii loogaa isa haaraafi yeroo dhiyoo san sababoota gurguddoo sadiin fudhachuun barbaachisaa ta'uu ibseera. Akka yaada hayyuu kanaatti, qoqqooddiin durii, tilmaama dhuunfaa (subjectivity) namootaa keessumattuu garaagarummaa jechootaarratti qofaa kan xiyyeeffate ta'uu, argannoo walfakkaataa hintaaneefi kan dubbisaa rakkisu akkasumas maqaalee bakka loogichaa ibsuuf rakkisoo ta'an fayyadamuu (Fkn, Qaamni ykn gareen xiqqaa Oromoo, Macchiifi Tuulamni, garaagarummaa loogaa dhiyaafi gidduugalaa ibsuuf ooluu isaa garuu kaawwan maqaa bakka ykn naannoo jireenyaa isaaniin adda baafamuu isaani) fa'i dha. Qorataanis, yaaduma hayyuu kanaa ni deeggara garuummoo inni haaraa sunis mudaa irraa bilisadha yaada jedhu hinqabu; barbaachisummaa qorannoo dabalataatti amana.

Hayyuun Holmes,(2001), kilaastariin qoqqooduun filatamaafi gareewwan amaloota walfakkaataa ta'an qaban jalatti(homogeneous group) walitti fiduuf tooftaa mijataa ta'uu isaa ibsa. Kanneen akka Kabbadaa(2009)fi Fedhaa(2015),loogoota yeroo dhiyootti qoqqoodan,kilaastariin qoqqooduun gaarii ta'us , qoqqooddiin durii sun hunda hammataa akka hintaaneefi odeeffannoo yeroon itti darbe(yeroo waliin hindeemne) gidduugala godhachuu isaanii garuu hindeeggarre.Kanaafuu, qoqqooddiin Kabbadaa(2009)qoqqooddii loogaa bifa firoomina sanyiin caatessuun kaa'ame,mudaalee ykn qaawwa qoqqooddii isa durii hanga ta'e kan duuchu waan ta'eef, waa'ee qoqqooddii loogotaa hubachuuf jalqabbii qorannoo gara fuula duraatiif abdii namaaf kennudha. Qorannoon kunis, qoqqooddii kana bu'uura godhatee, loogotni Afaan Oromoo hangam kam meeshaalee barnootaa,akka fakkeenyaatti,majuulaafi yaadannoowwan barsiisaan qopheessu keessatti dhimma itti bahamaa akka jiran kan xiinxalu ta'a.

Walumaagalatti, loogoota hayyootni adda addaa ulaagaalee garaagaraarratti (Fkn.naannoo jireenyaa, hawaasummaafi amala afaanii) xiyyeeffachuun qoqqoodan kunneen keessatti haalli fayyadamiinsi loogaa dubbattootaa maal akka fakkaatu kan xiinxalamu ta'a.Kaayyoon bu'uuraa qorannichaa, haala fayyadamiinsa loogaa isaanii qofa adda baasuufi ibsuun dhiisuu otoo hin ta'iin,haalli raawwii ykn hojiirra oolmaan isaa yoomeessa baruufi barsiisuu keessatti maal akka fakkaatu walqabsiisuun xiinxaluu dha

2.1.1.3 Sadarkaalee Loogaa

Loogni sadarkaalee garaagaraa qaba; sadarkaaleen loogaa kunneenis, looga waalt'aa (standard dialect)fi looga mit-waalta'aa(non-standard dialect) jedhamuun qoqqoodamanii kaa'amaniiru:

Looga waalta'aa ilaalchisee, Chambers & Trudgill (2004), "The standard dialect is a prestigious, codified variety that has the highest social status and used in formal occasions" jedhu. .Kun kaninni nu hubachiisu, loogni waalta'e, kan kabaja qabu,kan ittiin barreeffamuufi beekamsa hawaasummaa qabu ta'ee, hojiilee idilawaa ta'an keessatti kan qooda fudhatu ta'uu isaati.

Gama kaaniin, kanumaan walqabsiisuun, waa'ee looga waalta'aa Wardhaugh (2006) "Standard dialect is a dialect that is supported by institutions.Such institutional support may include any or all of the following: government recognition or designation; formal presentation in schooling as the "correct" form of a language; informal monitoring and policing of everyday usage " jedha.

Yaada isaa kanarraa, loogni waalta'aa, looga dhaabbiilee ykn hoji mootummaa(Fkn.Manneen barnootaa) keessatti 'isa sirrii' ykn idilawaa jedhamee itti dhimma ba'amu akkasumas

ogbarruuwwan garaagaraa kanneen akka: galmee jechootaa, seerluga ,kitaabaafi kkf barreessuu keessatti kan dhimma itti ba'amu ta'uu isaa nu hubachiisa. Qorataan kunis, dhaabilee barnoota ol'aanaa keessatti loogni waalta'aa kun hagam hojiirra oolaa kan jiru ta'uu xiinxaluun kan dhiyeessu ta'a.

Looga hinwaaltofneen immoo haala walqabateen yeroo ibsu, Milroy (2007), "The non-standard dialect is any variety of language which is not standardized and lacks prestige" jedha. Kun kaninni nu hubachiisu, haala faallaa looga waalt'een, loogni hinwaaltoofne, kan kabaja hin qabne, kan ittiin hin barreeffamneefi kan beekamsa hawaasummaa hinqabne ta'ee, hojiilee idilawaa ta'an keessatti kan qooda hinfudhanne ta'uu isaa ibsu. kun ammoo, loogni hinwaaltoofne, looga dhaabiilee muutummaa garaagaraa keessatti xiyyeeffannoofi fudhatamummaa hinargatiin ta'uu isaati garuummoo waalta'uu baatus, dhaabiilee garaagaraa keessatti hagam itti dhimma ba'amaa akka jiru xiinxaluun kallattii qorannoo kanaa isa birooti.

Gama kaaniin, hayyootni kanneen akka Wolfram & Cullinan (2014), waalta'uu dhabuu jechuun caasaa afaanii hir'uu ta'e ykn mudaa qabu qabaachuu akka hintaane yeroo ibsan: "A nonstandard dialect, like a standard dialect, has a complete grammar and vocabulary, but is usually not the beneficiary of institutional support" jedhu. Kun immoo, adeemsa looga isa waalta'aa ykn idiawaa hojiirra oolchuu keessatti hubannoon akkasii jiramoo hinjiru gaaffii jedhu waan kaasuuf, kana qulqulleeffachuuf qorannoon kan deebii argatudha.

2.1.1.4 Haalleen itti fayyadama loogaaa barnoota afaanii keessatti

Ogeessi afaanii tokko, adeemsa mala baruufi barsiisuu filachuufi hojiirra oolchuu keessatti, dhimmoota hawaasummaafi seenduubee barattootaa xiyyeeffannoo keessa galchuu akka qabu White (2011), "The teacher should associate the materials to social contexts and background of students and select the appropriate approaches for teaching language" jedha.

Kun kaninni nu hubachiisu, dhiyaannaan ykn malli baruufi barsiisuu murtaa'aa ta'e tokko haala dhaabbataa ta'een hojiirra oolchuurra, haalleen tokko tokkoofi seenduubee barattootaarratti hundaa'ee jijjiirramuu hojiirra ooluu akka danda'u dha. Kun ammoo, barnoota afaanii keessatti dhimmi itti fayyadama loogaaanis walqabate haalleen hawaasummaafi seenduubee barattootaa xiyyeeffannoo keessa haala galcheen kan hojiirra ooluu qabu ta'uu dhaama.

Haala yaada armaan olii cimsuunis Wolfram & Cullinan (2014) akkana jedhu:

Standard dialect is a useful construct, especially for education, but it encompasses a range of dialects. A formal standard variety of language, as reflected in dictionaries and grammars, is associated with written language, but it is unlikely that anyone speaks it. Speech communities use an informal standard that is a more flexible variety.

Kunis, looga barnootaa ykn waalta'aa ta'e baruufi barsiisuu keessatti hojiirra oolchuu jechuun, looga kaawwan(hinwaaltofne) guutummaa guutuutti dagachuu ykn dhiisuu akka hintaane, keessumattuu afaan dubbii keessatti loogawwan garaagaraa barattootaas akka barbaachisummaa isaaniitti walcinaa fayyadamuun barsiisuun kan gorfamu ta'uu hubachiisa.

Kanaafuu, akka yaadawwan Papapavou & Pavlos (2007), ogeessi afaanii tokko looga waalta'aa ykn barnootaa hojiirra oolchuun isaa dirqama yoo ta'ellee, qajeelfamoota(guidelines) armaan gadii kanneen hordofuu akka qabaatan ibsu.Kunneenis:

- Looga waalta'aa fayyadamuun barsiisuun, garee barattootaa murtaa'aa ta'e tokko qofa kan faarsu ykn akka xiyyeeffannoo argatu kan godhuufi isa kaan kan dagatu otoo hinta'iin,fayyadamiinsi isaa barbaachisummaa isaaniirratti kan hundaa'uu qabu ta'uu isaa (The teaching using standard dialect must take into account the importance of the group reference factor)
- Baruufi barsiisuu keessatti, looga waalta'aa, kaayyoo akkam akkamii galma ga'uuf fayyadamuu akka qabnu beekuu (The goals of teaching using standard dialect should be clearly recognized in the instructional program).
- Odeeffannoo looga waalta'aa, amala loogawwan hinwaalta'iin garaagaraarraan dabaaluun cimsuu (The teaching using standard dialect should be coupled with information on the nature of dialect diversity).
- Adeemsa looga waalta'aa fayyadamuun barsiisuu keessatti, garaagarummaan looga isa waalta'aafi hinwaaltofnee gidduu jiru sirnawaa ta'uu isaa hubachuufi hubachiisuu (The teaching using standard dialect should be based on an understanding of the systematic differences between the standard and vernacular forms).
- Baruufi barsiisuun afaanii,looga isa waalta'aa cinaan, duudhaa unka fayyadamiinsaa garaagaraa afaaniis kan ofkeessatti hammate ta'uu isaa

(Language instruction should include norms of language use, along with standard dialect forms).

Gama yaadawwan armaan olii kanneen faalleessuun, Dannenberg (2006) akkana jedha: “A school system has a policy of actual teaching standard dialect, teachers must be informed about a standard dialect used by their students” Imaammanni itti fayyadama loogaa qajeelchu jira waan ta’eef, barsiisaan, loogawwan waalta’an malee kan hinwaalta’iin dhimma itti ba’uu akka hinqabaanne odeeffata. Hayyuun kun walqabsiisuun, barsiisaan baruufi barsiisuu keessatti bu’aa qabeessa ta’uuf, looga imaammata barnootaan beekamsa argate qofa fayyadamuu akka qabu eera. Garuu ammoo gara aadaa barnootaa biyya keenyaatti yeroo dhufnu, akka taajjabbii qorataatti, loogni hagam waalta’ee jira? Innumti waalta’e jedhamu hagam hojiirra oolaa jira? imaammatni itti fayyadama loogotaa qajeelchu jiraa? fi k.k.f gaaffiilee deebii quubsaa argatandha jechuuf nama rakkisa.

Walumaa galatti, barsiisaan afaanii tokko akka ogeessaatti, haalleeniifi yoomessa itti fayyadama loogaa keessatti, wanti inni itti gaafatummaa fudhachuun raawwachuufi raawwachiisuu qabu ni jiraata. Kana mirkaneessuu keessatti, akkuma Rickford & Wolfram (2009) “Teachers’ abilities, training, attitudes, and social and psychological backgrounds are also likely to affect implementation and quality of dialect-related instruction” jedhanitti, dandeettii, leenjii, ilaalchaafi seenduubeen hawaas-xiinsammuu barsiisaa hojiirra oolmaafi qulqullina barnootaarratti dhiibbaa qabaachuu isaa kan nu hubachiisu dha. Yaadawwan armaan duratti ka’an akkuma jiranitti ta’anii, qorataan kun keessumattuu tarkaanfiiwwan gurguddoo barsiisaan fudhachuu qaba jedhee yaadu kanneen armaan gadiiti. Isaanis:

- Barsiisaan, looga waalta’aa ykn barnootaa fayyadamuu cinaan, garaagarummaa loogaa barattootaatiif beekamsa kennuu; loogni, naannoo jireenyaa, hawaasummaafi eenyummaa dubbataa waliin walhidhata qaba waan ta’eef, hanquu akka hintaanetti hubachuufi hubachiisuun hojiirra oolchuu akka qabu
- Barsiisaan, looga waalta’aas ta’e hinwaalta’iin haala akkamii keessatti fayyadamuu akka qabu adda baasuu

- Barsiisaan, akkuma isa looga waalta'aa sanaa,caasaa afaanii ykn haaldubbii loogawwan hinwaalta'iiniifis xiyyeeffannoo kennuufi jajjabeessuun barsiisuun akka irraa eegamu dha.

Gama kaaniinis, White (2005), sadarkaalee loogotaa lamaan(isa idilawaa ta'eefi hintaane) haala gidduugala godhateen, dhiyaannaawwan shanan barsiisaan daree barnoota afaanii keessatti hojiirra oolchuu danda'a jedhee yaadu haala armaan gadiin qoqqooduun ibsuu danda'eera.

Dhiyaannaan dhabamsiisuu (depreciation or denial approach), looga hiwaaltoofne (idilawaa hintaane) sana guutummaa guutuutti dhabamsiisuun isa waalta'aa sana qofa kan hojiirra oolchu ykn fayyadamudha.Gama kaaniini,dhiyaannaan yaadaa(Accommodation approach), garaagarummaa loogaa muraasaa jiraachuu isaa kan mirkaneessu ta'us, daree barnootaa keessatti ifaaf ifatti faayidaarra ykn mareef kan oolu miti.Dhiyaannaa hubannoo uumuu (Dialect awareness approach) garuu, tokkummaafi garaagarummaa looga waalta'eefi hinwaaltoofne gidduu jirurratti hubannoo gaarii kan uumuufi lachuu walcinaa fayyadamuu kan jajjabeessu dha. Dhiyaannaan itti fayyadama gamisaa (Instrumental approaches), looga hinwaalta'iin meeshaalee dubbisaafi shaakalawwan daree barnootaa keessatti yeroo tokko gidduugala godhatamu yeroo ta'u,dhiyaannaan itti fayyadamaa dhuunfaa (Individualized approach) garuu, itti fayyadama loogaa qabatamaa hintaaneefi fedhii nama dhuunfaa sanarratti hundaa'ee hojiirra kan ooludha.

Qorataan kunis, dhiyaannaawwa armaan olitti eeraman kanneen keessaa, barsiisotni Afaan Oromoo adeemsa barsiisuu keessatti dhiyaannaa ykn dhiyaannaawwan kam kamirratti xiyyeeffatanii kan barsiisan ta'uu adda baasuun muuxannoofi malleen itti barsiisan madaaluun kallattii furmaataa kaa'uuf kan fayyadu ta'uu ibsa.

2.1.2 Jijjiirraa Koodii(Walmakiinsa Afaanii)

Haalota qabatama hawaasummaa keessatti namoonni tokko tokko haasawa isaanii afaan tokko irraa gara afaan birootti jijjiiruun haasofni isaanii hiikaafi miira akka qabaatu gochuu danda'u . Dhimmi haasawa isaanii sun afaan tokkorraa gara afaan birootti akka jijjiramu haalli isaan dirqisiisu yogguu uumame, haasawa isaanii gara afaan barbaadame sanatti jijjiruun waliigalteen akka uumamu godhau.

Hayyootni maalummaa walmakiinsa afaanii ykn jijjiirraa koodiitiif hiika garaagaraa kennaniiru. Jijjiirraa/walmakiinsi koodii afaanii, afaan ykn looga garaagaraa dubbataadhumti tokko haalleen garaagaraafi yeroo garaagaraa keessatti fayyadamudha (Ezeh...etal, 2022). Jijjiirraan koodii afaanii, haasaa ykn dubbii tokko keessatti afaan lama ykn isaa ol jijjiiruun fayyadamudha (Modupeola, 2013). Jijjiirraan koodii afaanii, dubbii, himaafi seerluga keessatti haala itti fayyadama afaanota lamaati (Gebrewold & Halefom, 2024).

Haala yaada hayyoota armaan olii hammataa ta'eefi cuunfuun, Tsuchiya & Sakurai (2023), "Code-switching is the alternation between two codes (languages and/or dialects), between people who share those particular codes. Codeswitching can take on several forms including alteration of sentences, phrases from both languages, and switching in a long narrative" jedhaniiru. Kunis, walmakiinsi afaanii, jijjiirrama itti fayyadama afaanota lamaafi (loogota) gidduu jiru ta'ee kan tajaajilli isaa unka garaagaraa (hima, gaaleewwan akkasumas barruu seeneeffamu) keessatti mul'atu ta'uu isaa kan ibsudha. Qorataan kunis, adeemsa Afaan Oromoo akka afaan dhalootaatti barsiisuu keessatti haalleen afaanotni biroos dubbii, hima akkasumas caasaalee afaanii garaagaraa keessatti walitti makamuun hojiiarra oolan qorachuurratti kan xiyyeeffate.

Dubbataa ykn barreessaan himuma tokko keessatti, sadarkaa jechoota, gaaleewwaniifi ciroowwaniin qoqqooduun akkasumas sadarkaadhuma hima guutuu tokkoon afaanota garaagaraa fayyadama garuu ammoo, faallaa yaada hayyootaa armaan oliin, Cleghorn & Rollnick (2002), "Contrary to popular belief, codeswitching rarely means the speaker has an imperfect knowledge of the language being used and hence substitutes words from another language to fill in lexical gaps" jedhu. Kunis, hiikni walmakiinsi afaanii kan baramaan alatti, beekumsa jechootaa dubbataa ykn barreessaa afaan barnootaa ykn dhalootaarratti qabu gahaa waan hintaaneef qaawwa gama muuxannoo/dandeettii jechootaan mul'atu duuchuuf afaan biroon bakka buusuun kan fayyadamu mul'isa.

Qorataan kunis akka waliigalaatti, jijjiirra koodii afaanii jechuun itti fayyadama afaan tokkoo keessatti yaada ibsamuu barbaadame tokko dabree dabree afaan birootin ibsuu ta'uudha. Jijjiiramni kunis kan uumamu yogguu dubbattoonni haasawa isaanii keessatti afaanota lama yookiin lamaa oli ta'anitti fayyadamuun yaada isaanii yoo kan ibsan kan ta'eefi jijjiirraan koodii afaanii kunis kan uumamuu dhaamsaga, dhamlatii, jecha, gaalee yookiin hima afaan tokkoo keessaa fudhachuun isa birootti jijjiiru ta'uu hubate

Dhimma jijjiirraa koodii loogaanis walqabsiisuun yeroo ibsu, Hasan (2014), "Writers or speakers prefer to switch one dialect into another or into the standard dialect in which they are using in

writing and formal speeches. They may have a good command of the language they switched into their own or less competence on it” jedha. Waraabbii kunis, barreessaan ykn dubbataan, muuxannoon inni gama looga barnootaan ykn waalta’aan qabu gad’aanaa waan qabaatuuf gara looga beeku tokkotti luucceessuun walmakuun kan fayyadamu ta’uu mul’isa. Qorataan kunis yaadawwan waraabbii armaan oliirraa ka’uun, barsiisotni Afaan Oromoo barsiisan kaayyoon akkasumas haalleen garaagaraarratti hundaa’uun kan afaan walmakuun fayyadaman ta’us yeroo tokko tokko, beekumsiifi muuxannoon isaan looga ykn afaan barnootaarratti qaban gad’aanaa waan ta’eef gara isa beekanii sanatti harkifamuun fayyadamuun isaanii kan hinoolle ta’uu tilmaama.

Afaanota garaagaraa filachuun (Language Choices) fayyadamuun walqabatee, afaan tokko kaaniin bakka buusuun ykn jijijjiiruun fayyadamuun (Code Switching) waliin hariiroo cimaa qaban, walmakiinsa koodii (Code Mixing) akkasumas ergifannaa afaanii (Borrowing) ta’uutu ibsame. Kanas yeroo ibsu, Ugwuona (2020), “The three kinds of choices (codeswitching, code mixing and borrowing) are best viewed as points on a continuum from relatively large scale to relatively small scale choices. The middle category, code mixing, is very difficult to distinguish from the other two.” Jedheera. Yaadni isaa kunis, sadan (Afaan jijijjiiruun, walmakuun akkasumas liqeffachuu) keessaa isa tokko kaaniin adda baasanii ilaaluun rakkisaa ta’uufi tooruma walfakkaaturra kan jiran ta’uu kan ibsudha.

Haata’umalee, Ezech,...etal (2022), ‘code switching’ kan jedhu hubannoo qabaachuu barbaadanii afaan biroo afaan dubbataa jiran keessatti galchuun fayyadamuu yoo ta’u ‘code mixing’ ammoo osoo hin beekin ykn hin hubatin afaan biroo dubbii ofii keessattii fiduun fayyadamuudha” jechuun akka garaagarummaa qabaatanitti ibsanii jiru. Zalaalam (1998) Gumperz and Bakamba waabeffachuun waa’ee makoo (code switching and code mixing) yoo ibsu fayyadama afaanii keessatti afaan dubbataa jiran irraa gara afaan birootti cee’uun dhuma himootaa yookiin dubbii gidduutti (keessa himootaatti) jechoota gaaleewwan, maxxantootaafi himoota fayyadamuu akka ta’e lafa kaa’ee jira.

Qorataan kunis, haalleen, malliifi daangaan itti fayyadama isaanii garaagara ta’us, adeemsa barachuufi barsiisuu afaan dhalootaa xiinxaluu keessatti, akka afaan lammaffaattis ta’e afaan biyya alaatti qooda qaban ka’umsa godhachuun haala hunda hammataa ta’eefi akka waliigalaatti ‘walmakiinsa afaanii’ isa jedhuun bakka buusuun ibsuu filateera.

2.1.2.1 Gosoota Walmakiinsa Afaanii

Gosootni walmakiinsa afaanii dhimmoota caasaa afaaniirra darbanii dhimmoota hawaasummaa ykn haalleen garaagaraarratti xiyyeeffatanii kan xiinxalamandha. Qorataan kunis, amala gosoota gurguddoo lamaan kanaa haala xiyyeeffannoo keessa galcheen qorachuun bu'aa isaa xiinxaluun dhiyeessa.

Gosoota walmakiinsa afaanii(jijjiirraa koodii) dhimmoota hawaasummaan walqabatan, Bikila (2008), Ferguson(2003). wabeeffachuun akka ibsetti, “codeswitching is classified into different parts based on style of shift and scope of switching” jedha. Haaluma kanaanis, akkaataafi daangaa jijjiiramaa isaaniiratti hundaa'uun, jijjiirraan koodii haalarratti hundaa'e (situational code switching) kaninni uumamu haala galumsaafi yoomeessa gidduugala godhatee kan jijjiiramu ta'uu ibsa; Jijjiirraan koodii 'Metaphorical' jedhamu ammoo, dhimma murtaa'aa tokko ibsuuf itti yaadaniifi jechoota kallattiin ilaallatu filachuun fayyadamuudha. Gama biroonis, jijjiirraan koodii 'Conversational' jedhamu, jecha tokko afaan biroorraa ergifachuun otoo hinta'iin, haasaa ykn dubbii afaan tokkoo afaan biroon bakka buusuun ykn jijjiiruun sona afaan garaagaraa walbira qabuun barsiisuuf fayyadamuudha.

Gama kaaniin, gosoota jijjiirraa koodii dhimmoota caasaan walqabatan ammoo, Adjei & Ewusi(2019), jijjiirraa koodii 'tag'(tag codeswitching), hima afaan tokkoo keessatti gaalee afaan biroo keessa galchuun fayyadamuu ta'uu ibsan; gama kaaniin, jijjiirraan koodii himoota garaagaraa(intersentential), hima tokko hima afaan biraan bakka buusuun fayyadamuu yeroo ta'u, jijjiirraan koodii himuma tokkoo keessaa(intrasentential) ammoo himuma tokko keessatti jijjirama mul'atu jechuun ibsu.

2.1.2.2 Sababoota Walmakiinsa Afaanii

Sababoota walmakuun fayyadamuu afaanotaa ilaalchidee hayyootni yaada adda addaa kaasu. Akka fakkeenyaattis, afaan walitti makuun tasa osoo hin taane sababa qabatamaa irraa kan uumamu ta'uu seera wajjiin wal qabsiisuun, Tsuchiya & Sakurai(2023), “Code switching is virtually never random speakers will alternate between varieties of language depending on a number of factors or reasons. One factor is the topic of conversation when speaking about the law, it is natural for lawyers to switch to a legal language; particularly to technical terminologies” Jechuun ibsu. Yaadni isaanii kunis, walmakiinsi afaanii akka fakkeenyaatti dhimma mata dureefi dirree qo'annoo seeraan walqabate itti yaadamee jechoota ogummaa afaan biroo gidduugala godhachuun kan raawwatamu ta'uu mul'isa.

Gama kaaniin, Gebrewold & Halefom.(2024),“Teachers’ code-switching practice is implemented to facilitate the classroom functions like to give instruction and clarification of difficult concepts. And also, it is used to explain unclear grammar and vocabulary structures” jedha.Kunis,barsiisaan qajeelfama kennuuf akkasumas jechootaafi seerluga afaanii hubachuuf ulfaataa ta’an ibsuuf kan itti fayyadamu ta’uu mul’isa.Haaluma walqabateenis Ezech,...etal(2022), akka waliigalaatti, sababni ykn ka’umsi walmakiinsa afaanii yaada ibsuu barbaadan ibsachuu dadhabuu, rakkoo dagachuu yookiin haala walitti dhiheenya mul’isuuf akka ta’e akkasumas icciitii uumufillee kan raawwatamu ta’uu yeroo ibsan.’The reason for switching of language is to hide fluency or memory problem in second language, to facilitate interpersonal particular relationship and to create secret use of languagee.’ Jedhu.

Sababa isa biroo ammo, Hasan (2014), “Speakers choose a language which the other person understand” jedhuun ibsa. Akka yaada kanaatti, namootni afaan dubbataa jiranrraa gara afaan birootti ce’uudhaan ergaa dhaggeeffataa biratti hubatamuu danda’u uumuuf afaan walmakuun kan fayyadaman ta’uu hubachuun danda’ameera.

Qorataan kunis,qorannoo geggeessu keessatti barsiisotni Afaan Oromoo daree barnootaa barsiisanis ta’e dokimantiiwwan barnootaaf qopheessan keessatti,sababoota garaagaraa armaan olitti eeraman kanneen bu’uura godhachuun, sababa maal maaliitiif afaan walmakuun kan fayyadaman ta’uu qulqulleeffachuun kan gabaasu ta’a.

2.1.2.3 Faayidaafi rakkoo walmakiinsa afaanii adeemsa afaan dhalootaa barsiisuu keessatti

Adeemsa afaan dhalootaa barachuufi barsiisuu keessatti ‘Afaan ofii qofa moo afaan kaanin dabaaluun ykn itti makuun baratamuutu gaariidha?’(is a language best taught without reference to another language as monolingual teaching or with reference to another language, as bilingual teaching?)yaada jedhuun beektotni kaasanrratti, yaadawwan faallaa garaagaraa kan jiraatan ta’us,afaanoota kaaniin dabaaluun barsiisuun irra caalaa faayidaa kan qabu ta’uu ibsan. Gama tokkoon, Tsuchiya & Sakurai(202, ”learners’ own languages and, indeed, translation, have continued to be used in many language classrooms around the world” jechuun,barbaachisummaa afaan tokko gara afaan birootti hiikuun fayyadamuu yeroo ibsu,haaluma yaada isaa kana cimsuun, Hasan(2014), “Numerous studies have documented bilingual teaching, codeswitching and code choice (emphasising learner choice during classroom interaction and teacher choices in curriculum design and teaching” jedha.Waraabbiin kunis, qorannoowwan hedduun akka mul’isanitti, afaan tokkoo ol ykn afaan walmakuun barsiisuun faayidaa qabeessa ta’uu ibsuun,

barattootni garaagarummaa akka gareetti jiru keessatti akka of ibsan akkasumas barsiisotnis, sirna barnootaa qopheessuus ta'e daree barsiisan keessatti filannoowwan itti fayyadama afaanii isaanii eegamuu kan qabu ta'uu ragaa ba'a.

Haaluma walqabateen, Adjei & Ewusi (2019)., faayidaan afaan dhalootaa dabalataan afaan kaan barachuu, dandeettiiwwan afaanii isaanii bal'ifachuufi cimsachuu akkasumasi jechoota haaraa barachuu akka ta'e ibsaniiru. Akka yaada qorattootaa kanaattis, afaan lamaaffaa ykn biyya alaa itti fayyadamarratti hundaa'ee dhiibbaa faallaa afaan dhalootaarratti kan uumu yoo ta'e malee, afaan dhalootaa afaan maddaa ykn xiyyeeffannaa ta'ee isa dabalataan kaawwan barachuun beekumsa afaanii, hawaas-aadaafi teknoolojii akkasumas carraa walquunnamtii kaawwan waliin qaban daran bal'ifachuu waan ta'eef jajjabeeffamuu qaba yaada jedhu qaba.

Afaan walmakuun fayyadamuun walqabatee hojiileen qorannoo Itoophiyaa keessatti geggeeffaman tokko tokko akka mul'isanitti, adeemsa afaan dhalootaa barachuufi barsiisuu keessatti afaanoota biroo/kaawwan waliin walmakuun fayyadamuun Itoophiyaa keessatti kan baramaa ta'e ta'uu ibsu. Akka fakkeenyaattis Megersa(2021), "In Ethiopian context, where code-switching is a prevailing factor, it is made between the native and, foreign & second languages" jechuun ibsa.

Akka yaada Tesfa(2023), Afaan Oromoo afaan kaawwaniin walmakuun fayyadamuun walqabatee miidhaa inni qabaachuu danda'u yeroo ibsu " In the case of the Oromo people, the intermingling of language may erode their mother tongue over time or at least degrade the value and interest in the speech society" jedheera. Innis, afaan walmakuun fayyadamuun adeemsa keessa afaan dhalootaa sana kan balleessuu danda'u, akkasumas sonaafi fedhii hawaasaarratti dhiibbaa uumuu kan danda'u ta'uutu isa yaaddeesse. Qorataan kunis, haalli itti fayyadama afaanii murteessaa ta'uu kaasuun, guddina afaan dhalootaa sana kan saffisiisuufi cimsu malee, faallaa kanaan kan quucarsuufi duubatti harkisu yoo ta'e rakkoo armaan olitti eerame kanaan kan nu saaxilu ta'uu cimsa.

Qorannoon Bikila(2008), walmakiinsa afaanii afaan dhalootaa(Afaan Oromoo)fi afaan biyya alaa(Afaan Ingiliziirratti) xiyyeeffaree geggeesse keessatti, amala caasaafi hawaasummaa isaanii gidduugala godhatee taateewwan adeemsa itti fayyadamaa keessatti mul'atan ibsuu danda'eera; faayidaaleefi gufuuwwan mul'atanis ija saayinsawaa ta'een xiinxaluun qeeqee jira

2.1.3 Ergifannaafi walmakiinsa Afaanii

Amaloota afaanii keessaa inni tokko ergifannaadha. Ergifannaan kunis sagalee, jecha, gaalee, jechamoota akkasumas seera afaanii walirraa ergifachuudha. Ergifannaan, afaan biroo irraa fudhachuun afaan itti tajaajilamaa jiran keessatti fayyadamuudha (Ugwuona, 2020).

Akka Cleghorn & Rollnick (2002), ibsanitti, ergifannaa afaaniitiif wantoota sababa ta'an keessaa inni bu'uuraa, jechoota afaan maddaatiin yaada ofii ibsachuu yoo hin dandeenye afaan biroo ergifachuun itti fayyadamuun akka danda'amu seerri afaanii eeyyamuu ibsa. Walqabsiisuunis, namni tokko afaan lammaffaa isaa dubbatu yaanni yookiin jechi dubbatamu sun afaan lammaffaa saniin yookiin wanta dubbatu sana afaan lammaffaan waan jedhee dubbatu yoo wallaale jecha yookiin yaada afaan tokkoffaa isaatin yaada sani yookiin dhimma san ibsuu kaasa. Akksumas, yaanni yookiin jechi dubbatamu sun afaan tokkoffaa keessatti moggaasa yookiin maqaa ittiin ibsamu yoo kan hinqabne ta'e jecha yookiin yaada afaan lammaffaan beeku saniin bakka buusuun dhimmicha ibsuun kan danda'amu ta'uu ibsa.

Gama kaaniinis, Ugwuona (2020), jechoonni afaan tokkorraa gara afaan birootti fudhataman yookiin ergifannaan seenan seera afaan ergifatee sanii eeggatanii tajaajila kan kennan ta'uu ibsa. Kana jechuunis, seera yookiin caasaa afaan ergifate sanaa waliin haala deemaniin qindeeffamuun tajaajila kan kennan ta'uu ibsa. Haala xinsagaa (phonology), xiinlatii (morphology), xiinhima (syntax) afaanichaa eeguun afaanicha keessatti tajaajila kennuu kan qaban ta'uu akka fakkeenyaatti kaasa. Yeroo tokko tokko jechoonni afaan biroorraa ergifataman caasaa isaanii osoo gadi hinlakkisni fudhatamu; Sababni isaatis jechoonni fudhataman sunneen caasaa afaanicha ergifate sanii waliin walididuu yookiin walifudhachuu diduu danda'uu isaaniis walqabsiisuun ibseera.

Hayyuun kunis ergifannaa akka waliigalaatti bakka sadiitti qooduun ilaala; Inni duraa ergifannaa kallattiiti. Ergifannaan kallattii kan raawwatamu jechoota afaan ergifatamuu akkauma jirutti ergifatanii afaan xiyyeeffannoo keessatti yoo itti fayyadamanidha. Ergifannaa inni lammaffaa ergifannaa fooyyessanii ergifachuudha. Gosti ergifannaa kun dhamsagaafi dham jecha afaanicha ergifatamuu jijjiiruun yookiin hiika jechaa akkuma jiruun walin ergifachuudha. Ergifanna inni sadaffaan immoo, ergaa afaan jechi irraa ergifamee hubachuun jecha yookiin yaada sana bakka bu'u afaan xiyyeeffanoottiin moggaasuun itti fayyadamuudha.

Qorataan kunis, yaadawwan saayinsawaa armaan olii gidduugala godhachuun, adeemsa Afaan Oromoo akka afaan dhalootaatti barsiisuu keessatti, gosti ergifannaa kam kam hojiirra oolaa akka jiru, sababootni ergifannaa kunneen ammoo maal maal akka ta'an akkasumas haalli itti

fayyadama afaanii seera ergifannaa afaanii hagam kan eegee raawwatamu ta'uu, qorannoo geggeessuun xiinxaluun kan ibsu ta'a.

2.1.4 Maalummaaafi Haalleen itti Fayyadamaa Afaan Ogummawaa

Afaan ogummawaan, tajaajila afaanii barreeffamaafi dubbii dabalatee walquunnamtii idilawaatiif mijataa ta'ee, itti fayyadama yoomessa ogummawaa keessatti mul'atudha (Gómez,...etal, 2017). Walqabsiisuunis, amalli jechootaa afaan ogummawaa, kan beekumsaafi dandeettii barnoota murtaa'aa tokkoon walhidhata qaban, kan idilawaa ta'uu qaban, kan sirriifi ifa ta'uu qaban akkasumas kan kabaja agarsiisuu malan ta'uu ibsan. Kanas fakkeenyaan deeggaruun "Instead of: "Hi," Use: "Hello," "Instead of: "yeah" use "yes," ; Instead of: "Really good," use "Excellent," Instead of "very big" Use "massive" jedhu. Yaadni isaanii kunis, jechootas ta'e gaaleewwan Afaan Oromoo daree barnootaa keessatti yeroo barsiisus ta'e dokimantiiwwan qopheessu keessatti barsiisaan fayyadamu, hagam ogummicha waliin kan walqabatan ta'uu, hagam idilawaa akka ta'an, hagam ifa akka ta'aniifi kabaja kan agarsiisan ta'uufi ta'uu dhabuu isaanii qorachuun yaada furmaataa kaa'uuf ulaagaalee akka safartuutti qorataan itti fayyadamudha.

Walquunnamtii ogummawaa ta'e keessatti haalli filannoo jechootaa murteessaa ta'uu yeroo ibsu, Bryson(2016), "Effective communication is crucial in the teaching learning, and word choice plays a significant role in how we are perceived by others. Using words that don't sound professional can undermine our credibility and professionalism" jedha. Waraabbiin kunis, walquunnamtii gaarii jedhamu uumuuf, haalleen jechoota itti filannu murteessaa ta'uu ibsa garuu ammoo, jechoota ogummawaa ykn sirrii hintaane filachuun tilmaama namootni nuuf qaban kan gadibuusu akkasumas itti fayyadamni keenya ogummawaa ta'uu dhabuu (mit-ogummawaa ta'uu) mul'isa.

2.1.4.1 Itti fayyadama jechoota idilawaa

Muslimawati(2022), yoomessa idilawaa ta'e keessatti jechoota ykn gaaleewwan mit-idilawaa ta'aniifi hawaasa murtaa'aa ta'e qofa keessatti tajaajilaaf oolan fayyadamuun walquunnamtii ogummawaarratti dhiibbaa faallaa kan uuman ta'uu yeroo ibsan, "Using slang, jargon, and colloquialisms can have a negative impact on professional communication; they can create a barrier to effective communication and lead to misunderstandings, confusion, and even alienation" jedhu. Kunis, haalli itti fayyadama jechoota ykn gaaleewwan mit-ogummawaa ta'e,

qaamoota waliin haasa'an gidduutti qaawwa walhubannoo ykn waliigaltee kan uumuufi qoolifamuuf kan isaan saaxilu ta'uu dhaama. Qorataan kunis, ogummaa barnoota afaanii keessatti, Afaan Oromoo akka afaan dhalootaatti barsiisuun walqabatee, haalli itti fayyadama afaanii amala mit-idilawummaa kan qabu yoo ta'eefi qaawwa waliigaltee, barattootaafi barsiisota akkasumas barattootaafi yaadannoowwan ykn mojuulota barnootaaf qophaa'an gidduu kan uumu yoo ta'e, rakkoolee mul'atan qorannoon adda baasuun fala kaa'uun barbaachisaa ta'uu iraa barate.

Yaadawwan waliigalaa armaan olitti ka'anis ka'umsa godhachuun, ogummaa barnoota afaanii bifa idilawaa ta'een kennamu keessatti dhimmootni gooree hawaasummaa aadaan walqabatan xiyyeeffannoo argataniiru. Itti fayyadamni afaanii barnoota keessatti koorniyaa gidduugala godhate, haala armaan gadiin sakatta'amee dhiyaateera.

2.1.4.2 Itti fayyadama jechoota koorniyaa ibsanii

Wolff (2000), jechoonni tokko tokko warra dhiiraa kan jajjabeessan, iddoo kennaniifi cimina isaanii kan ibsan haata'u malee, warra dhalaa ibsuu keessatti hanqinna qabaachuufi looguu isaanii ibsa. Haaluma walqabateenis, jechootni waliqixxummaa koornayaa hin agarsiifne yookiin loogii kanneen agarsiisan (summetry and asymmetry) jiraacuus ibsa; Ilmi namaa... (Maaliif dhalii namaa hin jenne? loogii kan qabu hinfakkaatuu?) akka fakkeenyaatti kaasa.

Gama kaaniinis, jechootni maxxantuowwan koornayaa lameenii agarsiisaniifi hin agarsiifnes (marked & unmarked terms) adeemsa itti fayyadamaa keessatti kan mul'atan ta'uufi akka barbaachisummaa isaaniittiifi haalaan fayyadamuu dhabuun qaawwa kan uumu ta'uu ibseera. Qorataan kunis kallattiin caasaa Afaan Oromoon walqabsiisuun yeroo ilaalu, maxxantuulee dhiiraafi dhalaa agarsiisuuf Afaan Oromoo keessatti tajaajila kennan muraasatu jiraachuu eera. Fakkeenyaaf jechoota Caalaa fi Caaltuu jedhaman yoo ilaalle /Caal-/ hundee, /-aa/ maqaafi koornayaadhiiraa yogguu agarsiiftuu, latiin /-t-/ koornayaa dhalaa agarsiiftuudha. Latiin /-uu/n ammoo maqaafi koornayaa dhalaa ta'u agarsiisa; daree barnootaa keessattis ta'e yaadannoowwan ykn mojuulota barsiisaan barnootaaf qopheessu keessatti qaawwa itti fayyadama koorniyaan walqabatani mul'atan adda baasuun kallattii furmaataa isaanii kan eerudha.

2.1.4.3 Itti fayyadama jechootaa kabaja agarsiisanii

Jechoota qaaniin walqabatee, Ghounane(2014), jechootni qaanii./saalfii (taboo), wantoota hawaasni hindubbanne yookiin hin hasoofne ta'uu ibsa; jechootaa yookiin gochoota akka aadaatti yookiin duudhaa hawaasaatti, amantaatiifi hamileetti ifaan ifatti dubbachuun yookiin raawwachuun qaanii yookiin dhoorkaa ta'an ykn akka aadaatti (cultural taboos) akkasumas akka amantaatti (religious taboos) qaanii ykn dhoorkaa ta'aniidha. Kanas gara yoomeessa barnoota afaaniitti yeroo fidnu, jechoota aadaafi amantii hawaasa garaagaraa keessatti qaanii ta'an fayyadamuurratti of eeggannoo gochuun barbaachisaa ta'uu agarsiisa.

Akka fakkeenyaattis Allan,...etal(2006), dhiibbaan itti fayyadama jechoota taabuu yeroo ibsu “To engage in tabooed behaviour is to cause offence to others and so it is dysphemistic. The use of tabooed words to insult someone is dysphemistic. The use of swear words has a number of motivations” jedha. Kunis, namoota qeequuf ykn arrabsuuf jechoota qaanii fayyadamuun miira isaanii kan miidhu waan ta'eef, bakka isaaniitti jechoota kabaja agarsiisan fayyadamuun namoota gidduutti hariiroo gaarii kan uumu ta'uu mul'isa.

Qorataan kunis, daree barnootaas ta'e dokimantiwwan barnootaaf qophaa'an keessatti haalli itti fayyadamni jechootaa barsiisotaa hamilee, aadaaleefi amantiilee garaagaraa barattootaa haala gidduugala godhateen (safuu eegeen) kan hojiirra oolu yoo ta'e, qaawwa walhubannoo barattootaafi barsiisotaa kan cufuufi isaan gidduutti hariiroon gaarii akka uumamu kan godhu ta'uu hubate.

Laguun (euphemism)haala walqabateen ammoo, Ghounane,(2014), wantoota hawaasni karaa al-kallattii ta'een dubbatan/ ibsan ta'uu ibsa. Wantoonni sunneenis yogguu dubbataman yookiin ibsaman, wantoota namoota gaddisiisan yookiin rifachiisan yookiin namatti hintollee ta'u danda'u isaanii walqabsiisuun kaasa. Fakkeenyaaf waa'ee qunnamtii saalaa, qaama saalaa akkasumas waa'ee du'a namaa akka fakkeenyaatti kaasa. Haata'u malee haalli itti fayyadama afaanii kunneenis, aadaa aadaatti, naannoo naannootti akkasumas hawaasaa hawaasatti garaagarummaa qabaachuu danda'uufi yaadota yookiin ibsoota hawaasni tokko irratti waliigaluun uummateefi kanneen amal-toltummaa (polite expression) agarsiisan ta'uus walqabsiisuun ibsa.

Gama kaaniinis, Allan,...etal(2006), jechoota laguu jechoota qaanii waliin hariiroo kan qaban ta'uu ibsa. Kunis, yaadonni yookiin ibsoonni kallattiin dubbachuuf mijjaatoo hintaane yookiin laguu ta'an yookiin dubbachuuf hinmijjoofne yookiin sodaachisoofi saalfii ta'an bakka bu'uus kan danda'uu ta'uu ibsa. Jechoonni kunneenis adeemsa keessa hawaasni irratti waliigaluun kan

fudhatuufi safeeffatedha. Qorataan kunis yaada armaan olitti ka'e ka'umsa godhachuufi adeemsa Afaan Oromoo barsiisuu keessatti haalli itti fayyadama afaanii haalleen qabatamaa aadaalee garaagaraa hubannoo keessa galchuun barbaachisaa ta'uu mul'isuuf keeyyata armaan gadii keessatti bifoote garaagaraan ibseera.

Haaluma kanaanis, daa'immaniif, 'daa'imti duute jechuurraa daa'imti deebite yookiin harkaa baate' jechuun akka filatamu ibsa Walqabsiisuunis, Gujiifi Booranatti, 'bushoofta/bushaa'e kan jedhamu ta'uu walqabsiisuun cimsa. Gama kaaniin, nama guddaaf yookkiin beekkamoof,' abbaan abaluu du'e' jechurraa, 'abbaan abaluu boqate/ gara Waaqaa deeme' jechuun filatamaa ta'uu ibsuun, haaluma walqabateen, Gujiitti, 'daadhii fiixise'; akkasumas Booranatti, 'hancufa seene' kan jedhamu ta'uu cimsa. Gama biroon, namni guddaan 'dogoggorte' otoo hinta'iin, 'ni seete yookiin arrabatu mucucaate' kan jedhamu ta'uu, 'abaluu budaan nyaatte' otoo hinta'iin, 'abaluu ijatu arge' jechuun kan filatamu ta'uu akkasumas 'daa'ima ibdatu gube' jechurraa, 'daaraatu dhahe' jechuun kan filatamu ta'uu akka fakkeenyaatti kaase. Walumaa galatti, itti fayyadamni afaanii akka qabaachuu isaafi aadaa akkasumas naannoodhaa naannootti garaagarummaa kan qaban ta'uutu hubatame.

2.1.4.4 Itti fayyadama jechoota mit-ogummawaafi dhiibbaa isaa

Yaada hayyoota garaagaraa kanneen akka, Pollard(2010), fayyadama jechootaa mit-ogummawaa ta'an isa ogummawaa waliin walbirqabiin eeruun kallattiii furmaataa isaanii waliin haala armaan gadiin dhiyaateera.

Jechoota Afaan Ingilizii hiika walfakkaataa ta'e qabaniifi ifoota garaagaraan ibsaman walbira qabuun, isa haala ogummawaa ta'een dhiyaate sana filachuun akka furmaataatti kaa'a. Kunneenis, "Kinda" or "Sorta" jechuurra "somewhat" or "to some extent" kan jedhu fayyadamuu, "Wanna" or "Gonna" isa jedhurra "want to" or "going to" isa jedhu fayyadamuu, "Got" – kan jedhurra "have" or "obtained" kan jedhu fayyadamuu, "Cuz" or "Bcos" kan jedhu fayyadamuurra "because" kan jedhu fayyadamuu, "Alright" kan jedhu fayyadamuurra "okay" or "acceptable" isa jedhu fayyadamuu akkasumas "Yup" or "Yeah" kan jedhu fayyadamuurra "yes" or "correct" kan jedhu fayyadamuun idilawaa, ogummawaa akkasumas fudhatama kan qabu ta'uu kaa'a.

Haaluma walqabateen, Freeman, & Cazden(1991), dhimmoota itti fayyadama akkasiin walqabatan keeyyata armaan gadii keessatti bifoote garaagaraan eeraniiru:

Haaluma kanaanis fakkeeniyota bifoote garaagaraan kennaman keessatti, jechoota mit-idilawaafi idilawaa ta'an duraa duubaan (Fkn.whole/entire, clothes/garment) kaa'aniiru; inni jalqabaa dogoggora garuu inni lammataa sirrii ta'uu, jechoota itti fayyadama keessattii sirnawaa/sirrii hintaane (Fkn.a bad result vs poor result, a big sample vs large sample), inni jalqabaa dogoggora garuu inni lammataa sirrii ta'uu.Jechoota ifa hintaane (Fkn.the report presents many things vs the report presents many(details, findings, recommendations); inni jalqabaa dogoggora garuu inni lammataa sirrii ta'uu, kanneen kottoonfaman (Fkn.BTW-by the way, LOL-Lough out lough , MOTD-message of the day),haala isa lammaffaarra jiruun bifa hubatamuu danda'uun kan barreeffamuu qabu ta'uu,gabaajeewwan(Fkn.Photos, Phone, Info,Bldg,Gov),bifa ifa ta'een dheereeffamanii kan barreeffaman ta'uu akkasumas jechootni hunda bakka hinbuuneefi dhimma walqixxummaa koorniyaa gidduugala hingodhanne(Fkn. Freshman vs first year student, husband/wife vs spouse),xiyyeeffannoo kennuun sirnaan kan itti fayyadamuu qabnu ta'uutu ibsame.

Qorataan kunis haalleen itti fayyadama jechootaa mit-idilawaa armaan olitti bifoote garaagaraan sakatta'amanii dhiyaatan kunneen ka'umsa godhachuun, adeemsa barachuufi barsiisuu daree barnootaa keessattis ta'e dokimantii barnootaaf qophaa'an keessattii haalleen itti fayyadamaa kanneeniin walqabatan(jechoota ykn gaaleewwan mit-idilawaa,sirnawaa hintaane,bifa gabaajeen/kottoonfachiisuun tajaajilaaf oolan akkasumas kabaja hinagarsiifne), muuxannoo kanaan dura ykn taajjabbi qaburraa ka'uun kaninni akka fakkeenyaatti walbira qabuun eere kanneen armaan gadiiti;Isaanis,'Kafana/uffata,reebe/ dhukkee irraa kaase,jaamaa/ qaroo dhabeeyyii,Fkn./ Fakkeenya, balaa guddaa/balaa cimaa' fa'idha.Haalleen itti fayyadamaa mit-ogummawaa kunneenis bifa ogummawaa ta'een fooyya'anii tajaajilaaf kan ooluu qaban ta'uus dhaama.

Walumaa galatti, Pollard(2010), afaan mit-ogummawaa fayyadamuun barsiisotaa dhiibbaan inni qabaatu yeroo ibsu kan armaan gadii jedha;

Using unprofessional language in language teaching can damage the learning environment, erode teacher credibility, and hinder students' language acquisition. It can also lead to negative impacts on students' self-esteem, motivation, and overall academic performance.

Yaadni waraabbii kanaas, adeemsa afaan barsiisuu keessatti afaan mit-ogummawaa fayyadamuun barsiisotaa, yoomessa afaan keessatti baratamuu kan hubu, amantaa barattootni barsiisota isaaniif qaban kan hir'isu akkasumas barattootni afaan haala sirnawaa ykn qajeelaa ta'een akka hinbaranne kan gufachiisu ta'uu dhaama; kana furuufis keessumattuu barsiisota gahoomsuurratti hojjachuun fala ta'uu hubachiisa.

Kanaafuu, rakkoolee itti fayyadama jechoota ogummawaan walqabatan fooyyeessuuf, ogeessootni afaanii ykn barsiisotni beekumsa, dandeettiiwwaniifi muuxannoowwan isaanii mala kamiin gabbifachuu akka qaban ilaalchisee akka falaatti wantootni eeraman jiru. Haaluma kanaanis, Manuela(2021), ogummaa isaanii cimsa jedhanii akka falaatti kanneen isaan eeran, kanneen barachuuf barsiisuutiif qophaa'aniin ala kitaabota ykn barreeffamoota garaagaraa beekumsa waliigalaaf fayyadan dubbisuu, namoota seenduubee hawaas-aadaa garaagaraa qaban waliin haasa'uu, guyyuun babarreessuu amaleeffachuu (Fkn. qorannoo, iimeeliirratti...), yeroo tokko tokko galmee/guuboo jechootaa fayyadamuufi hiriyyaan madaalamuun duub-deebii fudhachuu fa'i ta'uu ibsan. Kun ammoo gama kaaniin, barsiisotni Afaan Oromoo akka afaan dhalootaatti barsiisanillee, adeemsa jechoota ogummawaa ta'an fayyadamuurratti wantoota rakkoo ykn gufuu itti ta'an fooyyeeffachuuf, beekumsa, dandeettiifi muuxannoowwan ogummaa isaanii cimsan kanneen irratti xiyyeeffachuu kan qaban ta'uu hubachiisa.

2.1.5 Rakkoolee Itti Fayyadama Afaaniin walqabatanii uumamaniifi fala isaanii

Adeemsa afaan akka afaan dhalootaatti barsiisuu keessatti rakkooleen itti fayyadama afaaniin walqabatanii mudatan jiru; rakkooleen kunneenis kallattiinis ta'e al-kallattiin dhimmoota qabiyyee afaanii kanneen akka: itti fayyadama loogaa, jijjiirraa koodii (afaan walmakuun fayyadamuu) akkasumas haalleen itti fayyadama afaan ogummawaan walqabatanii uumamandha. Rakkooleen bu'uura jedhamanis gama qorattootaan eeramaniiru.

Haaluma kanaanis, Bausmith, & Barry(2011), adeemsa itti fayyadama afaanii keessatti afaan barnootaa (language of instruction) sirnaan fayyadamuu dhabuurraan kan ka'e qaawwi (language barrier) barattootaafi barsiisota gidduu kan uumamu ta'uu ibsan. Inni kan biroon, afaan haalleen hawaas-aadaa garaagaraa keessatti maal akka fakkaatu adda baasuufi hubachuu dhabuu ta'uu ibsan. Gama kaaniinis, afaanootni dirreewwan qo'annoo garaagaraa keessatti tajaajila qaban qo'achuu dhabuu ykn beekumsa waliigalaa bal'ifachuu dhabuu akkasumas dokimantiwwan barnoota qajeelchaniifi meeshaalee teknoolojiin deeggaraman qabaachuu dhabuu ta'uu ibsan.

Rakkoolee waliigalaa armaan olitti eeramaniifis falli isaa “addressing the challenges of language use related to equity, resources, and teacher competence is crucial for maximizing the benefits of language education” jedhu. Kunis, rakkoolee ykn gufuuwwan itti fayyadama afaaniin walhidhata qaban furuuf, itti fayyadamni afaanii kan haqummaa qabu ta’uu, meeshaalee barnootaa guutuu akkasumas barsiisota gahoomsuu (leenjii beekumsa, dandeettiifi muuxannoo barsiisotaa gabbisu kennuu) ta’uu kan mul’isudha. Qorataan kunis yaada waraabbii kanaarraa, rakkooleen bu’uuraa adeemsa afaan dhalootaa barsiisuu keessatti itti fayyadama afaaniin walqabataniis darees ta’e dokimantii barnootaaf qophaa’an keessatti bifoote garaagaraan mul’atan furuuf tarkaanfiiwwan akkasii fudhachuun fala ta’uu hubate.

Dhimmi loogaa madda rakkoo baruufi barsiisuu ta’uu isaafi ogeessi barnootaa rakkoo kana akkamitti akka furuu qabu ilaalchisee Papapavou & Pavlos (2007), akkana jedhu:

Educators will be better equipped to handle problems of dialect that emerge. As they become more sensitive to the cultural differences that influence teaching and learning, teachers will be able to modify the ways in which they interact with dialect-speaking students to better accommodate them, not only in actual instructional methods, but in other ways as well.

Yaadni kun, barsiisaan afaanii tokko, daree baruufi barsiisuu garaagarummaan (Fkn. gama aadaan ykn loogaan) barattootaa jiru keessatti, malli ittiin barsiisu, fedhii ykn seenduubee barattootaa waliin walsimsiisuufi madaqsuun barsiisuu akka qabu dhaama.

Haaluma walqabateen, Wolfram & Cullinan (2014), barsiisaan, ogummaa ykn mala daangeeffamaa ta’e tokko qofa qabatee daree barnootaa seenuurra, wantootni haaraafi inni hineegnellee isa mudachuu waan danda’aniif, fedhii barnootaa barattoota isaa waliin walsimsiisuun barsiisuu akka qabu yeroo ibsu akkana jedhu:

The moment a teacher enters a classroom, he adorns a number of hats. He needs to be updated with everything new going around. Irrespective of the subject he is proficient in, he needs to get his hands deep into all that interests his students. Students are often judged on the basis of their ability to communicate in English”.

Jijjiirraa koodii ykn walmakiinsa afaaniinis walqabatees, Cleghorn & Rollnick (2002), haalli itti fayyadama afaanii guddina afaan tokkoo kan gufachiisu ta’uu yeroo ibsu “Codeswitching hinders the development of one language since many individual speakers of a given language are

switching carelessly certain language items into their first language on the presence of the words, phrases, and clauses of the matrix language” jedha. Waraabbiin kun kaninni mul’isu, haalleen caasaaleen afaanii(jechoota, gaaleewwaniifi ciroowwan) afaan xiyyeeffannoo san keessa jiran keessatti, jijjiirraa koodii fayyadamuun rakkoo ta’uufi albaadheessummaan itti fayyadamaa jiraachuu kan ibsudha; kunis, afaan sababaan qofa walmakuun kan itti fayyadamnu ta’uu kan hubachiisu.

Rakkoon jijjiirraa koodii inni biroo, afaanota fayyadaman sanneen qofa beekuu ykn dubbachuu danda’uu qofa osoo hin ta’iin sababa garaagarummaa aadaatiin kan uumame ta’uutu ibsame. Kanas, Hasan(2014), “Codeswitching can be difficult even when each code is well-known. The problem is often that of when to switch in circumstances where cultural meanings or values seem to clash” jedha. Kunis, haalleen hiikaafi sonni aadaawwanii afaanootaa walgituu dhaban keessatti afaan jijjiiruun ykn walmakuun fayyadamuun rakkoo ta’uu mul’isa. Kanaafuu, haalleen garaagarummaan aadaa jiru keessatti afaanota walmakuun fayyadaman madaqsuun barbaachisaa ta’uu hubachiisa.

Itti fayyadama afaan ogummawaan walqabatee ammoo, Tesfa (2023), keessumattuu barnoota afaanii manneen barnootaa Itoophiyaa keessatti afaan haala sirnawaa ykn ogummawaa ta’een fayyadamuu dhabuun qaawwa uumamu ta’uu ibsan. Yaada kanas babal’isuun kan armaan gadii jedhaniiru:

Unprofessional language use in language teaching refers to instances where teachers deviate from appropriate or professional language standards in their instruction. This can manifest in various forms, such as excessive use of informal language, slang, or code-switching between the MT and another language

Yaadni waraabbii kanaas, haalli itti fayyadama mit-sirnawaa ykn ogummawaa afaanii, daangaa maleefi bifa mit-idilawaa ta’een addatti akkasumas walmakuu fayyadamuu afaanootaa ta’uu mul’isa.

Walqabsiisuunis, haalleen itti fayyadamaa akkasii rakkoo hubannoofi guddina afaan barnootaa sanaaf sababa waan ta’aniif, afaan haala tokkummaa qabuufi ifa ta’een fayyadamuu barattoota afaanii gahoomsuuf ykn milkeessuuf, leenjiiwwan barsiisotaa cimsuu, sirna barnootaa gaarii bocuu, imaammata itti fayyadama afaanii qajeelchurratti hojjachuu akkasumas ogeessoota afaanii kaawwan irraa muuxannoo ykn gargaarsa akka argatan gochuun fala ta’uu ibsan kan armaan gadii jedhu:

Unprofessional language use in teaching can have a detrimental impact on students' learning and language development. Addressing this issue through training, curriculum development, school policies, and mentoring is essential to ensuring that all students have the opportunity to succeed in their education.

Walumaa galatti, rakkooleen barnoota afaanii itti fayyadama loogaan, walmakiinsa afaanii akkasumas itti fayyadama afaan ogummawaan walqabatani kallattiinis ta'e al-kallattiin ka'an, qaawwa leenjii barsiisotaa, sirna barnootaa akkasumas imaammata afaaniirratti xiyyeeffatan waan ta'eef dhimmoota tarkaanfii dhimmamtoota garaa garaa barbaadandha. Qorataan kunis, adeemsa Afaan Oromoo akka afaan dhalootaatti barsiisuu keessatti rakkoolee itti fayyadama afaaniin walqabatani daree barachuufi barsiisuu ta'e dokimantiiwwan barnootaaf qophaa'an keessatti mul'atan furuuf, tarkaanfiiwwan bu'uura armaan duratti eeraman fudhachuun fala gaarii ta'a jedhee yaada.

2.1.6 Gahee Xiinqooqa Hujoo rakkoolee itti fayyadama afaanii furuu keessatti

Afaan meeshaa walquunnamsiistuu dha. Adeemsa afaaniin walquunnamuu keessatti dhimmootni rakkoolee itti fayyadama afaaniin walqabatani bifa garaagaraatiin isaan mudatan jiru; kanneen adda baasuun furuu keessatti xiinqooqni hujoo gaheen inni qabaatu ol'aanaa dha (Davies & Cathie, 2004). Qorataan kunis yaaduma kanaan walqabsiisuun, xiinqooqni hujoon rakkoolee mudatan adda baasuun kallattii itti furamu danda'an ni kaa'a waan ta'eef, gaaffiilee rakkoolee barnoota afaanii bifa garaagaraatiin qorannoo kana keessatti ka'an deebisuuf humna guddaa ta'uu isaa ibsa; rakkooleen barnoota afaanii dhaabilee barnootaa keessatti mul'ataniifi fala barbaadanis xiyyeeffannoo qorannoo kanaa ta'uu walqabsiisuun ibsa.

Ogeessi xiinqooqa hujoo rakkoolee hiikuuf adeemsa ittiin gahee ykn dirqama ogummaa isaa itti ba'utu jira. Adeemsa kanaan walqabatee, Pennycook (2001), "The professional or scholarly duty of applied linguist is to investigate, analyse, offer recommendations for amelioration and then report on the language problems they engage with and design the strategy for the interventions" jechuun ibsa. Hiikni kanaas, ogeessi xiinqooqa hujoo jalqaba erga rakkoolee adeemsa raawwii keessatti mudatan adda baasee, xiinxaleefi furmaata itti fooyya'u danda'an eereen booda kan gabaasuufi kallattii qooda fudhannaa isaanii karoorfachuu kan qabu ta'uu mul'isa. Qorataan kunis akka qorataatti ykn ogeessa afaaniitti, qorannoo kana geggeessuu keessatti jalqabaa hanga xumuraatti adeemsa raawwii akkasii keessa darbuun dirqama ogummaa isaa ba'uu akka qabu kan hubachiisu dha.

Ogeessi xiinqooqa hujoo rakkoolee barnoota afaanii keessatti itti fayyadamaan walqabatani mudatan hiikuuf, dhimmicha dhimma cimaafi rakkoo afaaniitii olitti akka ta'etti hubachuun tarkaanfii fudhachuu akka qabantu irraa eegama.Kanas, Davies .& Cathie(2004),ogeessi xiinqooqa hujoo,keessumattuu,barattootnis ta'e barsiisotni maal/akkamitti?? barachuufi barsiisuu akka qaban tilmaama keessa galchuun,afaan, barataa,barsiisaafi haalleen qabatamaa tokko tokko walitti fiduun, barnoota afaanii wal'unachiisuun hojjiirra oolchuun fala rakkoo itti fayyadama afaanii isa bu'uuraa ta'uu ibsu.

Walqabsiisuunis,akkatti karoorfannu wallaaluun,bu'aa raawwii keenya yeroo dhaa yerootti madaaluu dhabuun akkasumas galma ga'iinsa kaayyoo barnoota afaanii duukaa bu'anii hordofuun mirkaneeffachuu dhabuun rakkoolee murtaa'oo armaan olitti eeraman kanneeniif sababa isa guddaa ta'uu ibsu.Kunis kaninni hubachiisu,rakkoolee daree barachuufi barsiisuu Afaan Oromoo keessattis itti fayyadamaan walqabatani mudatan furuuf, dhimmamtootni garaagaraa barnoota afaanii raawwachuufi raawwachiisuu keessatti qooda fudhatan gahee isaanii ba'uu akka qaban asumaan kan hojii manaa kennu dha.

Keessumattuu, Pennycook (2001, gumaacha ogeessa xiinqooqa hujoorraa eegamu yeroo ibsu, “A major contribution of applied linguistics to language learning and teaching studies has been to develop materials purposely written for the language teacher.So,the role of applied linguistics is to mould a relevant content area for the needs of its target audience” jedha. Kanaafuu, gumaachi guddaan ogeessi xiinqooqa hujoo qo'annoo barnoota afaaniitiif gumaachu, dokimantii barsiisaa afaaniif ta'uufi ittiin barsiisu kaayyoon qopheessuufi qabiyyee fedhiifi sadarkaa barattootaan walsimuun madaqsuun akka qophaa'u gochuu dha. Qorataan kunis,rakkoolee adeemsa itti fayyadama afaanii Afaan Oromoo keessatti mudataniifis rakkoon inni guddaan haala qophii meeshaalee ykn dokimantii barnootaa afaaniin walqabate dha jedhee yaada; kanas furuuf,irra jireessaan, qorattootni afaaniifi barsiisotni muuxannoo qaban hojiin manaa isaan eeggatu kan jiru ta'uu ibsa.

2.1.7 Imaammataafi Waaltina Afaanii

2.1.7.1 Imaammata Afaanii

Hayyootni maalummaa imaammata afaaniitiif bifa garaagaraatiin hiika kennaniiru; isaan keessaas Ferguson (2006). akkana jedha:

Language policy is what a government does officially through legislation, court decisions, executive action or other means to: determine how languages are used in public contexts, cultivate language skills needed for national priorities, or establish the rights of individuals or groups to learn use and maintain languages.

Yaadni isaa kun kaninni nu hubachiisu, imaammata afaanii baasuun gahee mootummaa yeroo ta’u, imaammata kunis bu’uura seera biyya tokkoon, mana murtiin akkasumas qaamoota hojii raawwaachiisaniin mirkanaa’ee kan hojiirra oolu ta’ee, afaan hawaasa keessatti akkamittii akka itti fayyadamnu, afaan hojii biyyoolessaa ta’uun kan tajaajiluu qabu filachuu akkasumas mirga nama dhuunfaa ykn garee afaan ofiin barachuufi afaan ofii guddifachuu waliin walqabatee murtoo ykn odeeffannoo kan kennu ta’uu ibsa.

Haaluma walfakkaatuun, Getachewfi Derib (2006) akkana jedhu: “The concept of language policy is mainly related to decisions rules, regulations and guidelines about the status, use, domains and territories of language and the rights of speakers under question”. Yaadni kunis, yaad-rimeen imaammataa murtoo seeraa, bulmaata akkasumas qajeelfama waa’ee sadarkaa, fayyadamiinsa, daangaa afaaniifi mirga dubbattootaa kan murteessu ta’uu isaa kan ibsu dha.

Qorataan kunis yaadawwan armaan oliirra wanti inni hubate, waa’ee itti fayyadama afaanii murteessuun dhimmoota xiyyeeffannoo imaammata afaanii keessaa isa bu’uuraa ta’uu dha.. Dhaabilee mootummaa garaagaraa jiran keessaas, dhaabni barnootaa isa tokko ta’ee haala barachuufi barsiisuu sadarkaa barnootaa ol’aanaas ta’e gad’aanaarra jiran kan qajeelchu ta’uus walqabsiisuun ibsuun, rakkoolee itti fayyadama afaanii barnoota Afaan Oromoon walqabatani dhaabilee barnoota ol’aanaa keessatti mul’atan hir’isuu ykn furuu keessatti imaammata baasuun hojiitti hiikuun barbaachisaa qofa otoo hinta’iin murteessaa ta’uus cimsa.

Gama kaaniin, Patten (2001), itti fayyadama afaanii hawaasa ykn biyya tokkoorratti hundaa’uun modeeloota imaammata afaanii bakka gurguddoo afuritti qoqqooduun kaa’ee jira.

Afaan kamiifuu beekamtii dhorkuu (disestablishment or public disengagement): akka yaada modeela kanaatti, afaan akka biyyaatti sadarkaa mootummaan filatamuufi beekamtii argachuun

tajaajilu kamuu kan hinjiraanne ta'uu ibsa. *Afaanotaaf beekamtii walqixxee kennuu* (official multilingualism): modeelli kun afaanoota biyya tokko keessa lubbuun jiraniif hunda beekamtii walqixa ta'e kan kennu dha. *Afaan(oota) filatamaniif beekamtii kennuu* (language rationalization): modeelli kun itti fayyadama afaanii hundaa kan mirkaneessu osoo hinta'iin, itti fayyadama afaanii daangeessuun afaan(oota) filatamaniif kan beekamtii kennu dha. *Milkaa'ina itti fayyadama afaanotaa* (language maintenance): modeelli kun afaanoota haala walqixa ta'een kan ilaaluufi gama itti fayyadama isaaniitiin afaanootni hundi mikaa'aa akka ta'an kan mirkaneessuu dha.

Qorataan kunis, modeelota armaan olii keessaa keessumattuu isa sadaffaa ka'umsa godhachuun, Afaan Oromoon yeroo dhiyootii as afaanoota akka biyyaatti filataman keessaa isa tokko ta'uun, afaan hojiifi barnootaa ta'uun akka tajaajila kennu mirga ykn beekamtii argachuu isaa hubateera garuu filatamuun ykn mirga gonfachuu qofa otoo hinta'iin manneen barnootaa keessatti haalli itti fayyadama afaanii gaaffii keessa galuutu bifa garaagaraatiin ibsameera waan ta'eef, sababni dhimma rakkoo imaammata afaaniiti jedhee yaada. Kanaafuu, qaamni imaammata baasuufi hojiitti hiiku milkaa'ina itti fayyadama afaanii mirkaneessuu keessatti itti gaafatamummaa qabu waan ta'eef, dhimma kana gadi fageenyaan sakkatta'uufi madaaluun rakkoolee barachuufi barsiisuu afaanii keessatti dhimmoota itti fayyadama loogaa, walmakiinsa afaanii akkasumas afaan ogummawaan walqabatanii mul'atan furuu keessatti gaheen inni qabaatu ol'aanaadha jedhee yaada.

Gama tajaajila isaatiin, Afaan barnootaa bulchiinsa mootummaa naannoo Oromiyaa kan ta'a, Afaan Oromoon, dhaabbiilee mootummaafi dhuunfaa keessatti tajaajila kennuu isaa, akka fakkeenyaattis dhaabilee barnootaa keessatti akka gosa barnootaas ta'e meeshaa walquunnamtii barnootaa ta'ee tajaajilaa jiraachuu isaa Wondimmuu(2015) akkana jedha: "Following FDRE (1994) declaration, Afan Oromo is made to assume various new functions in governmental and private organizations. For example, in educational context Afan Oromo is being taught as a subject and is used as a MOI at different educational level." Kanaafuu, Afaan Oromoon yeroo dhiyootii as afaan barnootaa ta'ee tajaajilaa jiraachuun isaa ni yaadatama garuu ammoo afaan barnootaa ta'uun isaa qofa wabii waan hintaanee adeemsa akka afaan barnootaatti tajaajiluu keessatti haalleen itti fayyadama afaanii kan qajeelchu imaammata afaaniititi waan ta'eef dhimmi imaammataa dhimma xiyyeeffannoo argachuu qabu ta'uu walqabsiisuun cimsa.

Walumaagalatti, imaammatani gama tokkoon, seera ykn qajeelcha haala tajaajilaa/ itti fayyadama afaanii dhaabilee mootummaafi dhuunfaa biyya tokkoo qajeelchu dha. Dhaabilee mootummaa

jiran keessaas dhaabni barnootaa isa tokko waan ta'eef, rakkoolee qophii meeshaalee barnootaa akkasumas itti fayyadama afaaniin jechuunis: itti fayyadama loogaa, afaan walmakuun fayyadamuu akkasumas itti fayyadama afaan ogummawaan walqabatani barnoota afaanii keessatti mudatan furuun milkaa'ina barattootaas ta'e qulqullina barnoota afaanii dhugoomsuu keessatti gahee olaanaa ni qaba waan ta'eef, imaammata afaanii keenya sakatta'uun fooyyessuun barbaachisaa ta'uu hubachiisa.

2.1.7.2 Waaltina Afaanii

Waaltinni afaanii qaamoota afaan karoorsuu keessaa isa tokko ta'uu isaa akkasumas afaan bifa idilawaas ta'e mit-idilawaa ta'een waalta'uuu kan hojiirra oolu ta'uu isaa yeroo ibsan, Adger, & Christian, (2007), akkana jedhu:

In a broad sense language planning includes language standardization. Standardization is classified into formal and informal types; formal standardization is a process through which a language is deliberately standardized whereas informal standardization is a process in which the speech community of a language unconsciously standardizes a language

Yaada isaaniirraa, afaan itti yaadamee ogeessotaan kan waalta'ee akkasumas otoo itti hinyaadamiin ykn tasaa waalteeffamuun kan hojiirra ooluu danda'u ta'uutu hubatame. Qorataan kunis, afaan bifa idilawaanis ta'e mit-idilawaa ta'een waalteessuun itti fayyadamuurratti raawwiin gama barsiisotaan jiru maal akka fakkaatu xiinxaluun rakkoolee itti fayyadam loogaa, adeemsa afaan dhalootaa barsiisuu keessatti afaan walmakuun fayyadamuu akkasumas itti fayyadama afaan ogummawaan walqabatee daree barnootaas ta'e dokimantiiwwan barnootaaf qophaa'an keessattu mul'atu adda baasuun kallattii yaada furmaataa isaanii kan eeru ta'a.

Wardhaugh (2006), garaagarummaa afaan tokko keessa jiru ka'umsa godhachuun waa'ee maalummaafi barbaachisummaa waaltina afaanii akkana jedha:

Variability is a fact of life for almost all languages. There are different regional dialects, class dialects, and situational varieties. The easiest solution seems to be to pick (although not arbitrarily) one of these varieties to be elevated to the status of the standard. Standardization is the process in which the language is standardized for its linguistic forms as well as social communicative functions of language

Yaadni isaa kun, afaan tokko keessatti adda addummaan jiraachuun amala afaaniitiin hidhata qabaachuu isaa ibsa. Adda addummaan afaan tokko keessatti mul'atu ammo kan dhiphachuu danda'u, yoo waalta'e ta'uu isaa walqabsiisuun ibsuun, waaltinni afaanii, gocha xiinqooqa raawwii ta'ee; afaan sana keessatti adda addummaan gama unka caasaa afaaniifi walquunnamtii hawaasummaan gama dubbattoota afaanichaan mul'atu waltaasisuu akka ta'etti hiika. Kun kan nu hubachiisu, Afaan Oromoon loogoota garaagaraa qabus afaanoota gara walta'uutti dhufuu qaban keessaa isa tokko ta'uu isaa asumaan kan dhaamu dha. Qorataan kunis, Afaan Oromoo manneen barnootaa keessatti waalteessuun itti fayyadamuun rakkoolee itti fayyadama afaaniin walqabatan hiikuu keessatti gaheen inni qabaatu ol'aanaa ta'uu cimsa.

Abedi, (2002) akkasumas Adgerfi kanneen biroo (2007), afaan waalteessuuf adeemsa gurguddoo afur keessa darbuu akka qabnu ibsu. Kunneenis, Filachuu (selection), qindeessuu (codification), beeksisuu (elaboration) fi hojiirra olchuu (implementation) ta'uu eera.

Dhiyaannaan ykn karaaleen loogni/Afaan itti waalta'uu ilaalchisee ammoo, Boscoboinik (2008) fi Deumert, (2004), bakka gurguddoo lamatti qoodanii ilaalu. Isaanis:

Karaa loogii ta'een (Discriminatory approach):- afaan/lloogootni ol'aantummaa qaban qofa filatanii waaltessuu.

Karaa Paandiyaalektikaalii (Pan-dialectical approach):- loogoonni ykn afaanonni garaagaraa haala diimokiraatawaa fi ogeeyyoonni kallattii adda addaan keessatti hirmaatanii kan raawwatamudha.

Haala dhiyaannaalee kanneeniin walqabateen, Abedi (2002), loogoota jiran keessaa loogni bal'inaan dubbatamuun fudhatama qabu tokko filatamuun waalta'ee hojiirra ooluu isaa yeroo ibsu akkana jedha: "Language standardization is the process of one variety of a language becoming widely accepted throughout the speech community as a supradialectal norm - **the 'best'** form of the language - rated above regional and social dialects, although these may be felt appropriate in some domains."

Yaadni Adger & Christian (2007), qaamuma dhiyaannaa kanneenii ta'e, afaan waalta'ee sirna barnootaa keessatti hammatamuun akka gosa barnootaa ykn meeshaa waliigalteetti tajaajiluuf yoo dhiyaate qofa kan hojiirra oolu ta'uu isaa garuummoo haala kun hinraawwatamne ykn hinwaalta'iin hafe keessatti, karaan ykn ulaagaan itti loogoota jiran keessaa itti filannu yeroo ibsan akkana jedhu: "Standardization is necessary if a language is to be included in the school curriculum as a subject or a medium. If, however, the language is as yet uncoded or

insufficiently coded vernacular, there are various factors which may influence the choice of one variant as a norm.”

Kanaafuu, afaan tokko barnoota keessatti osoo waalta’ee hojiirra oolee silaa gaarii ykn filatamaa ta’uu isaa garuu ammoo waalta’uu dhabus, sababa garaagaraatiin carraan looga tokko filachuun barachuufi barsiisuutiif oolchuun itti danda’amu jiraachuu isaa raggaasisa. Qorataan kunis, looga barnootaa ykn isa waalta’aa cinaan inni kaan ykn hinwaaltofne akka barbaachisummaa isaatti ykn haalleen garaagaraa keessatti hojiirra yoo oole barattootaafi barnoota afaanii mikaa’aa kan taasisu ta’uu itti amana.

Haaluma walqabateen, jechoota loogoota garaagaraa keessa jiran filachuun waalteessuuf ulaagaalee akkam akkamii irratti xiyyeeffachuu akka qabnu akkasumas jechoota haaraa ykn hammayyawaa jedhamanis maloota garaagaraa fayyadamnee uumuun itti fayyadamuu akka dandeenyu ilaalchisee Mokonnen (2002), yaada hayyootaa gidduugala godhachuun akkana jedha:

To choose a word as standard among the different dialects or usages, the criteria like number of speakers, frequency of occurrence, economy, productivity, written documents and semantic transparency and acceptance, originality, mass media and current status will be considered. Besides, to introduce modern terminology, methods such as semantic extension, derivation, compounding, blending and borrowing are used

Yaadni hayyuu kanaa, ulaagaaleefi malleen itti jechoota filannee ykn uumnee itti waalteessinee fayyadamnu kan ibsu dha; hangi dubbattootaa, irra deddeebii itti fayyadama jechootaa, qusannoo fi kkf akka ulaagaatti warren eeramani dha. Qorataanis, adeemsa kanneeniin waalteessuun hojiirra oolchuun rakkoolee itti fayyadama loogaa barnoota afaanii keessatti mul’atu furuu keessatti shoorra guddaa kan qabu ta’uu garuu ammoo bu’aalee hojii waaltinaa kanneenii manneen barnootaaf qooduufi hariiroo uumuun waliin hojjachuurratti qaawwi kan jiru ta’uu akka komeetti kaasa. \

Haaluma yaada armaan olii kana cimsuun, Cheshire, (2007). barbaachisummaa waaltina jechootaa (the need for lexical standardization) yeroo ibsu akkana jedha:

Language is a means of human communication. Effective communication requires the uniform use of a language. Nevertheless, it has the natural tendency of developing into varieties based on geographical or personal difference. This needs efforts to control or reduce language variation through the process of standardization. Although

standardization does not hinder linguistic change, it could reduce language change and variation by proposing a standard form and creating uniformity of language use.

Qorataan kunis, walquunnamtii bu'aa qabeessa ykn gaarii jedhamu dhugoomsuu keessatti, adeemsa itti fayyadama loogaa, afaan walmakuun fayyadamuu akkasumas afaan ogummawaa fayyadamuu keessatti jechoota idilawaa ykn waalta'aa ta'an fayyadamuun raawwii barsiisotaa tokkoomsuun garaagarummaa, albaadheessummaafi burjaaja'ina gama barsiisotaafi barattoota afaaniin mul'atu ni hir'isa waan ta'eef jajjabeeffamuu kan qabu ta'uu cimsa.

2.1.8 Haala Dhiyaannaa Xiinxala Qabiyyee

Xiinxalli qabiyyee, mala qorannoo, ragaaleen maddeen kanneen akka: barreeffamaa, dubbii fi argaa-dhageettii irraa funaanaman xiinxaluun kan dhiyeessudha Kanas, Krippendorff (2012), : “Content analysis is a research method used to identify patterns in recorded communication. To conduct content analysis, you systematically collect data from a set of texts, which can be written, oral, or visual” jechuun ibsa. Kanaan walqabatee, haala qabatamaa qorannoo kanaa keessatti maddi ragaalee xiinxala qabiyyee barreeffamoota (meeshaalee dubbisaa) barsiisaan barattoota isaatiif qopheessuun baruufi barsiisuu afaanii ittiin geggeessu ta'a.

Prasad (2008), kaayyoon xiinxala qabiyyee, waa'ee qaama qabiyyee irratti xiyyeeffatamuu sanarratti hubannoofi beekumsa kan kennu ta'uu isaa akkasumas ergaa qabiyyee barreesaa dubbisaa waliin kan walquunnamsiisu ta'uu isaa ibsa. Qorannoo kana keessatti kan xiinxalamu, qabiyyee jechoota filatamanii yeroo ta'u, fayyadamiinsi isaanii galumsa barreeffamaa keessatti maal akka fakkaatu dha. Bu'aan fayyadamiinsaa qaacceessa dokimantii kana keessatti xiinxalame ammo dhiibbaan inni barachuufi madaallii barattootaarratti qabaatu meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanamu biroon ragaan walitti qabamee kan xiinxalamu ta'a.

Akka Krippendorff (2012), qorannoo isaanii keessatti mirkaneessanitti, qaacceessi qabiyyee duratti mala akkamtaa ykn hammamtaan geggeeffamaa ture qorannoo yeroo dhiyootii as dhiyaannaalee lamaanuu haala gidduu gala godhateen walcinaa geggeeffamuu danda'uu isaa akkana jedha:

Initially, researchers used content analysis as either a qualitative or quantitative method in their studies. Later, content analysis was used primarily as a quantitative research method, with text data coded into explicit categories and then described using statistics.

This approach is sometimes referred to as quantitative analysis of qualitative data. So, Content analysis can be both quantitative (focused on counting and measuring) and qualitative (focused on interpreting and understanding)

Kana jechuun, xiinxalli qabiyyee tokkoo amala dhiyaannaa qorannoo lachuu: akkamtaafi hammamtaa kan qabaachuu danda’u ta’uu isaa kan ibsu dha.

Hubannoo kana ka’umsa godhachuun, akka qorannoo kanaatti dhiyaannaaleen lamaan akkamtaafi hammamtaa kan hojiirra oolan dha; amala qorannichaa haala bu’uura godhateen dhiyaannaan irra jireessaan hojiirra oolu isa hammamtaa dha. Barreeffama barsiisaan qopheesse keessatti jechoota akkam akkamii (kan looga kam kamii) akka fayyadame hanga isaa mala iddattoon keessaa filachuun, loogota garagaraa barattootaa waliin walbira qabuun jechoota hiika walmadaalaa qabaniin walbira qabamee erga guutamee booda, mala lakkoofsaa fayyadamuun hariiroon jechootaa gama irra deddeebiifi dhibbantaan isaaniin kan xiinxalaman ta’a; hiikni ykn dhiibbaan fayyadamiinsaa kanneeniis meeshaalee mala akkamtaatiif oolan fayyadamuun kan ittiin mirkanaa’u ta’a.

Qorannoon kun bifoota dhiyaannaawwanii qaacceessa qabiyyee jiran keessaa amala dhiyaannaa lachuu hammataa ta’e sana kan qabaatu ta’a. Prasad (2008) gama kaaniin akkana jedha: “Typically, a study using a summative approach to qualitative content analysis starts with identifying and quantifying certain words or content in text with the purpose of understanding the contextual use of the words or content”. Kanarraa wanti hubannu, qaacceessi qabiyyee dhiyaannaa akkamta, jechootni itti fayyadamni isaanii hiika galumsaa isaanii keessatti qabaatan maal akka fakkaatu hubannoo keessa galchuun adda baasuu/filachuurratti kan xiyyeeffatu ta’uu isaati.

Gama kaaniin ammo akkana jedha: “Quantitative content analysis is an attempt not to infer meaning but, rather, to explore usage. Analyzing for the appearance of a particular word or content in textual material focusing on counting the frequency of specific words or content”. Dhiyaannaan qaacceessaa hammamtaa, hiika jechootaa otoo hinta’iin fayyadamiinsa isaaniirratti kan xiyyeeffate ta’ee, haala irra deddeebii itti fayyadama jechootaa xiinxaluurratti kan duufe ta’uu hubanna.

Qorataan kun qorannoo kanaa waliin walqabsiisuun yeroo xiinxalu, loogni, qaamoota jechaa keessaa isa tokko ta’e, barruulee barsiisaan qopheessu keessatti akka ka’umsaatti haalli

fayyadamiinsi isaanii maal akka fakkaatu kan xiinxalamu dha. Dhiyaannaa qaacceessa akkamtaa waliin walqabatee, jechootni qabiyyee qaama barruu ta'an kam kam filatamuu ykn adda baafamuu akka qaban dhiyaannaa qaacceessa hammamtaa waliin walqabatee, irra deddeebii itti fayyadama jechootaa, looga barsiisaan sun dokimantii barnootaaf qopheesse keessatti fayyadame bu'uura godhachuun, looga naannoo shananii barattootaa waliin walbira qabamee haalli faca'iinsa isaanii mala lakkoofsaan kan xiinxalamu dha. Kanaafuu qorataan, qabiyyeewwan dokimantii qaacceessuuf yaadame sana keessatti, dhiyaannaawwan lamaan walduukaa haala waldeeggaraniin fayyadamuun kun, mikaa'ina xiinxala qabiyyee sanaa ni mirkaneessa abdii jedhus qaba.

2.1.8 Yaaxxina Qorannichaa

Yaaxxinoota bebbeekamoo itti fayyadama afaaniirratti qooda fudhatan keessaa yaaxxinni tajaajila sirnawaa xiinqooqaa (Systemic Functional Linguistics) isa tokko dha. Yaaxxinni kun yaaxxinoota kaawwan (Fkn. Seerluga waliigalaa 'Chomsky (1965)') waliin ta'uun xiinxalli isaan tajaajila afaaniirratti kennan bal'aafi gadi fagoo dha; gama tokkummaafi garaagarummaa falaasamaa isaan gidduu jiruun walbir-qabiin madaalamuunis dhiyaataniiru. Adeemsuma kana keessattis, yaaxxinni tajaajilli sirnawaa xiinqooqaa babal'achuun dameewwan xiinqooqa hujoo qorannoo kanaan kallattiin walhidhata qaban, xiinqooqa hawaasummaa kan barnootaan walsimsiisuun daangaa yaaxxinaa kana keessatti xiinxaluun yaalameera. Kana keessattis, dhimmootni itti fayyadama afaaniin walqabatanii akka waliigalaatti ija tajaajila walquunnamtii (communicative function) fudhatamanii sakatta'a kana keessatti haguugaman, haalleen itti fayyadama loogaa, jijjiirraa koodii/afaan walmakuun fayyadamuu akkasumas haalleen itti fayyadama jechoota ogummawaa fa'idha.

Namni tokko, gaaffii "afaan maaliif barbaachise? jedhu osoo gaafatee, deebiin inni kaan gama tokkoon kennuu danda'u "ittiin walquunnamuuf (to communicate with it)" jedhu dha; garuu gam-argi (view) hayyootni maalummaafi adeemsa walquunnamtiirratti qaban garaagara dha. Tajaajilli afaaniis haala galumsaafi fakkoommii sirnawaa (semiotic system) garaagaraa waliin walhidhata qabuun ibsameera. Kanas, Fontaine, . (2013), Halliday (1978) wabeeffachuun akkana jedheera:

We are taking a functional view of language, in the sense that we are interested in what language can do, or rather in what the speaker, child or adult, can do with it; and that we try to explain the nature of language, its internal organization and patterning, in terms of

the functions that it has evolved to serve; everything in it can be explained, ultimately, by reference to how language is used

Waraabbiin kun, xiyyeeffannoon gamargaa (view) xiinqooqaa, daangaalee kanneen akka afaan kamiin? Eenyuuf? (ijoollee moo ga'eessa) akkasumas qindoominaafi caasaa keessoo akkamii keessatti kan tajaajilu ta'uu isaa kan ibsu dha. Kanumaan walqabatees, itti fayyadamni gama tajaajiloota afaanii garaagaraan kan ibsamuufi hiika argatu ta'uu isaa kan hubachiisu dha.

Akka Yanmei fi kanneen biroo (2020) ibsanitti, ilaalchi tajaajila sirnawaa xiinqooqaa (Systemic Functional Linguistics) kaninni ijaarame hojiilee duraanii hayyootaa kanneen akka 'de Saussure (1916), Malinowski (1923) fi Firth (1957)' fi hayyuulee xiinqooqaa man-barnootaa 'Prague' jedhamu ta'uutu ibsame. Gama kaaniin, Ogeessotni xiinqooqaa Amerikaa, 'Boas (1911) fi Sapir Whorf (1952)' sababa ta'uu ibsaniiru. Keessumattuu, dhimmi ilaalcha sirnawaa 'Firth (1957)' dhiibbaan inni hojii 'Halliday (1978)' irratti uume ol'aanaa ta'uufi gama ogeessa xiinqooqaa Amerikaanotaan ammoo, kan 'Whorf (1952)' garaagarummaan namoota gidduu jiraachuufi hiikni dhokataa afaanii aadaa dubbattootaan walhidhata qabaachuu ibse, ilaalcha ykn yaaxxina isaatiif gumaachi inni godhe olaanaa ta'uu ragaa ba'aniiru.

Yaaxxinni 'Halliday (1978)' kun, hiika afaaniirratti dhiyaannaan jiru banaa ta'uufi afaan akka qabeenyaatti kan tilmaame ta'uu yeroo ibsu, Zhi-ying. (2020), "Halliday's theory encourages a more open approach to the definition of language as a resource; rather than focus on grammaticality as such, a systemic functional grammatical treatment focuses instead on the relative frequencies of choices made in uses of language" jedha. Haaluma walqabateen, garaagarummaan Seerluga Tajaajila Sirnawaa (Systemic Functional Grammar) fi Seerluga maddisiisaarratti (Generative Grammar), 'Chomsky (1965)' xiinqooqni damee xiqqaa qor-qalbii (psychology) ta'uu yeroo ibsu, 'Halliday (1978)' garuu xiinqooqni dame xiqqaan saayinsii hawaasummaa (Sociology) ta'uu ibsuun, xiinqooqni dhimma unkaa (Formalism) durii otoo hinta'iin, qor-dubbii (Pragmatism) fi xiinhiika (Semantics) waliin haala walhidhata qabuun xiinxaluun dhiyeessuu danda'eera.

Yaada keeyyattoota lamaan armaan olii akka cimsutti, Halliday & Matthiessen (1994), "The orientations within psychology, sociology and linguistics that provided the intellectual conditions of possibility for the emergence of the concept" akkuma jedhan san, argama yaaxxina kanaaf gaheen dirreewwan qo'annoo hundi taphatan ol'aanaa ta'uu kan agarsiisudha.

Kanarraa ka'unis, hundeessaa yaaxxina tajaajila srnawaa xiinqooqaa(Systemic Functional Linguistics theory) kun, Halliday(1993), maxxansaa isaa isa biroo keessatti,yaad-rimee yaaxxinichaa akka waliigalaatti yeroo ibsu, afaan kaninni hiika argatu, yoo netwoorkii sirnootaa ykn filannooratti hundaa'an (Language as a network of systems, or choices) gidduugala godhatee ibsame ta'uu fi tajaajilawaan(Functional) jechuun, faallaa dhiyaannaa caaseessitootaan(Structural approaches), afaan maal akka dalaguufi akkamitti akka dalagu irratti kan xiyyeeffate ta'uu ibsa.Bu'uuruma kanaan, "The ultimate goal of a person acquiring a language is not merely to produce or know the "correct" linguistic structures/forms, but to get the right meaning across and accomplish varying social purposes with that language." jedha

Haaluma walqabateen, Halliday (in Fontaine, 2013) keessattis, "A theory of linguistics must incorporate the functions of language in use." Unlike the traditionalists who tend to see grammar as an entity separate from meaning and context of use, the systemic functionalists perceive language as a social semiotic system—that is to say, a system in which its meaning and form are always driven by its context and speaker's communicative goals" jechuun ibseera.

Kanaafuu,yaadni hayyuu kanaa akka mul'isutti, afaan gama caasaa ykn unka sirrii isaa beekuun qofa otoo hinta'iin, hiika dabalataa kan biroofi haala amala garaagarummaa hawaasummaa waliin walhidhata qabuufi hunda galeessaa ta'een kan hubatamuun hojiirra oolu qabu ta'uu isaati.Kunis, tajaajilli afaanii sirnawaa (systematic) ta'uu isaa kan hubachiisu dha.

Gama kaaniinis, yaadiddama tajaajila xiinqooqa sirnawaa keessatti deeggartootni yaada Halliday (1993) kanneen akka Van Valin(2003), yaada ogeessoota xiinqooqaa dhiyaa warri durii (traditional western linguistics), 'afaan gama unka jechootaafi caasaa himootaan baratamuu qaba' jedhu mormuun,tajaajilli afaanii sirnawaa ta'uu akka qabuufi itti fayyadamni afaanii guutummaa kaninni qabaatu, unka cinaan hiikawwan dabalataa biroon dabaalamee kan hojiirra oolu yoo ta'e qofa ta'uu ibsu.Haaluma walqabateenis akkana jechuun falma:

Language use is not fixed and does not follow predetermined rules, but rather is dynamic and evolving. Languages are understood from the lens of its functions to achieve its purposes. This theoretical lens to language can be an effective way for teachers to educate students about language. So,an SFL approach to teaching language should not be prescriptive.

Yaadni isaanii kun kaninni odeeffatu,itti fayyadamni afaanii seera afaanii jalqabuma murtaa'ee fi dhaabbataa ta'erratti qofa duufee kan hojiirra oolu otoo hinta'iin, kan amala jijjiirummaafi guddachaa deemu afaaniis xiyyeeffannoo keessa galchuu qabu ta'uu ibsuun, tajaajila isaan walqabatee, qajeelfama itti fayyadama afaanii olii gad akkuma jirutti barattootarratti fe'amu otoo hin ta'iin, kan haalaafi galumsarratti hundaa'ee hojiirra oolu yoo ta'e kaayyoon barnoota afaanii kan galma ga'u ta'uu walqabsiisuun ibsu. Qorataan kunis yaaduma garee kanaa deeggaruun, daree barnootaa Afaan Oromoo keessattis waan taajjaberraa ka'uun, itti fayyadamni afaanii, seera afaanii barnootaaf filatame tokko qofarratti kan duufu otoo hinta'iin, haalleen qabatamaa afaanii tokko tokko xiyyeeffannoo keessa galcheen kan hojiirra ooluu qabu qabu ta'uu ibsa.

Dhiyaannaawwann hayyootaa armaan olii irraa wanti hubannu, yaadiddamni tajaajila sirnawaa seerlugaa/xiinqooqaa (Systemic Functional Grammar/Linguistics) 'Halliday(1978)' kaninni ijaarame, dhiibbaafi fakkeenyummaa falaasama yaaxxina hayyoooota garaagaraa duriinii ta'uu isaati. 'Halliday' jalqabbii hojiilee hayyootaa kanneen dinqisiifachuun, ciminaalee jiran akkuma jirutti fudhachuufi dadhabinoota yaadiddamoota durii kanneen fooyyeessuun amaloota dabalataa afaanii beeksisuu danda'eera. Qorataan kunis gama isaatiin, falaasamni yaadiddama 'Halliday' kun gaaffiilee qorannoon isaa kaasu waliin hariiroo kan qabu ta'uu ibsuun, itti fayyadamni afaanii gama fakkoommiiwwan garaagaraan (Fkn. garaagarummaa seenduubee, haal-dubbii, eenyummaa/aadaa dubbattootaafi kkf) kan madaalamuu qabu ta'uu itti amana. Kunis, itti fayyadamni afaanii unka/caasaarra darbee garaagarummaa afaanii (looga) naannoofi haala hawaasummaa dubbattootarratti hundaa'ee, bifa sirnawaa ta'een hubatamuun hojiirra ooluu kan qabu ta'uu isaa kan deeggaru dha.

Akka yaada Halliday and Matthiessen (1994), seerri Tajaajila Sirnawaa Xiinqooqaa (SFL) kun barsiisota qofaa otoo hinta'iin barattoota afaaniirrattis dhiibbaa kan qabu ta'uu ibsu; barattootni barruu afaan ittiin barsiisuuf qophaa'e keessatti yaada barreeffamaa hubachuufi xiinxaluurratti rakkachuu isaanii akka fakkeenyaatti kaasuun, keessumattuu, barruuwwan keessattis **caasaa**, tajaajila, gooroowwan, amala xiinqooqaa akkasumas kaayyoofi ilaalcha barreessaan itti fayyadama afaaniin walqabatee ijaarame madda rakkoo guddaa baruufi barsiisuu afaanii keessatti fala barbaadu ta'uu ragaa ba'u. Qorataan kunis, yaaxxina kana keessatti dhimmoota itti fayyadama afaaniin walqabatani adeemsa xiinxala falaasama yaada garaagaraa hayyootaa keessatti bu'aan argamu qorannoo kanaaf galtee gaarii ta'uu kan danda'u ta'uu ibsa.

Yaadiddama bu'uura armaan olii kana ka'umsa godhachuunis, ilaalchothni ykn falaasamootni murtaa'oon hayyootni garaagaraa tajaajila ykn itti fayyadama afaaniin walqabatee calaqqisiisan armaan gaditti bifa garaagaraatiin kan walbira qabamee xiinxalame dha. Qorataan kunis, barnootni afaanii adeemsa itti fayyadama afaanii (itti fayyadama loogaa, itti fayyadama afaan ogummawaafi afaan walmakuun fayyadamuu) Afaan Oromoo keessatti, yaaxxina tajaajilaa isa kam? Maaliif? haala kamiin? kan itti dhimma ba'aa jiran ta'uu madaaluun xiinxaluuf, yaadawwan walfalmisiisaa hayyootaa keessatti qooda fudhachuun (tokko deeggaruufi kaan mormuun) ejjennoo isaan dabaaluun haala armaan gadiin dhiyeessee jira.

Abbaan ilaalcha haala galmusaa kallattummaa (relevant context), Hasan (2014), yaadiddama unkawaa (formalist theories) qeequun, dhiyaannaa tajaajijila sirnawaa xinqooqaa irraa wanta adda isa godhu yeroo ibsan, afaan gama daangaa dhimmoota (xiinqooqa) hawaasummaan ilaaluu dhiisuu isaaniiti; yaadiddamichi yaadiddama afaanii kaawwan hammataa (integrated) hintaane ta'uu ibsu.....kun ammoo akkuma Halliday (2007), "Language is learnt in context, is used in context by socialized speakers, and is altered as a system by its use in various contexts. Context is therefore a unifying element within the overall architecture of SFL" jedhe san, haaluma walfakkaatuun, itti fayyadamni ykn raawwiin barnoota afaanii haala hawaasummaa irratti hundaa'uun galumsi isaa dubbataa tokko irraa isa birootti garaagarummaa kan qabuufi jijjiiramaa deemu ta'uu isaa kan mirkaneessu dha.

Qorataan kunis ilaalcha garee yaadiddama unkawaa mormuun, dhiyaannaa yaadiddamaa hayyootaa armaan olii ilaalcha hammayyawaa afaanii garee xiinqooqa hawaasummaan walqabsiisuun, afaan amala hawaasummaa qabuun itti fayyadamni isaa garee hawaasaa tokko irraa isa birootti kan garaagarummaa qabu ta'uu isaa cimsa. Kanaafuu, barnootni afaanii gama caasaa (unka) afaaniin qofa kan baratamu ta'uurra, fedhii, sadarkaa, garaagarummaa akkasumas sona hawaas-aadaa barattootaas haala gidduugala godhateen hojiiirra ooluu kan qabu ta'uu isaa eeruun, keessumattuu, rakkoolee daangaafi hubannoo itti fayyadama afaaniin walqabataniin barnoota afaanii keessatti mul'ataniif fala tokko ta'uu akka danda'u mala dhaha.

Dhimmoota murtaa'oo haala galumsaa kallattummaa keessaa, galumsi haalarratti (situation) hundaa'e , dhimma xiyyeeffannoo Halliday (1978) fi Hasan (2001) ta'ee kan babal'ateefi fooyya'ee xiinxalame dha. Xiinxala kanaafis kan seenduubee ta'eef, yaada 'Malinowski (1923) 'yaadiddama xiinqooqaa (Linguistic theory) 'Firth (1957)' (barsiisaa Haliidey kan ture) keessatti ibsamee dhiyaate dha. Kanas yeroo ibsan akkana jedhu:

Along with variation according to group (dialectal or codal variation), Halliday and Hasan have also focused on variation according to situation type (diatypic or register variation), the intellectual roots of which can be traced to the anthropology of Malinowski as elaborated in the linguistic theory of Firth

Barreeffama isaa keessattis, Firth, Malinowiskin madda godhachuun, tajaajilaan walqabatee amalli afaan haalleen garaagaraa keessatti qabu yeroo ibsu, walquunnamtiin gama afaaniin taasifamu kan inni hiika qabaatu qofaa isaa dhaabbatee otoo hinta'iin haalleen tokko tokko yoo xiyyeeffannoo keessa galche ta'uu akkasumas jechi qofaa isaatti haala galumsaa xiinqooqaa malee homaa tokko akka hintaane (a word without *linguistic context* is mere figment and stands for nothing by itself) ibsu. Kunis, Halliday (1978) fi Hasan (2001) amala walxaxaa afaan haalleen garaagaraa keessatti qabu irra caalaa xiinxaluuf karaa saaqeefii jira.

Qorataan kunis yaada kana ka'umsa godhachuun, itti fayyadamni afaanii koorsiileefi sadarkaa lee caasaa afaanii garaagaraa keessatti baratamu, haalleen biroo amaloota afaaniinis walqabatan gidduu gala godhachuun kan hubatamuufi hojiirra oolu qabu ta'uu deeggara. Barsiisotni rakkoo itti fayyadama afaanii akkasiin walqabate qabanis, daree barsiisuus ta'e dokimantiwwan garaagaraa barnootaaf qopheessan keessatti dhimmoota akkasiitiif xiyyeeffannoo kennuun kan raawwachuu qaban ta'uu hubachiisa.

Haaluma walqabateen, Vygotsky (1978) fi Bernstein (1971) akkuma Malinowski (1966) haalleen fakkeenya murtaa'oo garaagaraan dabaaluufi aadaan walqabsiisuun yeroo ibsan akkana jedhu:

The point that Malinowski is making here – and one that follows from Vygotsky and Bernstein's positions – is that language use is so embedded in culture that not only do all speech acts combine with material action in making meanings, but also behind both these verbal and non-verbal actions (the context of situation) there is a cultural history (the context of culture), a knowledge of which is necessary to make sense of the interaction.

Wanni isaan jedhan kun Afaan Oromoon yeroo hiikamu, itti fayyadamni afaaniifi aadaan walqabatiinsa ykn hariiroo isaan qaban cimaa ta'uu kan mul'isu ta'ee, afaan kaninni hiika argatu gama gochaalee dubbiifi meeshaaleen kallattiin ibsamaniin qofa otoo hinta'iin, kanneen duuba gama fakkoommiwwan aadaan walqabatee jechootaan ibsamaniifi jechootaan hinibsamneen kan hubatamaniifi hiikaman ta'uu odeeffata; kunis adeemsa walquunnamtii namootaa keessatti bu'uura beekumsaa ta'uu kan ibsu dha.

Kanarraa ka'uunis akka hubannoo qorataa kanaatti, Halliday (2007), yaaxxina tajaajila sirnawaa xiinqooqaa(SFL) ijaaru keessatti, tajaajilli afaanii haalleen galumsa aadaa garaagaraa keessatti karaalee yaadawwan garaagaraa itti ibsinu ta'uu erga hubateen booda, adeemsa kana keessas afaan akka waliigalaatti sirnaa ykn netorkiitti hiikawwan garaagaraa ta'uu wixineeffate jedhee yaada; gama isaatiinis yaaxxina isaa fooyya'ee dhiyaate kana kan deeggaru ta'uu ibsuun,daree barnoota afaanii keessatti itti fayyadamni afaanii akka sirnaatti fudhatamuun haalleen aadaa barattoota garaagaraa keessatti hubatamuun kan baratamuu qabu ta'uu dhaama. .

Walumaa galatti, Halliday (2007), yaaxxina Tajaajila Sirnawaa Xiinqooqaa (Systematic Functional Linguistics) dirreewwan qo'annoo ogummaa 'Meteorology' keessatti haala qilleensaan walqabsiisuun walbira qabee yeroo xiinxalu akkana jedha:

To bring up a well-worn analogy in SFL, where the system (langue) is compared to the climate and language-in-use (parole) to the weather, it is worth bearing in mind that meteorology does not simply catalogue the instances that continually perturb the system but attempts to account for the causes of that variation in terms of wider geographical features

Xiinxalli walbira qabiin isaa kaninni odeeffatu,gama tokkoon, sirna afaanii haala waliigalaa qilleensaa naannoolee garaagaraarratti hundaa'e waliin kan walqabsiisu yeroo ta'u, gama kaaniin, itti fayyadama afaanii amala murtaa'oo qilleensaa kanneen akka qorra,ho'a, hurriifi kkfn ta'anii naannoo murtaa'oo tokkorratti xiyyeeffateen walqabatan waliin kan walbira qabee ilaalu dha.Kunis, akkuma amalootni murtaa'oo qilleensaa garaagaraa qaama haala qilleensa waliigalaa(climate) ta'an, haalli itti fayyadama afaanota garaagaraa haala naannoo garaagaraarratti hundaa'aniis qaama sirna afaanii isa guddaa ta'uufi haaluma walqabateen, jijjiiramni sirna afaanii/haala waliigalaa qilleensaa tokkoo jijjiirama amaloota murtaa'oo naannoolee garaagaraa afaanii/qilleensaa ta'uu kan hubachiisu dha.

Kanaafuu qorataan kunis yaaxxina isaa kana ka'umsa godhachuun, barnoota Afaan Oromoo sirni barnootaa qophaa'eefii bifa koorsiilee garaagaraan dhaabilee barnoota ol'aanaa keessatti baratamu keessatti, haalli itti fayyadama afaanii barsiioota,looga gidduugala godhachuun barsiisuu,afaan walmakuun barsiisuu akkasumas jechoota idilawaa ykn ogummawaa fayyadamuu barsiisuu keessatt, caasaa ykn qabiyyee afaanii dirreewwan qo'annoo garaagaraa akkasumas haalleen qabatamaa barattootaafi addunyaa keessa jiraannuu tokko tokko haala gidduugala godhateefi bifa waalta'aa ta'een yoo hojiirra oole, walhubannoofi walquunnamtii

sirawaa ta'e mirkaneessuun kaayyoo barnoota afaanii dhugoomsuurratti gaheen inni qabaatu ol'aanaa waan ta'eef dhimma xiyyeeffannoo argachuun irratti hojjatamuu qabu ta'uu hubate.

BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNOO

3.0. Seensa

Barnoota afaanii dhimmoota xiinqooqaa waliin walqabsiisuun qorachuu keessatti malleen qorannichaaf mijataa ta'an fayyadamuun barbaachisaa dha. Dhimma xiinqooqa hujoo kan ta'e, dhimmi itti fayyadama afaanii barnoota afaanii keessatti amala garaagaraafi walxaxaa ta'e qabu, xiinxala qorannoo sirna gaariin utubame qabaachuu qaba (Blommart 2014). Kanaafuu, xiinqooqa hujoo keessatti haala itti fayyadamna afaaniin walqabatee amala garaagaraafi baay'ee walxaxaa ta'e qabu kun, malleen garaagaraa amaloota kanneen waliin walhidhata qaban madaqsuun fayyadamuun barbaachisaa akka ta'e kan nu hubachiisu dha.

Haaluma walqabateen, Meyerhoff (2006), qorannoo xiinqooqaa haala dhiyaannaa (approach) fi malleen (methods) garaagaraa gidduugala godhateen geggeessuun, afaan haala sirnawaa ta'een qorachuun hubachuu keessatti qoodni inni qabaatu olaanaa ta'uu ibsa. Qorataan kunis, haalli itti fayyadama afaanii adeemsa Afaan Oromoo barsiisuu keessatti maal akka fakkaatu xiinxaluu keessatti, dhiyaannaawwaniifi malleen garaagaraatti dhimma ba'uun, kaayyoo qorannichaa haala guutummaafi milkaa'ina qabuun geggeessuu keessatti 'qooda olaanaa kan qabaatu ta'uu ibsa

Walumaagalatti, boqonnaa kana keessatti qabiyyeewwan gurguddoon mala qorannoo kana keessatti haguuggii argatan; paaraadaayimii qorannichi hordofu, saxaxa qorannoo, haala dhiyaannaa qorannoo, Jamaa ykn irraawwatama qorannoo, Iddattoofi mala iddatteessuu, meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanamu akkasumas mala ragaaleen itti qaaccee famanidha. Tokkoon tokkoon mata dureewwan kanneen irratti hundaa'uunis, haala kaayyoo qorannichaan wal'unatuun ibsamuun dhiyaateera.

3.1. Paaraadaayimii Qorannichaa

Qorannoon kun falaasama piraagimaatizimii hordofuun kan geggeeffamedha. Piraagimaatistootni gaaffii qorannoo tokkootiif deebii kennuuf haala dhiyaannaa tokkoo olii fayyadamu (Goldkuhl, 2003). Hayyuun kunis, hariiroo yaadiddama beekumsaa (epistemological notion) fi mala dhiyaannaa garaagaraan walqabatee qabxiileen bu'uuraan sadan inni kaasu:

Piraagimaatiizimiin sirna, falaasamaafi dhugummaa kamiyyuu akka hintaaneefi dhiyaannaan qorannoo tokkoo haalleen qabatamoo garaagaraarratti kan hundaa'e ta'uu ibsa.

Haaluma walqabateenis, piraagimaatistootni, addunyaan guutuu kan hintaane ykn mudaa kan hindhabne ta'uu ibsu. Qorataan kunis yaada falaasamaa kanarraa ka'uun, haalleen itti fayyadama afaaniin walqabatee raawwiin daree barnootaa keessatti mul'atu mudaa irraa bilisa kan hintaane ta'uu garuu ammo qaawwa kana cufuuf yaadawwan xumura qorannoo kanaa booda akka furmaataatti eeraman hojiiira ooluu kan qaban ta'uu amana.

Gama kaaniinis, adeemsa waa'ee itti fayyadama afaanii xiinxaluu keessatti ragaaleen haala dhugummaa qabaniin, jechootaan akkasumas lakkoofsaan ibsamuun kan dhiyaatandha. Adeemsa kana keessattis, dhugaafi beekumsa adeemsa raawwii saayinsawaa ta'e hordofuun xiinxalaman (objectivity) akkasumas amala hawaasummaafi haalarratti hundaa'ee ilaalcha, muuxannoofi hubannoo qorataa (subjectivity) gidduugala godhachuun kan hiikaman ykn xiinxalaman bu'uura kan godhate dha.

Kanaafuu qorataan kunis, kaayyoo qorannoon kun qabatee ka'e milkeessuu keessatti, falaasamaafi malleen garaagaraatti dhimma ba'uun fala ta'a jedhee waan yaadeef, paaraadaayimiin filatame kun qorannoo kanaaf mijataa ta'uu ibsa; yeroo ammaa kana mala tokko qofaarratti xiyyeeffachuurra, qaawwa gama tokkoon mul'atu isa kaaniin cufuun ni danda'ama waan ta'eef mala garaagaraatti fayyadamuun filatamaa ta'uu ibsa. Haala qabatamaa qorannoo kana keessattis, itti fayyadama afaanii raawwii daree barnootaas ta'e dokimantiiwwan barnootaaf qophaa'an keessatti mul'atu xiinxaluuf malleeniifi dhiyaannaawwan garaagaraa fayyadamuun sirnawaa ta'a jedhamee tilmaamama.

3.2. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon afaanii saxaxxoota garaa garaa qaba. Saxaxa kam fayyadamuu akka qabnu kan murteessu garuu haala dirree qo'annichaafi kaayyoo qorannoon keenyi qabatee ka'e ta'uun kan haalamu miti. Creswell (2014) saxaxa qorannoo ibsaa barnoota waliin walqabsiisuun yeroo ibsu "Descriptive research describes natural or/and man-made educational phenomena that are of interest to policy makers and educators" Jedha. Saxaxni qorannoo ibsaa, taateewwan barnootaa, bu'aa uumamtees ta'e nam-tolchee ta'an ibsuu keessatti gahee qabaachuu isaa mul'isa. Gordon (2005) ammo gama biroon yeroo ibsu "Descriptive design characterizes the world or a

phenomenon—answering questions about who, what, where, when, and to what extent” jedha..Kanaafuu, Saxaxni ibsaa,taateewwan gaaffiilee eenyu?maal ?eessa?yoom? jedhuuf deebii kan kennu ta’uu isaa nuhubachiisa.

Haluuma kannaan, kayyoo qorannoo kana fixaan basuuf, Saxaxa ibsaatu (Descriptive design) hojiirra oole.Qorataanis qorannoo kana keessatti,raawwiilee itti fayyadama afaaniin walqabatani keessumattuu,yaadannoo barnootaa barsiisaan barattootaaf qopheessuufi haala qabatamaa raawwii daree barnootaa keessatti,haalleen itti fayyadama loogaa,jijjiirraa koodii ykn walmakiinsa afaanii akkasumas haalli itti fayyadama jechoota idilawaa ykn ogummawaa maal akka fakkaatan akkuma amala isaaniitti lakkoofsaanis ta’e jechootaan ibsuuf mijataa dha jedhee waan yaadeef itti dhimma ba’uu danda’eera

Saxaxa dhiyaannaa qorannoon walqabsiisuun Creswell (2006),“Descriptive research can utilize both qualitative and quantitative research methodologies” jedha.Adeemsa hojiirra oolmaa qorannoo kanaa keessatti, mala saxaxa qorannoo ibsaan,dhiyaannaalee lamaan gidduugala godhatee kan hojiirra oolan ta’uutu ibsame Kanaafuu, haala qorannoo kanaan walhidhateen, adeemsa itti fayyadamaa afaanii keessatti, kam kam/maal maal? Hagam? akkasumas haala kamiin akka fayyadamu xiinxaluun rakkoolee barnoota afaanii keessatti akka waliigalaatti mul’atan eeruu keessatti bu’aa qabeessa waan ta’eef saxaxa mijataadha jedhamuun filatamee kan hojiirra ooledha

Saxaxni funaansa ragaalee dhiyaannaa makaan hojiirra oolu kun amaloota garaa garaa qaba.Kunneenis, yeroo tokkotti walduukaa kan hojiirra oolu(concurrent),duraa duubaan qofa qofaatti kan hojiirra oolu(separate and sequential) akkasumas kan akka haalaatti jijjiiramaa deemu(transformative type) ta’uu danda’a(Creswell,2003).Gosti saxaxaa qorataan kun qorannoo kanaaf mijataa dha jedhee yaadu,’saxaxa dhiyaannaalee funaansa raga akka haala qorannichaatti jijjiiramaa deemu’ isa jedhu dha.Akka yaada hayyootaatti,keessumattuu, gosti saxaxa funaansa ragaalee haalarratti hundaa’ee,dhiyaannaalee garaa garaa yeroo tokkottis ta’e dabareen hojiirra oolchuun,ragaalee garaagaraafi walxaxaa funaanuufi hiikuuf mala salphaafi mijataa ta’a jedhamee yaadama ;sababni isaas, ragaaleen mala ykn dhiyaannaa garaagaraa hordofanii funaanaman amalaa fi haala jijjiiramummaa dhiyaannaa qorannichaa bu’uura godhatanii,haala waldeeggaraaniin yaadrimee ykn dhimmoota qorannoo kaayyoo tokko galma geessisuuf deeman sanneen cimsuufi bilcheessuu keessatti milkaa’aa ta’uu isaati.

Kanaafuu qorataan kun,dhiyaannaa saxaxaa qofa qofaan duraa duubaan raawwatamu qofa ykn walduukaa raawwatamu qofa filachuurra, haalaafi amala jijjiiramummaa isaa ka'umsa godhachuun,haala lamaan isaanii gidduugala godhateen raawwachuun dhugummaa(reliability)fi fudhatamummaa(validity) ragaalee qorannichaa walbira qabuun mirkaneessaa deemuu keessatti saxaxni kun filatamaa ta'uu isaa itti amanuun karoorfachuun hoiirra oolchee jira.Akka fakkeenyaatti, haala kaayyoo qorannoo kanaa waliin walqabateen, ragaalee, xiinxala dokimantii fi af-gaaffii yeroo tokkotti walitti qabuun hindanda'amu;erga ragaan dokimantii irraa funaanamee booda, gara af-gaaffiitti kan ce'ame dha. Garuummoo, ragaaleen yeroo tokkotti walitti qabamuu danda'anis ni jiraatu.Haaluma kanaanis, funaansi ragaa haalaafi amala meeshaa qorannichaa akkasumas madda ragichaarratti hundaa'ee, jijjiiramaa kan deeme ta'uu kan hubachiisu dha.

3.3. Haala Dhiyaannaa Qorannichaa

Dhiyaannaan qorannoo kana keessatti hojiirra oole dhiyaannaa makaati.Dornyei (2007)fi Creswell (2006), dhiyaannaa isa tokkoo qofa fayyadamuurra,dhiyaannaawwan lamaan akkamtaafi hammamtaa walfaana fayyadamuun gaaffiilee qorannichi qabatee ka'eef hubannoo guutuu kennuu keessatti shoora olaanaa akka qabu ibsu.Kun immoo, cimina lachuu qabanitti fayyadamuuf akkasumas qaawwa gama tokkoon mul'atu isa kaaniin duuchuu keessatti dhiyaannaa filatamaa ta'e ta'uu isaa hubachiisa.Kanaafuu,haala itti fayyadama afaanii xiinxaluu keessatti,yaadawwan bifoote garaagaraan lakkoofaan akkasumas jechootaan safaraman walitti fiduun xiinxaluu keessatti bu'aa qabeessa ta'a jechuu dha.

Kanaafuu, qorannoo kana keessatti.ragaaleen walitti makaman, ragaalee hammamtaa, adeemsa hangaafi irradeddeebii itti fayyadama loogota(filannoo jechootaa qabiyyee isaaniirratti hundaa'an) garaagaraa dokimantii barsiisaan dubbisaaf barattootaaf qopheesse keessaa filataman haala itti fayyadama loogaa barattootaa waliin walbira qabamanii madaalamanii booda mala lakkoofsaan kan xiinxalaman yeroo ta'u,ragaaleen akkamtaa,daree barnoota akkasumas yaadannoofi mojuulota barsiisaan barattootaaf qopheessu keessatti barsiisotni looga ykn jechoota akkam akkamiifi haalleen akkam akkamiin akka fayyadaman adda baasuun xiinxalamee kan dhiyaatedha.

Ragaaleen mala meeshaalee garaagaraatiin walitti qabaman kunneen akkaataa kaayyoo qorannichaan walitti makamuunn qindeeffamanii kan xiinxalamaniifi hiikamani dhaMalli dhiyaannaa inni bu'uuraa mala akkamtaa yeroo ta'u, ragaaleen yaadannoo keessaa itti fayyadama loogaan walqabatanii funaanaman erga kan barattootaa waliin walbira qabamanii madaalamanii mala hammamtaan ykn lakkoofsaan xiinxalamanii booda, qaacceessa qabiyyee keessatti jechootni barsiisaan fayyadama kana akkam akkamii akka ta'an akkasumas haalli itti fayyadama loogaa daree barnootaa keessaa ammo maal akka fakkaatu ragaalee dhiyaannaa akkamtaan kan mirkanaa'e dha.; ragaaleen afaan walmakuun akkasumas itti fayyadama jechoota ogummawaan walqabatee mojuula keessattis ta'e daree barnootaa gidduugala godhatanii xiinxalaman amala akkamtaa kan qabandha.Kunimmoo akka waliigalaatti,ragaan inni hammamtaa isa akkamtaa sana cimsuu(deeggaruu) isaa kan nu hubachiisu dha.

Ragaaleen, malleen,,madden akkasumas meeshaalee garaagaraa walitti fiduufi rog-sadeessuun xiinxaluu keessatti, barsiisootni gaaffiilee gama afgaaffiin gaafatamaniin dhugaalee kan dhoksan ykn haalan yoo ta'e, yaadannoo itti fayyadama loogaa gidduugala godhatee xiinxalameefi bu'aalee afgaaffii barattootaa(keessumattuu, haalaafi rakkoo itti fayyadama loogaan walqabatee ragaa kennaniin) akkasumas xiinxala dokimantii/mojuulii, ragaalee meeshaalee garaagaraan walitti qabaman walitti fiduun mirkaneeffachuutu fala ta'e..Kanaafuu, kana dhugoomsuu keessatti, qaawwa mala dhiyaannaa tokkoon mul'atu, isa kaaniin duuchuun dirqama ta'ee argameera. waan ta'eef dhiyaannaa filatamaafi bu'aa qabeessa ta'ee argameera.

Walumaa galatti,haalli itti fayyadama afaanii barnoota Afaan Oromoo keessatti maal akka fakkaatu xiinxaluun rakkoolee barnoota afaanii keessatti mul'atan adda baasuun eeruuf, ragaalee funaanuufi xiinxaluu keessatti dhiyaannaa makaa fayyadamuun filatamaafi bu'aa qabeessa waan ta'eef itti dhimma ba'uun danda'ameera.

3.4 Yoomeessa Qorannichaa

Qorannoon kun, mata duree “xiinxala itti fayyadama afaanii adeemsa Afaan Oromoo Barsiisuu keessatti” jedhuuun,dhaabbilee barnoota ol'aanaa naannoo Oromiyaa godinaalee garaagaraa keessatti argaman keessaa,yunivarsiitiwwan filataman afran: Bulee Horaa,Jimma, Amboofi Arsiirratti kan xiyyeeffate dha.Qorannichi, bakkeewwan qorannoof filataman kanneen keessatti yeroo adda addaatti dirree ba'uun marsaa marsaan kan raawwatame dha.

Barachuufi barsiisuu afaanii keessatti barsiisota Afaan Oromoo koorsiileelee waggaa lammaffaa kennaniifi barattoota, koorsii waggaa jalqabaa(freshman course) xumuranii booda mummee filachuun sadarkaa waggaa lammaffaarra jiran kan gidduugala godhate dha.Ragaan kaninni funaaname,yeroo barnootaa ta'ee gara xumura semisteera lammaffaa keessa dha.Yeroon qorannoon kun haguugu,qorataan kun wixinee xumuree booda, barattoota Afaan Oromoo barnoota sagantaa Afaan Oromoofi og-narruun bara barnootaa 2014/2022 irraa kaasee hordofan irraa ragaalee dhawata dhawataan yeroo adda addaatti funaanaman irratti kan duufedha; Argannoon qorannichaas yoomessa kana bakka bu'uun kan xiinxalamee gabaafame dha.

3.5. Irraawwatamaafi Iddattoo Qorannichaa

3.5.1 Irraawwatama Qorannichaa

Qorannoon kun, dhaabbiilee barnootaa olaanaa filataman keessatti hawaasa yunivarsiitii kan giddugala godhate ta'ee, muummee Afaan Oromoofi Ogbarruu Oromoo keessatti,Afaan Oromoo idileen akka sagantaa digrii tokkoffaatti barataniifi barsiisan keessatti haala itti fayyadama afaanii barsiisotaa xiinxaluun rakkoollee akka waliigalaatti itti fayyadama afaaniin walqabatani barnoota afaanii keessatti mul'atan adda baasuurratti kan xiyyeeffate dha.Argannoon jamaawwan yunivarsitiiwwan Oromiyaa keessaa filataman irraa argame, raawwii kaawwan hafaniis bakka bu'uu danda'a jedhameetu mala dhahame. Ragaaleen, madden ykn irraawwatamoota kanneen irraa akkaataa sagantaa raawwii hojiif ba'een kan funaanamani dha.Gama afaaniin, karaa meeshaalee ragaa funaanuuf qophaa'aniin, barattootarraa akkasumas barsiisotarraa **ragaalee** funaanuuf kan itti dhimma ba'ame, Afaan Oromoo dha.

3.5.2. Iddattoofi Mala Iddatteessuu Qorannichaa

Madden ragaalee qorannichaa sababa qabatamaan kan iddatteefamani dha; haala raawwii qabatamaa itti fayyadama afaanii daree barnootaa keessaa xiinxaluuf akkasumas haalleen itti fayyadama afaanii Afaan Oromoo yaadannoowwan akkasumas mojuulota barsiisotni barnootaaf qopheessan keessatti, jechoota hunda filachuun xiinxaluuf barsiisotaafi barattoota hundarraa odeeffannoo funaanuun rakkisaa dha.Kanas,Gordon (2005),kaayyoo qorannoo tokkoo gidduugala godhachuun kallattii qorannichaa daangeessuu waliin walqabatee madda odeeffannoo keenya iddatteessuun, yeroo, humnaafi dandeettii qorataa murteessuu keessatti gahee kan

qabaatu ta'uu isaa ibsa.Qorataan kunis, yaaduma kana bu'uura godhachuun, amala qorannichaa haala gidduu gala godhateen, madden odeeffannoo iddatteessuun kan itti dhimma ba'e dha.

Qorannoo kana keessatti, akka waliigalaatti gosoota iddatteessuu gurguddoo lamaan, iddatteessu carraa(probability sampling)fi iddatteessuu miti carraa(non probability sampling) akka barbaachisummaa isaaniitti hojiirra oole.Iddatteessuu carraa keessaa,amala qorannoo kanaa waliin deema jedhamee filatamuun hojiirra oole, mala iddatteessuu carraa tasaa qoqqooddii gareessuurratti xiyyeeffate(stratified random sampling) yeroo ta'u, iddatteessuu miti carraa keessaa ammo kan hojiirra oole mala iddatteessuu akkayyoodha.

Creswell (2006), “To determine sampling, a researcher should,1) identify in advance the types of speakers to be studied; and 2) seek out a quota of speakers who fit the specified categories”jedha.Kanaafuu,yaada hayyuu kana ka'umsa godhachuun,kaayyoowwn jiran keessaa isa tokko kan ta'e ykn itti fayyadama loogaan walqabatee,barsiisotniifi barattootni waggaa lammaffaa dhaabbiilee barnootaa olaanaa irraa filatamanii keessatti loogota Afaan Oromoo shanan dubbatan, ulaagaa seenduubee hawaasummaaafi bakka loogaa isaanii bu'uura godhateen erga qoqqoodamanii booda, qoqqooddii isaanii sana keessatti, mala carraa tasaan kan filatamani dha.Jechootni dokimantii(yaadannoowwaniifi mojuulota) keessaammoo,haalleen itti fayyadama afaaniifi kaayyoo funaansa ragaalee bu'uura godhachuun,mala miti-carraa keessaa mala akkaayyoon (purposive sampling) filatamanii jiru.Walumaa galatti, malleen itti iddatteeffaman amala ragaaleefi kaayyoo qorannichaa gidduugala godhachuun kan raawwatamandha.

Koorsiilee garaagaraa Afaan Oromoo kennuuf dokimantiwwan (yaadannoowwaniifi mojuulota) barnootaaf qophaa'an filachuufi xiinxaluu keessatti, garaagarummaan(diversity) dirreewwan qo'annoo kan xiyyeeffannoo keessa gale dha.Akka qorataa kanaatti, amala koorsiilee adda addaarratti hundaa'anii haala itti fayyadama afaanii xiinxaluuf mijataadha jedhaman xiyyeeffannoo keessa galchuun, ragaalee funaanaman qabatamaafi guutuu gochuu keessatti gaheen inni qabaatu olaanaa ta'uun isaas itti amanameeti.

Kanaafuu qorataan,meeshaalee af-gaaffiifi qaacceessa dokimantiif mala akkayyoon iddatteessuu keessatti, yunivarsiitiwwan afran keessaa,hangi barsiisota afaanii loogota garaagaraa(shanan) irraa dhufanii haala walmadaalaa ta'een argachuun rakkisaa waan ta'eef, mala iddatteessuu miti-carraa(akkayyoo) fayyadamuun, seenduubee loogootaa garaagaraarraa barsiisota afur afur

fudhachuun, waliigala yunivarsitiiwwan hunda(afran) keessaa barsiisotni 16(4*4) akka iddattootti fudhachuuf karoofateera. Barattootaan walqabatees, keessumattuu kaayyolee itti fayyadama afaaniin walqabatan afran keessaa, haalaafi rakkoolee itti fayyadama loogaan walqabatan xiinxaluuf, yunivarsitiiwwan filataman afran keessaa barattoota shan shan, waliigala 20(5*4) af-gaaffiif filachuun hojiirra oolchuuf karoorfameera.

Haaluma walqabateen, mala akkamtaan jechoota qabiyyee (content words) kaayyoon iddatteessuuf, yaadannoowwan barsiisotaa koorsiilee garaagaraa barsiisaniifi seenduubee loogoota shanan irraa dhufan jechoota qabiyyee xiinxaluuf mijataa ta'e tu filatame. Yaadannoowwan dirreewwan qo'annoo garaagaraarratti koorsiilee garaagaraa barsiisuuf qophaa'an keessaa, dirreewwan qo'annoo arfan jechuunis: Xiinqooqa, og-barruu, dandeettiifi Fokloorii, yunivarsitiiwwan afraniif qoqqoodame. Akka ka'umsaatti hanga jechootaa 200 guuruuf karoorfamus, jechootni calalamuun kaayyoon iddatteeffaman 120 dha. Haaluma walqabateen, jechootniifi gaaleewwan mojuula barnootaaf qophaa'an keessaa haalleen itti fayyadama afaanii (keessumattuu, jechoota ergifannaafi ogummawaa) garaagaraan walqabatanii xiinxalamanii dhiyaataniiru hanga isaanii.

Gama sadarkaalee afaaniin (level of language use), dokimantiin sadarkaa jechootaafi gaaleen kan xiinxalame yeroo ta'u, haala itti fayyadama afaanii barsiisaa daree barnootaa waliin walqabatee mul'atu maal akka fakkaatu xiinxaluu keessatti garuu afaan dubbii ta'e barreeffamaan sadarkaa jechootaan ol ta'anis kan gidduugala godhate dha. Kanaafuu, qorannoon kun afaan barreeffamaas ta'e dubbii akka barbaachisummaa isaatti xiyyeeffannoo keessa galchuun kan xiinxale dha.

Walumaa galatti, barsiisotaafi barattoota akka iddattootti filatamaniif afgaaffii qopheessuun kan hojiirra oole dha. Ragaalee itti fayyadama loogaan walqabatan, yaadannoowwan barsiisaan barnootaaf qopheesse keessaa filataman, akka barattootni guca gabatee faca'insa jechoota filatamanii qabate addatti qophaa'e keessatti looga isaanii bakka bu'uun, jechoota Afaan Ingiliziin mallattoo waraabbii qeenxee keessa galchuun hiikamanii dhiyaatan, looga isaanii gidduugala godhachuun jechoota unkaan walfakkaatan ykn adda adda ta'an garuu kan hiika walfakkaataa ta'an cinaa isaatti guutan taasifameera. Ragaaleen yaadannoowwan keessaa walitti qabamanii xiinxalaman, odeeffannoo af-gaaffiin walitti qabame waliin walitti fiduun kan xiinxalamani dha.

3.6. Seenduubee Odeeffannoo kennitootaa

I. Saala odeeffannoo kennitootaa Afgaaffii

Ragaan argame akka mul'isutti, barattootni odeeffannoo af-gaaffiin funaanuuf karoorfamaniifi hirmaatan 20(keessumattuu, kaayyoowwan gooree qorannichaa keessaa, haalleenii fi rakkoolee itti fayyadama loogaan walqabatee ragaalee funaanaman) keessaa 16(80%) dhiira yeroo ta'an,odeeffannoo kennitootni 4(20%) ammoo dubartoota dha. Barsiisota yunivarsiitiiwwan afran keessatti iddatteeffamuun karoorfaman 16 keessaa ragaa kennuuf kan fedhii horateefi yeroon deebii kenne 9 yeroo ta'an hundi isaaniyyuu dhiiradha.. Kan barattootaa keessatti hanga dubartootaa afgaaffii keessatti hirmaatanii xiqqaadha garuu ammo kan barsiisotaa keessatti hirmaannaan dubartootaa siruma hinmul'anne..Kanaafuu,akka yaada qorataa kanaatti, odeeffannoo kennitootni af-gaaffii keessatti qooda fudhatab keessaa hirmaannaan dubartootaa daran kana caalaa kan dabaluu qabu ta'uufi garaagarummaan yaadaa keessummeessuun barbaachisaa ta'uu ibsa.Dhumarrattis akka hubannoof ta'utti,yaadni af-gaaffii barattoota dubartoota lamaafi dhiiraa hafan kaawwanii waan irra deddeebii ta'eefi bilchina yaadaa ragaalee kennameerratti qorataan waan hin amanneef keessatti hinhammatamne.

II. Seenduubee loogaa barsiisotaa:Loogota Afaan Oromoo garaagaraa barsiisotni keessatti guddatan

Akka qorannoo kanaatti, loogootni Afaan Oromoo,looga Kaabaa malee shanan gurguddoon hojiirra ooluu danda'u jedhamanii yaadaman dhiyaataniiru; isaanis:looga Dhiyaa,Gidduugalaa,Bahaa,Kibba Bahaafi Kibbaati.Haaluma kanaan,barsiisota looga keessatti guddatan iyyaafachuuf sochii godhame keessatti ragaan jiru kaninni mul'isu, barsiisotni naannoo loogaa shanan keessatti guddatan jiraachuu isaaniiti Garuu yunivarsiitiiwwan hunda keessatti guutummaa guutuutti barsiisota seenduubee loogaa hunda irraa dhufan haala hunda galeessa ta'een argachuun hindanda'amne(keessumattuu,loogota Kibba Bahaafi Kibba).Qorataanis kanarraa ka'uun, barattootni gara dhaaba barnootaatti yeroo dhufan seenduubee loogaa garaagaraarraa kan dhufan ta'uufi barattoota naannoo loogaa garaagaraarraa dhufan kanneen ammoo keessumsiiisuuf,barsiisotni seenduubee loogaa hundarraa dhufan osoo jiraatanii filatamaafi gaarii ta'a yaada jedhu qaba.Kanaan milkaa'uun kan hindamda'amne yoo ta'e garuu,

warrumti jiran muuxannoowwan loogaa garaagaraa gabbifachuun qaawwa loogaan walqabatee mul'atu hanga ta'e cufuu keessatti qooda isaanii ba'uu kan qaban ta'uu gorsa.

III. Sadarkaa barnootaa

Kanneen akka iddattootti karoorfaman kudha jahaa(16) keessaa, odeef-kennitoota af-gaaffiirratti hirmaatan sagal(9),ragaa barnootaa dirreewwan qo'annoo garaagaraarratti qaban haala gidduugala godhateen, sadarkaan barnootaa barsiisotaa torba(7) digrii lammaffaa(MAfi Med) yeroo ta'u,sadarkaan barnootaa kanneen hafanii lamaan(2) digrii sadaffaa(PhD) dha.Kun kaninni mul'isu,barsiisotni keessattuu,sadarkaa digrii lammaffaan jiran sadarkaa isaanii daran ol guddifachuun rakkoollee barnoota afaanii keessatti itti fayyadama afaanii garaagaraan walqabatani mudatan furuu ykn hiikuu keessatti, leenjiin dabalataan fudhataniifi mmuxannoon isaan keessumattuu qorannoowwan xinqooqaan walqabatee gabbifatan, gaheen humni kun qabaatu salphaa kanhintaane ta'uu hubachuun nama hinrakkisu.

IV. Tajaajila/Muuxannoo hojii

Gaaffii tajaajilaan walqabatee barsiisotaaf dhiyaate gidduugala godhachuun,tajaajila barsiisotni barsiisummaadhaan yunivarsitii keessatti qaban,waggaa isaan tajaajilan reenjii(range) isaaniin bakka sadiitti qoqqoodamanii kan xiinxalamandha; haaluma kanaan, barsiisotni waggaa tokkoo hanga shanii gidduu jiran Zeeroo(0),barsiisotni waggaa jahaa dhaa hanga kudhanii gidduu jiran tokko(1), barsiisotni waggaa kudhanii hanga kudha shanii gidduu jiran lama(2) akkasumas barsiisotni waggaa kudha shanii ol tajaajilan jaha(6) ta'uu ragaan jiru mul'isa.Kanaafuu,akka yaada qorataa kanaatti,battala tajaajilli barsiisotaa dabalaa deemu muuxannoon isaan barsiisummaadhaan horatanis dabalaafi daran bilchina argachaa deema waan ta'eef,barsiisota irra caalaa muuxannoo dheeraa qaban kanneen daran jajjabeessuufi leenjii dabalataan cimsuun rakkoollee itti fayyadama afaanii hanga ta'e hir'isuun kan danda'amu ta'uu tilmaama.

3.7. Meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanaman

Qorannoo kana keessatti, meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanaman amala qorannichaan walqabatani, ragaaleen akkamtaafi hammamtaa yeroo tokkotti walduukaa funaanaman jiraatanis,ragaaleen dokimantii irraafi dirree ba'uun funaanaman yeroo tokkotti(walfaana) otoo hinta'iin dabaree dabareen kan raawwatamandha.Haaluma kanaan qorataan, funaansa ragaa haalarratti hundaa'e filachuun hojiirra oolchuu danda'eera.

Ogeessotni xiin-qooqa hujoo garaagaraa, funaansa ragaalee garaa garaafi teeknikootni qorannoo xiinqooqaaf mijataafi bu'a qabeessa ta'an akka jiran ibsu. Teeknikootni gurguddoo kunneenis: odeeffannoo kennitootni akka deebii kennan kakaasuu ykn onnachiisuufi (elicitation) waraabuu (recording) yeroo ta'an, akka barbachisummaa isaaniittis teeknikoota kanneen bu'uura godhachuun, madden odeeffannoon irraa argamu jechuunis, odeeffannoo yaadannoofi mojuulota ykn dokimantii qophaa'e tokko xiinxaluun argamu, ogeessotaafi namoota beekumsa ykn muuxannoo qaban quunnamuun guuramu akkasumas ragaawwan afgaaffii keessaa argamu ta'uu isaa mirkaneessu. Qorataan kunis, teeknikoota qorannoo kanneen ka'umsa godhachuun, haala itti fayyadama afaanii odeeffachuun xiinxaluuf,, meeshaalee kanneen akka, af-gaaffiifi xiinxala dokimantii fayyadamuun dhimma itti ba'eera.

3.7.1. Af-gaaffii

Afgaaffiin, dhimmoota garaagaraa itti fayyadama afaanii Afaan Oromoon walqabatani barnoota afaanii keessatti mul'atan xiinxaluun rakkoolee barnoota afaanii keessatti mul'atan adda baasuuf yaadamanii, gaaffiileen afaanii amalaan banaa ta'anii bifa caaseeffama gamisaan (semi structured interview) qophaa'an, mudaawwan gama lamaaniin (isa caaseeffamaafi isa hincaaseeffamne) uumamuu danda'an hir'isuun, haala walcimsaniifi wal utubaniin hojiirra oolchuuf dhiyaannaa gaarii dha jedhamee waan yaadamuuf kan hojiirra ooledha.

Afgaaffii caaseeffama gamisaa kana keessatti gaaffiileen banaa jalqabuma caaseeffamuun qophaa'an jiraatanis, yeroo gara hojii dirreetti ragaa funaanuuf seename, yaadni odeeffannoo kennitootaa mala af-gaaffii kanaan guurame sababa garaagaraan fooyya'uufi jijjijjiiramuun ragaalee argaman gulaaluun dhiyeessuuf, qorataaf carraa gaarii uumamuu danda'eera.

Kanaafuu qorannoo kana keessatti, afgaaffii caaseeffamaa gamisaa amala akkamtaa qabaatanii, ilaalchaafi muuxannoowwan garaagaraa barsiisotaafi barattootaa, haala itti fayyadama afaanii barsiisaa daree barnoota afaaniis ta'e yaadannoowwaniifi mojuulota barsiisonni barattoota isaaniif qopheessan keessatti maal akka fakkaatuufi rakkoolee barnoota afaanii kanaan walqabatani uumaman xiinxalamani kan dhiyaatandha.

Ragaaleen, marsaa hojii dirree (field work) garaagaraa keessatti guuramanii booda xiinxalamani kan dhiyaatandha.. Barsiisotnis ta'e barattootni af-gaaffiif dhiyaatan kunneen, muuxannoowwan itti fayyadama afaaniifi loogaanis walqabatee, naannoowwan loogaa garaagaraarraa kan dhufani

dha. Adeemsa odeeffannoo guuruu keessatti teknikootni qorataan itti dhimma ba'e, kanneen akka suuraa kaasuu, sagalee waraabuufi yaadannoo qabachuu fa'idha. Gaaffiileen odeeffannoo kennitoota kanneen irraa odeeffataman waraabamanii booda kan addeeffamanii dhiyaatani dha.

3.7.2. Xiinxala Dokimantii (Yaadannoowwaniifi mojuulota garaagaraa)

Xiinxalli dokimantii meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanaman kaawwan caalaa bu'aa qabeessa ta'uun isaa itti amanama. Dokimantiwwan (Fkn. yaadannoowwaniifi mojuulota barnootaa) xiinxalaman kunneenis, barsiisotni koorsiilee barnoota afaanii, keessumattuu, dandeettiiwwan, xiinqooqa, ogbarruufi **Fokloorii** barsiisuuf qopheessanii itti dhimma ba'andha. Dirree qo'annoo ykn koorsii barnootaa gosa tokkorratti qofa xiyyeeffatanii xiinxaluurra, muuxannoowwan koorsiilee adda addaa fayyadamuun jechoota amala hunda galeessa ta'an qaban keessaa guuruun qindeessanii xiinxalaaf dhiyeessuun fala gaariidha jedhamee yaadameeti. Adeemsa xiinxala kana keessattis, barsiisotni haalleen itti afaan itti fayyadaman qorachuun ibsuuf fayyadeera.

Haalli raawwii waliigalaa xiinxala dokimantii, itti fayyadama loogaan walqabatee, unkaafi hiika jechoota qabiyyee (content words) akkasumas itti fayyadama jechoota ogummawaan walqabatee dhimmoota gooree itti fayyadamaan walqabatan gidduugala godhachuun, koorsiiwwan barnootaa filatamanii garaagaraa (diversification of courses) keessatti haalli itti fayyadama isaanii maal akka fakkaatu xiinxaluun kan ibsedha. Ragaaleen hammamtaafi akkamtaas haala waldeeggaraaniin, hangi itti fayyadamaa mala lakkoofsaan akkasumas jechootni isaan fayyadaman kanneen akkam akkamii akka ta'an jechootaan ibsamuun xiinxalamanii kan dhiyaatandha. Xiinxalli qaacceessa dokimantii kanaa, sadarkaa caasaalee afaanii (level of language structure) keessaa jecharratti xiyyeeffachuun kan raawwatamedha. Kana ilaalchisees Maybin, (2007) "One of the most obvious levels of dialect variation is the lexicon, or vocabulary, of a language" jedheera". Sadarkalee garaagaraa caasaan afaanii qabu keessatti, waa'ee garaagarummaa loogaa sadarkaa jechaan xiinxaluun salphaafi ifaa ta'uu isaa ibsa.

Qorannoo kana keessatti dokimantiin qorataan akka madda odeeffannootti fayyadame keessaa tokko, yaadannoowwaniifi mojuulota eeruun ni danda'ama. Barsiisotnis yunivarsiitiiwwan qorannoof filataman keessatti ofii qopheessuunis ta'e hiriyyoota isaanii irraa ergifachuun itti fayyadaman dha. Dokimantiin barsiisotni kunneen qopheessan, barattootni qo'achuun ykn

dubbiisuun barnoota keessatti beekumsa argataniif madda dha. Dokimantiin kunniin, qabiyyeewwan siilabaasii koorsichaa keessatti hammataman ykn haguugaman, gochaa lee barnootaafi mala baruufi barsiisuu waliin walduukaa haala deemsisuun kan qophaa'anii hojiiirra ooluu malani dha.

Gama itti fayyadama afaanii isaaniin, yaadannoowwan ykn kitaabotni qophaa'anii hojiiirra oolan, kan tokkummaa qaban ta'uu qabu jedhamee yaadama; kanas Sebba (2007) akkana jedha: "Written educational materials or textbooks are the most regulated materials where a fixed language form is implemented; they guide students, teachers and any kind of population as to how a language is learned and used." Yaadini kunis, Kitaabonni ykn yaadannoowwan akka meeshaalee barnootaatti barreeffamanii faayidaa baruufi barsiisuuf oolan unka afaanii walfakkaataa ta'erratti xiyyeeffachuun qophaa'uu akka qaban hubachiisa. Kanaafuu, dokimantiwwan barsiisotni barnootaaf qopheessanii hojiiirra oolchan, ulaagaalee itti fayyadama afaanii akkasii guutuufi guutuu dhabuun isaanii qoratamuun xiinxalamee kan dhiyaate dha.

3.7.2.1 Qaacceessa yaadannoowwan barnootaa

Yaadannoowwaniifi mojuulota filataman kanneen keessatti, haalli itti fayyadama loogootaa (jechootaa) walbira qabamuun (itti fayyadama barsiisotaa yaadannoo qopheesse keessattiifi kan barattootaa) hiika isaaiirratti hundaa'anii gama unka jechootaa garaagaraa fayyadamaniin adda baafamuufi qindeeffamuun, mala lakkoofsaafi dhibbantaa isaaniin kan ibsamani dha.

Yaadannoowwan qaacceessaaf filataman waliin walqabatee, yunivarsiitiwwan afran irraa barsiisota shan shan loogota shanan irraa dhufanirraa, dokimantii adda addaa lama lama irraa guuruuf karoofame; dokimantii kanneen lamaan keessaa, ulaagaa qaacceessaa kan guutuufi 'mijataa dha' jedhame yaadame tokko tokkotu filatame.

Haata'u malee, hojiitti yeroo seenamu yunivarsitii sadan keessatti, barsiisota naannoo loogaa sadii (Dhiya, Gidduugalaafi Baha) irraa akkasumas yunivarsitii isa kaan (kan hafe tokko) keessaas, barsiisota naannoo loogaa sadii (Dhiya, Kibba Bahaafi Kibba) irraa dhufantu argame waan ta'eef, dokimantii sadii sadii, walumaagalatti, dokimantii walitti qabuuf karoofame digdaman keessaa kudha lamaan (12) isaaniirratti milkaa'uun danda'ameera. Isaan keessaas calallii isa jalqabaa keessatti kan filatame jahaadha (6) ta'us, yunivarsiitiwwan afraniif

dirreewwan qo'annoo afuritti qoodamuun isa dhumaaf calalamuun kan fudhatame afran(4)dha; innis ulaagaan kan filatamandhaTa'us, loogni naannoo yunivarsitii tokko keessaa hanqate isa kaan keessaa argameen bakka bu'uun haguugamuu danda'eera waan ta'eef,haala guutuu ta'ee fi loogota hunda hammataa ta'een xiinxaluun danda'ameera.

Qorataan kunis yaada kanarraa ka'uun, tokkoon tokkoon yunivarsitiiwwan kanneen keessatti barsiisotni looga hundarraa dhufan qabaachuu dhabamuufi gama garaagarummaa loogaan guutuu ta'uu dhabuudhumti kun,haala itti fayyadama loogaan walqabatee rakkoolee barachuufi barsiisuu keessatti uumamaniif madda isa tokko ta'uu akka danda'e ibsa.

Jechootni dokimantii keessaa qaacceessaaf filataman, gama tokkoon mala iddatteesuu hammamtaarratti hundaa'uun, yunivarsitiiwwan afran keessaa hanga jechoota iddatteessuuf tilmaamaan karoorfaman 200 tu ture; isaan keessaa ulaagaa guutuun xiinxala dokimantii keessatti kanneen hammataman jechoota 120 dha.Ulaagaan filannoo jechootaa mala akkamtaarratti hundaa'e,qorataan jechoota akkam akkamii filachuu akka qabu amalaafi barbaachisummaa isaaniirratti hundaa'uun,jechoota qabiyyee(content words) kanneen ta'an(jechoota tajaajilaa(functional words) kan hintaane) kaayyoon filachuun ykn iddatteessuun fudhateera.Jechootni iddatteeffaman kunneen, tokkoon tokkoon dokimantii keessatti,gara jalqabaa, gidduufi dhumarraa kan guuramandha.Qabiyyeen jechootni kunneen keessaa filataman,dubbisa(bifa walalootiinis ta'e hololoon),shaakalawwan garaagaraa(Fkn.hiika jechootaa),qajeelfamoota, fakeenyota akkasumas haala galumsaa caasaalee afaanii garaagaraa fa'i irraati.

Xiinxala dokimantii kana galma ga'uuf, gabateen toora(row) jahaa qabutu qophaa'e.Toorri jalqabaa, jechoota, yaadannoo barsiisaan qopheesse keessaa filataman(funaanaman) kan eeru dha; toorri inni lammataa, jechootni filataman, hiika isaanii Afaan Ingilizii walmadaalaa ta'een biratti hiikamanii kan dhiyaatan yeroo ta'an,toorawwan hafan shanan,itti fayyadama walmadaalaa loogoota naannoo Afaan Oromoo shanan barattootaan qoqqoodamuun cinaatti guutamuun dhiyaatani dha.Adeemsi waliigalaa raawwii isaas duraa duubaan kan armaan gadiiti:

1. Sadarkaa afaan(loogni) sun ittiin xiinxalamu adda ba'e
2. Jechootni hagamiifi kan akkamm akkamii filatamuu akka qaban murtaa'e
3. Jechoota kanneen xiinxaluuf malli lakkoofsa saayinsawaa(Istaatiksii Ibsaa) mijataa ta'e filatame

4. Hariiro(gama tokkummaafi garaagarummaan) jechootni kunneen ittiin xiinxalamantu daanga'e

5. Seerri ba'e

6. Koodeeffame

7. Xiinxalame/qaacceedfame

Kutaan kun gama kaaniin, yaadannoowwan adeemsa raawwii xiinxala dokimantii keessatti madden odeeffannoo ta'uun tajaajilan addeessuurratti duufeera.Kanneen xiinxalaaf dhiyaatan kunneen kan isaan irratti xiyyeeffatanis, barattoota koorsii waggaa jalqabaa (freshman course) xumuranii gara waggaa lammaffaatti ce'aniifi barsiisota sadarkaa kanaan isaan barsiisani dha.Dirreen koorsii,gosti koorsichaa, hanga jechoota filatamaniifi fuulli waliigalaa yaadannoowwanii xiinxalaaf filatamani haala armaan gadiin bifa gabateen dhiyaatanii jiru.

Gabatee 1: Seenduubee yaadannoowwanii akka maddaatti fudhataman

	Dirree Koorsii	Gosa Koorsichaa	Hanga jechootaa gidduugaleessaan	Fuula waliigalaa dokimantii
1	Xiin-qooqa	Seensa Afaaniifi Xiinqoqaa	30	31
2	Dandeettii	DandeettiiBarreessuu I	30	42
3	Ogbarruu	Og-barruufi Dhimoota dhala namaa	30	23
4	Fokloorii	Seensa Fokloorii	30	51

3.7.2.2 Qaacceessa mojuuliiwwan Barnootaa

Mojuuliiwwan akka madda odeeffannootti qaacceessaaf filataman, keessumattuu kanneen yeroo dheeraa dura dachaa fi gareen qophaa'anii hojiirra oolaa turaniifi yeroo ammaa kanas faayidaaf kanneen oolaa jirandha.Yunivarsitiiwwan filatamaniifi dirreewwan qo'annoo(koorsiilee) garaagaraas gidduugala godhatanii kan filatamandha.Kaayyoon qaacceessa mojuuliiwwan

kanaas, itti fayyadama afaaniin walqabatee ragaalee bifa af-gaaffiin argame utubuun ykn cimsuun ragaa guutummaafi dhugummaa qabu mirkaneessuudha. Haaluma kanaanis, haalleen itti fayyadama afaanii ogummawaa ta'uufi ta'uu dhabuu isaa mirkaneeffachuuf, jechootniifi gaaleewwan akka galumsa isaaniitti guuramanii ragaa af-gaaffiin xiinxalamee dhiyaateen dabaalamani dhiyaataniiru. Haalleen itti fayyadama afaanii miti-ogummawwaa ta'e ogummawaa ta'uu akka qabutti mala dhahameera. Haaluma kanaanis, jechootni mit-idilawaa ta'an, jechootni kabaja hinagarsiifne, jechootni dhimma koorniyaa xiyyeeffannoo keessa hingalchine, jechootni ifaafi sirrii hintaane akkasumas gabaajeewwaniifi kottoonfachiisa beekkamtii hinarganne qeeqamuun kallattii ogummawaa jedhamuun qajeelfamuun xiinxalamani dhiyaataniiru. Dhimmoota walmakiinsaafi ergifannaa afaaniin walqabataniifis hanga ta'e madda ta'aniiru. Qabatamummaa isaanii mirkaneessuufis, seenduubeen mojuula kanneenii haala armaan gadiin dhiyaateera

Gabatee 2: Seenduubee mohuuliiwwanii akka maddaatti fudhatamanii

	Dirree Koorsii	Gosa Koorsichaa	Qopheessitoota	Yunivarsitii Qopheesse	Fuula waliigalaa mojuulii
1	Xiin-qooqa	Xiinloogaafi Waaltina Afaanii	Dirribaa, Likkittuu, Mulugetaafi Wanwosan	Bulee Horaa	180
2	Oguma	Og-afaan(Seenessoo Afaanii)	Abdulqadir Amaaniifi Maammoo Mangashaa	Arsii	166
3	Fokloorii	Seensa Fokloorii	Hiikaa Faqqadaafi Alamittuu Olii	Jimma	143

3.8. Loogoota qaacceessa keessatti hammataman

Qoqqooddiin loogotaa qorannoon kun gidduugala godhate,haala qoqqooddii loogaa Mokonn(2009),loogoota Afaan Oromoo bakka jahaatti(Looga Dhiyaa,looga Gidduugalaa, Looga Bahaa, Looga Kibba Bahaa, Looga Kaabaafi Looga Kibbaa) qooduun ittiin dhimma ba'e dha.Loogni Dhiyaa: Wallagga,Jimmaafi Ilubbaaboor; Loogni Gidduugalaa: Shawaa; Loogni Bahaa: Arsiifi Baalee; Loogni Kibba Bahaa: Harargee; Loogni Kaabaa: Raayyaafi Walloo akkasumas Loogni Kibbaa: Booranaafi Gujii kan ofkeessatti hammatani dha.Xiinxalli qaacceessaa dokimantiis ta'e raawwii daree barnootaa, looga Kaabaarraa kan hafe, loogoota shanan kaawwan hunda kan gidduugala godhate dha.Sababni isaas,adeemsa funaansa ragaalee marsaa duraafi lammaffaa yunivarsiitiwwan filataman keessatti geggeeffameen,odeeffannoo kennitoota(Barsiisotas ta'e barattoota) looga naannoo kanarraa dhufan dhabuurraan kan ka'e ragaaleen funaanaman guutuu ta'uu hindandeenye; hanqinaalee qorannicha keessatti mul'atan keessaas isa tokko ta'uu danda'eera.Haaluma walqabateen, ragaaleen qaacceessaaf gama barattootaan dhiyaatan kan looga naannoo hundaa bakka bu'an ta'us, tokkoon tokkoon yunivarsiitiwwa keessatti barsiisota looga naannoo hundaarraa dhufan argachuu dhabuunis hanqina mudate isa birooti; ta'us kan tokko keessatti hir'ate kaawwaniin duuchuun yaalameera; kan jechuun garuu ragaaleen argaman guutuufi dhibbantaa dhibba quubsaadha jechuu miti.

3.9. Mala Dhiyeessafi Qaacceessa Ragaalee

Gaaffiileen meeshaalee garaagaraan,haala mala dhiyaannaa makaa(akkamtaafi hammamtaa)fi saxaxa ibsaa bu'uura godhataniin qophaa'uun, ragaaleen funaanamanii jiru; sanaan booda, ragaaleen funaanaman akkaataa amala isaaniin taalii erga godhamanii, qoqqoodamaniifi qindeeffamanii booda xiinxalamuun hiikamaniiru.Ragaaleen mala ykn meeshaalee garaagraan yeroo garaagaraatti funaanaman, akka barbaachisummaa isaniitti walcinaa(concurrently) akkasumas duraa duubaan kan xiinxalamandha; funaansiifi xiinxalli ragaalee qorannichaa marsaa marsaadhaan kan raawwatame dha.

Ragaaleen dhiyaannaa hammamtaan walqabatan, xiinxala dookimantii, mala ibsa dhibbantaa(percentage)fi irra deddeebiin(frequency)qaacceeffamuun kan hiikamani dha.Xiinxalli ragaalee hammamtaa kunneenis, odeeffannoowwan gabatee keessatti bifa gaaffiin dhiyaatan gidduugala godhachuun kan raawwatamedha.Hangiifi haalli itti fayyadamaa odeeffannoo

kennitootaa,mala irra deddeebiifi dhibbantaan, ragaalee qaamota garaagaraa lamaan irraa walitti qabame walitti fiduun xiinxalamanii kan ibsamandha.

Ragaaleen dhiyaannaa akkamtaan mala af-gaaffiin funaanaman ammoo, gama tokkoon, akkaataa walfakkeenyaafi garaagarummaa isaaniitiin adda baafamuun erga qiqindaa'anii booda, jechootni, gaaleewwaniifi himootni haala seera barreeffamaa afaanii gidduugala godhateen bifa keeyyataan barreeffamuun kan xiinxalamandha. Gama kaaniin, kanneen hammamtaan(mala qaacceessa dokimantiin) funaanaman waliin haala wal'unataniifi walcimsaniin akkaataa barbaachisummaafi qabiyyee isaaniitiin akka tokkotti qindeeffamuun walfaana kan ibsamandha. Ragaaleen yaada saayinsawaa hayyootaa waliin walbira qabamanii ykn walsimsiisuun ibsaman kunneen, mala unka barreeffamaa 'APA' jildii 7ffaa kan hordofandha.

Walumaagalatti, adeemsa waliigalaa dhiyeessaafi qaacceessa ragaalee qorannichaa waliin walqabatee haala armaan oliin raawwachuu keessatti, akka dhugummaa,sonaafi fudhatamummaa qabaatan gochuuf tarkaanfiin gama qorataan fudhatame, ragaalee funaanaman madaaluu (kan odeeffannoo kennitootarraa argame), hiriyyaatti agarsiisuu (peer review), ragaalee walfakkaatan bakka tokkotti qindeessuu(organization), ragaalee gar-malee baay'atan hir'isuu (data reduction), qaaccessuu (**Analysis**) akkasumas hiika itti kennuun (interpretation) kan raawwatamedha.

3.10. Naamusa Qorannoo (Ethical Considerations)

Adeemsa funaansa ragaalee qorannichaa keessatti,dhimmootni naamusa qorannoo waliin walqabatan xiyyeeffannoo argachuu malu.Haaluma kanaan, qorataan, mirga, fedhiifi miira odeeffannoo kennitoota isaa eeguun qorannoo geggeessuun ragaalee barbaachisan irra caalaa argachuu danda'eera.Adeemsa kana keessattis, shakkiiwwan akkasumas rakkoolee qorataa mudachuu danda'an hir'isuuf, dhaabiilee barnoota olaanaa qorannoof filatamaniis ta'e qaamoota maddoota odeeffannoo kaawwaniif xalayaan deeggarsaa ykn heeyyamaa yunivarsitii Wallaggaa irraa barreeffameera.Qorataanis, dhaabileefi waajiraalee dhimmichi isaan ilaallatu hunda xalayaadhaan beeksisee booda odeeffannoo kennitootarraa ragaalee guuruuf gara raawwiitti kallattiin osoo hinseeniin dura, kaayyoon qorannichaa maal akka ta'e hirmaattoota ykn ragaa kennitootaaf ibsuun iftooma isaa agarsiisee jira.Fedhii isaaniin alas eenymmaan odeeffannoo kennitootaa qaacceessa ragaalee keessatti kan hinibsammedha.Walumaagalatti, guyyaa qorataan ragaalee guuruu eegalerraa kaasee,amalli, akkaataan uffannaa isaa fi hariiroon inni odeeffannoo

kennitootaa waliin marsaa lamaan keessatti uume gaarii kan jedhamuufi milkaa'ina qorannichaa keessatti gahee guddaa kan taphatedha.

BOQONNAA AFUR: DHIIYEESAAFI XIINXALA RAGAALEE

Kutaa kana keessatti kaayyoowwan gooree qorannichaa qaamota xiinxalaa ta'uun ibsaman, Afaan Oromoo barsiisuu keessatti barsiisotni looga akkamitti akka fayyadaman, barsiisotni Afaan Oromoo yeroo barsiisanis ta'e yaadannoo barnootaaf qopheessan keessatti jechoota ogummawaa hagam akka fayyadaman, Afaan walmakuun barsiisuun barsiisotaa, kaayyoo afaan ofiin barachuu hagam kan milkeessu ta'uu akkasumas itti fayyadama afaaniin walqabatani rakkooleen akkam akkamii barnoota Afaan Oromoo keessatti kan mul'atan ta'uun gaaffiilee qorannoon deebii barbaadandha. Barsiisoti adeemsa koorsiilee garaagaraa barsiisuu keessatti, daree barnootaas ta'e yaadannoowwan akkasumas mojuulota barnootaaf qopheessuun ittiin barsiisan keessatti haala itti fayyadama afaanii isaanii ragaalee funaanaman haala gidduugala godhateen xiinxalamee dhiyaateera. Adeemsa dhiyeessaafi xiinxala ragaalee kanneen keessattis saxaxni hojiirra oole, saxaxa ibsaa yeeroo ta'u iddattoowwan kaayyoon filatamanirratti hundaa'uun ragaaleen odeef-kennitootarraa af-gaaffiin akkasumas qaacceessa dokimantiin guuraman haala walfakkeenya isaanii qoqqoodamuufi keeyyata keeyyataan qindaa'uun, lakkoofsa salphaan akkasumas jechootaan xiinxalamaniiiru.

4.1 Haala itti Fayyadama Loogotaa Afaan Oromoo barsiisuu keessatti

Kutaan kun haala itti fayyadama loogaan walqabatee ragaalee guuraman xiinxaluun kan dhiyeessedha. Haalli itti fayyadama loogoota Afaan Oromoo, daree barnootaa akkasumas yaadannoo (hand out) qopheessu keessatti maal akka fakkaatu xiinxaluun yaalameera. Qorannoon kun akka waliigalaatti haala itti fayyadama loogaa barsiisotaa xiinxaluun dhiyeessuurratti xiyyeeffata. Kanaafuu, barsiisotni loogota Afaan Oromoo kam kam akka fayyadaman, akkaataa kamiin akka fayyadaman akkasumas haalawwan ykn yoomeessa akkam akkamii keessatti akka fayyadaman kan ibsudha; adeemsa itti fayyadama isaanii kana keessattis garaagarummaan akka waliigalaatti isaan gidduu jirus maal akka fakkaatu ibsameera. Ragaalee daree barnootaa cinaanis, ragaaleen qaacceessa qabiyyee jechootaa yaadannoowwan barnootaaf qophaa'an keessatti xiinxalaman, mala akkamtaan, af-gaaffiin akkasumas qaacceessa dokimantiin xiinxalamanii haala armaan gadiin dhiyaataniiru.

4.1.1 Haala itti Fayyadama Loogaa Barsiisotaa Daree Barnootaa keessaa

4.1.1.1 Haalleen iItti fayyadama looga naannoo garaagaraa

Dhimma kanarratti ragaan bifa af-gaaffiin barattootarraa argames akka mul'isutti, daree barnootaa keessatti barsiisotni qubaan lakkaa'aman qofti garaagarummaa loogaa barattootaatiif dhiphachuun kan barsiisan ta'uu ibsu garuu irri caalaan barsiisotaa yeroo barsiisan looga naannoo garaagaraa barattootaaf xiyyeeffannoon isaan kennan kan jajamuufi baay'ee gaarii jedhamu kan hintaane ta'uu ibsaniiru. Kan qorataan odeeffate tokkos haala yaada kana cimsuun akkana jedha:

Barsiisotni keenya daree barnootaa keessatti yeroo nu barsiisan garaagarummaa loogaa barattootaa ni keessumsiiisu; yeroon kana jedhu garuu simannaan barsiisota hundaa walfakkaataadha jechuu koo miti; barsiisota lakkoofsaan yaraa ta'antu isa barnootaaf filatame cinaan yeroo tokko tokko loogota garaagaraa keessatti akka of ilaaluu dandeenyuun ibsuun nu barsiisa; kun ammoo, barsiisota nu barsiisan gidduu garaagarummaan itti fayyadamaa jiraachuu isaa kan agarsiisudha.

Barsiisotnis gama isaaniin yeroo ragaa ba'an, irri caalaan isaanii, yeroo daree barnootaa keessatti barsiisan loogoota naannoo garaagaraa barattootaa Oromiyaa keessa jiran gidduugala godhachuun barsiisuuf yaaluu isaanii ibsu garuu haalli itti fayyadama isaanii guutuu kan ta'eefi mudaa irraa bilisa dha jedhanii kan hinyaadne ta'uu mirkaneessaniiru; haaluma walqabateen, daree barnootaa keessatti barsiisuun, isa akka yaadannoo qopheessuu sana keessatti haalleen garaagaraa keessatti hanga ta'e itti yaadanii fayyadamuu sana yeroo hinkennu waan ta'eef, osoo hinbeekiniifi adeemsa ariitiidhaan barsiisuu keessatti xiyyeeffannoo kennuun rakkisaa ta'uu ibsu.

Walumaagalatti, ragaalee af-gaaffiin argamanirraa wanti hubatame, daree barnootaa keessatti irri caalaan barsiisotaa haala fedhiifi seenduubee garaagarummaa loogaa barattootaa xiyyeeffannoo keessa galcheen barsiisuurratti raawwiin isaan qaban laafaa ta'uu agarsiisa. Looga barnootaa cinaan looga garaagaraan dabaaluun barattoota barsiisuun kun garuu gaheen inni milkaa'ina barattootaarratti qabu yeroo ragaa ba'u, Heine(2012), "Using different dialects in the classroom can benefit students from the linguistics point of view; it can provide the opportunity for students to develop critical thinking skills: observation, comparison, argumentation etc"

jedha. Kanaafuu, faayidaan inni barattootaaf qabu kana ta'uu hubachuun, barsiisotni qaawwa gama itti fayyadamaan jiru duuchuuf mala baruufi barsiisuu isaanii keessatti haalleen garaagaraarratti hundaa'uun garaagarummaa loogaatiifis bakka kennuun .barsiisuun, mikaa'ina barattootni bifa garaagaraatiin argataniif murteessaa ta'uu .agarsiisa.

4.1.1.2 Haalleen itti fayyadama looga naannoo murtaa'aa

Ragaan af-gaaffii barattootarraas argame akka mul'isutti, barsiisotni irra caalaa loogota naannoo murtaa'oo ykn qubaan lakkaa'amanii qofarratti xiyyeeffatanii kan barsiisan, keessumattuu, gara looga naannoo isaaniitti luucca'e ta'uu ragaa ba'aniiru. Barataa qorataan odeeffate keessaas tokko akkana jedha:

Akka yaada kootitti, itti fayyadama loogotaa haala hunda galeessa ta'een hojiirra oolchuuf, barsiisotni jechoota loogota naannoo garaagaraa bakka'a bu'an fayyadamuun barsiisuutu irraa eegama jedheen yaada garuu barsiisotni haala kanaan nu barsiisan hanga isaanii baay'ee xiqqaa dha; **jechoota** keessumattuu dubbii keessatti fayyadaman keessatti barsiisotni looga naannoo isaanii ykn murtaa'e tokkorratti duufuuun nu barsiisan hanga isaanii ol'aanaa dha.

Barsiisotnis af-gaaffii dhiyaateef keessatti akka ragaa ba'anitti, irra caalaa gara looga naannoo isaaniitti harkifamuun kan barsiisan ta'uu hinhaalle. Kanas akkana jedhu: “Looga naannoo garaagaraa barattootaa nan fayyadama garuu haalli itti fayyadama koo irra caalaa gara loogaa ani keessatti dhaladhee guddadheetti kan na harkisu ta'uu isaa kijibuu hindanda'u” yeroo jedhu, haaluma walfakkaatuun kan qorataan odeeffate kaanis, jechootni ani fayyadamu looga waalta'erratti kan xiyyeeffatedha garuu loogni ani keessatti guddadhe dhiibbaa hinqabaatu jechuu koo miti” jedha.

Garuu “Wondimu, Derebsa (2006) wabeeffachuun:

The use of the students' variety in education enables the students to use their own potential and helps them to achieve 'deep learning.' Besides, the consideration of dialects in education enhances the social, cognitive, emotional and linguistic development of learners' in and out of school.

Kunis kaninni mul'isu, akka raawwii odeeffannoo kennitoota armaan olii qorataan odeeffateetti, gara looga naannoo muraasaa ykn barsiisaa qofaatti harkifamuun barsiisuun

beekumsa,dandeettiifi hubannoo barattootaa akkasumas hiikawwan fakkoommii barnoota afaanii itti fayyadama looga duuba jiran daangessuufi akka waliigalaatti, barnoota afaanii kan gufachiisu ta'uu kan hubachiisudha.Kanaafuu.adeemsa barattoota looga naannoo garaagaraarraa dhufanii barsiisuu keessatti,gara looga naannoo barsiisaa ykn looga murtaa'aa ta'e tokkotti irra deddeebiin luucceessuun barsiisuun, faayidaa waliigalaa barattootni barnoota afaamirraa argatan kan dhabsiisuufi komeef isaan kakaasu waan ta'eef, haala kaawwanis hammataa ta'een 'flexible' ta'uun barsiisuun fala ta'uu ibsa.

4.1.1.3 Loogota akka galtee barnootaatti fayyadamuurratti

Qorataan barsiisotarraa af-gaaffiin odeeffachuu akka danda'etti, koorsiilee barsiisan keessatti akka maddaatti fayyadamuuf kitaabotni Afaan Oromoon barreeffaman gahaa waan hintaaneef yeroo baay'ee kanneen afaan biroon barreeffaman jijjiiruun itti fayyadamuun dirqama ta'uu ibsu; adeemsa kana hiikuu keessattis,jechoota Afaan Oromoo wanta ykn yaada tokko ibsuuf tajaajilan hanga danda'ametti bakka buusuun kan fayyadaman ta'uu ibsu garuu hanqina yeroo tokko tokko darbee darbee mul'atu(Fkn. Jechoota liqeeffachuun afaan kaanirraa akkauma jirutti fudhachuun itti fayyadamnu) duuchuuf,ammallee loogoota qorachuurratti hojjachuun jechoota galtee ta'uu danda'an iyyaafachuun barbaachisaa ta'uu hinhaalle.Qaawwa gama kanaan mul'atu duuchuufis sakatta'aafi qorannoon loogarratti geggeeffamu cimuu kan qabu ta'uus walqabsiisuun ibsan

Haaluma walqabateenis, odeeffataan qorataan af-gaaffiin odeeffate keessaa tokko akkana jedha:

Yeroo tokko tokko,adeemsa jechoota Afaan Ingilizii irra gara Afaan Oromootti hiikuun fayyadamuu keessatti,jecha ykn yaada waan jedhame ykn barreeffame sana kallattiin bakka bu'u argachuun rakkisaa ta'uu danda'a; kana furuuf carraa itti fayyadama loogoota naannoo garaagaraa bal'isuun fala gaariidha jedheen yaada.Fkn.hima "Good evening" jedhu,gara "akkam waaritan/ ooltan" jedhutti jijjiiruun fayyadamuurra,looga Booranaafi Gujii keessa seenuun yaada kallattiin isa ibsu, "galchumti nagaa" isa jedhu osoo fudhanne yaadicha kallattiin ibsa;Kana jechuun,aduu dhiye ykn yeroo galgalaa'e sanatti,osoo irbaata bira hinga'iin 'sa'aan galee,namni galee' fa'i jechuu dha.

Dhimma kanarrattis kan Ejieh.(2004), "‘Mother tongue’ as the language of knowledge, the language of education, neglects another language variety but subject specific concepts should sometimes be customized with student’s mother tongue terminology because education has to serve the cultural transmission and has to support children in their personal development" jedhe

waliin walsimsiisuun xiinxaluun ni danda'ama.Kanaafuu, daree barnootaa Afaan Oromoo keessattis,barsiisotni yaada qabiyyee barnoota dirree qo'annoo murtaa'oo ykn teknikaalaa tokko ibsuuf loogota naannoo muraasaa qofarratti xiyyeeffachuun barsiisuufi yeroo tokko tokko ofii moggaafachuun itti fayyadamuurra, carraa barattootni afaan(looga) ofiin yaada isaanii ibsachuun beekumsa aadaa hawaasa keessaa dhufanii beeksisuus ta'e qaawwa gama loogaan mul'atu duuchuu keessatti gahee ol'aanaa qaba waan ta'eef dhimma barnoota keessatti xiyyeeffannoo argachuu qabu ta'uu cimsa

Walumaagalatti, akkuma dhagaa tokkoon simbira lama jedhamu sana, barattootni akka keessatti of ibsan gochuufis ta'e adeemsa hanqinaalee gama jechoota Afaan Oromoon darbanii darbanii mul'atan duuchuuf, loogota akka galteetti fayyadamuun barbaachisaa ta'uu kan hubachiisudha.Yeroo tokko tokko jecha ibsuuf yaadame sana sirriin ibsuufi kallattummaa qabu dhabuun gara liqeeffannaatti deemamu hir'isuuf,isa barnootaaf filatamee hojiirra oolaa jiru sana cimsuu(maintain) keessatti shoorri inni qabaatu ol'aanaa waan ta'eef carraa isaa banaa gochuun faayidaa qabeessa ta'uu agarsiisa.

4.1.1.4 Barsiisotni looga barnootaa ykn idilawaa ta'e hagam akka fayyadaman

Akka barsiisotarraas af-gaaffiin odeeffachuun danda'amettis, irri caalaa barsiisotaa “looga barnootaa ykn idilawaa” jedhamurratti xiyyeeffatanii barsiisuu isaanii ibsu garuu looga barnootaaf ta'u filachuun barsiisuurratti garuu garaagarummaan itti fayyadamaa jiraachuu hindhoksine.;walqabsiisuunis,garaagarummaa mul'atuufis sababni,afaan ittiin barsiisaniin qajeelfamootaafi dokimantii barnootaa akka maddaatti fayyadan gahaa ta'uu dhabuun, haala raawwii isaanii kan tokkummaa dhabsiise ta'uus dubbatu.

Haaluma walfakkaatuun, ragaan barattootarraa af-gaaffiin argame akka mul'isutti, barsiisotni looga barnootaaf ta'u filachuun haala walfakkaatuun hojiirra oolchuurratti garaagarummaan isaan gidduu jiraachuu ibsu; gariin jechootuma baraman kan fayyadamu yeroo ta'u,gariin ammoo jechoota jechoota waloo ta'an ykn hunda galeessa hintaane fayyadamuun kan barsiisan ta'uu ibsu. Haaluma walqabateenis, yeroo tokko tokko jechootni idilawaa ykn kan barnootaa jedhamanii hojiirra oolan kan jiran ta'uu garuu hawaasa keessatti safuu kan ta'an ta'uutu hubatame.Fkn. *jechi 'saala' jedhu hawaasa tokko keessatti sirrii ykn sirnawaa jedhamee yaadamu hawaasa kaan biratti garuu jecha qaanii ta'uutu ibsame.* Kan qorataan odeeffate tokkos haala armaan gadiin ibseera.

Daree barnootaa Afaan Oromoo keessatti, looga barnootaa ykn idilawaa jedhamee akka haaldureetti kaa'ame fayyadamuun barsiisuun dirqama ta'a garuu yeroo tokko tokko maanguddwwan ykn namoota gurguddootu dhufee barata waan ta'eef jechoota idilawaa jennee barnoota afaanii keessatti fayyadamnu sakatta'uufi adda baasuun barbaachisaa akka ta'etti natti mul'ata; jechootni waalta'aa jennee barnoota keessatti itti fayyadamnu yeroo tokko tokko mudaa waan hindhabneef daran cinsuun qaawwa jiru cufuun barbaachisaa akka ta'ettin yaada..

Walumaa galatti, ragaalee af-gaaffiirraa argame mirkaneessuun akka danda'ametti, irri caalaan barsiisotaa 'looga idilawaa ykn barnootaa' jechuun kan barsiisan ta'us, haalli filannoofi raawwii isaanii garaagara ta'uutu hubatame. Milroy, J.(2007), *kan armaan gadii jedha*:

Standard language is a living language which has been standardized and which is regularly used as a general-high language. A vernacular is a living language not used as a general-high language; it may be used as a limited-high language but there are some practical inconveniences as to the language use by professionals

Waraabbiin armaan olii kunis, loogni waalta'aanis ta'e mit-waalta'aan afaanoota dubbatamaa jiraniifi tajaajilaaf oolan ta'uu ragaa ba'a garuu ammoo, kan baramaa ta'eefi irra caalaa hojiirra ooluu qabu isa waalta'aa osoo ta'ee jiruu afaan akka feetummaan itti fayyadamuurratti rakkoon raawwii gama ogeessota afaaniin kan mul'atu ta'uu ibsa

Kanaafuu, loogni barnoota keessatti irra caalaa hojiirra ooluu qabu isa waalta'aa ta'uun hinhaalamu garuu adeemsa raawwii keessatti itti fayyadama isa waalta'aa qofaan daangeessuurra, loogota kaawwan ykn garaagaraas akka barbaachisummaa isaniitti haala sirnawaa ta'aniin walcinaa fayyadamuun kan jajjabeeffamu ta'uu gorsa; qorataan kuns, filannoofi haala itti fayyadama loogaa barsiisotaa hanga ta'e tokkoomsuun waalta'aa gochuu keessatti, barruulee wiirtuu jildiiwwan garaagaraan garee waaltina afaaniin moggaafamanii yeroo adda addaatti maxxanfamaa turan akkasumas kitaabota dhuunfaan bifa waalta'aniin qophaa'anii gabaarra oolan iyyaafachuun fala tokko ta'uu ibsa

4.1.1.5 Itti fayyadamni loogaa kaayyoofi amala koorsii barnootaan hagam akka walqabate

Gaaffii afaaniin barattootaaf dhiyaatterraa ragaan argame akka mul'isutti, barsiisota lakkoofsaan baay'ee muraasa ta'an qofti, looga haalarratti hundaa'uun ykn kaayyoo barnootichaan

walsimsiisuun kan barsiisan ta'uu ragaa ba'an.Kunis kaninni mul'isu,barsiisota gidduu garaagarummaan muuxannoofi itti fayyadama loogaa kan jiru ta'uudha.Barsiisotnis gama isaaniitiin,koorsiilee barnootaa barsiisan keessatti hanga danda'ametti muuxannoo loogaa isaanii fayyadamuun kan barsiisan ta'uu dubbatanis, muuxannoon itti fayyadama loogaa isaanii guutuu ykn quubsaa kan hintaane ta'uu hindhoksine.

Kan qorataan odeeffate tokkos kaninni jedhe armaan gaditti haa ilaallu:

Baruufi barsiisuu keessatti looga barnootaa ykn baramoo ta'an malee looga garaagaraa fayyadamuuf dirqama yeroo itti ta'utu jira jedheen yaada.Akka fakkeenyaatti,af-walaloon tokko yeroo barreeffamu,beekumsa loogaafi aadaa hawaasa murtaa'e tokkoo qofa bu'uura godhachuu danda'a; yeroo kana isa baramaa ta'e malee muuxannoon loogoota naannoo garaagaraas barbaachuun isaa kan hinoolledha;galmoofi haalleen akkamii keessatti loogoota fayyadamuu akka qabnu baruuf muuxannoo gama loogota naannoo garaagaraan qabnu bal'ifachuun barbaachisaadha.

Walumaagalatti, koorsiilee garaagaraa barsiisaniin walqabatee, barsiisotni amala loogootaa kaayyoo koorsiileen walsimsiisuun ykn haalarratti hundaa'uun barsiisuun hubachiisuurratti qaawwi jiraachuufi garaagarummaan muuxannoo barsiisota gidduu kan jiru ta'uutu hubatame.Nancy & Sandra (2010), "It is unreasonable to expect students to use standard grammatical, spelling etc. forms in their writing if they have not yet told for what purpose they learn; students tend to make mistakes of these kinds when they are first learning to write" jedhu.Kunis,koorsiileen ykn qabiyyeewwan kaayyoo barnootaa garaagaraa galma ga'uuf kennaman, haala itti fayyadama afaanii naannoo murtaa'aa tokkoo addeessaniifi calaqqisiisan dhiyaachuu kan qaban ta'uu dhaama.Kanaafuu qorataan kun gama isaatiin, adeemsa dirree qo'annoo murtaa'aa kaayyoon barsiisuu keessatti milkaa'uuf, muuxannoo loogaa barsiisotaa daran kana caalaa bal'isuufi cimsuurratti hojjachuun barbaachisaa ta'uu akeeka.

4.1.1.6 Barnoota loogota garaagaraa walbir-qabiin fayyadamuun ibsuu

Af-gaaffiin barattoota waliin geggeeffames akka mul'isutti,barsiisotni akka qaama qabiyyee barnootaatti yeroo barsiisanis ta'e mala walquunnamtii keessatti,haala salphaafi mijataa ta'een jechootaaf hiika akka kennan ibsu.Gama tokkoon,hiika jechootaa loogaarratti hundaa'e yeroo ta'u,loogoota garaagaraa walbira qabuun xiinxaluun hiika akka kennan ibsan; kunneenis,hiika jechootaa unkaanis hiikaanis walfakkaatanii,jechoota unkaan adda adda ta'an hiikaan garuu

walfakkaatan, jechoota unkaan walfakkaatan garuu hiikaan adda adda ta'an akkasumas jechoota faallaa walii a'an irratti kan xiyyeeffatan ta'uu ragaa ba'u. Gama kaaniin, jechoota haaraa (addaa) loogaan wal hin qabatiin yoo ta'an ammoo, akka looga naannoo garaagaraatti maal maal akka jedhaman ibsuu isaanii mirkaneessu. Barootni kunneen, raawwii baruufi barsiisuu keessatti haala itti fayyadama loogaa akkasii dinqisiifachuun kan yaada isaanii ibsani dha garuu barsiisotni haala kanaan isaan barsiisan jiraatanis hanga isaanii yaraa (xiqqaa) ta'uu ragaa ba'uun, hedduun isaanii haala kanaan osoo isaan barsiisan hawwii isaanii ta'uu ibsu.

Hiika jechootaa looga naannoo garaagaraarratti xiyyeeffataniin walqabatee, Amanu'eelfi Samu'el (2012) argannoo qorannoo isaanii keessatti "homonymous lexical items in Afan Oromo have resulted in misunderstandings and confusions among speakers from differing dialect areas" jechuun ibsu. Kana jechuunis, jechootni dubbattoota looga naannoo garaagaraattiin akkaatti haasa'amaniifi qubeeffaman walfakkaataa ta'uu garuu ammoo hiikni isaan qaban garaagara ta'uun dubbattoota gidduutti qaawwa walhubannoo akkasumas burjaaja'a kan uuman ta'uu ibsa. Kanaafuu, barsiisotni dhimmoota akkasiifi kaawwan loogarratti xiyyeeffataniifi hiika jechootaan walqabatan adda baasuufi haga danda'anitti muuxannoo qabanitti fayyadamuun walbirqabuun madaaluun garaagarummaafi tokkummaa jiru hubachiisuu kan qaban ta'uu cimsa.

Gama kaaniin akka mul'istuuttis, bu'aan qaacceessa dokimantiirraa argames akka mirkaneessutti, dokimantii/yaadannoowwan akka meeshaa odeeffannootti fayyadamuuf qorataan barsiisotarraa iddatteessuun akka madda odeeffannootti fudhate hunda keessaa, loogoota naannoo garaagaraa walbira qabuun fuula addaa ykn dhumaarratti jechootaaf hiika kennuun qindaa'ee kan barreeffame, lamaan keessatti qofa ta'uu ibsa. Kanaafuu qorataan kun, barsiisonni yaadannoo barnootaaf qopheessan keessatti jechoota haaraa loogaan walqabatee barruu (text) keessatti fayyadaman hubachiisuuf, gara fuula dhumaarratti bakki ykn gabateen keessumattuu hiika jechoota haaraa garaagaraa (Glossary) of keessatti hammate jiraachuun fala tokko ta'uu ibsa.

Af-gaaffiileen armaan gaditti addatti xiinxalamanii dhiyaatan, dhimmoota itti fayyadama loogaan walqabatani adeemsa barachuufi barsiisuu Afaan Oromoo keessatti mul'atandha. Dhimmootni kunneen, kallattiin kan barsiisota ilaallatan ta'anii, muuxannoon isaan yunivarsiitii keessatti yeroo barachaafi barsiisaa turan qaban maal akka fakkaatu iyyaafachuun xiinxaluurrattii kan

xiyyeeffate dha; kanaafuu, odeeffannoon qorataan af-gaaffiin barsiisotarraa odeeffates haala armaan gadiin xiinxalamee dhiyaateera

4.1.1.7 Yunivarsitii keessatti qajeelfamni haala qophii dokimantii barnootaa qajeelchu jiraachuu ykn jirachuu dhabuu

Barsiisotni qorataan af-gaaffiin odeeffate hundi akka ragaa ba'anitti, akka yunivarsitiitti seerri ittiin bulmaataa (legislation) waa'ee barnootaa akka waliigalaatti qajeelchu jiraachuu ibsan. Gama kaaniin, akka mummeetti sirni barnootaas (curriculum) jiraachuu isaas ragaa ba'aniiru garuu barachuufi barsiisuu keessatti, akkaataa yaadannoos ta'e qormaatni qophaa'ee hojiirra ooluu qaburratti akka qajeelfamaatti olkaa'amuun qajeelchu kan hinjirre ta'uu ibsu. Barsiisotni akka barbaadaniifi ulaagaa ofii baasaniin yaadannoo/mojuulii kan qopheessan akkasumas qormaatas ofiin baasuun akka hojiirra oolchan ragaa ba'u. Kanas ka'umsa godhachuun qorataan, haalli akkasii kun barsiisota gidduutti garaagarummaan raawwii akka uumamu sababa ta'uu tilmaamuun, dokimantiin akka imaammataattis ta'e qajeelfamaatti haala itti fayyadama qajeelchu hanga ammaatti jiraachuu dhabuun kun madda rakkoo barachuufi barsiisuu afaanii ta'uu kan danda'u ta'uu ibsa.

Walumaagalatti, yaada qorataan odeeffaterra hubaachuun akka danda'ametti, qajeelfamni waa'ee barnootaarratti barsiisota kallattiin qajeelchu jiraachuu dhabuu isaati. Dokimantiwwan barnootaaf qophaa'anis sadarkaa (standard) akkamiin qophaa'uu akka qaburratti wanti kana jedhamee olkaa'ame hinjiru; unka, itti fayyadama afaanii, sadarkaa barattootaafi kkf akkam akkamiin qophaa'ee hojiirra ooluu akka qaburrattis barreeffamee akka qajeelfamaatti wanti kaa'ame hinjiru. Kun ammoo, barsiisotni Afaan Oromoo hundi haala walfakkaatuun, eessaa garamittii akka deemu akasumas haala akkam akkamiin barsiisuun kaayyoo barnootaa galma ga'uuf wanti isa qajeelchu hinjiru waan ta'eef, dhimma xiyyeeffannoo argachuun irratti hojjatamuu qabu ta'uu isaa kan akkeeku dha.

4.1.1.8 Dokimantiin itti fayyadama loogaa qajeelchu jiraachuufi jiraachuu dhabuu

Odeeffannoo kennitootni (barsiisotni), sirna barnootaafi siilabaasii Afaan Ingiliziin qophaa'e, Afaan Ingilizirraa gara Afaan Oromootti jijjiiruun itti fayyadamaa jiraachuu isaanii ibsan. Adeemsa jijjiiruun itti fayyadamuu ykn hojiirra oolchuurratti, garaagarummaan guddaa barsiisota gidduutti mul'achuu isaas dubbatu. Kana bu'uura godhachuunis akka fakkeenyaatti, barachuufi barsiisuu afaanii keessatti haalli itti fayyadama loogaa barsiisotaa

garaagarummaa guddaa kan mul'su ta'uus walqabsiisuun ibsu. Akka qajeelfamaatti, “barsiisaan looga kana haa fayyadamuufi isa kaan hinfayyadamiin ykn barsiisaan looga haala kana kanaan haa fayyadamu” jedhamee barreeffame akka hinjirres odeeffatu. Mee yaada odeeffannoo kennitoota armaan gaditti haalaallu:

Kan qorataan odeeffate tokko akkana jedha:

Imaammannis ta'e qajeelfamni itti fayyadama loogaa qajeelchu hinjiru. “Looga isa kana fayyadamtu; isa kana hinfayyadamtan” jedhamee akka qajeelfamaatti wanti ol kaa'ame tokkoyyuu hinjiru. Barsiisaan garaagarummaa loogaa barattootaa akkatti keessumsiiisuu qabnurratti karooraa fi mala barnootaa ofii qopheesseen hojiiira oolcha.

Odeef-kennaan kaanis haala ragaa armaan olii cimsuun akkana jedha:

Durumayyuu otoo qajeelfamni jiraatee garaagarummaan gama itti fayyadama loogaan mul'atu hagana bal'atee hinmul'atu ture. Sadarkaa yunivarsiitiidhaanis ta'e sadarkaa mummee keenyaan qajeelfamni waaltawaa ta'e tokko hinjiru; barsiisotni hundinuu kan mataa mataa isaanii qopheessuun hojiiira oolchu; silabaasiin barachuufi barsiisuutiif qophaa'ullee Afaan Ingiliziin qophaa'a; otoo silaa Afaan Ormoon qophaa'ee hanga ta'e garaagarummaa mul'atu hir'isuu danda'a.

Imaammataan walqabatee, Wondimmuu(2015) akkana jedha: “The existence of policy that guides the selection and use of dialects in education is not known. Hence, it is necessary to explore the availability of policy on the use of Afan Oromo dialects for educational purpose.” yaadni isaa kunis kaninni dhaamu, imaammatni filannoofi haala itti fayyadama loogaa qajeelchu haga ammaa kan hinjirre ta'uu eeruun, ammallee kaayyoo barnootaa galma ga'uuf dhimma xiyyeeffannoo argachuu qabu ta'uu kan hubachiisudha.

Kanaafuu ragaawwan armaan oliirraa, sababa dokimantii itti fayyadama loogaa qajeelchu dhabuurraan kan ka'e tokkumaan raawwii barsiisota gidduu kan hinjirre ta'uu hubachuun danda'ameera.; tokkumaa dhabuun kun ammoo barattootas ni burjaajeessa waan ta'eef, qaawwa gama kanaan mul'atu hir'isuuf, dokimantiin waliigalaa waa'ee itti fayyadama loogaa qajeelchu jiraachuun fala ta'uu, yaadni saayinsawaa hayyootaa armaan olitti sakatta'ame ragaa ta'a.

Qorataan kunis, qaamota imaammata itti fayyadama loogaa mirkaneessu akka waliigalaatti qopheessan dabalataan, sadarkaa yunivarsiitiwwaniin, barsiisotni Afaan Oromoo dirree qo'annoo garaagaraarra jiran, yoo xiqqaate itti fayyadama 'terminology' loogota naannoo

garaagaraa walitti fiduun haala itti fayyadama isaanii tokkoomsuuf akka isaan gargaaru karoora baafachuun hojiitti seenuun fala ta'a jedhee yaada.

4.1.1.9 Yeroo barnootarra turan koorsii ykn leenjii loogaan walqabatee fudhatan

Akka qorataan barsiisota seenduubee loogaafi barnootaa garaagaraarraa dhufanii irraa odeeffachuu danda'etti, yeroo yunivarsiitiitti barachaa turan sanaas ta'e amma, akka leenjiitti addatti wanti fudhatan akka hinjirre garuu akka koorsii tokkootti wanti fudhatan jiraatus, hubannoo isaan waa'ee itti fayyadama loogaarratti argatanirratti jijjiiramni inni fide gahaa akka hintaane ragaa ba'u. Kanneen keessaas kan odeef-kennaan tokko jedhe akka fakkeenyaatti armaan gaditti ibsameera::

Akka leenjiitti wanti fudhanne siruma hinjiru; koorsiin walqabatees, digrii jalqabaarratti wanti fudhanne gonkuma hinjiru; digrii lammaffaarratti garuu bifa koorsiitiin fudhannus, daree barnootaa keessatti akka waliigalaatti haasa'uu ykn abbaltii keessatti qooda fudhachhuurraan kan hafe, addatti wanti baranne ykn fudhanne hinjiru garuu sababa sanaan kitaabota garaagara dubbisuudhaaf carraa ni argatta waan ta'eef muuxannoon kun hanga ta'e baruufi barsiisuu keessatti si fayyada.

Yaada odeeffannoo kennitoota armaan oliirraa, barsiisotni garaagarummaa loogaa barattootaa keessumsiiisuun akkaataa kamiin barsiisuu akka qabanirratti, koorsii gahaas ta'e leenjii akka hinfudhanne ta'uutu hubatame. Haala yaada kana cimsuunis leenjiin barsiisaaf kennamu qulqullina barnootaarratti hagam dhiibbaa akka qabu yeroo ibsan, Rickford & Wolfram (2009) "Teachers' abilities, training, attitudes, and social and psychological backgrounds are also likely to affect implementation and quality of dialect-related instruction" jedhu. Kanaafuu, rakkoo muuxannoofi leenjiin walqabatee gaggalagalaa dhufe kana furuuf, koorsiin dhimma kana ilaallatu addatti bocamuun hojiirra ooluu akka qabuufi leenjiin walitti fufaa hubannoo barsiisotaa cimsu kennamuu akka qabu kan dhaamu dha.

4.1.1.10 Haala itti fayyadama loogaa koorsiilee bifoote garaagaraan kennan keessatti

Barsiisotni qorataan odeeffate amalaafi muuxannoowwan garaagaraa qabu; kunis karaa lamaan ibsamuu danda'a. Gariin, yeroo mara haalduree tokko malee dhimma garaagarummaa loogaa xiyyeeffannoo keessa galchuun kan barsiisu yeroo ta'u, gariin ammoo hagas mara kan xiyyeeffannoo hinkennine ta'uu ibsu. Gareewwan lamaan kanneen keessaa warreen isa

lammaffaatti dhimma ba'antu heddummata. Gareen inni jalqabaa, looga akka waliigalaatti akka mala waliigalteetti fayyadamuu cinaan, adeemsa koorsiilee garaagaraa barsiisuu keessattis amaloota qabiyyee koorsiileerratti hundaa'anii yeroo tokko tokko qofa kan fayyadaman ta'uu ibsu; akka fakkeenyaattis, yeroo barattootni looga barnootaaf dhiyaate sanaan barnoota kennamu hubachuuf yeroo rakkatan, ogbarruu keessatti akka mala adda baafannaa eenyummaa namfakkiiwwanii ykn taatotaatti, gaafa walitti dhufeenya barattoota isaanii waliin qaban cimsachuu barbaadan akkasumas barattoota yeroo tokko tokko bashannansiisaa barsiisuuf kan fayyadaman ta'uu ragaa ba'u. Qorataan kunis, fakkeenyummaan raawwii barsiisotaa akkasii kun kan dinqisiifamuu fi jajjabeeffamuu qabu ta'uus dhaama.

Wondimu, Derebsa (2006) wabeeffachuun akkuma "The use of the students' variety in education enables the students to use their own potential and helps them to achieve 'deep learning.' Besides, the consideration of dialects in education enhances the social, cognitive, emotional and linguistic development of learners' in and out of school." Jedhe, itti fayyadamina loogota garaagaraa duuba hiikawwan fakkoommii garaagaraa, beekumsa hunda galeessa ta'e argamsiisuufi xiinsammuu barattootaa keessattis hiika mataasaa kan qabaatu dha waan ta'eef, yoomessaa murtaa'aafi haalduree tokko malee loogota garaagaraa fayyadamuun barsiisuun, milkaa'ina barnoota afaanii mirkaneessuun akka danda'amu kan dhaamu dha. Kanaafuu, yaada kana ka'umsa godhachuun qorataan, daree barnoota afaanii keessatti itti fayyadamni loogaa barsiisaa, haalarratti kan hinhundoofne, looga murtaa'aa ta'e tokkoratti qofa kan xiyyeeffate akkasumas fedhii barattootaa osoo gidduugala hin godhatiin dirqamaan kan itti fe'amu ta'uu akka hinqabaanne gorsa.

4.1.1.11 Haala/mala adda baafannaa seenduubee loogaa barattootaa

Barsiisotni qorataan af-gaaffiin odeeffate keessaa, hedduun isaanii, hirmaannaawwan garaagaraa barattootni isaanii daree barnootaa keessatti qaban irraa ka'uun loogota Oromiyaa kam kamirraa akka dhufan salphaadhaan akka adda baasan yeroo ibsan, odeeffannoo kennitootni hafan (hangi isaanii xiqqaa ta'e) garuu, eenyu eessaa akka dhufe ykn tokkoon tokkoon barattootaa isaanii eessaa akka dhufan adda baasuu baatanis, garaagarummaan jiraachuu isaa tilmaama keessa galchuun kan barsiisan ta'uu ibsu. Kunis kaninni mul'isu, irri caalaan barsiisotaa mala ittiin barattoota looga naannoo garaagaraa dhufanii ittiin adda baasan kan qaban ta'uu hubachiisa.

Kanaan walqabatees, Papapavou & Pavlos(2007), “Dialect differences can affect the quality of education received by some students.Hence, teachers should take into account the dialect differences of their students” jedhu.Kanaafuu, qorataan yaada hayyuu kanaa akkasumas muuxannoo qaburraa ka’uun, barattootni keenyi jalqabuma yeroo dhufanis ta’e adeemsa hirmaannaa barnootaa isaanii keessatti, looga naannoo kamirraa akka dhufan adda baasuun gaarii ta’uu garuu dubbiin, raawwii kanaan dura turerraa ka’uun looga barattootni keenya fayadaman adda baasuun beekuu qofti gahaa kan hintaane ta’uufi, akkuma hayyuun armaan olii ibse sanatti, haalli itti fayyadama loogaa qulqullina barnootaarratti dhiibbaa ni qabaata waan ta’eef,barnoota, haala fedhii barattoota looga naannoo garaagaraarraa dhufanii guutuu danda’uun kennuun fala ta’uu dhaama.

4.1.1 12 *Xiyyeeffannoo garaagarummaa loogaa dandeettiiwwan afaanii barsiisuu keessatti*

Akka qorataan odeeffatetti,irri caalaan odffeeffannoo kennitootaa,adeemsa barattootni dandeettiiwwan afaanii isaanii akka cimsatan barsiisuu keessatti daree barnootaa barsiisanis ta’e yaadannoo qopheessan keessatti barruuleen(text) garaagaraa dandeettii dubbisuu barsiisuuf filatan akkasumas waa’ee dandeettii barreessuu barsiisuuf unki barreeffamaa barsiisotni fayyadaman,garaagarummaafi seenduubee loogaa barattoota isaanii kan xiyyeeffannoo keessa galche otoo hinta’iin fedhiifi ilaalcha ofiirratti hundaa’anii qopheessuun kan hojiirra oolchan ta’uu odeeffachuun danda’ameera.

Haata’u malee, Nancy &Sandra (2010), waa’ee dandeettii barreessuu barsiisuun walqabatee:

Teaching students to write is one of the most important functions of school.But teaching writing is hard work, in part because students bring a range of language skills to the task.So,in working with speakers of vernacular dialects,teachers need to consider a range of factors in writing instruction; the value of incorporating opportunities to use

Yaadni waraabbii kanaas kaninni mul’isu, waa’ee dandeettii barreessuu barsiisuun hojii salphaa kan hintaane ibsuun,barsiisotni barnoota dandeettii barreessuun walqabatee kennamu akkaataa seenduubee loogaa dubbattoota ykn barattoota garaagaraan badaqsuun barsiisuun fala ta’uu mul’isa.

Walumaagalatti, barsiisotni Afaan Oromoo hedduun isaanii adeemsa koorsiilee dandeettiiwwan afaanii dubbisuufi barreessuun walqabatee barsiisan keessatti, barruuleen dubbisaaf filatamaniifi unkaaleen barreeffamaa qophaa'an irri caalaan kaayyoon kan barsiifaman miti. Kun ammoo, barnoota afaanii keessatti hubannoofi amala loogaa barattoota seenduubee garaagaraarraa dhufan kan gidduugala godhate hinta'u. Kanaafuu, qabiyyeefi meeshaaleen barnootaa dandeettiiwwan afaanii barsiisuun walqabate, hubannoofi amala loogota garaagaraa haala gidduugala godhateen hojiiirra ooluu akka qabaatu dhaama.


4.1.1.13 Jechoota garee waaltinaan moggaafaman fayyadamuun walqabatee

Ragaan af-gaaffiin argame akka mul'isutti, moggaafamni ykn haalli waaltina jechootaa rakkoolee itti fayyadama loogaan(jechootaa) walqabatee barnoota afaanii keessatti mul'atu kan furu ta'uu ibsuun, gareen jechoota moggaasuuf(waalteessuuf) yaale jiraachuudhuma isaayyuu barsiisotni hedduun quba akka hinqabnetti ragaa ba'u; jechootni moggaafaman kunneen kanneen akkam akkamii akka ta'aniifi eenyu akka waaltee siruma waan beekan akka hinqabneefi irri caalaan muuxannoodhuma ofii qabaniin barsiisaa jiraachuu isaanii walqabsiisuun ibsu.

Qorataan kunis ragaa odeeffannoo kennitoota kanneen ka'umsa godhachuun, waaltinni(moggaasni) jechootaaa Afaan Oromoo, jalqabbiin isaa gaarii akka ta'eefi gareen kanarratti qooda fudhate galata guddaa kan qabu ta'uu itti amana garuu hojii isaanii haala saayinsawaafi hirmaachisaa ta'een daran kana caalaa irratti hojjachuu kan qaban ta'uu dhaama; Biirron Aadaafi Tuuriizimiis hojii waaltina kanarratti itti gaafatamummaa fudhachuun raawwachiisu, qaamota barnoota hojiiirra oolchan waliin walitti dhufeenyi isaan qaban laafaa ta'uufi wal iyyaafachuun waliin hojjachuu rakkoolee barnoota Afaan Oromoo keessatti mul'atan furuufi qulqullina barnootaa dhugoomsuurratti kutannoon waliin hojjachuun dirqama ta'uu asumaan dhaamsa qabu dabarsa.

4.1.2 Qaacceessa Dokimantii (yaadannoowwanii)

Adeemsa qophii yaadannoowwaniifi mojuloota barnootaa adda addaa keessatti haala itti fayyadama jechoota loogota Afaan Oromoo naannoo garaagaraa



Giraafii 1: Haala itti Fayyadama Jechootaa yaadannoo keessaa

Ragaan giraafii kanarraa argame akka mul'isutti, barsiisootni yaadannoo barnootaa barattootaaf qopheessan keessatti haalli itti fayyadama jechootaa isaanii garaagarummaa loogaa barattootaa hagam xiyyeeffannoo keessa akka galchanirratti ragaa kan kennu dha. Akka giraaficharraas hubachuun danda'ametti, odeeffannoo kennitoota keessaa irri caalaan, yaadannoo barsiisaan barattootaaf qopheessu keessatti, sadarkaan itti fayyadama loogota Afaan Oromoo naannoo garaagaraa gidduugaleessa ta'uu ragaa ba'an.

Gama kaaniinis ragaanaf-gaaffiirraa argame akka mul'isutti, yaadannoo barsiisotni barnootaaf isaaniif qopheessu keessatti garaagarummaa loogaa xiyyeeffannoo keessa kan galchan ta'uu garuu hanga itti fayyadama isaanii barsiisaa tokko irraa isa birootti garaagarummaa kan qabu ta'uu ibsu; barsiisotni looga garaagaraa bal'inaan fayyadamanis hinfayyadamiins jiraachuu ragaa

ba'an.Kanas qabatamaan maal akka fakkaatu dhugaa jiru kaa'uurratti dokimantiin armaan gaditti qaacceeffame ragaadha

Haaluma ragaalee armaan olii cimsuun, ragaan qaacceessa dokimantiirraas argames akka mul'isutti,hangi itti fayyadama jechootaa barsiisaadhaa barsiisaatti kan garaagarummaa guddaa agarsiiseera; jechootni loogota naannoo garaagaraa hundaa hojiirra oolaniiru garuu ammoo dokimantii irra caalaa jechoota waalta'oo ta'aniin qindaa'uun qophaa'ee baay'ee muraasadha.

Walumaagalatti, ragaalee armaan oliirraa, yaadannoo barnootaa barsiisaan barattoota isaaf qopheessu keessatti haalli itti fayyadama loogotaa garaagarummaa kan qabuufi irri caalaan waalta'aa kan hintaane ta'uu hubachuun danda'ameera. Kanaafuu, dokimantiin waloo garaagarummaa raawwii kana tokkoomsu qophaa'ee hojiirra ooluu kan qabu ta'uu mul'isa.

Kaayyoon bu'uura qaacceessa dokimantii, haalli itti fayyadama loogotaa Afaan Oromoo dokimantii keessaa, faca'insa jechootaa irratti hundaa'ee hagam akka ta'e akkasumas adeemsa itti fayyadama keessatti tokkummaafi garaagarummaan loogoota kanneen gidduu jiru maal akka fakkaatu xiinxaluu dha; keessumattuu kaayyoon qorannichaa, loogootni gara waaltinaatti dhiyaataniifi barnoota Afaan Oromoo keessatti tajaajilaaf oolaa jiranis adda baasuun sadarkaa itti fayyadama isaanii duraa duubaan tarreessuun xiinxaluudha.Jechoota qabiyyee (keessumattuu kanneen looga naannoorratti xiyyeeffatan) yaadannoowwan barsiisotni yunivarsiitiwwan afran keessatti qopheessan keessaa waliigala dhibbaafi digdamni(120) guuramee kan qaacceessaaf dhiyaate dha.Kallattii hiikaa jechoota kanneeniis masakuuf ykn qajeelchuuf,hiikni walmadaalaa Afaan Ingilizii mallattoo waraabbii qeenxee keessa gale(Gloss) cinaatti barreessuun, akkaataa odeeffattootni odeeffannoo yaadame sana guca gabatee dhiyaateef keessatti guutan ifa taasisuun danda'ameera.

Guca gabatee jalqabaa(1ffaa) keessatti jechootni odeeffannoo kennitoota naannoo loogaa shanan irraa dhufaniin guutame ka'umsa godhachuun, guca gabatee kan biroo(2ffaa) keessatti jechootni gama tokkummaafi garaagarummaa isaaniin adda baafamanii jiru; kunis, taalii (tally) gochuun xiinxalaaf haala mijataa ta'een qopheessuun danda'ameera.Gabatee isa sadaffaa kaan keessatti ammoo,ulaagaan qoqqoodamuun haala itti fayyadamaan walqabatee waraqaa qabxiilee 31(soddonii tokko) qabatee keessatti tarreeffameen,itti fayyadama jechoota loogoota Afaan Oromoo naannoo garaagaraa yaadannoowwaniifi mojuulota keessaa dirreewwan qo'annoo

gurguddoo afran(Xiinqooqa,dandeettii, ogumaafi Fokloorii) irratti hundaa'anii qoqqoodaman,xiinxalamanii jiru.

Qaacceessa keessatti, jechootni loogota naannoo garaagaraa hiika bu'uuraan tokko ta'anii garaagarummaa uunkaa qabaatanii (Qubeessuufi akkaataa itti dubbifamairratti hanga ta'e garaagarummaa kan qaban) garuu ammoo, hundeen jechaa isaanii kan walfakkaataa ta'e,akka tokko ykn walfakkaataa ta'aniitti kan fudhatamamuun lakkaa'amanii kan xiinxalaman dha.Fkn.Misingaa(looga Gidduugalaafi kibba keessatti), Mishingaa(looga Baha keessatti)fi Bishingaa(looga Kibba Bahaa keessatti).Haata'u malee, jechootni gama unka isaaniitiin guutummaa guutuutti garaagarummaa agarsiisan yoo ta'an, adda adda akka ta'anitti fudhatamuun kan qaacceeffamudha.Fkn.Abjuu(looga Dhiyaafi Gidduugala keessatti), Manaaba(looga Bahaa keessatti)fi Ojuu(looga Kibbaa keessatti).

Walumaa galatti, ragaa qaacceessaaf dhiyaate keessatti, faca'iinsi jechootaa dirreewwan qo'annoofi naannoo loogota garaagaraarratti hundaa'anii taaliin adda ba'an,akkaataa ulaagaa ba'een kan madaalamanii qaacceeffamuun dhiyaatandha.Hangi itti fayyadama isaanii, mala istaatiksii ibsaa salphaan,lakkoofsaafi dhibbantaan qaacceeffamuun haala armaan gadiin xiinxalamee dhiyaatee jira.

Argannoon xiinxala dokimantiirraa argame akka mul'isutti, yaadannoowwan barsiisotni barattoota isaaniif qopheessan keessatti hanga itti fayyadama isaanii walcaalus jechootni loogota garaagaraa Afaan Oromoo hunda bakka bu'an mul'achuu danda'aniiru. Jechoota akka ka'umsaatti karoorfaman 200 keessaa iddatteeffamanii kan akka waliigalaatti xiinxalaaf dhiyaatan 120(100%) keessaa,jechoota 33tu(27.51%) loogota garaagaraa keessatti addatti ykn qofa qofaatti mul'ate; jechootni looga naannoo Dhiyaa qofarratti xiyyeeffatan 15(12.5%) ,kan Gidduugala qofaarratti xiyyeeffatan 8(6.67%), kan Kibba qofaarratti xiyyeeffatan 5(4.17%), kan Kibba Bahaa qofarratti xiyyeeffatan 3(2.5%) akkasumas kan Baha qofarratti xiyyeeffatan 2(1.67%), ta'uu ragaan jiru mul'isa.

Haalli itti fayyadamaa kun kaninni nu hubachiisu, sadarkaa tokkoffaarratti jechootni harki caalaa,15(12.5%), ta'an looga naannoo Dhiyaa irraa,sadarkaa lammaffaarratti,8(6.67%),looga naannoo Gidduugalaarraa akkasumas sadarkaa sadaffaarratti,5(4.17%), looga naannoo Kibbaa irraa kan fudhataman ta'uu hubachiisa.

Loogoota shanan keessatti qoqqooddiwwan adda addaa 25(digdamii shan) keessatti yeroo tokkotti carraa walfaana mul'achuu ykn dhufuu jechootaa, qoqqooddiwwan 22(digdamii lama) keessatti mul'ateera. Kanneen hafan sadan keessatti garuu kan hinuumammedha.

Haaluma kanaan, Looga Dhiyaafi Gidduugalaa qofa keessatti 15(12.5%), Dhiyaafi Bahaa qofa keessatti 1(0.83%), Dhiyaafi Kibba Bahaa qofa keessatti 1(0.83%), Dhiyaafi Kibbaa qofa keessatti 2(1.67%), Dhiyaa, Gidduugala, Bahaafi Kibba Bahaa qofa keessatti 5(4.17%), Dhiyaa, Gidduugala, Bahaafi Kibba qofa keessatti 1(0.83%), Dhiyaa, Gidduugalaafi Baha qofaa keessatti 3(2.5%), Dhiyaa, Gidduugalafi Kibba Bahaa qofa keessatti 2(1.67%), Dhiyaa, Gidduugalaafi Kibba qofa keessatti 7(5.83%), Dhiyaa, Bahaafi Kibba Bahaa qofa keessatti 1(0.83%), Dhiyaa, Kibba Bahaafi Kibba qofa keessatti 1(0.83%), Gidduugalaafi Bahaa qofa keessatti 3(2.5%), Gidduugalaafi Kibba Bahaa qofa keessatti 1(0.83%), Gidduugalaafi Kibba qofa keessatti 1(0.83%), Gidduugalaa, Baha, Kibba Bahaafi Kibba qofa keessatti 4(3.3%), Gidduugalaa, Bahaafi Kibba Bahaa qofa keessatti 3(2.5%), Gidduugalaa, Bahaa, fi Kibba qofa keessatti 2(1.67%), Bahaa, kibba Bahaafi Kibba qofa keessatti 4(3.3%), Bahaafi Kibba Bahaa qofa keessatti 10(8.34%), Bahaafi Kibbaa qofa keessatti 3(2.5%), kibba Bahaafi Kibba qofa keessatti 2(1.67%) ta'uu ibsa. Qoqqooddiwwan loogoota sadan jechuuns: 1..looga naannoo Dhiyaa, Baha, Kibba Bahaafi Kibba qofa 2. looga naannoo Dhiyaa, Bahaafi Kibba qofa 3. looga naannoo Gidduugalaa, Kibba Bahaafi Kibba qofa) keessatti garuu carraan walfaana dhufuu jechootaa siruma kan hinuumamne ta'uu ibsa.

Kanaafuu ragaan argannoo kanarraa argame kaninni hubachiisu, adeemsa itti fayyadama jechootaa yaadannoowwaniifi mojuulota keessatti, loogoota garaagaraa jiran keessaa hariiroo ykn tokkummaa qabaniifi jechootni haala walfakkaatuun walfaana dhufuun irra caalaa hojiirra oolurratti kan sadarkaa tokkoffaarratti, 15(12.5%), argaman loogota Dhiyaafi Gidduugala, sadarkaa lammaffaarratti, 10(8.34%), argaman loogota Bahaafi Kibba Bahaa akkasumas sadarkaa sadaffaarratti, 7(5.83%), argaman loogota Dhiya, Gidduugalaafi Kibbaa ta'uu hubachuun danda'ameera. Haaluma walqabateen, hariiroo isaanii kana keessatti, jechootni loogota Dhiyaafi Gidduugalaa kaawwaniin walbira qabamanii yeroo madaalaman,, hedduuminaan kan hojiirra oolan ta'uufi haala itti fayyadama isaanii kanarraas, loogoota gara waaltinaatti hiiqani ta'uus kan mul'isu dha. Qorataan kun, ulaagaalee qoqqooddii sadan keessatti, jechootni haala walfakkaatuun mul'achuu dhabuun isaanii, 'naannoowwan loogaa kunneen argannoo kanaan qofa guutummaatti hariiroo kan hinqabaanne dha' jechuuf kan rakkatu ta'uu isaafi qorannoo dabalataa biroon kan

mirkanaa'u ta'uu akeekuun, argannoo kanaatiif sababni haalli itti fayyadama jechootaa barsiisotaa murteessaa waan ta'eef ta'uu xiinxala.

Gama kaaniin, hanga lakkoofsa waliigalaa 120(dhibba tokkoofi digdama) keessaa, jechootni naannoo loogaa hunda keessatti wal fakkaatan 9(7.5%) dha. Akka yaada qorataa kanaatti, lakkoofsaafi dhibbantaa haganaan qofa walfakkaachuun jechootaa kun kaninni agarsiisu, garaagarummaan itti fayyadama jechootaa naannoowwan loogaa shanan gidduu jiru bal'aa kan ta'eefi garaagarummaa kana hanga ta'e hir'isuuf waalteessuun fayyadamuun carraa walhubannoofi waliigaltee bal'isuuf dhiimi haala itti fayyadama loogaa ammallee kan xiyyeeffannoo guddaa barbaaduufi gara fuula duraatti hojiin guddaa nu eeggatu kan jiru a'uu nu hubachiisa

Ulaagaa qoqqooddii haala itti fayyadama kana keessatti, jechoota qaacceessaaf filataman waliigalaa keessaa, itti fayyadamni jechootaa haaraa ta'aniifi loogota hunda keessatti hinmul'anne, 6(5%) dha. Akka hubannoo qorataatti, yaadannoowwaniifi mojuulota barsiisotni qopheessan kana keessatti hanga itti fayyadama jechoota haaraa fayyadamtoota loogota hunda keessatti beekamsa hinarganne xiqqaa ta'us, haalli itti fayyadama isaanii kun yoo kaayyoon ta'e malee rakkoolee hubannoon walqabatanii mul'ataniif hanga ta'e sababa ta'u kan danda'u ta'uu walqabsiisuun ibsa. Gama kaaniinis, jechootni kunneen abbaa dhabuun isaanii, mul'istuu jechoota looga ta'aniifi hintaane adda baasuuf qorataan rakkachuu ykn jechoota amala biroo qabanirratti xiyyeeffachuusaa kan mul'isudha.

4.2 Afaan walmakuun barsiisuun kaayyoo afaan ofii(Afaan Oromoon) barachuu hagam akka mikeesse

4.2.1 Afaan Oromoo barsiisuuf afaanota walmakuun walqabatee ilaalcha waliigalaa

Qorataan, barsiisota Afaan Oromoo fi og-barruu yunivarsiitiwwan filataman keessatti barsiisaniifi dirreewwan qo'annoo garaagaraarraa dhufaniif akkasumas muuxannoowwan garaagaraa qabaniif af-gaaffii dhiyeesseen, adeemsa Afaan Oromoo akka afaan dhalootaatti barsiisuu keessatti afaanoota kaawwaniin dabaaluun ykn walmakuun barsiisuun hagam barbaachisaa akka ta'e ilaalcha qaban akka calaqqisiisaniifi hagam hojiirra oolchaa akka jiran gaafatee jira. Haaluma kanaanis, odeeffannoo kennitootni hundi, afaan isaan xiyyeeffannoon barsiisan (target language) Afaan Oromoo ta'uu garuu haalleen garaagaraa keessatti afaanota kaawwanis walduukaa waan fayyadamaniif walmakiinsa afaaniitiif ilaalcha qajeelaa qabaachuu ibsan. Ragaaleen yaadannoowwaniifi mojuloota barnootaarraa argamanis walmakiinsi afaanoota garaagaraa jiraachuu kan mul'isan.

Walqabsiisuunis, barattootni afaan dhalootaa isaanii mallattoo eenyummaa isaanii waan ta'eef cimsachuu kan qaban ykn of dagachuu kan hinqabne ta'uu garuu ammoo, beekumsa waliigalaa argachuu, daangaa walquunnamtii isaanii babal'ifachuu akkasumas waa'ee hawaas-aadaa kaawwanirrattis muuxannoo horachuun karaa hariiroo isaanii itti cimsatan waan ta'eef, afaan garaagaraa walmakuun fayyadamuun cubbuu akka hintaane haata'u malee raawwiin walqabatee qaawwi tokko tokko kan mul'atu ta'uu hinhaalle. Kanarrattis, Modupeola (2013), "code switching is a common phenomenon but to effectively navigate the diverse linguistic landscape of today's globalized society, it is important to acknowledge and explore the usefulness and complexity of it" jedha. Kunis, jijjiirraan koodii ykn afaan walmakuun fayyadamuun waanuma barame ta'uu garuu ammoo yerootti afaan garaagaraa gara addunyaa tokkootti dhufaa jiru kana keessatti faayidaa qabeessa akkasumas walxaxaa ta'uu danda'uu isaa fudhachuu kan qabnu ta'uu ibsa. Yaada odeeffannoo kennitootaafi waraabbiirraa, raawwiin ykn itti fayyadamni jijjiirraa koodii kan jajjabeeffamu ta'uu garuu ammoo, akkuma cimina qabu dadhabina kan hindhabne ta'uu kan hubachiisu.

4.2.2 Muuxannoo afaan makuun fayyadamuurratti barsiisotni qaban

Odeeffannoo kennitootni hundi isaaniiyyuu yeroo ammaa kana barattoota Afaan Oromoo sadarkaa garaagaraatiin baratan afaan dhalootaa isaanii (Afaan Oromoo) kan barsiisaa jiran ta'uu ragaa ba'an. Ragaan odeeffannoo waliigalaarraa argame akka mul'isutti, qophiin ykn

seenduubeen afaan barnootaa isaanii walfakkaataa akka hintaane kan agarsiisu:gariin digrii tokkoffaa irraa hanga digrii lammaffaa/sadaffaatti kan Afaan Oromoon baratan yeroo ta’u, gariin ammo Afaan Oromoofi Afaan Ingiliziin baratani kan dhufandha haata’u malee barnoota dhaabbilee ol’aanaan seenduubee Afaan Amaaraa barachuu kan qabu qorataa hinmudanne. Odeeffannoo kennitootni kunneenis, Afaan Amaaraa(afaan lammaffaa)fi Afaan Ingilizii(afaan biyya alaa),Afaan Oromoon makuun kan fayyadaman ta’uu ibsan; Isaan keessaas harki caalaan,Afaan Amaaraarra Afaan Ingilizii fayyadamuun kan itti salphatuufi fedhan ta’uus hindhoksine.Kanaafuu odeeffannoo argamerraa, akkuma seenduubeefi fedhiin afaanii barsiisotaa garaagara ta’e kana, muuxannoon afaanota walmakuun barsiisuurratti qabanis kan walcaalu ta’uutu hubatame

4.2.3 Koorsii/koorsiilee barsiisotni afaan walmakuun keessatti fayyadaman

Kanneen qorataan af-gaaffiin odeeffate hundi,adeemsa dirreewwan qo’annoo ykn koorsiilee hunda barsiisuu keessatti afaan walmakuun kan fayyadaman ta’uu kaasan garuu kaayyoofi haalleen galumsi itti fayyadama isaanii amala koorsiilee waliin kan jijjiiramaa deemu ta’uu ibsan.

Dirreewwan qo’annoo bu’uuraa eeraman kunneenis: Xiinqooqa, Fokloorii, Og-barruufi dandeettiiwwan afaanii garaagaraa yeroo ta’an,dirreewwan kanneen barsiisuu keessatti haalleen afaanota walmakuun itti fayyadaman ilaalchisee fakkeenya gooree qabatamaan kennamaniifi koorsii barnootaa keessatti mul’atan haalaallu:Xiinqooqa(seensa afaaniifi xiinqooqa) barsiisuu keessatti; kallattiin gara Afaan Ingiliziitti jijjiiruun hubachiisuun salphaa ykn qajeelaa ta’uu,Fkn.Seeliin afaan baruuf gargaaru kam akka ta’e ibsuuf ‘Cerebral cortex’ fayyadamuu; haaluma walqabateen, waa’ee Xiinloogaafi Waaltina afaanii barsiisuu keessatti,gosoota karoora afaanii lamaan keessaa isa tokko ibsuuf karoora ‘corpus’ akka jirutti fudhachuun fayyadamuu, adeemsa og-afaan barsiisukeessatti waa’ee sheekkoo bineensotaa ibsuu keessatti jecha Afaan Ingilizii ‘fable’jedhu fayyadamuun ibsuun fa’I, ragaalee mojuula barnootaaf qophaa’e keessatti qabatamaan kan mul’atandha.

Haaluma walqabateenis, adeemsa asoosamarratti hundaa’uun og-barruu barsiisuu keessatti namfakkoota fayyadamuun aadaafi eenyummaa hawaasa kaanii ibsuuf waraabuun fayyadamuu ykn jechoota ormaa sadarkaalee afaanii garaagaraan bakka buusuun ykn jijjiiruun fayyadamuu

ibsan. Gama kaaniinis kan qorataan odeeffate tokko, seera afaanii barsiisuu keessattis walmakuun haala kamiin akka itti fayyadamu ilaalchisee kan armaan gadii jedha:

Code switching' darbee darbee fayyadama. Fkn. Seera afaanii yemmuun barsiisu, caasaa himaa Kan AO, kan A/ Ingiliziifi A/Amaaraa walbira qabee itti himuun danda'a. Kaayyoon ani kana godhuuf, qabiyyee barnootichaa ykn jecha Afaan Ingilizii tokko ykn Afaan Oromoo sana ykn loogicha sana barattoonni akka hubatan/ xiyyeeffatan yemmuun barbaadedha

Garuu, ragaan yaadannoowwaniifi mojuulota qophaa'anirraa argame akka mul'isutti, walmakiinsi afaanii kaayyoofi amala koorsiileerratti hundaa'ee kan qindaa'e ta'us mudaalee bifoote garaagaraan mul'atanirraa kan qulqullaa'e miti. Modupeola (2013), kan armaan gadii jedha:

Although code switching is used for different purposes, its use can be productive if it fits the background of the audience, situations and topic; extra-linguistic features like setting, and relationships between participants, norms and values, as well as socio-cultural aspects are factors for the use.

Waraabbiin kunis, kaayyoo garaagaraa galma ga'uuf afaan walmakuun fayyadamuun waanuma jiru ta'us, seenduubee barattootaa, haalleen tokko tokkoofi amala mata dureewwanii akkasumas dhimmoota biroo xiin-qooqaan walhidhata qabanis xiyyeeffannoo keessa galchuun yoo fayyadaman malee kaayyoo malee ykn akka feetummaan fayyadamuun bu'a qabeessa kan hintaane ta'uu ibsa. Kanaafuu, adeemsa Afaan Oromoo afaan kaawwaniin dabaaluun barsiisuu keessatti, bu'aa qabeessummaa walmakiinsa afaanii mirkaneessuuf, barsiisotni qaawwa gama itti fayyadama isaaniin mul'atu duuchuu kan qaban ta'uu hubachiisa.

4.2.4 Barsiisotni gosa walmakiinsaa akkam akkamii akka fayyadaman

Odeeffannoo kennitootni, gosoota gurguddoo walmakiinsaa; walmakiinsa dhimmoota hawaaummaafi caasaa afaaniirratti xiyyeeffachuun kan fayyadaman ta'uu ibsan; Gama dhimmoota hawaasummaan, jijjiirraan koodii haalarratti hundaa'e (situational code switching), jijjiirraan koodii 'Metaphorical' dhimma murtaa'aa tokko ibsuuf jechoota kallattiin ilaallatu filachuun akkasumas jijjiirraan koodii 'Conversational' dubbii afaan tokkoo afaan biroon bakka buusuun ykn jijjiiruun sona afaan garaagaraa walbira qabuun barsiisuuf oolandha. Gama caasaalee afaaniin ammoo, jijjiirraa koodii 'tag' (tag codeswitching), hima afaan tokkoo keessatti gaalee afaan biroo keessa galchuun fayyadamuu, jijjiirraa koodii himoota garaagaraa (intersentential), hima tokko

hima afaan biraan bakka buusuun fayyadamuu akkasumas jijjiirraa koodii himuma tokkoo keessatti(intrasentential) tajaajilan ta'uu barruu keessatti sakatta'amuun dhiyaateera.

Bu'uura kanaanis, barsiisotni qorataan odeeffate, koorsiilee barsiisan hunda keessatti gosoota walmakiinsaa kanneen kan fayyadaman ta'uu ibsuun, keessumattuu koorsiin jijjiirraa(translation) hunda hammataa waan ta'eef isa keessatti bal'inaan kan fayyadaman ta'uu akkasumas **sadarkaa** lammaffaarratti,og-barruu(sakatta'a og-barruu Oromoo, asoosamaafi diraamaa) keessatti irra caalaa kan fayyadaman ta'uu ibsan garuu ammo haalli itti fayyadama isaanii dhibbantaa dhibba sirnawaa akka hintaane ykn qaawwa akka hindhabne hindhoksine.Yaadannoowwaniifi mojuula barnootaaf qophaa'an keessatti kan mul'ate, barsiisotni caasaalee afaanii gaggabaaboofi hubachuuf salphaa ta'an irra caalaa kan fayyadaman ta'uu garuu ammoo amala koorsiileerratti hundaa'uun jechoota teknikaalaafi saayinsawaa ta'anii hubannoo gad-fagoo ta'e barbaadanirratti qophii ykn fedhiifi muuxannoon qaban gad'aanaa ta'uu mul'isa

Bikila (2008),Ferguson(2003), wabeeffachuun akka ibsetti, “codeswitching is classified into different parts based on style of shift and scope of switching” jedha.Waraabbiin kun kaninni mul'isu, qoqqooddiin walmakiinsa afaanii akkaataa afaan waljijjiiruun itti fayyadamnuufi daangaa kamiin jijjiiruun kan fayyadamnu ta'uu dha.Kanaafuu qorataan kunis,gosoota garaagaraa walmakiinsaa dhimmoota caasaalee afaaniinis ta'e hawaasummaan walqabatan akkaataa amalaa isaaniitiin dirreewwan qo'annoo ykn koorsiilee yaadaman keessatti sirnaan hojiirra ooluu kan qaban malee akka feetummaan hojiirra ooluu kanhinqabne ta'uu dhaama.

4.2.5 Haalleen barsiisotni keessatti afaan walmakuun fayyadaman

Odeeffannoo kennitootni qorataan odeeffate, adeemsa Afaan Oromoo barsiisuu keessatti sababa garaagaraatiif afaan kaawwan makuun kan fayyadaman ta'uu dubbatan.Kanneen keessaas warren gurguddoon,wanta barsiisan san barattootaaf ifa taasisuuf, waa'ee mata duree murtaa'aa ta'e tokko barsiisuuf, wanti barsiisan sun xiyyeeffannoo akka argatu gochuuf, maqaa namoota garee biroofi jechoota orma ta'an ykn afaan maddaan bakka bu'uu hindandeenne mallattoo waraabbii qeenxee ykn dachaa fayyadamuun agarsiisuuf akkasumas haal-dubbiiwwan garaagaraa keessatti sababaan kan fayyadaman ta'uu ibsan.Kanneen keessaas odeeffannoo kennaan tokko kan armaan gadii jedha:

Darbee darbee afaanota garagaraan walmakuun nan barsiisa.Haalleen ani keessatti fayyadamu, jechi ykn gaaleen ani ibsu yoo afaan Oromoo caalaa afaan biroo keessatti

beekama ykn baratame ta'e akkasumas jechi yookiin gaaleen ani ibsu afaan Oromoo keessatti waan ittiin bakka bu'u yoo qabaachuu baate, makee ibsuuf nan dirqama. Kaayyoon, barnoota haala salphaafi ifa ta'een dhiheessuufi.

Xiinxala mojuulota barnootaaf qophaa'anirraa, barsiisotni sababaan afaan walmakuun fayyadaman akkuma jiran, kanneen sababaafi kaayyoo malee afaan walmakuun fayyadamanis kan jiran ta'uutu hubatam; barattootnis afaan dhalootaa isaanii xiyyeeffannoofi sirnaan akka hinbaranne isaan gufachiisuu kan danda'u ta'uu tilmaamuun ulfaataa hinta'u. Qorataan kunis yaada odeeffannoo kennitootaafi xiinxala ragaalee mojuularraa, sababa qabatamaa hintaaneen walmakuun fayyadamuun afaanii, rakkoo fedhii akkasumas hanqina ogummaa barsiisotaan walqabachuu kan danda'u ta'uu hubate.

Ferguson(2003), "the reason for using code switching may be due to lack of competency or carelessness in the language used " jedhan. Yaadni waraabbii kanaas, yeroo tokko tokko walmakiinsa fayyadamuu afaaniitiif wantootni sababa ta'an, hanqina dandeettii afaanii ykn albaadheessummaa ta'uu kan mul'isu. Kanaafuu, adeemsa afaan dhalootaa barsiisuu keessatti walmakuun fayyadamuu afaaniitiif sababni qabatamaa jiraachuu kan qabu ta'uu garuu ammo itti fayyadamni afaanii kanaan ala yoo ta'e, fedhii barnootaa barattootaafi kaayyoo barnoota Afaan Oromoo galma ga'uurratti gufuu ni ta'a waan ta'eef dhimma xiyyeeffannoo argachuu qabu ta'uu hubachiisa.

4.2.6 Adeemsa afaan walmakuun barsiisuu keessatti mikaa'ina argame

Odeeffannoo kennitootni qorataan af-gaaffiin odeeffate, adeemsa afaan walmakuun barsiisuurratti milkaa'ina gama barattoota isaaniin argame yeroo ibsan, barattootni adeemsa afaan walmakuun fayyadamuu keessatti hubannoo waliigalaa barnoota Afaan Oromoo daran kan cimsatan ta'uu, afaan dhalootaa isaanii malee dandeettiwwan itti fayyadama afaanoota garaagaraa kan gabbifatan ta'uu, qabata barnoota afaaniin waa'ee jiruufi jireenya uummata kaawwaniirrattis muuxannoo kan argatan ta'uu akkasumas itti fayyadama afaan kaawwaniirratti ilaalchaafi ofitti amantaa gaarii kan horatan ta'uu ibsan. Walqabsiisuunis, barattootni afaan dhalootaa isaaniin barachuun gaarii akka ta'e garuu ammoo adeemsuma kana keessa waa'ee hawaasa biroo afaaniifi aadaawwan garaagaraa qabuus barachuun isaanii, gara fuula duraatti, walquunnamtii afaanii, hariiroo akkasumas waliin jireenyaa isaanii kan cimsu waan ta'eef kan jajjabeeffamu ta'uu ibsan. Haaluma yaada kana cimsuunis odeef-kennaan tokko "Faayidaaleen adeemsa afaan makuun barsiisuur keessatti argaman, barnoota ifa taasisuu, aadaa afaanota kaan keessa jiru barattootni

akka baran gochuu, hirmaannan barattootaa akka cimu gochuu, barattootni muuxannoo afaanota garagaraa akka argatan gochuu akkasumas falaasama biyyoota garaagaraa akka baratan isaan gargaareera” jedhe. Qorataanis, barattoota bifa garaagaraan fayyadamaa akka ta’an taasisuun kun, walmakiinsi afaanii haala sirnawaa ta’eefi kaayyoo barnoota afaanii gidduugala godhatee kan hojiirra oolaa jiru ta’uu kan hubachiisu.

Gama kaaniinis, barsiisotni hanqinaaleen gama dandeettii, muuxannoofi malleen itti fayyadamaan walqabatee garaagarummaan isaan gidduu jiraachuu hinhaalle garuu faayidaaleen barattootni adeemsa barachuufi barsiisuu keessatti argatan, jechoota haaraa akkasumas saayinsiifi teknoolojii barachuu isaanii, beekumsa waliigalaa akkasumas carraa walquunnamtii isaanii daran bal’ifachuu dabalataan ibsan. Qorataan kunis, mikaa’inni armaan olitti argame kan jajjabeeffamuufi cimee itti fufuu qabu ta’ee hanqinaaleen tokko tokko adeemsa afaan walmakuun barsiisuu keessatti mul’atan furamuu kan qaban ta’uu akeeka.

4.2.7 Dhiibbaan faallaa afaanota walmakuun barsiisuun Afaan Oromoorratti uume

Ragaan barsiisotarraa af-gaaffiin argame akka mul’isutti, barsiisotni adeemsa Afaan Oromoo akka afaan dhalootaatti barsiisuu keessatti rakkoon darbee darbee afaan walmakuun barsiisuun walqabatee isaan mudate jiraachuu ibsaniiru; yeroo tokko tokko sababa maleefi tasa haalleen itti afaan walmakuun itti fayyadaman jiraachuu ibsan. Keessumattuu, hiriyyootni isaanii waliin barsiisan tokko tokko afaan lammaffaa ykn biyya alaa daangaa malee kan fayyadaman (excessive use of second or foreign language) ta’uu ragaa ba’an. Kanneen qorataan odeeffate keessaas tokko akkana jedha:

Guutummaa guutuutti Afaanuma Oromoon gargaarama jechuu hindanda’u. yemmuun ibsu ykn yemmuun barattootatti waa haasa’u beekke ykn osoo hinbeekiin yemmuun jecha afaan biroo fayyadamu nijiru. Fkn. Niga’a jechuuf ‘baqqaa’ yeroon itti jedhu jiru. Akkasumas, ‘tole’ ykn ‘hayyee’ jechuuf, ‘ok’ yeroon jedhu jira.

Kanas akka hir’inaatti fudhachuun, raawwiin isaanii kun hubannoo barnootaa barattootaa keessumattuu afaanota garagaraarratti kanneen muuxannoo hinqabne miidhuu, Afaan Oromoo dhaabbataan akka hin barsiifamne taasisuun guddina afaan dhalootaarratti dhiibbaa kan qabaatu waan ta’eef dhimma xiyyeeffannoo barbaaduufi fooyya’uu qabu ta’uu yaada kennan. Haaluma walqabateenis, odeef-kennaan tokko yaaddoo qabu yeroo ibsu kan armaan gadii jedhe:

Faayidaas miidhaas qaba. Kan fayyadaa qabaatu - yemmuu qabiyyeen barnoota sanaa ykn wanti barsiisnu sun ykn jechi AO hinwaaltofne wayii akka barattoonni hubataniif

walbira qabuun ykn jecha afaan biroo sana haammattuu keessa kaa'ufiin nibarbaachisa. Yoo kaayyoo kana fakkaataniif hintaane, Afaan Oromoo kana qulqullina dhabsiisaa deema. Gara guddisuutti osoo hintaane gara kufaatiitti geessuu danda'a. Kanaafuu of eeggannoofi kaayyoodhaan yoo ta'e malee callisanii waliin makuun ykn jijjiiruun afaanicha miidhaa deema jedheen yaada

Haaluma walfakkaatuunis, muuxannoo qorataan akka qaama odeef-kennaa ykn barsiisaatti qaburraa, barsiisotni tokko tokko daangaa malee ykn callisanii jechoota, gaaleewwaniifi himoota afaan kaaniin bakka buusuun kan fayyadaman ta'uu taajjabeera; akka fakkeenyaattis, Afaan Ingiliziin walmakuu(.Fkn.gar-malee 'exaggerate' gochuu, 'discuss' godhaa, 'class participation' murteessaadha...) Afaan Amaaraa(Fkn.'silkii dawwaluu', siqaxxil', 'dammoo'....) kaasuun cimsan.

Qorataan kunis, dhimmi odeef-kennitootni garaagaraa akka hanqinaatti kaasan kun sirraa'uu kan qabu ta'uu itti amana; akkasumas, barsiisotni hanqinni gama isaaniitiin jiraachuufi dhiibbaan kan uumu ta'uu eeruun dhimma xiyyeeffannoo barbaadu ta'uu akka furmaataatti kaa'uu isaanii hindinqisiifatiin hindarbu. Dhimma knaan haala walhidhatiinsa qabuun, Cleghorn & Rollnick (2002), rakkoo furmaata isaaf maluun walqabasiisuun kan armaan gadii jedhan:

If the teachers are doing the code-switching unconsciously students could also reflect on this practice and monitor if it is good or it does more harm. This reflection might help teachers to avoid the use of such a practice if it is not beneficial to the learners.

Yaadni isaanii kunis, barsiisotni osoo hinbeekiin ykn akka tasaa afaan walmakuun kan fayyadaman yoo ta'e, barattootni isaanii waa'ee barachuufi barsiisuurratti yaada akka kennan gochuu akka ta'eefi, yaada kenname gidduugala godhachuun, haala kanaan walmakuun itti fayyadamuun isaanii kan barattoota hinfayyadne ykn miidhu yoo ta'e, amala akkasii dhabamsiisuu kan qaban ta'uu ibsa

Haaluma walqabateen, warren afaan dhalootaa isaaniin baratan, barattootni, afaan isaanii malee afaan kaaniin ykn ormaan makuun barsiisuu kan morman ta'uu ibsaniiru. Kanas, Wang & Duran(2021). "monolingual speakers have a negative perception of code switching because of the problems of intelligibility, attractiveness and correctness" jedha. Kunis, dubbatootni afaan dhalootaa sababa rakkoolee hubannoo, miira harkisuu dhabuu akkasumas sirrummaan walqabatee, afaan walmakuun fayyadamuurratti ilaalcha faallaa kan qabaatan ta'uu agarsiisa.

Gama kaaniinis haala yaada armaan olii cimsuun, Tesfa(2023),Afaan Oromoo afaan kaawwaniin walmakuun fayyadamuun walqabatee miidhaa inni qabaachuu danda’u yeroo ibsu “ In the case of the Oromo people, the intermingling of language may erode their mother tongue over time or at least degrade the value and interest in the speech society” jedheera.Innis, afaan walmakuun fayyadamuun adeemsa keessa afaan dhalootaa sana kan balleessuu danda’u, akkasumas sonaafi fedhii hawaasaarratti dhiibbaa uumuu kan danda’u ta’uutu isa yaaddeesse.Haaluma walfakkaatuun, barsiisotni qorataan odeeffate tokko tokkos, adeemsa afaan dhalootaan barsiisuu keessatti dhiibbaan akkasii uumamuu danda’a sodaa jedhu waan qabaniif fedhiin isaan afaan walmakuun barsiisuutiif qaban gad’aanaadha..

Walumaa galatti,akkuma Adjei & Ewusi-Mensah(2019), “code switching and code mixing affect the teaching and learning of language either positively or negatively”.jedhan, ijjiirraan koodii ykn afaan walmakuun barsiisuun faayidaas miidhaas qabaachuu isaatu hubatame.Gama faayidaan, barnoota ifa taasisuun walhubannoo cimsuuf, dhimma mari’atamuuf xiyyeeffannoo kennuuf, dandeettii afaanotaa bal’ifachuuf akkasumas beekumsa hunda galeessa ta’e ykn waliigalaa argachuufi k.kf. ta’uun bifoote garaagaraan hubatameera.Rakkoon walmakiinsaa afaanii ammoo, albaadheessummaa,daangaa dhabuu akkasumas sababa ilaalchota garaagaraan kan mul’ate ta’uutu hubatame. Kanaafuu, qorataan kun, raawwiin gaarii gama afaan walmakuun barsiisuun jiru kan cimee itti fufuu qabu ta’uu ibsa garuu rakkooleen raawwiin walqabatanii hubannoo barnootaa barattootaa daangeessaniifi guddina afaan dhalootaa duubatti harkisan furamuu kan qaban ta’uufi rakkoolee kanneen furuuf,leenjii barsiisotaa cimsuu, sirna barnootaa fooyyeessu akaasumas imaammata itti fayyadama afaanii qopheessuun fala ta’uu mala dhaha.

4.2.8 Ergifannaa afaaniifi haalleen itti fayyadama isaa

Kanneen qorataan af-gaaffiin odeeffate harki caalaan yeroo tokko tokko jechoota errgifannaa fayyadamuun kan barsiisan ta’uu yeroo ibsan harki xiqqaan garuu jechoota ergifannaa caalaa jechoota hayyoota garaagaraan moggaafaman kan fayyadaman ta’uu ibsan. Kanaafuu kanneen fayyadaman,haalota jechoota aadaa hawaasichaa keessaa argachuu hin dandeenyetti, keessumattuu,yaadrimeefi yaaxxinoota haarawa ykn saayinsaawaa ta’aniin kan walqabatan ta’uu ibsan. Fakkeenyaaf, jechoonni saayinsiifi Tekinooloojii waliin nutti dhufan madaqsanii kan itti fayyadaman ta’uu kaasan. Afaanotni irraa ergifatanis, Afaan Amaaraafi Afaan Ingilizii ta’us, irra caalaa kan Afaan Ingiliziirraa ergifatan ta’uu ragaa ba’an.Akka fakkeenyaattis mojuula

barnootaaf qopheessan keessatti, Ispoortii, Raadiyoo, Kibriitii, Qorqorroo fi k.k.f kan fayyadaman ta'uu ragaa ba'uun ni danda'ama

Haaluma walqabateen, kanneen odeeffannoo kennan keessaas tokko, adeemsa ergifannaa keessatti haalleen jechicha ergifachuun barbaachisaa ykn dirqama ta'e(bakka afaan barnootaa sun hinwaaltofne ykn filannoon biroo hinjirre) keessatti qofa kan fayyadamuufi jechi sun jecha Afaan Oromooti durumaa dabalamee kan jiru ykn kan hinjirres ta'uu akka danda'u ibsuun kan armaan gadii jechuun fakkeenya kenna:

'Haxawwan' kan jedhu yemmuun digirii baradhu Afaan Ingiliziitiin 'teekinikoota' akka ta'e baradheen ture. Haata'u malee, jechi kun waan waalta'ee jiru miti. Kanaaf, kallatumaan jecha A/ Ingilizii 'teekinikoota' kanatti dhimma ba'aan jira.

Ragaan dabalataan mojuuliiwwaniifi yaadannoowwan barnootaaf qophaa'anirraa argame,barsiisotni afaan sababa qabatamaan ergifatanii fayyadaman akkuma jiran kanneen seera malee fayyadaman akka jiran kan mul'isudha. Kanas ilaalchisee,Ugwuona(2020). jechoonni afaan tokkorraa gara afaan birootti fudhataman yookiin ergifannaan seenan seera afaan ergifatee sanii eeggatanii tajaajila kan kennan ta'uu ibsa.Kanaafuu, afaan kamiyyuu guutuu waan hintaaneeff, afaan ergisuunis ta'e ergifachuun amala afaanotaa ta'uyyuu seera ergifannaa haal eegeen raawwatamuu kan qabu ta'uu hubachiisa.Akka yaada qorataa kanaattis, adeemsa Afaan Oromoo akka afaan dhalootaatti barsiisuu keessatti ergifannaan afaanii haalleen akkasii keessatti qofa kan raawwatamu ta'uu, sana ta'uu baannaan garuu qulqullina barnootaafi guddina afaanii afaan dhalootaa sanarratti dhiibbaa qabaachuu kan dand'amu ta'uutu isa yaaddeessa.

4.3Haalleen Itti Fayyadama Jechoota Ogummawaa Barnoota Afaan Oromoo keessatti

4.3.1 Adeemsa barsiisuu ta'e dokimantii barnootaaf qophaa'an keessatti itti fayyadama afaan ogummawaan walqabatee ilaalcha jiru

Kanneen qorataan af-gaaffiin odeeffate harki caalaan,adeemsa Afaan Oromoo barsiisuu keessatti haalli itti fayyadama afaan ogummawaa dhimma xiyyeeffannoo barbaadu ta'uu eeruun, irri caalaan itti fayyadamaa akka feetummaan kan hojiirra ooluufi fedhii dhuunfaa namootaarratti kan hundaa'an ta'uu ibsan.Walqabsiisuunis,sababa rakkoo hanqina kitaabilee ykn barreeffamoota Afaan Oromoon qophaa'uun akka maddaatti fayyadaniin , keessumattuu adeemsa afaan Ingilizii gara Afaan Oromooti jijjiiruun fayyadamuu keessatti jechoota ogummaa

walmadaalaa ta'an fayyadamuurratti hanqinootni kan mul'atan ta'uu ibsan.Kunis kaninni mul'isu, adeemsa barsiisuus ta'e dokimantii barnootaaf ta'an qopheessuu keessatti haalli itti fayyadama jechoota ogummawaa kan hinwaaltofne ta'uu dha.Mee kan odeef-kennaan tokko jedhe armaan gaditti haalaallu:

Itti fayyadamni jechoota ogummaa muraasa yaada jedhun qaba. Baay'inaan wantoonni mul'atan barsiistonni akka itti tolutti fayyadamu. Yeroo hedduu Afaan Ingiliziirraa jijjiiruu waan ta'eef, jecha ogummaa walqixxummaa eeggate Afaan Oromoo keessaa argachuun rakkisaa waan ta'eef, yeroo gara Afaan Oromootti hiikamu jecha ogummaa sana gadhiiseetu mul'ata ykn sadarkaa himaatti ibsama. Karaa biraammoo wantin taajjabe barreeffamaafi dubbii addaan baasuu dhabuutu mul'ata. Kun jechuun waanuma afaaniin dubbatamu haala al-idlee ta'een barreessuu, looga ofii fayyadamuun barreessuutu jira. Hubachuuf nama rakkisa jechuudha. Mudannoon ani qabu ilaalchisee, yeroo tokko qabiyyeen ani jijjiiree/hiikee itti fayyadamu baay'inaan jechoota ogummaatiin kan guutamanidha. Afaan Oromootti deebisuuf jecha walqixxummaa nan dhabe. Qabiyyichi immoo jechoota ogummaatiin dhiyaachuu qaba. Kanaaf, ibsa dheeraa jechoota ogummaa malee kaa'uu yookiin immoo jechuma Afaan Ingiliziitiin kaa'uutu dirqama ta'e. Kunimmoo akka qabiyyichi dhama dhabu taasisa.

Yaadni akka dabalataatti odeef-kennaan armaan olii kaase, dubbiifi barreeffama keessatti haalli itti fayyadama jechootaa maal ta'uu akka qabu adda baasuu dhabuun ibsameera. Adeemsa afaan jijjiiruun fayyadamuurrattis kanneen silaa sadarkaa jechootaan ibsamuu qaban sadarkaa himaan ibsamuun hiika jechaa/qabiyyee yaadichaa ykn yaad-rimee sanaa guutummaa guutuutti kan hinibsine ta'uutu ibsame; jechoota walmadaalaa kanneen ogummaa bakka bu'an fayyadamuu dhabuun kun qabiyyee san kan dhama dhabsiisu ta'uu cimsa.

Haaluma walqabateenis odeef-kennaan kaan, “Yaadannoo dhuunfaa caalaa moojuloonni hanga tokko jechoota ogummaa giddugaleessa godhachuun niqophaa'u. Ta'us gahaa miti; akkasumas, yeroo baay'ee irratti waliif hingalamu. Jechootni ogummaa walta'uu barbaadan danuutu jira. Yaaliin adda addaa godhamus hanga yoonatti milkaa'uu hindandeenye” jedhe.Yaadni isaa kunis, rakkoon itti fayyadama jechoota ogummaa mojuulota caalaa yaadannoowwan dhuunfaan barnootaaf qophaa'an keessatti kan mul'atuufi, rakkoon akkasii kun kan gaggalagalaa dhufeeffi ammas dhimma fala hinarganne waan ta'eef hojiin manaa guddaan kan nueeggatu ta'uu hubachiisa.Odeef-kennaan armaan gadiis miira keessa galuun yeroo ibsu akkana jedha:

Gama kanaan dhimmoonni mataa nama dhukkubsan baayyeetu jiru.

Kanaan siif ibsuufi dhiisun dhaba. Ogeeyyiin keenya dubbachuu malee dhaggeeffachuu hinjalqabne. Barreessuu malee, dubbisuutti hinjiran. Barsiisuu malee, barachuuf fedhii hinqabani. Nan beekaa malee, ni beekta jedhanii si hinshakkani. Kanaaf, kanan taajjabe baayyeedha jedheetuma darbuu naaf wayya.

Manuela(2021), haalli itti fayyadama afaan ogummaawaa(Professional language) dhiibbaan inni walquunnamtiirratti qabu yeroo ibsu “In the context of language teaching, the appropriate use of professional languages does have a positive impact on effective communication” jedha. Kunis, adeemsa itti fayyadama afaanii keessatti afaan ogummaa fayyadamuun walquunnamtii keenya milkaa’aa/gaarii kan taasisu ta’uu ibsa. Kanaafuu, walquunnamtii gaarii jedhamu mirkaneessuu keessatti haalli itti fayyadamaa, afaan ogummaawaa yoo gidduugala godhate ta’uu hubachiisudha. Qorataan kunis,, barattootaafi barsiisota gidduutti walquunnamtii mikaa’aa ta’e mirkaneessuuf, barsiisotni adeemsa barsiisuu keessattis ta’e yaadannoowwan ykn mojuulota barnootaaf qopheessan keessatti haalli itti fayyadama afaanii isanii ogummawaa ta’uu kan qabu ta’uu dhaama. Itti fayyadamoota afaan ogummaawaan walqabataniis dhimmoota gooreewwan armaan gadiirratti hundaa’uun haala raawwii isaanii xiinxaluun dhiyeessa.

4.3.2 Haalli itti fayyadama jechootaa hagam idilawaa akka ta’e

Daree barnootaas ta’e yaadannoowwan ykn mojuulota barnootaaf qophaa’an keessatti haalleen itti fayyadama jechoota hagam idilawaa akka ta’e ilaalchisee odeeffannoon qorataan af-gaaffii dhiyesseen odeeffate akka mul’isutti, jechoota idilawaa ta’an fayyadamuurratti hanqinootni kan mul’atan ta’uu ibsan. Mit-idilummaan jechootaa kunneenis sababa garaagaraan kan uumaman ta’uu eeran; akka fakkeenyaattis, jechoota looga naannoo haalleen galumsaa gidduugala hingodhatiin hojiirra oolan, jechootni afaan biroorraa gara afaan barnootaatti jijjiiraman walgituu dhabuurraan kan ka’e namootni dhuunfaan mogaasuun itti fayyadamuu akkasumas jechoota dubbii fi barreeffama keessatti fayyadamuu qaban adda baasuu dhabuun fa’i, itti fayyadama mit-idilawaa jechootaatiif sababa ta’uu ibsan. Qorataanis, yaada;ragaa odeef-kennitootaa af-gaaffii argame keessatti jedhame haala armaan gadiin dhiyeessa :

Yeroo tokko tokko kam idilawaa kam ammoo mit-idilawaa akka ta’e adda baasuun rakkisaadha. Wantin ani mojuulotaafi yaadannoowwan garaagaraa barnootaaf qophaa’an keessatti taajjabe, jechoota yaadrimee tokko ibsuuf namoota adda addaan itti dhimma ba’uutu mul’ata; akka fakkeenyaattis kaasuu nan danda’a;; isaanis:: jecha ‘sample’ jedhu ibsuuf, inni tokko ‘saamuudaa’ kaan ammoo ‘iddattoo’ jedha; jecha ‘morphology’ jedhu

ibsuuf,inni tokko ‘xiinjecha’ inni kaan ammoo ‘xiinlatii’ jedha;;jecha ‘dictionary’ jedhu
 ibsuuf,inni tokko ‘kuusaa jechootaa’ inni kaan ‘guuboo jechootaa’ akkasumas ‘galmee
 jechootaa’ jechuun ibsa.

Akka dabalataattis fakkeeniyota qabatamoo mojuulota garaagaraa barnootaaf qophaa’an keessaa
 argaman kanneen armaan gadiiti:

4.3.2.1 Mojuula Fokloorii keessatti

.....Jecha Afaan Ingiliziin ‘*Folklore*’ jedhu Afaan Oromoon ‘*Afoola*’ jechuun moggaasuun
 itti fayyadamuu(F.1) garuu jechi ‘*beekumtaa*’ ykn akkuma jirutti ‘*Fokloorii*’ isa jedhutti
 fayyadamuun irra caalaa idilawaa ta’uu

.....Jecha Afaan Ingiliziin ‘*definition*’ jedhu ‘*murtee*’ jechuun itti fayyadamuu
 (F.8)..... ‘*ibsa* ykn *hiika*’ otoo jedhamee irra caalaa filatamaadha.

.....afoola bifa hawaasa hunda biratti fudhatama qabuun ‘*lafa kaahuuf*’
 yaaluurra(F.16)..... ‘*Ibsuuf*’ yaaluurra inni jedhu filatamaa ta’uu

.....Har’as ‘*duukaa*’ jira; boorus biraa hinhafu(F.17)..... ‘*waliin*’ inni
 jedhu filatamaa ta’uu

.....faayaan isaan morma, ‘*dabbasaa*’, harka, luka, wayyaa isaanirratti naqatanii ittiin of
 miidhagsan(F.47)..... ‘*rifeensa*’ inni jedhu irra caalaa idilawaadha

..... ‘*Albee*’ fi qottoon kan hojjetamus ta’ee(F.47)..... ‘*haaduu*’ inni jedhu irra
 caalaa idilawaa ta’uu

.....Ogafaan surraafi ogummaan isaa haalaan kan ‘*goobane*’
 mul’atu(F.79)..... ‘*ifee*’ mul’atu otoo ta’ee haala salphaan hubatamuu danda’a

..... ‘*Daayeessa*’ (F.87)..... ‘*Yaaxxina*’ inni jedhu irra caalaa idilawaa ta’uu

.....gooroon afoolaa tokko ‘*geeddaramaa*’ deemu(F.112)..... ‘*jijjiiramaa*’ inni
 jedhu filatamaa ta’uu

.....Gosoota ogafaanii ‘*gargar baafachuun*’ ni hubatta(F.5)..... ‘*adda*
baafachuun’ otoo jedhamee filatamaa ta’uu

4.3.2.2 Mojuula Og-afaan(Seenessoo Afaanii) keessatti

.....seenessoo afaanii beekumsa yookiin muuxanoo ‘*tanaan*
dura’ (F.29)..... ‘*kanaan dura*’ otoo ta’ee idilawaa ta’a

.....Isaa kunis yoomessoota akka du’a (death), jannata (pradise) fi ‘*azaaba*’ (hell)
 irratti(F.40).....

..... ‘*Cinqii*’ kanarra osoo jiruu(F.46)..... ‘*dhiphina*’ osoo jedhamee irra caalaa
 idilawaa ta’a

.....Harreen yeroo ‘*cufa*’ maaliif lagatti fincoofti?(F.51)..... ‘*baay’ee*’ osoo
 jedhame irra caalaa idilawaa ta’a

.....Dhimmichi seenaa himuudha; asii dhufnee
 ‘odeessuudha’(F.98).....’ibsuu/seenessuu’ osoo jedhame irra caalaa idilawaa ta’a

4.3.2.3 Mojuula Xiinloogaafi Waaltina Afaanii keessatti

.....Dimshaashumaatti, koorsiin kun kutaaawwan garagaraatti ‘hramuudhaan’
 dhihaateera(F.IV)..... jecha ‘qoqqoodamuun’ jedhu fayyadamuutu irra
 caalaa idilawaa ta’a

.....karoorri afaanii dhimma afaan yookaan afaanota bulchiinsaa filachuufi dagaagsuu
 ‘faana ‘ waan walqabatuuf(F.10).....’waliin’ jechi jedhu irra caalaa idilawaa
 ta’a

.....barnootaa keessatti immoo afaan isa kamtu ‘gulantaa’ barnootaa isa kam keessatti
 tajaajila akka kennu(F.18).....’sadarkaa’ jechi jedhu irra caalaa idilawaa
 ta’a

.....Bu‘uurri xiin-yaada (ideology) ‘danoomina’ afaanii maal akka ta’e
 ni‘ibsu(F.22).....’baay’achuu’ jechi jedhu irra caalaa idilawaadha

.....Imaammata Afaanii Itoophiyaa Keessaa jiran ‘gargar
 nibaafatu’(F.40)..... ‘adda baafatu’ inni jedhu irra caalaa idilawaa ta’a.

.....Garaagarummaan ‘qooqaa’ sadarkaa sagaleessuutti qofa kan mul‘atu
 miti(F.72).....’afaanii/loogaa’ osoo jedhamee idilawaa ta’a

.....gareen hawaasaa wal-cinaa jiraatan kanneen walirraa ‘hiixuu’ jiraatan caalaa
 loogawwan walii isaanii hubachuu danda’u(F.72).....otoo
 ‘fagaatanii’ isa jedhu fayyadamnee irra caalaa idilawaa ta’a

.....Ulaagaalee qooddii loogaa hubachuun hiika ‘nilaatu’(F.77).....’ni
 kennu’ osoo jedhamee irra caalaa idilawaa ta’a

Walumaagalatti, ragaaleen armaan olitti argaman,adeemsa afaan barsiisuu keessatti jechoota hunda galeessa ta’anii barnootaaf oolan ykn idilawaa ta’an fayyadamuurratti mudaan kan jiru ta’uu kan mul’isandha garuu ammoo,Muslimawati(2022), yoomeessa idilawaa ta’e keessatti jechoota ykn gaaleewwan mit-idilawaa ta’aniifi hawaasa murtaa’aa ta’e qofa keessatti tajaajilaaf oolan fayyadamuun walquunnamtii ogummawaarratti dhiibbaa faallaa kan uuman ta’uu ibse.Kanaafuu, barnoota afaanii keessatti jechoota idilawaa ta’an fayyadamuu dhabuun barattootas ta’e barsiisota kan burjaajessuufi qaawwa walquunnamtii isaan gidduutti kan uumu waan ta’eef dhimma xiyyeeffannoo tarkaanfii ogummawaa ta’e barbaadu ta’uu hubachiisa.

4.3.3 Itti fayyadama jechootaa kabaja agarsiisaniin walqabatee

Odeef-kennitootni qorataan odeeffate irri caalaan beekuunis ta'e osoo hinbeekiin jechoota safuufi arrabsoon walqabatan darbee darbees ta'u kan fayyadaman ta'uu ibsan Yeroo tokko tokko koorsiilee barnootaa tokko tokko keessatti itti yaadamuu ykn kaayyoo dhimma barsiifamu sanaan walqabatee kan fayyadaman ta'uu ibsan garuu yeroo baay'ee/irra deddeebiin itti yaadanii kan fayyadaman osoo hinta'iin tasa kan fayyadaman ta'uu ibsan.

Keessumattuu, jechootni safuu itti fayyadama loogaan walqabatan muuxannoo dhabuurraan kan ka'e ta'uu ragaa ba'an. Akka fakkeenyaattis odeef-kennaan tokko “daree barnootaa keessatti looga barnootaa fayyadamuu dhiisuu irraa kan ka'e, yeroo jecha ceeraa (safuu) ta'e fayyadame nijira. Kun immoo akka barsiisaa afaanii tokkotti jechoota waaltawaa (looga barnootaa) fayyadamuu dhiisuu koo irraa ka maddeedha” jedha.

Kanaafuu, ragaaleen malleen odeeffannoo garaagaraarraa argamanirraa, jechoota aadaafi amantii hawaasa garaagaraa keessatti qaanii ta'an fayyadamuurratti of eeggannoo gochuun barbaachisaa ta'uufi hanga danda'ametti afaan barattoota looga garaagaraa fayyadaman hunda biratti hiika qajeelaa qabu fayyadamuun itti fayyadama afaan barnootaa dhugoomsuun kan danda'amu ta'uutu hubatame. Barsiisotni Afaan Oromoo barsiisan kunneenis itti fayyadama isaanii qixa kanaan masakuuf muuxannoo hawaas-aadaa garaagaraa kan bal'ifachuu qaban ta'uu dhaama.

Jechoota arrabsoon walqabatee, odeef-kennitootni yeroo baay'ee itti yaadaniifi karoorfatanii otoo hinta'iin, amala koorsiilee barnootaanis walqabsiisanii (Fkn. Og-afaan, waa'ee sheekkoowwaniifi sirbootaa barsiisan keessatti) yeroo tokko tokko kan fayyadaman, akkasumas yeroo tokko tokkos miira keessa yeroo galan fayyadamuuf kan dirqisiifaman ta'uu ibsan. Keessumattuu yaada lamataarratti hubdaa'uun odeef-kennaan armaan gadii af-gaaffiirratti yaada kenneen akkana jedha:

Jechoota arrabsoo fayyadamee nan beeka. Fkn. Guyyaa tokko qormaata osoon qoraa jiru barattoonni tokko tokko axeeraraarraa hojjachuuf jedhanii na rakkisan. Warreen akkasii hundumaarraa eegaa guuraa ture. Ishee takkaa adduma taatee naaf gamsiiste. Jalqaba irraa fudhee, takka turee yemmuun ilaalu lammaffaarrattis gadi fudhattee baafattee irraa hojjachuutti jirti. Sana booda garmalee waan na aarsiteef harka fuudhee hunduma isaanii walitti qabee arrabse. “ Isin amma dhuguma nama digirii barachuuf maleedhaa? Barattanis barachuu baattanis isin gatii hinqabdan! Xiqquma qaaniin sinitti hindhaga'amu?” jechuudhaan itti dheekkameera. Silaa sababa nama tokkootiin ykn

muraasatiin daree hundaan akkas jechuu hinqabu ture. Ta'us yeroo sanatti kaayyoon koo akka isaan ofitti qaana'an of ilaalaniif. Dareen sun warra akkas godhe 'sababa keessaniin arrafamne' jedhanii akka walcheepha'aniif.

Akka dabalataattis fakkeeniyota qabatamoo mojuulota garaagaraa barnootaaf qophaa'an keessaa argaman kanneen armaan gadiiti::

4.3.3.1 Mojuula Fokloorii keessatti

.....manni qacaa kan ijaaramu dhaaban isaa 'bukkee' afuriin(F.45).....'cinaa' inni jedhu irra caalaa filatamaadha.

.....dubartiin takka heerumaaf qophaahuu, dhirsa qabaachuufi 'jalaa du'uu' ishee beekuun haalli itti danda'amu(F.48).....'boqochuu' isa jedhu fayyadamuun filatamaadha
.....haawaasa sana keessatti kabaja homaayyutu hinqabu; 'niitis' argachuu hin danda'u(F.53).....'haadha manaa/warraa' isa jedhu fayyadamuun irra caalaa kabaja agarsiisa

4.3.3.2 Mojuula Xiinloogaafi Waaltina Afaanii keessatti

.....'ilma namaa'.....(F.13).....'dhala namaa' jechuun filatamaa ta'uu

.....gareen loogni kansaanii ta'e hinfilatamin hafe ilaalcha 'masaanummaa' kan garce filatamcerratti akka hin qabaannedi dha(F.154).....'faallaa' isa jedhuun osoo bakka bu'ee gaarii ta'a

Akka waliigalaattis jechoota kabaja hinagarsiifne fayyadamuun walqabatee, Allan,...etal(2006), dhiibbaan itti fayyadama jechoota taabuu yeroo ibsan "To engage in tabooed behaviour is to cause offence to others and so it is dysphemistic. The use of tabooed words to insult someone is dysphemistic. The use of swear words has a number of motivations" jedhu.Kunis, namoota qeequuf ykn arrabsuuf jechoota qaanii fayyadamuun miira namootaa kan miidhu waan ta'eef, bakka isaaniitti jechoota kabaja agarsiisan fayyadamuun namoota gidduutti hariiroo gaarii kan uumu ta'uu mul'isa.Kanaafuu qorataan kunis, yoo sababni qabatamaa koorsii barnootaan walqabate jiraatu malee jechoota safuu ykn arrabsoo daree barnootaa keessatti fayyadamuun hirmaannaa, hamileefi fedhii barattootni barnootaaf qaban ni hir'isa waan ta'eef,yoo barattootni balleessan ykn dogoggoran illee malleen itti gorsanii itti qajeelchan madaqsuun fala gaarii ta'a jedhee yaada.

4.3.4 Haalleen itti fayyadama afaanii dhimmoota koorniyaan walqabate

Qorataan, daree barsiisan keessattis ta’e yaadannoowwaniifi mojuulota garaagaraa barnootaaf qopheessan keessatti haalli itti fayyadama afaanii isaanii dhimma koorniyaa hagam xiyyeeffannoo keessa kan galche ta’uufi ta’uu dhabuurratti odeef-kennitootarraa af-gaaffiin odeeffate akka mul’isutti, adeemsa itti fayyadama afaanii keessatti dhimma koorniyaa haga danda’ametti xiyyeeffannoo keessa galchuun kan barsiisan ta’uu garuu ammoo haalli itti fayyadamni isaanii hanqina kan hindhabne ta’uu ibsan. Yeroo tokko tokkos osoo itti hinyaadiiniifi muddama keessa gara koorniyaa tokkoo(dhiiraa) qofaatti luucceessuun kan fayyadaman ta’uufi haalli itti fayyadama akkasii kun kan barama ta’uu walqabsiisuun ibsan; kanneen keessaas odeef-kennaan tokko “xiyyeeffannaa guddaa itti kenne jedhee hinyaadu. Darbee darbee yeroon xiyyeeffannoo itti kennu jiru. Irra jireessa garuu akkuma baratamee jirutti fayyadamuutu na biratti mul’ata” jechuun ragaa ba’a. Yaadni odeef-kennitootaa kunis, adeemsa itti fayyadama afaanii keessatti dhimmi koorniyaa xiyyeeffannoo addaa kan hinarganne ta’uu kan hubachiisu.

Haaluma walqabateenis, keessumattuu mojuulota barnootaaf qophaa’an waliin walqabsiisuun odeef-kennitoota keessaa inni tokko “yemmuun barsiisu osoo hintaane, qophii moojuloota addaa keessatti bal’inaan saala dhiiraatti fayyadamuun darbee darbee namudata. Fknf, barsiisaa/tuu...” jedheera. Yaadni isaa kunis, rakkoon itti fayyadama afaanii koorniyaa tokkoratti duufe, daree barnootaa caalaa mojuulota barnootaaf qophaa’an keessatti bal’inaan kan itti fayyadaman ta’uu taajjabuu isaa ibseera.

Akka dabalataattis fakkeeniyota qabatamoo mojuulota garaagaraa barnootaaf qophaa’an keessaa argaman kanneen armaan gadiiti:

4.3.4.1 Mojuula Fokloorii keessatti

.....’ilma namaa’.....(F.13).....’dhala namaa’ jechuun filatamaa ta’uu

4.3.4.2 Mojuula Og-afaanii(Seenessoo Afaanii) keessatti

.....’Ilmi namaa’ erga lafa kanarra jiraachuu eegalee(F.38)’dhalli namaa’ osoo jedhame irra caalaa filatamaa ta’uu

.....Namni dhuunfaan yeroo gochoota ‘isaa’(F.34).....’isaa/ishee’ jedhamee otoo ibsame walqixxummaa koorniyaa ibsa

4.3.4.3 Mojuula Xiin-loogaafi Waaltina Afaanii keessatti

.....'Barataa' barnoota fagoo mata duree kana jalatti gosoota karoora afaaniitu walduraa duubaan siif dhihaata(F.16).....'Barataa/Barattuu' jedhamuun otoo ibsamee bayeessa

.....Dhalataan biyyatti aadaa, afaan, eenyummaa **'isaatiin'** boonuu akka danda'aniif(F.46).....'isaa/isheetiin' otoo jedhamee itti fayyadama afaanii dhimma walqixxummaa koorniyaamirkaneessu ta'a

Ragaaleen odeef-kennitootaafi mojuullarraa argame, adeemsa itti fayyadama afaanii keessatti dhimmi koormiyaa xiyyeeffannoo addaa kanhinarganne ta'uu hubachiisa garuu ammoo, Mitchell(1988), "language use is a multifaceted concept that examines how language is employed in social and communicative contexts, considering factors beyond just the linguistic structure" jedha.Yaadni isaa kunis,dhimmi barnoota afaanii caasaalee afaanii xiinxaluurra darbee dhimmoota hawaasummaa waliinis walhidhata qabaachuu isaa mul'isa.Dhimmoota hawaasummaa keessaas koorniyaan walqabsiisuunis,Wolff (2000), jechoonni tokko tokko warra dhiiraa kan jajjabeessan, iddoo kennaniifi cimina isaanii kan ibsan haata'u malee, warra dhalaa ibsuu keessatti hanqinna qabaachuufi looguu isaanii ibsa. Haaluma walqabateenis, jechootni waliqixxummaa koornayaa hin agarsiifne yookiin loogii kanneen agarsiisan (summetry and asymmetry) jiraachuu ibsa.Walumaa galatti, itti fayyadama afaanii koorniyaarratti xiyyeeffateen walqabatee loogiin jiraachuu mul'isa.

Haaluma walqabateenis, namoonni Jarman keessatti koorniyaa xiyyeeffachuun afaan fooyyessan, jechoonni/ gaaleewwan nuti aadaadhaan fayyadamnu dhiirri dhalaa caalaa olaantummaa akka qabu argisiisa jedhanii akka yaadan. "Gender-neutral language-modification advocates feel that the traditional phraseology of the language reflects a domination of the masculine over the feminine." Jechuun ibseera.

Walumaagalatti qorataan kun, yoomeessa garaagarummaan koorniyaa jiru keessatti yoo haalleen tokko tokkoofi qabiyyeen baratamuu dirqisiise malee, gara koorniyaa tokkotti luucceessuun fayyadamuun kun fedhii, kaka'umsaafi hirmaannaan barattootni shamarranii barnootaaf qaban nihir'isa waan ta'eef, albaadheessummaa ykn xiyyeeffannoo kennuu dhabuufi nuffiin gama itti fayyadama afaaniin mul'atu kun dhimma xiyyeeffannoo argachuu qabu ta'uu hubachiisa.

4.3.5 Barsiisaan jechoota, gaaleewwaniifi himoota Afaan Oromoo haala sirrii ta'een hagam akka itti fayyadamu

Ragaaleen af-gaaffiin odeef-kennitootarraa argaman akka mul'isanitti, odeef-kennitootni harki caalaan isaanii, adeemsa Afaan Oromoo barsiisuu keessattis ta'e dokimantii barnootaaf qopheessan keessatti haalli itti fayyadama afaanii isaanii sirriifi ifa ta'uu ragaa kennan; gahumsa akkasii qabaaachuutiifis muuxannoon isaan Afaan Oromoo akka afaan dhalootaattis ta'e afaan lammaffaatti yeroo dheeraatiif barsiisuun isaanii kan isaan fayyade ta'uu kaasan garuu ammoo, harki xiqqaan isaanii rakkooleen sirrummaafi iftooma afaanii darbee darbee kan mul'atuufi hagas mara dhimma dhaadheeffamuu hinqabne ta'uu ibsan. Kanaafuu, garaagarummaan yaadaa gama odeef-kennitootaan waan mul'ateef, yaada isaa gara tokkotti fiduun xiinxaluuf ragaan qabatamaan mojuula barnootaarraa argamuun dabaaluun dhiyeessuun fala ta'a yaada jedhu qaba.

Akka dabalataattis fakkeeniyota qabatamoo mojuulota garaagaraa barnootaaf qophaa'an keessaa argaman kanneen armaan gadiiti:

4.3.5.1 Mojuula Fokloorii keessatti

.....Yoo ibsa Dundes armaan olii 'gadifageenyaan ilaalteetta' tahe(F.13).....'gadifageenyaan xiinxalteetta/hubatteetta' inni jedhu irra caalaa sirrii ta'uu

.....Seenaa 'Qu'ata' Afoolaa(F.26).....'qo'annoo' inni jedhu irra caalaa sirrii ta'uu

.....akkamitti mana akka ijaarratan, 'huccuu hojjetan', nyaata qopheeffatan, lafa qotatan(F.45).....'huccuu hodhatan' inni jedhu irra caalaa filatamaadha

4.3.5.2 Mojuula Og-Afaan(Seenessoo Afaanii) keessatti

.....Seenessoo ibsaa, Seenessoo Gamnaa, Seenessoo Mamsiisaa, 'Xiinxalchaa'fi seenessoo name jedhamu(F.13).....'xiinxalchiisaa' osoo jedhame ifaa ta'a

.....taatonni wallaallarraa gara beekumsa, iyyummaarraa gara 'durummaa', qeerrummaarraa gara suubbummaa(F.25).....'duroomuutti' otoo jedhamee irra caalaa ifaa ta'a

.....Kuus-sammuun kuusaa muuxannoo 'dheedhii' osoo hinta'in oddeeffannoo yeroo maraa qindaa'ee, duraa duuba eegee(F.100).....'calliseedhuma ykn tasa walitti qabame' isa jedhuun osoo bakka bu'ee gaariidha

4.3.5.3 Mojuula Xiin-loogaafi Waaltina Afaanii keessatti

.....Afaan Oromoo irratti hubannoo *'baldhaa'*(F.V)..... Jecha *'bal'aa'* jedhu fayyadamuutu irra caalaa sirrii ta'a

.....*'KAROORSA'* AFAANII (LANGUAGE PLANNING)(F.1).....*'afaan karoorsuu/karoora afaanii'* osoo jedhamee irra caalaa sirrii ta'a

.....karoorsi afaanii *'tajaajila adda addaaf afaan adda addaa ramaduu'* yoo ta'u(F.4).....*'afaan tajaajila adda addaaf akka oolu gochuu'* inni jedhu irra caalaa ifaa ta'a

..... hawaasa *'guutuu'* biratti fudhatamummaansaa mirkanaa'uutu(F.5).....*'hunda'* inni jedhu irra caalaa sirrii ta'a

.....Imaammanniifi karoorsi afaanii kan maddu fedhii hawaasummaafi siyaasaa *'deebisuufidha'*(F.7).....*'guutuufidha'* isa jedhuun bakka bu'uu qaba

.....Gaaffileen gaafatamanis deebii kennamuu danda'u irratti dhiibbaa *'fiduu'* danda'u(F.15).....*'uumuu'* jechi jedhu irra caalaa sirriidha

.....Sababiin afaan tokko itti *'dhabamuu'* danda'u maali? (F.41).....*'dhabamsiifamuu'* otoo jedhamee irra caalaa sirrii ta'a

Ragaalee armaan oliirraa, ifa ta'uu dhabuufi sirrummaan walqabatee rakkooleen itti fayyadama afaanii mul'achuutu hubatame.Dhimma kanarrattis, Gómez,...etal(2017), amalli jechootaa afaan ogummawaa, kan beekumsaafi dandeettii barnoota murtaa'aa tokkoon walhidhata qaban, kan idilawaa ta'uu qaban, kan sirriifi ifa ta'uu qaban akkasumas kan kabaja agarsiisuu malan ta'uu ibsan.Kanaafuu, haalli itti fayyadama afaanii barsiisotaa ogummawaa ta'uuf, haala ifaafi sirrii ta'een hojiirra oolchuun dhimmoota rakkoo barnoota afaanii barsiisaan xiyyeeffannoo kennuun irratti hojjachuu qabu keessaa tokko ta'uu mul'isa/

4.3.6 Gabaajeewwaniifi kottoonfachiisuun fayyadamuu afaaniirratti

Odeef-kennitootni qorataan af-gaaffiin odeeffate, yeroo barsiisan keessumattuu yaadannoowwaniifi mojuulota barnootaaf qopheessan keessatti jechoota gabaajee akkasumas kottoonfachiisuun yeroo baay'ee kan fayyadaman ta'uu ibsan.Itti fayyadama isaanii kanaatiifis akka sababaatti kan kaasan, qusannaan jechootaa barnoota afaanii keessatti murteessaa ta'uu ibsuun,yeroofi iddoo qusachuu keessatti faayidaan inni qabu ol'aanaa waan ta'eef haala kanaan kan dhimma itti ba'an ta'uu ibsan; walqabsiisuunis, jechoota ykn gaaleewwan gabaabsuun akkasumas kottoonfachiisuun fayyadamuun kun rakkoo kan hintaane ta'uu walqabsiisuun ibsan.Qorataanis, haalli itti fayyadama isaanii kun hagam qabatamaa akka ta'eefi walquunnamtii daangeessuurratti dhiibbaa kan hinuumne ta'uu mirkaneeffachuuf ragaa mojuula keessaa argaturratti hundaa'ee xiinxaluun yaada isaa kan goolabu ta'a.

Akka dabalataattis fakkeenyyota qabatamoo mojuulota garaagaraa barnootaaf qophaa'an keessaa argaman kanneen armaan gadiiti:

4.3.6.1 Mojuula Fokloorii keessatti

.....Fakkeenyaaf, kanneen akka '*A.F.Gil'ferding*'(F.90).....

4.3.6.2 Mojuula Og-afaan(Seenessoo Afaanii) keessatti

Sns': Waaqni dura lafa diriirse(F.43).....jecha '*seenessa/oo*' jedhu ibsuuf ykn bakka buusuuf bifa kanaan gabaabsuun fayyadamuun beekamsa hinqabu

4.3.6.3 Mojuula Xiinloogaafi Waaltina Afaanii keessatti

.....Ingilizoota kan jalqaba weeraran '*Angiloota*', ittaanse '*Daanota*'; Kibba kan qabatan immoo '*Saaksoonota*'(F.80).....HUB.maalummaa jechoota kanneen ilaalchisee hubannoo guutuu argachuuf hiikni ogummaa ykn dabalataa kenname hinjiru

.....Kan Waaltessus Koree Waaltinaa Afaan Oromoo '*BATOtiin*' hoogganamuufi kan looga adda addaa dubbataniinidha (F.132).....gaaleen kottoomfamee barreeffame kun bifa '*Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa*' jedhuun hiikamee kan dhiyaate miti

Ragaan armaan olitti argame, jechootmiifi gaaleewwan kottofamuunis ta'e bifa gabaajeen barreeffaman hedduun isaanii kanneen bebbeekamoo ta'an ta'us, hunda galeessa kan hintaaneeffii kanneen hiikuufis ta'e hubachuuf rakkisoo ta'an muraasas kan mul'atan ta'uu hubachiisa.Dhimma kanaan walqabsiisuunis,Muslimawati(2022), "using slang, jargon, and colloquialisms can have a negative impact on professional communication; they can create a barrier to effective communication and lead to misunderstandings, confusion, and even alienation" jedha.Bu'uura kanaanis,qorataan, jechoota ykn gaaleewwan bebbeekamoo/guyyuu fayyadamnuufi hubatamuuf sasalphaa ta'an sababaafi haalleen qabatamoo ta'an keessatti fayyadamuun dhiibbaa faallaa ni qabaata jedhee hinyaadu garuu ammoo seenduubee barattootaa ykn dubbistootaa xiyyeeffannoo keessa osoo hingalchiin, keessummattuu kanneen dandeettii addaa gaafataniifi beekamtii hinarganne/fedhii namoota dhuunfaarratti kan hundaa'e(jargon) fayyadamuun walquunnamtii ogunnawaa ta'erratti qaawwa ni uuma waan ta'eef,gama barsiisota afaaniin dhimma xiyyeeffannoo argachuu qabuufi tarkaanfii barbaadu ta'uu hubate.

4.4. Adeemsa itti Fayyadama Afaanii keessatti rakkoolee mul’atan

Kaayyoon waliigalaa qorannoon kun qabatee ka’e keessaa inni tokko, rakkoolee barnoota afaanii keessatti itti fayyadama afaaniin walqabatanii mudatan adda baasuun yaada furmaataa eeruu dha. Ragaaleen xiinxalaman, rakkooleen adeemsa Afaan Oromoo barsiisuu keessatti mudatan jiraachuu isaanii kan mirkaneessandha. Rakkooleen gurguddoo barnoota afaanii kunneen, raawwii daree barnootaa afaanii, xiinxala dokimantii (yaadannoowwaniifi mojuulota barnootaaf qophaa’an) akkasumas raawwiilee qaamoota alaa barnoota afaanii keessatti alkallattiinis ta’u gahee qaban kan gidduugala godhatedha

Haaluma walqabateen, adeemsa raawwii ykn itti fayyadama afaanii keessatti keessumattuu, sababa hanqina muuxannoofi malleen gogaa barsiisotni fayyadamaniin, qaawwa waliigaltee barattootaafi barsiisota gidduutti mul’ateen akkasumas imaammataafi adeemsa waaltinaan walqabatee rakkooleen uumamuu isaanii xiinxalli jiru agarsiiseera. Kanumaan walqabatees, rakkooleen amma mul’ataniifi kanneen kanaan dura eera qorattootni kaawwan kennanirraa haaluma walfakkaatuun gaggalagalaaa dhufan ammallee dhimmoota xiyyeeffannoo barbaadan ta’aniiru.

Walumaagalatti, af-gaaffii qorataan barsiisotaafi barattootaaf dhiyeessuun akkasumas dokimantiiwwan barnootaaf qophaa’an qaacceessuun odeeffate keessatti, jalqaba rakkooleen itti fayyadama afaaniin walqabatanii mudatan jiraachuufi jiraachuu dhabuu isaa adda baafatee erga mirkaneeffateen booda, haala armaan gadiin xiinxalee jira:

Odeef-kennitootni kunneen, adeemsa itti fayyadama afaanii keessatti rakkoolee mul’atan keessaa inni tokkoofi bu’uuraa rakkoo afaan waalteessuun itti fayyadamuun walqabate ta’uu eeran. Rakkoo afaan waalta’een fayyadamuu dhabuutiifis sababni, hunduu akkuma itti toletti afaan fayyadamuu ta’uu isaa walqabsiisuun ibsan; haala yaada kana cimsuunis odeef-kennaan qorataan odeeffate tokko “looga keessatti dhaladhe keessaa ba’ee, looga barnootaatti ofi madaksuu dadhabuutu rakkoo ta’e” jedheera. Kunis, isa idilawaa ykn barnootaa caalaa gara loogoota murtaa’oo ta’aniitti harkifamuun kan jiru ta’uu kan hubachiisudha. Qorataan kunis, keessumattuu mojuuliiwwan barnootaaf ophaa’an xiinxaluu keessatti jechoota ykn loogota .mit-idilawaa ta’aniifi safuun walqabatan qabatamaan jiraachuun, rakkoo afaan waalteessuun fayyadamuutiif ragaa ta’eeffii jira. Kanaafuu, rakkoo akkasii kana furuuf, **akka** feetummaan itti fayyadama afaanii dhimma xiyyeeffannoo barbaadu akkasumas barsiisotni muuxannoo itti fayyadama afaanii isaanii kan bal’ifachuu qaban ta’uu hubachiisa.

Yaada odeeffannoo kennitootarraa gama kaaniin akka rakkootti eerame, kitaabota Afaan Oromoon barreeffamaniifi akka maddaatti tajaajilan gahaa dhabuun rakkoo barnootaa itti fayyadama afaaniif karaa saaqan keessaa isa biroo ta'uu kaasan. Odeef- kennitootni kunneenis walqabsiisuun, sababa hanqina kitaabilee wabii barnootaa Afaan Oromoon, adeemsa kitaabota afaan biroon barreeffaman gara afaan barnootaa ykn Afaan Oromootti jijjiiruun fayyadamuu keessatti jechoota mit-idilawaafi mit-ogummawaa ta'an akkasumas afaan haala mit-sirnawaa ta'een walmakuun fayyadamuun isaanii kan hinoole ta'uu cimsan. Odeef-kennaan tokkos kan armaan gadii jedheera:

Hanqina wabiilee Afaan Oromoon barreeffamanii, kun yeroo qophii yaadannoo rakkina uuma. Fakkeenyaaf, baay'inaan yeroon yadannoo qopheessu, kanarraa kan ka'e ,Afaan Ingiliziirraa gara Afaan Oromootti deebisuun dirqama waan ta'eef, hojii nufisisaa yookiin dadhabsiisaa dha .Kanaan walqabatee, galmeen jechaa/jechoota standard ta'e dhabamuun rakkoo guddaa ta'eera.

Qorataan kunis yaadawwan armaan oliirraa, hanqinni kitaabota wabii Afaan Oromoo kun, itti fayyadama afaanii waloo caalaa itti fayyadama namoota dhuunfaatiif karaa kan saaqu waan ta'eef, dhimma xiyyeeffannoo argachuu qabuufi tarkaanfii barbaadu ta'uutu itti mul'ata.

Walumaagalatti, kitaabota Afaan Oromoo gahaa akka maddaatti tajaajilan dhabuun rakkoolee barsiisota mudachaa jiran keessaa isa tokko ta'uu hubachuun danda'ameera. Kanaafuu, baajatni hojii kanaaf oolu erga ramadamee booda, ogeessotni afaanii garaagaraa akka yumivarsitiittis ta'e biyyoolessaatti walitti dhufuun, dokimantiwwan madda ta'aniifi barachuufi barsiisuu Afaan Oromoottiif oolu qopheessuun rakkoolee kitaabilee wabiin walqabatan hanga ta'e hir'isuu kan danda'an ta'uutu mul'ata

Rakkoon barnoota afaanii itti fayyadamaan walqabatee gama odeef-kennitootaan eerame inni biroon, rakkoo itti fayyadama jechoota ogummaati. Jechoota ogummaa yookiin jechoota teknikaalaa afaan Oromoon bakka buusuu fayyadamuurratti hanqinni kan mul'atu ta'uu ibsan; Yaadrimee tokkoof jechoota adda addaa fayyadamuu akkasumas yaadrimeewwaniif jechoota hinmalle bakka buusuun fayyadamuu ykn yaadrimee tokkoofi moggaasni jechaa walsimuu dhabuun fa'i kan mul'atu ta'uu walqabsiisuun cimsan. Gama kaaniinis, adeemsa kana keessattis dogoggoruufi waan fayyadaman wallaaluunis yeroo tokko tokko jechoota safuu/kabaja hinagarsiifne, idilawaa hintaane akkasumas ifaafi sirrii hintaane haalleen itti fayyadaman kan jiru

ta'uu hinhaalle; qorataan kunis mojuloota xiinxale keessatti rakkoon akkasii kan jiru ta'uu taajjabeera..

Walumaa galatti, jechoota ogummawaa fayyadamuun walquunnamtii barattootaafi barsiisota gidduu jiru salphisuun akkasumas barattootni dokimantii barnootaaf akka wabiitti qophaa'e dubbisanii akka hubatan gochuun ni danda'ama; kana dhugoomsuufis akka yaada qorataa kanaatti, dandeettii barsiisotaa cimsuufi jechoota bifa idilawaa ta'een yeroo yeroon moggaafaman iyyaafachuun itti fayyadamuun fala tokko ta'a jedhee yaada garuu yaada odeef- kennitootni alkallattiin kaasan akka mul'isutti, bu'aalee hojii qaamota afaan moggaasanii argachuun akka galteetti fayyadamuun qaawwoota dhimmoota itti fayyadama afaaniin walqabatan hanga ta'e akka hinduuchine, rakkoon walquunnamtii qaamota kana hogganuun maxxansaa garaagaraan dhiyeessuufi dhaabilee barnootaa gidduu kan jiru ta'uudha; kanaafuu, rakkoolee barachuufi barsiisuu afaanii mudatan hiikuun dhimma waloo waan ta'eef, hariiroon qaamota lamaan kanneenii daran cimuu kan qabu ta'uu mul'isa.

Gama kaaniinis, adeemsa afaan dhalootaa barsiisuun barattootni Fokloorii, ogubarruuwwan, afaaniifi xiinqooqa akkasumas dirreewwan qo'annoo garaagaraa barachuun beekumsa, dandeettiiwwaniifi ilaalcha isaanii akka cimsatan akkasumas afaan isaanii akka guddifatan gochuu keessatti, afaan yoomeessa, haalleeniifi kaayyoowwan akkam akkamii galma ga'uuf walmakuun barsiisuurratti darbee darbee hanqinni mul'achuun isaa rakkoo barnoota afaanii isa biro ta'uu hindhoksine. Afaanootni isaan yeroo tokko tokko osoo hinbeebiin ykn makuun itti fayyadamanis, irra caalaa Afaan Ingiliziifi darbee darbee ammoo Afaan Amaaraarratti kan duufe ta'uu ragaa ba'an. Kanaafuu akka yaada qorataa kanaatti, sababaafi kaayyoo malee afaanoota walmakuun fayyadamuun afaan dhalootaan barachuurratti dhiibbaa faallaa waan qabaatuuf amaleeffannaan akkasii sirraa'uu kan qabu ta'uu ibsuun, **qaawwi** dandeettii, malleen barsiisuus ta'e albaadheessummaa akkasii fala argachuu kan qabu ta'uu gorsa.

Gama odeef-kennitootaan akka rakkoo barnoota afaaniitti ka'e inni biraan, Yunivarsiitota ykn barsiisota gidduutti moojuliis ta'e yaadannoon qophaa'u walfakkaachuu dhabuudha. Wanti ykn dokimantiin barnootaa 'standard' ta'e yookiin eeggate dhabamuun dhimma xiyyeeffannoo barbaadu ta'uu walqabsiisuun ibsan. Kanneen keessaas odeef-kennaan tokko "Jechoota hinwaalta'iniifi akkaataa adda addaan yaadrimee tokko bakka bu'an bifa garaagaraan ibsuutu jira

(fkn.dayeessa, tiyoorii, yaaxxina,.....)’ jedha.Qorataan kunis, mojuulota barnootaaf qophaa’an keessaa fakkeenya akkasii qabatamaan kennuun xiinxala keessatti dhiyeessuun isaa ni yaadatama.Kanaafuu, barsiisotni dhaabbilee garaagaraa keessa jiran walitti dhufuun dokimantii ykn kitaabilee barnootaa tokkoomsuurratti hojjachuu kan qaban ta’uu mul’isa; gama kaaniinis,rakkoo garaagarummaa qophii dokimantiwwan barnootaa furuuf, qorannoowwan waloo (joint research) geggeessuun garaagarummaa isaan gidduu jiru dhiphisuun raawwii itti fayyadama afaanii isaanii tokkoomsuurratti hojjachuu kan qabaniifi hojii manaa isaan eeggatu ta’uu mul’isa.

Ragaan gama kaaniin odeeffannoo kennitootarraa argame akka mul’isuttii, barattootni kutaalee gad’aanaarraa(barnoota sadarkaa tokkoffaafi lammaffaa) dhufanii yunivarsiitii galan,garri caalu looga naannoo garaagaraarratti muuxannoofi hubannoon isaan qaban gad’aanaa ta’uun, sadarkaa yunivarsiitiitiin adeemsa afaan(looga) akka mala walquunnamtiis ta’e barnootaatti filachuun barsiisuu keessatti rakkoo isaan quunname isa biroo ta’uu ibsan;.barataan yeroo dhufu looguma hawaasa keessatti guddatee qabatee dhufuu isaa, muuxannoon isaan loogoota kutaalee Oromiyaa garaagaraarratti qaban .gahaa ta’uu dhabuun, komeewwan gama itti fayyadama loogaan walqabatanii ka’aniif sababa ta’uu cimsan.

Kan qorataan af-gaaffiin odeeffate tokkos akkana jedha:

Barattootni kutaa gad’aanaarraa kaasee osoo looga garaagaraa isaaniitiin barachaa dhufanii, gara sadarkaa barnootaa isa ol’aanaatti ammo yeroo ce’aa deeman isa waalta’een baratu jedhamee tilmaamama garuu haalli ga’umsaa barattootaa kutaalee gad’aanaadhaa dhufanii gaaffii keessa kan galu waan ta’eef,haala amma jiru kanaa isa waalta’aa cinaan loogni garaagaraa barattootaas osoo xiyyeeffannoo argatee gaariidha jedheen yaada

Yaadni odeeffattootaa kunniinis kan Wondimu (2015):

In the primary school there is no fair representation of Afan Oromo dialects while preparing textbooks, National Exams and other reference materials. In addition, textbook and Exam writers haven’t looked for words almost having similar realization in the four dialect areas. So, experts from different dialect areas should be involved in the preparation of the textbooks and National Exams. Jedhe san nu yaadachiisa.

Walumaagalatti, yaada hayyuu kanaarraa ka'uun akkasumas akkuma odeef-kennitootni armaan duratti ibsanitti, sababa hanqina muuxannoo loogaa barattoota kutaalee gad'aanaarra dhufaniin barsiisotni jechoota haaraafi looga barnootaan walqabatan sadarkaa yunivarsiitiin fayyadamuurratti rakkachuu, rakkoo kanaatiif immoo dhimmamtootni barnootaa garaagaraa sababa ta'uu hubachuun danda'ameera. Kanaafuu, rakkoo barattootaa kana hiikuu keessatti qaamotni sadarkaa sadarkaan adeemsa kenniinsa barnootaa, qophii kitaaboleefi qormaataa keessatti itti gaafatamummaa qaban, barsiisota, waajira barnoota naannoofi ogeessota afaanii garaagaraa waan ta'aniif hunduu gahee mataa isaanii taphachuun barattoota itti fayyadama afaanii/loogootaa garaagaraan cimsuun gara sadarkaa barnootaa itti aanutti ceesisuurratti dirqama isaanii bahuu qabu.

4.5 Argannoowwan Bu'uuraa Qorannichaa

- ✓ Daree barnootaa keessatti irri caalaan barsiisotaa haala fedhiifi seenduubee garaagarummaa loogaa barattootaa xiyyeeffannoo keessa galcheen barsiisuurratti raawwiin isaan qaban laafaadha
- ✓ Barsiisotni looga barnootaa caalaa gara looga naannoo murtaa'ootti harkifamuun barsiisuu
- ✓ Barsiisotni looga waalta'aa cinaan, loogota garaagaraa akka carraatti ykn galtee barnootaatti fayyadamuurratti raawwiin isaan qaban laafaadha.
- ✓ Itti fayyadamni loogaa barsiisotaa irri caalaa, kaayyoofi amala koorsii barnootaa xiyyeeffannoo keessa kan galche miti
- ✓ Darees ta'e yaadannoo barnootaaf qopheessan keessatti, haalli itti fayyadama loogaa barsiisotaa kan tokkummaa hinqabneefi irra caalaa akka feetummaan kan hojjiirra ooludha.
- ✓ Afaan xiyyeeffannoon(target language) barsiisotni barsiisan Afaan Oromoo ta'us haalleen garaagaraa keessatti afaanota kaawwanis walmakuun fayyadamuurratti irri caalaa barsiisotaa ilaalcha qajeelaa qabu.
- ✓ Adeemsa barumsa afaan dhalootaa cimsuu keessatti, afaan walmakuun itti fayyadamuurratti muuxannoofi gahumsa irri caalaa barsiisotaa gad'aanaadha
- ✓ Haalleen irri caalaan barsiisotaa afaan walmakuun itti fayyadaman, sababa qabatamaafi kaayyo barnoota afaan dhalootaa kan gidduugala godhate miti

- ✓ Daree barnootaa ta'e yaadannoowwan akkasumas mojuulota barnootaaf qopha'an keessatti haalli itti fayyadama jechootaa irri caalaa barsiisotaa ogummawaa ykn idilawaa miti
- ✓ Darbee darbees ta'u, itti fayyadamni barsiisotaa jechoota safuufi kabaja hinagarsiifnee mul'ateera
- ✓ Itti fayyadamni jechootaa dhimmoota koorniyaa xiyyeeffannoo keessa hingalchine darbee darbee kan mul'ate dha
- ✓ Mojuula barnootaaf qophaa'an keessatti, jechootaa, gaaleewwaniifi himootaan walqabatee haalli itti fayyadama afaanii hedduun sirrii kan hintaanedha.
- ✓ Jechootni tokko tokko barsiisotni bifa gabaajeenis ta'e kottoonfachiisuun mojuulii barnootaaf qophaa'e keessatti fayyadaman ifaa miti
- ✓ Afaan waalteessuun itti fayyadamuun rakkoo ta'uu
- ✓ Kitaabilee wabiifi dokimantii itti fayyadama afaanii qajeelchanii dhabuun rakkoo ta'uu
- ✓ Rakkooleen muuxannoofi gahumsa itti fayyadama afaanii jiraachuu

BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, GOOLABAAFI YABOO

5.1 Cuunfaa

Kaayyoon qorannoo kanaa, haala itti fayyadama afaanii barsiisota Afaan Oromoo dhaabbilee barnoota ol'aanoo xiinxaluunn rakkoolee adeemsa raawwii keessatti mul'atan adda baasuun yaada furmaataa eeruudha. Kanaafuu adeemsa kaayyoo waliigalaa kana galma ga'uu keessatti argannoowwan kaayyoowwan gooree qorannichaa afranirratti xiyyeeffatanii xiinxalaman cuunfamanii dhiyaachuun, goolabaafi yaboo qorannichaatiif ka'umsa ta'an kanneen armaan gadiiti.

Ragaaleen haalleen itti fayyadama loogaa barsiisotaan walqabataniis xiinxalaman akka mul'isanitti, haalli itti fayyadama loogaa barsiisotaa, feedhiifi seenduubee garaagarummaa loogaa barattootaa xiyyeeffannoo keessa kan hingalchine ta'uu, adeemsa itti fayyadamaa loogaa keessatti barsiisotni isa waalta'aa caalaa gara looga murtaa'aatti luucceessuun kan fayyadaman ta'uu argannoon jiru mul'isa. Gama kaaniinis, barsiisotni looga haala waalta'aa ta'een hojiirra oolchuurratti garaagarummaan muuxannoofi raawwiin isaan qaban gaaffii bu'uura qorannichaa deebii barbaadu keessaa isa tokko ta'eera; gama biroonis, barsiisotni hedduu 'looga idilawaa ykn barnootaati' jedhanii filachuun itti dhimma ba'anillee kan tokkummaa hinqabnedfi akka feetummaan hojiirra ooludha. Haaluma walqabateen, koorsiilee bifa garaagaraan kennaman keessattis itti fayyadamni jechootaa, amala akkasumas, kaayyoo koorsiilee barnootaa kan gidduugala hingodhanne ta'uu agarsiisa. Kunis, barsiisotni irri caalaan isaanii qaawwi gama itti fayyadama loogaan qaban bal'aa ta'uu kan agarsiisudha. Gama kaaniinis, akka feetummaa raawwiitiif kan sababa ta'e, dokimantiin haala qophii yaaadannoofi itti fayyadama loogaa qajeelchu jiraachuu dhabuunis gaaffii qorannichaa deebii barbaadudha.

Dhimmoota kaayyoo qorannichaa keessaa inni biroo, ragaaleen adeemsa Afaan Oromoo akka afaan dhalootaatti barsiisuu keessatti afaanoota walmakuun fayyadamuun hagam milkaa'aa akka ta'e qorachuun walqabatee ammoo dhiyaatanii xiinxalaman akka mul'isanitti, afaan xiyyeeffannoon (target language) barsiisotni barsiisan Afaan Oromoo ta'us haalleen garaagaraa keessatti garuu afaanota kaawwanis walmakuun fayyadamuurratti irri caalaa barsiisotaa ilaalchi isaan qaban qajeelaa ta'uu, Afaan Oromoo waliin makuun afaaanotni yeroo tokko tokko fayyadaman Afaan Ingiliziifi Afaan Amaarrdha garuu irri caalaan isaanii Afaan Amaaraarra

Afaan Ingilizii makuun itti fayyadamuu kan filatan ta'uu argannoon jiru muliseera. Afaan makuun fayyadamuurrattis garaagarummaan barsiisota giduuttii mul'ateera; argannoon kunis, barsiisotni koorsiilee akkam akkamiifi haalleen akkamii keessatti keessatti akka fayyadaman adda baasuu dhabuu, jechuunis: haalleen itti afaan ergifachuunis ta'e walmakuun itti fayyadaman, sababa qabatamaafi kaayyoo barnoota afaan dhalootaa sana (Afaan Oromoo) kan gidduugala godhate akka hintaanetu mul'ate. Haaluma walqabateenis argannoon jiru akka mul'isutti, afaan walmakuun barsiisuurratti, ilaalchi, muuxannoowwaniifi raawwiin barsiisotni qaban garaagara waan ta'eef, muuxannoofi hubannoo barnootaa barattootaa bal'isuu akkasumas mikaa'ina afaan ofiin barachuu kan gufachiise ta'uu agarsiisa.

Gama kaaniin, ragaaleen itti fayyadama afaan ogummawaarratti xiyyeeffatanii xiinxalamani akka mul'isanitti, afaan sadarkaalee garaagaraan daree barnootaas ta'e mojuula barnootaaf qophaa'an keessatti fayyadaman ogummawaa kan hintaane kan hintaane ta'uu mul'isa; keessumattuu, jechoota haala idilawaa, sirriifi ifa hintaaneen fayyadamuu dhabuun hedduuminaan kan mul'ate yeroo ta'u, jechoota safuufi kabaja hinagarsiifne, jechoota dhimmoota koorniyaarratti xiyyeeffatan, jechoota bifa gabaajeen mul'atan akkasumas kottoonfachiisuun fayyadamuurratti raawwiin isaanii darbee darbee kan mul'atu ta'uu ragaan xiinxalame qabatamaan agarsiisa. Jechoota ogummawaa ta'an sirnaan fayyadamuu dhabuunfi yoomessa itti fayyadama afaanii adda baasuu dhabuun, qaawwa walhubannoofi walquunnamtii barattootaafi barsiisotaatiif sababa ta'uu argannoon jiru mul'isa.

Raawwiilee armaan duratti kaayyoowwan gooree qorannichaa walqabataniin xiinxalaman haala gidduugala godhateen, adeemsa Afaan Oromoo akka afaan dhalootaatti barsiisuu keessatti rakkooleen bu'uura barnootaa itti fayyadama afaaniin walqabataniin mul'atan, rakkoolee waaltinaa, rakkoolee hanqina dokimantiwwan barnootaaf oolaniin ykn kitaabilee wabii, rakkoolee itti fayyadama jechoota ogummawaa ykn teknikaalaa, rakkoolee sababa, muuxannoofi gahumsaan afaanota walmakuun itti fayyadamuu akkasumas rakkoolee walquunnamtii dhimmamtoota barnootaa garaagaraan walqabatan ta'uu mul'iseera. Haaluma walqabateen, ragaalee bifoote garaagaraan qaacceeffamanii dhiyaatan kanneen keessatti, rakkooleen itti fayyadama afaanii daree barnootaafi dokimantii barnootaaf qophaa'an keessatti mul'atan, tokkummaa dhabuufi albaadheessummaa (xiyyeeffannoofi itti dhimamuun barsiisuu dhabuu) itti fayyadama afaaniiti

Kanaafuu,ragaaleen bu'uuraa akka argannootti argaman akka waliigalaatti akka mul'isanitti,.afaan waalteessuun itti fayyadamurratti qaawwi mul'achuu, itti fayyadamni afaanii barsiisotaa irri caalaa idilawaa ykn ogummawaa kan hintaane, afaan yoomessaafi haalleen sirnawaa hintaane keessatti walmakuun fayyadamuu akkasumas itti fayyadamni afaanii kaayyoon hojiirra kan hinooleefi tokkummaa kan hinqabne waan ta'eef, rakkoolee daree barnootaa afaaniis ta'e dokimantii barnootaaf qophaa'an keessatti mul'ataniif sababa ta'uu agarsiiseera.

5.2 Goolaba

Argannoowwan bifoota garaagaraan cuunfamanii dhiyaatanirraa, haalli itti fayyadama afaanii irri caalaan kan hinwaaltofne, idilawaa kan hintaane, walmakiinsa fayyadamuun afaanii kaayyoo barnootaa afaan dhalootaa gidduugala kan hingodhanneefi raawwiileen afaanii haala tokkummaa qabuun kan hojiirra oolaa jiran waan hintaaneef, qaawwoota bifoota garaagaraan, gama walhubannoo akkasumas walquunnamtiin uumamuuf sababa ta'uun keessumattuu, milkaa'ina barattootaafi guddina afaan dhalootaa hanga ta'e duubatti harkisaa kan jiru ta'uutu hubatame. Afaan,koorsii/qabiyyee kam kam barsiisuuf? kaayyoo maaliif? haalleen akkam akkamii keessatti? akkasumas falaasama hawaas-aadaa akkam akkamii barsiisuuf kan itti fayyadamnu ta'uu adda baasuun hojiirra oolchuu gaafata. Kanaafuu, raawwiin kanneeniin walqabatee tarkaanfiin fudhatamu, walhubannoofi walquunnamtii barattootaafi barsiisota gidduu jiru salphisuu, hariiroo ykn walquunnamtii afaanota garaagaraa gidduu jiru cimsuu akkasumas afaan dhalootaa/ofii guddisuu keessatti gaheen inni qabaatu ol'aanaa waan ta'eef xiyyeeffannoo argachuu qaba.

Rakkoolee itti fayyadama afaaniin walqabatan hambisuu keessattis, qaamni abbummaan itti dhimmamuun irratti hojjachuun tarkaanfii fudhatu kan barbaadu ta'uu mul'isa. Haaluma kanaanis, yeroo ammaa kana tarkaanfii ogeessootni afaanii dhaabilee barnoota ol'aanoo keessatti argaman akka fudhatan eegamu cinaan, dhimmamtootaafi qaamotni xiinqooqa hujoorratti hojjatan haala itti fayyadama afaaniin walqabatee rakkoolee barnoota afaanii keessatti mul'atan furuu keessatti gaheen isaan qaban ol'aanaadha.

Barnoota keessatti afaan dhalootaan barsiisuun, kaayyoo barnoota afaaniifi galumsaa haala gidduugala godhateen, afaan ifa, sirrii, idilawaa ta'eefi ogeessa afaanii biratti beekamsa qabu akkasumas hubachuuf haala sirnawaa ta'een waalteessuun fayyadamuun ogummawaa ta'a. Keessumattuu, milkaa'ina gama barattootaafi barnoota afaaniin argamu akkasumas Afaan Oromoon daran akka guddatu yoo yaadame, afaan waalteessuun itti fayyadamuu dabalataan, jechoota tokkoomsuu (lexical unification), jechoota hammayyeessuu (lexical modernization) akkasumas itti fayyadama jechootaa salphisuurratti (stylistic simplification) hojjachuun barbaachisaadha.

Haaluma yaada armaan olii kana cimsuun, Cheshire, (2007). barbaachisummaa waaltina jechootaa (the need for lexical standardization) yeroo ibsu akkana jedha:

Language is a means of human communication. Effective communication requires the uniform use of a language. Nevertheless, it has the natural tendency of developing into varieties based on geographical or personal difference. This needs efforts to control or reduce language variation through the process of standardization. Although standardization does not hinder linguistic change, it could reduce language change and variation by proposing a standard form and creating uniformity of language use.

Qorataan kunis, walquunnamtii bu'aa qabeessa ykn gaarii jedhamu dhugoomsuu keessatti, adeemsa itti fayyadama loogaa, afaan walmakuun fayyadamuu akkasumas afaan ogummawaa fayyadamuu keessatti jechoota idilawaa ykn waalta'aa ta'aniifi beekamtii qaban irra caalaa fayyadamuun, raawwii barsiisotaa tokkoomsuun garaagarummaa, albaadheessummaafi burjaaja'ina gama barsiisotaafi barattoota afaaniin mul'atu ni hir'isa waan ta'eef jajjabeeffamuu kan qabu ta'uu cimsa.

Walumaagalatti, og-barruuwwan saayinsawaa bifoote garaagaraatiin sakatta'aman keessatti, adeemsa walquunnamtii keessatti tajaajilli afaan qabu, dhimma caasaa afaaniirra darbee dhimmoota kanneen akka kaayyoowwan murtaa'oo barnootaafi haalleen garaagaraa mit-xinqooqawaa kanneen akka: aadaa, hawaasummaa akkasumas akka waliigalaatti jiruufi jireenya waliin walhidhata cimaa qabu waan ta'eef haalli itti fayyadama afaanii kanneen gidduugala godhachuu kan qabu ta'uu gabbisa. Haaluma walqabateen, itti fayyadama afaanii idilawaa akkasumas waalta'aa gochuun, walhubannoo waloo uumuu akkasumas walquunnamtii cimsuu keessatti shoorri inni qabaatu ol'aanaa waan ta'eef kutannoon irratti hojjachuun barbaachisaa ta'uu dhaama. Kanneen dhugoomsuu keessattiis, leenjii barsiisotaa (gahoomsuu), qophiilee dokimantiifi meeshaalee barnootaa garaagaraa, sirna barnootaa akkasumas imaammata barnootarraii hojjachuun fala tauu hubachiisa. Akka ggoolabaattis, rakkooleen xiinsammuu (psychological), xiin-mala barnootaa (pedagogical) akkasumas hawaas-aadaan (socio-cultural) walqabatanii itti fayyadamaan walqabatee barnoota afaanii keessatti mul'atan furuun hojii manaa hunda keenyaati.

5.3 Yaboo

Argannoon qorannichaa akka mul'isutti, adeemsa itti fayyadama afaanii Afaan Oromoo dhaabbilee barnootaa filatamanii keessatti, rakkooleen barnoota afaanii furmaata barbaadan jiraachuu kan akeekudha. Kanaafuu, kanneen maqsuu keessatti, qaamotni gurguddoo armaan gadii sadarkaa garaagaraarra jiraniifi dhimma barnoota afaaniirratti kallattiinis ta'e al-kallattiin gahee qaban: barsiisotni, dhaabileen barnootaa, qaamootni mootummaa afaan karoorsuu/imaammata baasuurratti hojjatan garaagaraa dirqama isaanii ba'uu qabu Haaluma kanaan:

- ✓ Barsiisotni, qaawwa walquunnamtii haala itti fayyadama afaaniin walqabatee gama mala barsiisuun mul'atu duuchuuf, malleen ittiin barsiisan seenduubee barattootaafi haalleen qabatamaa barnoota afaanii garaagaraa waliin madaqsuun fayyadamuu qabu.
- ✓ Barsiisotni yunivarsitiiwwan adda addaa naannoo Oromiyaa keessa jiran walitti dhufuun, mojuulotaafi kitaabota akkasumas qajeelfamootaafi maanuwaalota waloo garaagaraa barnootaaf oolan tokkoomsuun, mudaalee haala itti fayyadama afaaniin walqabatani mul'atan ni hir'isa. Gama kaaniinis, milkaa'ina barattootaa, qulqullina barnootaa akkasumas guddinaafi waaltina afaan tokkoofis bu'uuradha.
- ✓ Haqinni wabiilee Afaan Oromoo jiraachuun isaa kan haalamu miti garuu sirna barreeffamaa afaanichaa cimsuuf gama barsiisotaan barreeffamni /dubbiin / afaan kamiyyuu madda afaan birroorraa gara Afaan Oromootti yommuu jijjiiramu hiikni madaalawaan jiraachuu qaba; Haala aadaa saba Oromoo waliin wal-simatuunis jijjiiruun barbaachisaadha. Gara Afaan Oromootti bifa ogummawaa/idilawaa ta'een qopheessuun itti fayyadamuunis qaawwa gama walquunnamtiin akkasumas og-barruuwwaniin mul'atu cufuurratti gaheen inni qabaatu ol'aanaadha.
- ✓ Gama bulchiinsa yunivarsitiiwwaniin, adeemsa dandeettiifi gahumsa barsiisuu barsiisotaa cimsuu keessatti(capacity building), sadarkaa mummeewwaniin barsiisotni muuxannoowwan gaggaarii garaagaraa itti fayyadama afaaniin walqabatee qaban akka waljijjiiran haala mijeessuun rakkoolee gooree barnoota afaaniis ta'e qulqullina barnootaan walqabatee mul'atu furuu keessatti gahee isaanii taphachuu qabu
- ✓ Gama kaaniin, biyya keessaas ta'e biyya alaarraa ogeessota afaanii affeeruun, yumivarsiitiiwwan leenjiiwwan dabalataa garaagaraa ogummaa barsiisuu barsiisota

isaanii cimsan akkasumas leenjiiwwan waa'ee itti fayyadama afaaniirratti hubannoo kennan marsaa marsaan qopheessuun osoo kennan gaarii ta'a.

- ✓ Qaamotni mootummaa (Fkn.Biiroon Barnootaa akkasumas Aadaafi Turiizimii Oromiyaa) jechoota galtee ta'uu danda'an argachuufis ta'e rakkoolee itti fayyadama loogaan walqabatani mul'atan hanga ta'e furuuf, dhaabbata qorannoo afaanii dhaabuun, tokkoon tokkoon loogota naannoo Oromiyaarratti ogeessotni afaanii akka qorannoo geggeessan jajjabeessuun, loogawwan Afaan Oromoo godinaalee Oromiyaa mararraa, jaarsolii Oromoo looga adda addaa dubbatanirraa fudhachuu walitti kuusuufi haala namoota looga adda addaa dubbatan hundaaf ta'utti bifa dokimantiin akka barreeffamee ol kaa'amu gochuun irraa eegama.Bu'aan kunis, ogeessota sadarkaa garaagaraan Afaan Oromoo barsiisaniif madda ta'a.Kana raawwachiisuufis, baajata barbaachisu hunda ramaduun irraa eegama; asumaanis hariiroofi walquunnamtii dhaabilee barnootaa waliin qabanis cimsuudha.
- ✓ Gama kaaniinis qaamni mootummaa,, ogeessota afaan karoorsuurratti hojjataniif haala mijeessuun imaammata itti fayyadama afaanii qajeelchu qopheessisuufi sirna barnootaa keessatti akka hojiirra oolu haala raawwii isaa hordofuu qabu. Haaluma walqabateenis, Afaan Oromoo waalteessuu cinaan, jechoota tokkoomsuu(lexical unification), jechoota hammayyeessuu(lexical modernization)akkasumas itti fayyadama jechootaa salphisuurratti(stylistic simplification) hojjachuun guddina afaanichaa saffisiisuurratti shoorri inni qabaatu ol'aanaadha.
- ✓ Qaamota miidiyaa, miidiyaan humna guddaa qaba waan ta'eef, ogeessota afaaniifi hayyoota Afaan Oromoorratti beekumsa xobbee qaban garaagaraa bifa sagantaalee garaagaraan dhiyeessuun akkasumas keessummoota muuxannoowwan garaagraa qaban affeeruun, bashannansiisaa qaamota barachuufi barsiiuu sadarkaa garaagaraarra jiran akkasumas hawaasa bal'aa barsiisaa bashannansiisuun gahee isaanii taphachuu qabu.

WABIILEE

- Abedi, J. (2002). *Standardized Achievement tests and English Language Learners: Psychometric issues*. Educational Assessment, 8, 231-257.
- Adger, D. & Smith, J. (2005). *Variation and the Minimalist Programme*. Syntax and Variation: Reconciling the Biological and the Social. Amsterdam: John Benjamins.
- Adger, D. (2006). Combinatorial Variation (42. 503-530): a Response to Hudson. *Journal of Linguistics*.
- Adger, C. & Christian, D. (2007). *Sociolinguistic Variation and Education*. In Bayley, R. and Lucas, C. (Eds.). (2007). *Sociolinguistic Variation: Theories, Methods, and Applications* (237-253).
- Adjei, A. A., & Ewusi-Mensah, L. (2019). Code-Switching And Code-Mixing among University Lecturers In Formal Interactions With Students. *Journal of Language and Linguistics*, (6).
- Akinlabi, A. & Adéníyí, H. (2017). *The Language and its dialect*, In T. Fáló. lá & A. Akínyé. mí (Eds.), *Culture and customs of the Yorùbá* (pp 31-43). Pan-African University Press.
- Allan, Keith and Kate Burridge (2006). *Forbidden Words: Taboo and the Censoring of Language*. Cambridge: Cambridge University Press
- Amanuel, R & Samuel ,A. (2012). Homonymy as a Barrier to Mutual Intelligibility among speakers of various dialects of Afan Oromo. *Journal of Language and Culture*. DOI: 10.5897/JLC11.085
- Bachore, M.. (2014). Learners' Success in Mother Tongue Based Classroom Instruction and the Attitudes and Perceptions of School Communities. International(Vol. 3 No. 2 (2014): *Journal of Sociology of Education*.
- Baldauf, R. & Robert.(2005). *Language-in-Education Policy and Planning*. Mahwah, N: Lawrence Erlbaum Associates Inc.,

- Banda, F. (2000). The Dilemma of the Mother Tongue: Prospects for Bilingual Education in South Africa. *Language, Culture and Curriculum* 13(1): 51-66
- Bausmith, J. M., & Barry, C. (2011). Revisiting professional learning communities to increase college readiness: The importance of pedagogical content knowledge. *Educational Researcher*, 40(4), 175–178.
- Bikila Ashenafi .(2008). “Codeswitching in Afan Oromo and English.” MA thesis, Addis Ababa University.
- Boscoboinik .(2008). *Standardized Language as a Way to Support a Common Identity: The Case of Roma Communities*. Switzerland: University of Fribourg
- Bryson, D. (2016). Professional language: Understanding and being understood. *Journal of Visual Communication in Medicine*, 39(3–4), 158–159. <https://doi.org/10.1080/17453054.2016.1246942>
- Chambers,J.(2003).*Sociolinguistic Theory: Linguistic Variation and its Social Significance. Second edition*. Oxford: Blackwell.
- Chambers, J. & Trudgill, P.(2004).*Dialectology (2nd ed)*. Cambridge: Cambridge University Press.
- Cheshire, J. (2007).*Dialect and Education:responses from sociolinguistics*.In Papapavou, A. and Pavlos, P. (Eds).(2007). Sociolinguistics and pedagogical dimensions of dialect in education (14-33). Newcastle: Cambridge Scholars Publishing.
- Chomsky, N. (1965). *Aspects of the Theory of Syntax*. Cambridge: MIT Press.
- Chomsky, N. (1986). *Knowledge of Language: its nature, origin, and use*. New York: Praeger
- Cleghorn, A., & Rollnick, S. (2002). Avoiding code switching in learning English: Focus on language. *Journal of Language Teaching*, 7(2), 153-168.
- Cook, L. & Schimitt-Cascallar, A. P. (2005). *Establishing Score Comparability for Tests given in different languages: adapting educational and psychological tests for cross-cultural assessment* (pp. 139-169). Mahwah, NJ: Erlbaum.

- Creswell,J.(2003). *Research Design: qualitative, quantitative and mixed methods approaches* (2nd edition). USA: SAGE Publications Inc.
- Creswell, J.(2006). *Collecting Data in Mixed Methods Research*. UK: SAGE Publications Inc.
- Creswell, J .(2014). *Research Design: qualitative, quantitative and mixed methods approaches* (4th edition). SAGE Publications Inc. UK.
- Dame,A.(2021).Xiinxala Adeemsa Moggaasa Jechootaa: Jechoota Garee Qorannoo Moggaasa Jechootaafi Waaltina Afaan Oromoo Moggaaserratti(Vol. 4, No.2 pp. 84-102). *Gadaa Journal*.
- Dannenber, C.(2006). *Attitudes toward Appalachian English*. in Abramson & Haskell (eds.), *The encyclopedia of Appalachia* (p. 1012). Knoxville: University of Tennessee
- Davies, A.& Cathie, E (eds) .(2004). *The Handbook of Applied Linguistics*, Oxford: Blackwell
- Deumert .(2004). *Language Standardization and Language Change: The Dynamics of Cape Duchth*. England: Edinburgh Gate.
- Dewaele, J-M. (2004). The Emotional Force of Swearwords and Taboo Words in the Speech of Multilinguals. *Journal of Multilingual and Multicultural Development*, 25(2-3), 204-222.
- Ejieh, M.(2004). Attitudes of Student Teachers Towards Teaching in MotherTongue in Nigerian Primary Schools: Implications for Planning. *Language, Culture &Curriculum* 17(1):73-82.
- Ezeh, N. G., Umeh, I. A., & Anyanwu, E. C. (2022). Code switching and code mixing in teaching and learning of English as a second language: Building on knowledge. *Canadian Center of Science and Education*, 15(9), 106-113.
- Fedha, N.(2015).Computational Classification of Dialects. *International Journal of Computational Linguistics (IJCL)*Volume (6) :Issue (1)
- Ferguson, G. (2003). Classroom Code-switching in Post-colonial Contexts: Functions, Attitudes, and Policies. *AILA Review*, 16(1), 38-51.

- Ferguson, G.(2006).*Language Planning and Education*. Edinburgh: Edinburgh University Press Ltd.
- Fontaine, L.(2013). *Analysing English grammar: a systemic functional introduction*. Cambridge: Cambridge University Press.
- Gebrewold & Halefom.(2024)University Students' Code-switching Patterns and Functions: Evidence from Mekelle University Students *Daagu International Journal of Basic and Applied Research* : <https://doi.org/10.20372/dijbar67771.v6i1.2024>
- Getachew.A & Derib.A (2006). Language Policy in Ethiopia: history and current trends. *Ethiopian Journal of Education and Sciences* 2, (1), 37-61.
- Ghounane, N. (2014). A Sociolinguistic View of Taboo Language and Euphemisms in the Algerian Society: Attitudes and Beliefs in Tlemcen Speech Community.
- Gibson.(2006). *Language Planning and Education*. Edinburgh: Edinburgh University Press Ltd.
- Gooden, S. (2007).*Diversity in the Linguistics Classroom*.In J. Branche, J.W. Mullennix.
- Gómez, Luis Felipe, L., & Dailey, S. L. (2017). Formal Communication. In The International Encyclopedia of Organizational Communication (pp. 1–15). Wiley.<https://doi.org/10.1002/9781118955567.wbieoc083>
- Gordon, J. (2005). *Research Aims and Methodology. an international handbook of the science of language and society*. Ammon U, Dittmar N, Mattheier J, &Trudgill P (eds.). Berlin. Walter de Gruyter.
- Hadley, A. O. (2001). *Teaching language in context* (3rd ed.). Cambridge: Cambridge University Press
- Halliday, M. (1978). *Language as Social Semiotic: the social interpretation of language and meaning*. London: Edward Arnold.
- Halliday, M.(1993). Towards a Language-based Theory of Learning. *Linguistics and Education*, 5(2), 93-116. Retrieved from <http://lchc.ucsd.edu/mca/Paper/JuneJuly05/HallidayLangBased.pdf>

- Halliday, M. (2007). *Introduction. In M. Halliday, Language and Education* (pp. 1-19). London: Continuum
- Halliday, M. & Matthiessen, C. (1994). *An Introduction to Functional Grammar*. New York: Oxford University Press Inc.
- Hasan, K. (2014). Reviewing the Challenges and Opportunities Presented by Code Switching and Mixing in Bangla. *Journal of Pan-Pacific Association of Applied Linguistics* (Journal of PAAL), 18(2), 63–75.
- Hasan, R. (2001). *Wherefore context? The place of context in the system and process of language*. In R. Shaozeng, W. Guthrie and I.W.R. Fong (eds) *Grammar and Discourse*
- Hasan, R. (2014). Towards a Paradigmatic Description of Context, Systems, Metafunctions, and Semantics. *Functional Linguistics* 1-54.
- Heine. (2012). The Waata Dialect of Oromo: grammatical sketch and vocabulary.. *Journal of the International African Institute*. ISBN 3496001755, 9783496001751
- Holmes, J. (2001). *An Introduction to Sociolinguistics*. Malaysia: Pearson Education Limited.
- Hoey, M. (2012). *Lexical Priming: a New Theory of Words and Language*. London: Routledge
- Hovens, M. (2003). *Primary Bilingual Instruction: two West African experiences*. Niamey: Albasa.
- Kebede, H. (1991). A Contribution to the Dialectology of Afaan Oromo (Volume 3, Issue 4). DOI 10.11648/j.hss.20150304.13
- Kebede, H. (1997). Rayya Oromo Phonology: aspects of palatalization in Ethiopia in broader perspective. *International conference of Ethiopian studies*.
- Kebede, H. (2007). Causative Verb and Palatalization in Oromo (V, 14 No 2). *The Journal of Oromo Studies*.
- Kebede, H. (2009). Towards the Genetic Classification of the Afaan Oromoo Dialects. (Doctoral dissertation, University of Oslo.)
- Krippendorff, K. (2012). *Content Analysis: an introduction to its methodology*. Newbury Park, CA: Sage.

- Labov, W. (1972b). *The study of Language in its Social Context*, in Pier Paolo Giglioli (ed.), *Language and Social Context*: Penguin. Pp. 283-307
- Labov, W. (1979). *The Logic of Non-standard English: in 'Language in the inner city: Studies in the Black English Vernacular Philadelphia*: University of Pennsylvania Press, Philadelphia
- Labov, W. (2006). *The Social Stratification of English in New York City* Washington, DC: Center for Applied Linguistics
- Manuela .S .(2021). *Professional Teacher Language: Its Contexts, Functions, and Potential to Further Teachers' Professionalism* University of Vienna, Center for English Language Learning, Teaching and Teacher Education Research
- Maybin, J. (2007). *Language and Education*. In Liams, C., Mullany, L & Stockwell, P. (Eds). (2007). *The Rutledge companion to Sociolinguistics* (157-163). New York: Taylor and Francis Group.
- Megersa, B. (2021). *EFL Teachers' Perception and Practices of Code-Switching to Amharic*: www.languageinindia.com ISSN 1930-2940 Vol. 21:8 August 2021
- Mehl, M. (2003). *Psychological aspect of natural language: Our words ourselves*. Austin: University of Texas.
- Milroy, J. (2007). *The Ideology of Standard Language*. In Liams et al., (Eds). (2007). *The Rutledge companion to Sociolinguistics* (133-139). New York: Taylor and Francis Group.
- Mitchell, R. (1988). *Communicative language teaching in practice*. London: CILT.
- Modupeola, J. (2013). *Code switching as a teaching strategy: Implications for language teaching and learning in a multilingual society*
- Mokonnen, H. (2002). *Lexical Standardization in Oromo*. Addis Ababa University. (Unpublished MA Thesis)
- Muin, F. (2019). *Language Use In Lok Baintan Floating Market of Banjar District of South Kalimantan*. *Indonesian Journal of Cultural and Community Development*, 2(November 2019). <https://doi.org/10.21070/ijccd.v2i1.56>
- Muslimawati, N. S. (2022). *Formal and Informal Language Expressions Used by English Students of Indonesia in Classroom Presentation-Interaction*. *Elsya : Journal of English Language Studies*, 4(1), 12–23. <https://doi.org/10.31849/elsya.v4i1.8293>

- Nancy,H. & Sandra, L. (2010).*Sociolinguistics and Language Education*. New York: Taylor and Francis Group
- Papapavou, A & Pavlos, P. (Eds). (2007). *Sociolinguistics and Pedagogical dimensions of Dialect in Education*.Newcastle: Cambridge Scholars Publishing.
- Pennycook, A.(2001). *Critical Applied Linguistics: A Critical Introduction*. Mahwah, NJ: Lawrence Erlbaum Associates Inc.
- Pollard, A. (Ed.). (2010). Professionalism and pedagogy: A contemporary opportunity. Institute of Education.
- Polio, C. & P.Duff .(1994). Teachers' language use in university foreign language classrooms: Aqualitative analysis of English and target language alternation. *The Modern Language Journal* 78.3, 313–326.
- Prasad, B.(2008). *Content Analysis: A method in social science research*. In D.K. Lal Das & V. Bhaskaran (Eds.). Research methods for Social Work, New Delhi: Rawat Publications, pp.173-193.
- Reagan, T.(2005). *Accents and Dialects: ebonics (ed.), Language and cultural diversity in U.S. schools: Democratic principles in action* (pp. 39– 52). Westport, ct: praeger.
- Romaine, S.(2000). *Language in Society: an introduction to sociolinguistics* (2nd ed). Oxford: OUP.
- Samuel,L.& Tamiru,G.(2020)“Language Policy” in Ethiopia: Challenges and Opportunities in Current Trends of Afaan Oromoo. *Political Science, Linguistic & Education*..DOI 1011648
- Sherif,Nataliana & Maria.(2021).Language Use in EFL Classroom Interaction: A Sociolinguistic Study .International Journal of Language Education: Volume 5, Number 4, 2021, pp. 372-381: University of Palangka Raya, Indonesia
- Simons, P. & Ruijters, M. (2004). Professional learning: Gaps and transitions on the way from novice to expert (pp. 207–229). Kluwer Academic.
- Tamene,.,B. (2000). *A Dictionary of Oromo Technical Terms, Oromo-English. (Cushitic language studies (Kuschitische Sprachstudien), 15.)* Cologne: Köln: Rüdiger Köppe Verlag.

- Tamane, .B.(2006). Looga Oromoo Walloo [Wallo Otomo Dialect](*V13,Issue 1-2*) *The Journal of Oromo Studies*.
- Tsuchiya, K., & Sakurai, T. (2023). The role of code switching in language learning: Evidence from Japanese students.*Asian Journal of Education*, 39(2), 215-229.
- Tesfa, A.(2023)Afan Oromo and Code-switching - Mixing Amharic into Afan Oromo,
- Ugwuona, C. (2020). Linguistic borrowing and translanguaging in multicultural Obollo speech community, southeastern Nigeria. *SAGE Open*, 10, 1–10 .
<https://doi.org/10.1177/2158244020929312>
- UNESCO.(2003). *Education in a Multilingual World and Mother Tongue Education*. France: UNESCO
- Van Valin., R..(2003). *Functional linguistics*. In M. Aronoff and J. Rees-Miller (Eds). *The Handbook of Linguistics*. Blackwell Publishing.
- Wako, T.(1981). *The Phonology of Mecha Oromo* (Unpublished MA Thesis). Institute of Language Studies: Addis Abeba University.
- Wang, Y., & Duran, C. (2021). The impact of bilingual education on academic achievement in China. *International Journal of Bilingual Education*, 21(3), 243-261.
- Wardhaugh,R.(2006). *An Introduction to Sociolinguistics* (6th ed). Cambridge: Blackwell Black well Publishing Ltd.
- White, J. (2005). Sociolinguistic Challenges to Minority Collegiate Success: entering the discourse community of the college. *Journal of College Student Retention*. DOI: [10.2190/8AY3-498G-HRN5-NHDJ](https://doi.org/10.2190/8AY3-498G-HRN5-NHDJ)
- White, J.(2011). Resistance to Classroom Participation: minority students, academic discourse, cultural conflicts, and issues of representation in whole class discussions (*Volume 10, issue 4*).*Journal of Language, Identity, and Education*.
- Wolff, E .(2000). “Language and Society”In Heine, B.and Nurse, D.(eds.) *African Languages: An Introduction*.Cambridge University Press

- Wolfram & Cullinan.(2014).*Educating the Educated: The role of university-based linguistic diversity programs.program presented at the American dialect society*, Minneapolis, mn.
- Wondimu,T.(2015) .The Use of Dialects in Education and Its Impacts on Students’ Learning and Achievements(4(5):263-269.*Education Journal*.DOI 10.11648/j.edu.
- Wondimu, T.(2015).The Inclusion of Dialects in Education: an exploration into the use of Afan Oromo dialects in Primary educational contex(*Vol 3, issue 6*).*International Journal of Language andLinguistics*.DOI: [10.11648/j.ijll.20150306.17](https://doi.org/10.11648/j.ijll.20150306.17)
- Yanmei, G. & Jonathan J.(2020). New directions of Systemic Functional Linguistics, *Journal of World Languages*, DOI: 10.1080/21698252.2020.1769916
- Zelalem Leyew. (1998). “Code Switching: Amharic and English.” *Journal of African Cultural Studies* 11(2):197-216.doi: 101080/13696819808717834.
- Zhi-ying .(2020). Language Education and Systemic Functional Linguistics(Vol 11 No 2) NOBEL: *Journal of Literature and Language Teaching* DOI: 10.15642/.

Dabalee A : QAACCEESSA JECHOOTA QABIYYEE

JECHOOTA QABIYYEE YAADANNOO KEESSAA FILATAMAN

Qajeelfama 1: Jechoota qabiyyee(content words) yaadannoo(handout) barsiisotni kee siif qopheessan keessaa filataman kanneen armaan gadii cinaatti,haala itti fayyadama jechaa kee gidduugala godhachuun, garee loogaa ati dubbattu jalatti jecha hiikaan walmadaalaa ta’e barreessi.

Qaacceessa jechoota qabiyyee yaadannoo(handout) barsiisaan qopheessu keessatti

No	Jechoota Yaadannoo keessaa filataman	Hiika jechichaa Afaan Ingiliziin	Unka jechootaa loogota Afaan Oromoo shanan keessatti				
			Dhiha	Gidduu gala	Baha	Kibba Bahaa	Kibba
1	Aannan	‘Milk’	Aannan	Aannan	Aanan	Aannan	Aannan
2	Abbaa manaa	‘Husband’	Abbaa manaa	Abbaa manaa	Abbaa warraa	Jaarsa	Abbaa manaa
3	Abjuu	‘Dream(Illusion’)	Abjuu	Abjuu	Manaaba	Manaama	Ojuu
4	Abukaatoo	‘Lawyer’	Abukaatoo	Abukaatoo	Abukaatoo	Abukaatoo	Wabii
5	Adda	‘Fore head’	Adda	Adda	Kallacha	Adda	Kallacha
6	Adurree	‘Cat’	Adurree	Adurree	Adurree	Bashoo	Qaxurree
7	Aduu	‘Sun’	Aduu	Aduu	Aduu	Biiftuu	Aduu
8	Ajaa’iba	‘Surprise’	Ajaa’iba	Dinqii	Raajii	Raajii	Baasaa

9	Albee	‘knife’	Haaduu	Albee	Albee	Albee	Allee
10	Arreeduu	‘To run’	Fiiguu	Kaachuu	Arreeduu	Fiiguu	Fiiguu
11	Baallee	‘Feather’	Baallee	Baallee	Baallii	Baallii	Koola
12	Baatii	‘Month’	Ji’a	Ji’a	Baatii	Baatii	Baatii
13	Baay’ee	‘Many’	Hedduu/Danuu	Baay’ee	Danuu	Hedduu	Danuu/Bacaa
14	Bakka	‘Place’	Bakka/	Bakka/	Bakka	Bakka	Bakka
15	Bal’oo	‘Tuesday’	Bal’oo/	lammaffoo	Kibxata	Salaasa	Dhiqqoo
16	Balaqqamuu	‘Vomit’	Balaqqamuu	Hooqqisuu	Oldeebisuu	Bulga’uu	Bulga’uu
17	Baleeluu	‘To be proud’	Kooruu	Kooruu	Boonuu	Boonuu	Baleeluu
18	Barcuma	‘Chair’	Teessuma	Barcuma	Barcuma	Kursii	Marcuma
19	Baroo	‘Good’	Baroo	Gaarii	Bareedaa	Bareedaa	Gaarii
20	Barraaqa	‘Dawn’	Barii	Barraaqa	Obboroo	Bariisaa	Barraaqa
21	Beeylada	‘Domestic animal’	Horii	Horii	Horii	Beeylada	Horii
22	Bicuu	‘Small’	Bicuu	Xinnoo	Diqqqoo	Xinnoo	Diqqoo
23	Bohaartii	‘Enjoyment’	Bashannana	Bashannana	Bashannana	Bashannana	Bashannana
24	Boo’uu	‘Weep’	Boo’uu	Boo’uu	Booyuu	Booyuu	Boowuu
25	Booda	‘Later(Afterwards)’	Booda	Gulana	Gulana	Booda	Booda
26	Boolii	‘Waste/toilet’	Boolii	Mana fincaanii	Mana fincaanii	Mana	Gol-bobbaa

						fincaanii	
27	Boraatii	‘Pilow’	Boraatii	Boraatii	Boraatii	Boraatii	Boraatii
28	Bukkee	‘Hermaphrodite’	Gadhee/Dansee	Gadhee	Bukkee	Bukkee	Middiisa
29	Bulluqa	‘Warm’	Bulluqa/	Bulluqa	Owwa	Owwa	Bulluqa/
30	Cufa	‘All’	Mara	Hunda	Mara	Mara	Cufa
31	Dabbasaa	‘hair’	Rifeensa	Dabbasaa	Rifeensa	Rifeensa	Rifeensa
32	Dagachuu	‘To forget’	Irraanfachuu	Dagachuu	Irraanfachuu	Irraanfachuu	Dedhuu
33	Dalaga	‘Work/duty’	Hojii	Hojijaa	Dalaga	Dalaga	Hujii
34	Damma	‘Honey’	Damma	Damma	Deyma	Deyma	Damma
35	Danuu	‘Many’	Danuu/	Baay’ee	Hedduu	Hedduu	Hedduu
36	Darbuu	‘To pass’	Darbuu	Darbuu	Taruu	Darbuu	Darbuu
37	Dhaqna/Dhanna	‘Body’	Dhanna	Dhaqna	Nafa	Qaama	Nafa
38	Dheekkamuu	‘To be Angry’	Dheekkamuu	Dheekkamuu	Loluu	Loluu	Loluu
39	Dhorkuu	‘To prevent’	Dhorkuu	Dhowwuu	Dhogguu	Dhorkuu	Dhogguu
40	Dhugaa	‘True’	Dhugaa	Dhugaa	Haqa	Dhugaa	Haqa
41	Dhukkuba	‘Disease’	Dhukkuba	Dhibee	Dhibee	Dhibee	Dhibee
42	Diida	‘Out side’	Ala	Ala	Diida	Diida	Diida
43	Dilbata	‘Sunday’	Dilbata	Sanbat-guddaa	Giddii sanbataa	Allaada	Guddoo

44	Doqna	‘Greedy’	Doqna	Doqna	Sassattuu	Sassattuu	Donna
45	Dubartii	‘Woman’	Nadheen	Dubartii/	Beera	Beera	Nadheen
46	Dugda	‘Back’	Dugda	Dugda	Duyda	Duyda	Dudda
47	Duniyaa	‘Property’	Qabeenya	Qabeenya	Duniyaa	Duniyaa	Qabeenya
48	Finna	‘Infant(baby)’	Daa’ima/Mucaa	Daa’ima	Finna	Finna	Daa’ima
49	Gadda	‘Sadness’	Gadda	Gadda	Gadda	Taaziyaa	Naasuu
50	Galma	‘Hall’	Galma	Galma	Galma	Galma	Galma
51	Ganda	‘Village’	Ganda	Ganda	Ganda	Araddaa	Ganda
52	Gasoo	‘Hoe’	Gasoo	Gasoo	Dongoraa	Dongoraa	Qottoo/Jembe
53	Geeddaruu	‘change’	Geeddaruu	Jijjiiruu	Jijjiiruu	Jijjiiruu	Jijjiiruu
54	Gosa	‘Type’	Akaakuu	Gosa	Gosa	Gosa	Gosa
55	Guntuta	‘Breast’	Guntuta/	Harma	Harma	Harma	Guntuta/
56	Haadha	‘Mother’	Haadha	Haadha	Aayyoo	Harmee	Aayyoo
57	Haajaa	‘Affair or topic ajenda’	Dhimma	Haajaa	Dhimma	Haajaa	Dhimma
58	Halluu	‘Colour’	Bifa	Bifa	Bifa	Bifa	Bifa/Rangi
59	Ifachuu	‘To warn’	Dheekkamuu	Ifachuu	Ifachuu	Ifachuu	Ifachuu
60	Ija	‘Eye’	Ija	Ija	Ija	Ija	Ila

61	Ilillii	‘Flower’	Daraaraa	Abaaboo	Daraaraa	Ilillii	Daraaraa
62	Jaajjuu	‘To stand’	Dhaabbachuu	Jaajjuu	Dhaabbachuu	Dhaabbachuu	Dhaabbachuu
63	Jalqabuu	‘Begin’	Jalqabuu	Jalqabuu	Eegaluu	Eegaluu	Jalqabuu
64	Jamaa	‘People’	Uummata	Uummata	Uummata	Jamaa	Kolbaa
65	Kabaja	‘Respect’	Ulfina	Kabaja	Ulfina	Kabaja	Ulfoo
66	Kasoo	‘Simple’	Salphaa	Salphaa	Salphaa	Salphaa	Kasoo
67	killee	‘Egg’	Hanqaaquu	Buuphaa	killee	killee	Quuphaa
68	Koodee	‘Brother/Sister’	Haadhoo	Koodee	Obbolaa	Obbolaa	Obbolaa
69	Kora	‘Conference’	Walga’ii	Walga’ii	Yaa’ii	Yaa’ii	Yaa’ii
70	Laachuu	‘To give’	Laachuu	Kennuu	Kennuu	Kennuu	Kennuu
71	Labata	‘Generation’	Dhaloota	Dhaloota	Dhaloota	Dhaloota	Dhaloota
72	Lafa	‘Land/Earth’	Lafa	Lafa	Dachee/Ardii	Dachee/Ardii	Dachee
73	Lugna	‘coward/fearful’	Lugna	Sodaataa	Dabeessa	Sodaataa	Yaraa
74	Lukkuu	‘Hen’	Hindaaqqoo	Hindaaqqoo	Lukkuu	Lukkuu	Lukkuu
75	Maallaqa	‘Money’	Qarshii	Qarshii/Horii	Maallaqa	Maallaqa	Beesee
76	Mi’aayaa	‘Expensive’	Mi’aa	Mi’aa	Mi’aa	Qaalii	Qaalii
77	Michuu	‘Friend’	Hiriyyaa	Michuu	Michuu	Michuu	Hiriyyaa
78	Miila	‘Leg’	Miila	Miila	Miila	Miila	Miila

79	Misingaa	‘Millet’	Daagujjaa	Mishingaa	Mishingaa	Bishingaa	Misingaa
80	Mo’uu	‘To win’	Mo’uu	Moowuu	Injifachuu	Injifachuu	Injifachuu
81	Mudaa	‘Lack(defect)’	Hir’ina	Hir’ina	Mudaa	Mudaa	Hir’ina
82	Murna	‘group’	Garee	Garee	Garee	Garee	Garee
83	Mushirroo	‘Bride & bride groom’	Mushirroo	Mushirraa	Idaayyaa	Aruuza	Waajibicha
84	Nyaapha	‘Enemy’	Diina	Xalaata	Diina	Diina	Nyaapha
85	Okkotee	‘Pot’	Okkotee	Okkotee	Washoo/Oytee	Okkotee	Okkotee
86	Oyruu	‘Farm’	Maasii	Maasaa	Oyruu	Oyruu	Oyruu
87	Qiliixamuu	‘To be happy’	Gammaduu	Gammaduu	Gammaduu	Gammaduu	Qiliixamuu
88	Qooqa	L’anguage’	Qooqa	Afaan	Looga	Afaan	Afaan
89	Qoosuu	‘Joke’	Qoosuu	Qoosuu	Baacuu	Cooruu	Qoosuu
90	Qoricha	‘Medicine’	Qoricha	Qoricha	Qorsa	Dawaa	Qorsa
91	Qottoo	‘axe’	Qottoo	Qottoo	Qottoo	Qottoo	(Dh)agara/Soqaa
92	Qufaa	‘Common cold’	Qufaa	Utaalloo	Qufaa	Dufqaaqa	Dunfafa/Donfola
93	Quxisuu	‘Younger ‘ ‘brother or sister’	Quxisuu	Quxisuu	Quxisuu	Quxisuu	Maan’aa
94	Rooba	‘Rain’	Bokkaa	Rooba	Rooba	Rooba	Rooba

95	Saaquu	‘To open’	Banuu	Saaquu	Saaquu	Banuu	Banuu
96	Saayyee	‘Cattle’	Loon/Horii	Loon/Horii	Saayyee	Horii	Sa’olee
97	Sadaquu	‘To give or help’	Kennuu	Kennuu	Sadaquu	Sadaquu	Kennuu
98	Sadarkaa	‘Stage/level’	Sadarkaa	Sadarkaa	Gulantaa	Gulantaa	Sadarkaa
99	Sanyii	‘Seed’	Sanyii/	Sanyii/	Sanyii/	Shanyii	Sanyii/
100	Shakkii	‘Hesitation’	Shakkii	Mamii	Mamii	Shakkii	Shakkii
101	shamaa	‘Rotten or spoiled’	Xuraa’aa/Tortoraa	Xuraa’aa/Tortoraa	shamaa	shamaa	shamaa
102	Shummoo	‘Boiled grain’	Mulluu	summoo	summoo	Shummoo	Shummoo
103	Siree	‘Bed’	Siree	Siree	Siree	Siree	Siree
104	Siruma	‘Never’	Tasuma	Siruma	Abadan	Gonkuma	Gonkuma
105	Soba	‘Lie’	Soba	Soba	Kijiba	Kijiba	Dhara
106	Soorata	‘Food’	Nyaata	Nyaata	Nyaata	Nyaata	Sagalee
107	sooressa	‘Rich’	sooressa	sooressa	Dureessa	Abbaa qabeenya	Dureessa
108	Taayitaa	‘Authority’	Taayitaa	Angoo	Taayitaa	Taayitaa	Baallii
109	Tasa	‘Sudden’	Tasa	Tasa	Diqqa	Tasa	Tasa
110	Tattaaffii	‘Effort’	Tattaaffii	Tattaaffii	Yaalii	Yaalii	Yaalii
111	Tooftaa	‘Method’	Tooftaa	Mala	Haxa	Haxa	Mala

112	Tumsa	‘Support’	Gargarsa	Gargarsa	Tumsa	Tumsa	Gargarsa
113	Ulaa	‘Door or Gate’	Karra/balbala	Karra/balbala	Ulaa	Ulaa	Karra/balbala
114	Waaqa	‘God’	Waaqa	Waaqa	Rabbi	Rabbi	Waaqa
115	Waatii	‘Calf’	Waatii/	Waatii/	Jabbii	Jabbii	Jabbii
116	Wadaroo	‘Rope’	Wadaroo/	Tushaa	Haada	Haada	Funyoo
117	Wayyaa	‘Clothes’	Wayyaa/	Wayyaa/	Huccuu	Huccuu	Wayyaa
118	Yaaduu	‘Think’	Yaaduu	Yaaduu	Yaaduu	Yaaduu	Herreguu
119	Yayyaba	‘Beginning’	Jalqaba	Jalqaba	Yayyaba	Ka’umsa	Yayyaba
120	Yeella’uu	‘To be ashamed’	Yeella’uu	Qaana’uu	Qaana’uu	Qaana’uu	Qaana’uu

Furtuu

- **Looga Dhiyaa (Wallagga, Ilubbaabor Jimma)**
- **Looga Gidduugala (Shawaa)**
- **Looga Bahaa (Arsii Baalee)**
- **Looga Kibba Bahaa (Harargee)**
- **Looga Kibbaa (Boorana, Gujii)**

Dabalee B : JECHOOTAA QABIYYEE TAALII GODHAMUUN ADDA BA'AN

No	Jechoota Yaadannoo keessaa filataman	Hiika jechichaa Afaan Ingiliziin	Unka jechootaa loogota Afaan Oromoo shanan keessatti				
			Dhiha	Gidduu gala	Baha	Kibba Bahaa	Kibba
1	Aannan	Milk	1	1	1	1	1
2	Abbaa manaa	Husband	1	1			1
3	Abjuu	Dream(Illusion)	1	1			
4	Abukaatoo	Lawyer	1	1	1	1	
5	Adda	Fore head	1	1		1	
6	Adurree	Cat	1	1	1		
7	Aduu	Sun	1	1	1		1
8	Ajaa'iba	Surprise	1				
9	Albee	knife		1	1	1	
10	Arreeduu	To run			1		
11	Baallee	Feather	1	1	1	1	

12	Baatii	Month			1	1	1
13	Baay'ee	Many		1			
14	Bakka	Place	1	1	1	1	1
15	Bal'oo	Tuesday	1				
16	Balaqqamuu	Vomit	1				
17	Baleeluu	To be proud					1
18	Barcuma	Chair		1	1		1
19	Baroo	Good	1				
20	Barraaqa	Dawn		1			1
21	Beeylada	Domestic animal				1	
22	Bicuu	Small	1				
23	Bohaartii	Enjoyment					
24	Boo'uu	Weep	1	1			
25	Booda	Later(Afterwards)	1			1	1
26	Boolii	Waste/toilet	1				
27	Boraatii	Pilow	1	1	1	1	1

28	Bukkee	Hermaphrodite			1	1	
29	Bulluqa	Warm	1	1			1
30	Cufa	All					1
31	Dabbasaa	hair		1			
32	Dagachuu	To forget		1			
33	Dalaga	Work/duty			1	1	
34	Damma	Honey	1	1	1	1	1
35	Danuu	Many	1				
36	Darbuu	To pass	1	1		1	1
37	Dhaqna/Dhanna	Body	1	1			
38	Dheekkamuu	To be Angry	1	1			
39	Dhorkuu	To prevent	1			1	
40	Dhugaa	True	1	1		1	
41	Dhukkuba	Disease	1				
42	Diida	Out side			1	1	1
43	Dilbata	Sunday	1				

44	Doqna	Greedy	1	1			1
45	Dubartii	Woman		1			
46	Dugda	Back	1	1	1	1	1
47	Duniyaa	Property			1	1	
48	Finna	Infant(baby)			1	1	
49	Gadda	Sadness	1	1	1		
50	Galma	Hall	1	1	1	1	1
51	Ganda	Village	1	1	1		1
52	Gasoo	Hoe	1	1			
53	Geeddaruu	change	1				
54	Gosa	Type		1	1	1	1
55	Guntuta	Breast	1				1
56	Haadha	Mother	1	1			
57	Haajaa	Affair or topic ajenda		1		1	
58	Halluu	Colour					
59	Ifachuu	To warn		1	1	1	1

60	Ija	Eye	1	1	1	1	
61	Ilillii	Flower				1	
62	Jaajjuu	To stand		1			
63	Jalqabuu	Begin	1	1			1
64	Jamaa	People				1	
65	Kabaja	Respect		1			
66	Kasoo	Simple					1
67	killlee	Egg			1	1	
68	Koodee	Brother/Sister		1			
69	Kora	Conference					
70	Laachuu	To give	1				
71	Labata	Generation					
72	Lafa	Land/Earth	1	1			
73	Lugna	coward/fearful	1				
74	Lukkuu	Hen			1	1	1
75	Maallaqa	Money			1	1	

76	Mi'aa	Expensive	1	1	1		
77	Michuu	Friend		1	1	1	
78	Miila	Leg	1	1	1	1	1
79	Misingaa	Millet		1	1	1	1
80	Mo'uu	To win	1	1			
81	Mudaa	Lack(defect)			1	1	
82	Murna	group					
83	Mushirroo	Bride & bride groom	1	1			
84	Nyaapha	Enemy					1
85	Okkotee	Pot	1	1		1	1
86	Oyruu	Farm			1	1	1
87	Qiliixamuu	To be happy					1
88	Qooqa	Language	1				
89	Qoosuu	Joke	1	1			1
90	Qoricha	Medicine	1	1			
91	Qottoo	axe	1	1	1	1	

92	Qufaa	Common cold	1		1		
93	Quxisuu	Younger brother or sister	1	1	1	1	
94	Rooba	Rain		1	1	1	1
95	Saaquu	To open		1	1		
96	Saayyee	Cattle			1		
97	Sadaquu	To give or help			1	1	
98	Sadarkaa	Stage/level	1	1			1
99	Sanyii	Seed	1	1	1	1	1
100	Shakkii	Hesitation	1			1	1
101	shamaa	Rotten or spoiled			1	1	1
102	Shummoo	Boiled grain				1	1
103	Siree	Bed	1	1	1	1	1
104	Siruma	Never		1			
105	Soba	Lie	1	1			
106	Soorata	Food					
107	sooressa	Rich	1	1			

108	Taayitaa	Authority	1		1	1	
109	Tasa	Sudden	1	1		1	1
110	Tattaaffii	Effort	1	1			
111	Tooftaa	Method	1				
112	Tumsa	Support			1	1	
113	Ulaa	Door or Gate			1	1	
114	Waaqa	God	1	1			1
115	Waatii	Calf	1	1			
116	Wadaroo	Rope	1				
117	Wayyaa	Clothes	1	1			
118	Yaaduu	Think	1	1	1	1	
119	Yayyaba	Beginning			1		1
120	Yeella'uu	To be ashamed	1				

Furtuu

Looga Dhiyaa (Wallagga,Iluu Abbaaboriifi Jimma)

Looga Bahaa (Arsii Baalee)

Looga Gidduugala (Shawaa)

Looga Kibba Bahaa(Harargee)

Looga Kibbaa (Boorana, Gujii)

Dabalee C : Qaacceessa hanga itti fayyadama jechootaa, lakkoofsaafi dhibbantaan.

Lakk	Madda	Irra deddeebii jechootaa yaadannoofi mojuula keessaa				
	Fayyadamiinsa jechoota	Xiinqooqa	Dandeettii	Oguma	Waliigala	
		Lakk.	Lakk.	Lakk.	Lakk	Dhibbanta
1	Jechoota naannoo loogaa hunda keessatti wal fakkaatan	2	5	2	9	7.5
2	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo dhiyaa qofa	6	6	3	15	12.5
3	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Gidduugalaa qofa	4	1	3	8	6.67
4	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Bahaa qofa	-	1	1	2	1.67
5	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Kibba Bahaa qofa	1	2	-	3	2.5
6	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Kibbaa qofa	1	2	2	5	4.17
7	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Dhiyaafi Gidduugalaa qofa	3	5	7	15	12.5
8	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Dhiyaafi Bahaa qofa	1	-	-	1	0.83
9	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Dhiyaafi Kibba Bahaa qofa	1	-	-	1	0.83

10	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Dhiyaafi Kibbaa qofa	1	-	1	2	1.67
11	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Dhiyaa,Gidduugala, Bahaafi Kibba Bahaa qofa	3	-	2	5	4.17
12	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Dhiyaa,Gidduugala, Bahaafi Kibba qofa	-	-	1	1	0.83
13	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Dhiyaa,Gidduugalaafi Baha qofaa	1	1	1	3	2.5
14	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Dhiyaa,Gidduugalaafi Kibba Bahaa qofa	2	-	-	2	1.67
15	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Dhiyaa,Gidduugalaafi Kibba qofa	4	1	2	7	5.83
16	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Dhiyaa, Baha,Kibba Bahaafi Kibba qofa	-	-	-	-	
17	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Dhiyaa, Bahaafi Kibba Bahaa qofa	1	-	-	1	0.83
18	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Dhiyaa, Kibba Bahaafi Kibba qofa	1	-	-	1	0.83
19	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Dhiyaa, Bahaafi Kibba qofa	-	-	-	-	
20	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Gidduugalaafi Bahaa qofa	1	-	2	3	2.5
21	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Gidduugalaafi Kibba Bahaa qofa	1	-	-	1	0.83
22	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo	1	-	-	1	0.83

	Gidduugalaafi Kibbaa qofa					
23	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Gidduugalaa,Baha, Kibba Bahaafi Kibba qofa	2	1	1	4	3.33
24	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Gidduugalaa,Bahaafi Kibba Bahaa qofa	1	-	2	3	2.5
25	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Gidduugalaa,Bahaa,fi Kibba qofa	1	-	1	2	1.67
26	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Gidduugalaa, Kibba Bahaafi Kibba qofa	-	-	-	-	
27	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Bahaa,kibba Bahaafi Kibba qofa	1	1	2	4	3.33
28	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Bahaafi Kibba Bahaa qofa	2	5	3	10	8.34
29	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo Bahaafi Kibbaa qofa	-	-	3	3	2.5
30	Itti fayyadama jechootaa looga naannoo kibba Bahaafi Kibba qofa	-	2	-	2	1.67
31	Jechoota haaraa ykn afaan biraarraa ergifannaan fudhataman	2	2	2	6	5
	Waliigala	44	35	41	120	100

Dabalee D: Ragaalee Af-gaaffii Barsiisotaa

Ragaaleen Af-gaaffii bu'uuraa qorataan odeeffannoo kennitoota garaagaraarraa guure haala armaan gadiin dhiyaatanii jiru

Odeef-kennaa 1ffaa

A .Odeeffannoo Waliigalaa

- ☐ Maqaa Yunivarsiitii __Arsii
- ☐ Maqaa barsiisaa __Abdulqaadir Amaan
- ☐ Digriifi barnoota ittiin eebifaman __AOL
- ☐ Tajaajila ____waggaa 17

B. Kaayyoo Qorannichaa

Kabajamaa odeef-kennaa, qorannoon kun sadarkaa digrii sadaffaan(PhD) Afaan Oromoofi Og-barruu Barsiisuun guuttachuuf geggeeffamaa jirudha. Haaluma kanaanis, dhaabbilee barnoota ol'aanaa filataman keessatti haalli itti fayyadama afaanii(daree barachuufi barsiisuu akkasumas yaadannoowwaniifi mojuuloota garaagaraa qophaa'an keessatti) maal akka fakkaatu xiinxaluun kallattii furmaataa isaanii akeekuun rakkoolee waloon qabnu hiikuudha. Odeeffannoo naaf kenniteef galanni siif qabu guddaadha; ulfaadhu!

1. Daree barsiistus ta'e yaadannoowwan barnootaaf qopheessitu keessatti looga/loogota kamirratti xiyyeeffachuun barsiifta? Haala itti fayyadama loogaakee akkamitti madaalta? Addatti, looga kana...sana irratti xiyyeeffadha jedhee karoorse hinbarsiisu. Looga amma barruu keessatti fayyadamu yoo ta'e, isuma sirna barnootaa keessaa fudhannedha jedhee amana. Ani, ammatti, bu'aa sirna barnootaa ittiin baradheeti jedhee yaada. Knf, looga mana barnootaafi mana barumsaa keessattis bare fayyadamee barsiisa jedhee yaada.

2. Dubbii ykn barruu tokko keessatti afaanota ykn loogota garaagaraa bifoote garaagaraan jijjiiruun hagam fayyadamta(code switching)? Kaayyoowwan akkam akkamii galma ga'uuf fayyadamta?

Iddoo wanti ani barreesse namoota birootiif hubatamuu dhabuu danda'a jedhee yaadutti, loogota gara garaa beeku itti dabalee nan fayyadama. Darbee darbee afaan Ingliizitis itti dabaluun nan fayyadama.

3. Afaan Oromoo yeroo barsiiftu yaadakee guutummaa guutuutti Afaanuma Oromoon ibsita moo darbee darbees ta'u afaanota garaagaraan walmakuun barsiifta (code mixing)? Yoo walmakta ta'e haalleen akkam akkamii keessatti?

Yaada koo irra caalaa Afaanuma Oromootiin barsiisa. Darbee darbee barattootaaf akka ifu yaaduun ykn akkuma natti barachuus ta'e Afaan Ingiliiziitti nan gargaarama.

4. Adeemsa barsiisuu keessatti afaanootni ati tasas ta'e kaayyoon wal makuun itti fayyadamtu kanneen kam kamdha?

Afaan Ingiliiziiti (Afaan Ingiliffaati)

5. Adeemsa Afaan Oromoo barsiisuu keessatti afaanota garaagaraa walmakuunis ta'e jijijjiiruun fayyadamuun kun faayidaa moo miidhaa qaba

jettee yaadda? Maaliif?

Faayidaas miidhaas qabaachuu mala. Fknf, yeroo hedduu maddoota A/Ingiliiziin barreeffaman fayyadamna waan ta'eef yaada sana caalatti ifa taasisuuf fayyadamuun gaariidha jedhee yaada. Haata'u malee, AO jechoota/yaadota yaada maddarraa fudhanne gitan barbaaduu dhabuun afaanicha niqquarsa jedheen yaada. Knf, faay/miidha qaba.

6. Afaan Oromoo yeroo barsiiftu jechoota ergifannaa ni fayyadamtaa? Yoo

fayyadamta ta'e afaanota kam kam fa'irraa ergifatta? haalleen akkam akkamii keessatti ergifatta?

Afaan Oromoo keessatti jechoonni ergifannaa osoo hintaane baay'inaan gosa barnootaa adda addaa keessattis kan mul'atan jechoota namoota/hayyoota adda addaatiin moggaafaman nan fayyadama.

7. Barnoota afaanii keessatti beekuunis ta'e osoo hinbeekiin jechoota arrabsoo(insulting terms) fayyadamtee beektaa? Yoo fayyadamteetta ta'e, haalleeniifi malleen akkam akkamii keessatti fayyadamte? Itti yaadee fayyadamee hinbeeku.

8. Itti fayyadamni afaanii kee jechoota safuufi lagu('taboo' and 'euphemism')

irraa hagam bilisadha jettee yaadda? Mee haala itti fayyadama kanaan walqabatee mudannoo yoo qabaatte nuuf qoodi.

Oromiyaan bal'oo waan taateef, jechoonni muraasni bakka bakkatti hiika adda addaa akka qaban akka barsiisaa afaanii tokkotti nan hubadha. Jechootni itti fayyadamnu kan kitaabota keenya keessattis mul'atan ta'anis bakka tokko tokkotti akka 'jecha saalfii' fa'a ta'e nan beeka. Knf, jechoota akkasii fayyadamurraa hangan danda'e ofan qusadha. Garuu guutumatti bilisa jechuun hindanda'amu. Fkf. Geeba, jirma, mirqaa, qaranaa, tusee, bukkee, xeerii, muuxxee...naannawa kootti (roof) jechuudha.

9. Koorsiilee garaagaraa barsiiftu keessatti haalli itti fayyadama jechoota kee

walqixxummaa saalaa xiyyeeffannoo keessa kan galchedha jettee yaaddaa? Mee haala itti fayyadama kee akkamitti madaalta?

Yemmuun barsiisu osoo hintaane, qophii moojuloota addaa keessatti bal'inaan saala dhiiraatti fayyadamuun darbee darbee namudata. Fknf, barsiisaa/tuu...

10. Yaadannoowwaniifi mojuulonni barnootaaf qophaa'an jechoota

ogummaa(professional words) haala gidduugala godhataniin hagam kan qophaa'udha jettee yaadda? Mee mudannoofi taajjabbii qabdu ibsi. Yaadannoo dhuunfaa caalaa moojuloonni hanga tokko jechoota ogummaa giddugaleessa godhachuun niqophaa'u. Ta'us gahaa miti; akkasumas, yeroo baay'ee irratti waliif hingalamu. Jechootni ogummaa walta'uu barbaadan danuutu jira. Yaaliin adda addaa godhamus hanga yoonatti milkaa'uu hindandeenye.

11. Mee walumaagalatti rakkooleen itti fayyadama afaaniin walqabatani

barsiisuus ta'e yaadannoo barnootaaf qopheessitu keessatti si mudatan maal maal fa'idha?

Dhalootaa Afaan Oromootiin baratee dhufe kanaaf, loogni baruu-barsiisuu irratti danqaa ta'uun hamma sadarkaa barnoota isaa/ishee laaffisuutti ga'u nijira jedhee hinamanu.

Darbee darbee garuu, loogota gara Booranaa, Gujii, Karrayyuu...qajeelatti beekuu dhabuufi kitaabota ittiin barannes ta'ee kan ijoolleen keenya ittiin barachaa jiran keessatti hanga barbaadamu hammatamuu dhabuu isaatiin, bal'inaan daree keessattis ta'ee yaadannoo keenyatti hammachiisuuf nirakkanna. Amma, dhawaataan fooyya'aa jira.

Odeef-kennaa 2ffaa

A .Odeeffannoo Waliigalaa

- Maqaa Yunivarsiitii Bulee Horaa
- Maqaa barsiisaa Magarsaa
- Digriifi barnoota ittiin eebifaman - MA Afaan Oromoofi ogbarruu
- Tajaajila - waggaa 13 (7 sad.2ffaa +6 yun.)

B. Kaayyoo Qorannichaa

Kabajamaa odeef-kennaa, qorannoon kun sadarkaa digrii sadaffaan(**PhD**) Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuun guuttachuuf geggeeffamaa jirudha. Haaluma kanaanis, dhaabbilee barnoota ol'aanaa filataman keessatti haalli itti fayyadama afaanii(daree barachuufi barsiisuu akkasumas yaadannoowwaniifi mojuuloota garaagaraa qophaa'an keessatti) maal akka fakkaatu xiinxaluun kallattii furmaataa isaanii akeekuun rakkoolee waloon qabnu hiikuudha.

Odeeffannoo naaf kenniteef galanni siif qabu guddaadha; ulfaadhu!

1. Daree barsiistus ta'e yaadannoowwan barnootaaf qopheessitu keessatti looga/loogota kamirratti xiyyeeffachuun barsiifta? Haala itti fayyadama loogaakee akkamitti madaalta? Ani daree barnoota keessatti loogan addatti xiyyeeffadhee barsiisu hinqabu. Parsaantii 98 isa waalteffamee jirutti dhimma ba'a. Keessattuu jechoota dur kutaa gadiitii hanga sadarkaa 2ffaatti kitaaba barnootaa AO irratti barachaa tureefi ergaan barsiisaas ta'ee sadarkaa 2ffaatti barnoota AO barsiisaa turetti guutummaattis ta'uu baatu baay'inaan jechoota kitaabichaan qophaanitti dhimma ba'a. Sadarkaa yuunivarsiitittis koorsiiwwan adda addaa yemmuun barsiisu jechootuma waalta'oo ta'aniin fayyadama. Kanaaf, haala itti fayyadama loogaa koo kan gara iddoo wayiitti luucca'aadha jedhee hinfudhadhu.
2. Dubbii ykn barruu tokko keessatti afaanota ykn loogota garaagaraa bifoote garaagaraan jijjiiruun hagam fayyadamta(code switching)? Kaayyoowwan akkam akkamii galma ga'uuf fayyadamta? Afaan Oromoorraa gara Ingiliffaatti/Amaariffaatti ykn Ingiliffarraa gara Afaan Oromootti, akkasumas Loogota AO garaagaraa yemmuu barbaachisaa ta'etti "Code switching" darbee darbee fayyadama. Fkn. Seera afaanii yemmuun barsiisu, caasaa himaa Kan AO, kan A/ Ingiliziifi A/Amaaraa walbira qabee itti himuun danda'a. Kaayyoon ani kana godhuuf, qabiyyee barnootichaa ykn jecha Afaan Ingilizii tokko ykn

Afaan Oromoo sana ykn loogicha sana barattoonni akka hubatan/ xiyyeeffatan yemmuun barbaadedha.

3. Afaan Oromoo yeroo barsiiftu yaadakee guutummaa guutuutti Afaanuma Oromoon ibsita moo darbee darbees ta’u afaanota garaagaraan walmakuun barsiifta (code mixing)? Yoo walmakta ta’e haalleen akkam akkamii keessatti?

Eyyeen nigargaarama. Guutummaa guutuutti Afaanuma Oromoon gargaarama jechuu hindanda’u. Darbee darbee parsantii 0.1 kan hincalle, yemmuun ibsu ykn yemmuun barattootatti waa haasa’u beekke ykn osoo hinbeekiin yemmuun jecha afaan biroo fayyadamu nijiru. Fkn. Niga’a jechuuf ‘baqqaa’ yeroon itti jedhu jiru. Akkasumas, ‘tole’ ykn ‘hayyee’ jechuuf, ‘ok’ yeroon jedhu jira.

4. Adeemsa barsiisuu keessatti afaanootni ati tasas ta’e kaayyoon wal makuun itti fayyadamtu kanneen kam kamdha?

Irra caalaatti A/ Ingiliziiti. Darbee darbee ammoo A/ Amaarati.

5. Adeemsa Afaan Oromoo barsiisuu keessatti afaanota garaagaraa walmakuunis ta’e jijjiiruun fayyadamuun kun faayidaa moo miidhaa qaba jettee yaadda? Maaliif?

Faayidaas miidhaas qaba. Kan fayyadaa qabaatu - yemmuu qabiyyeen barnoota sanaa ykn wanti barsiisnu sun ykn jechi AO hinwaaltofne wayii akka barattoonni hubataniif walbira qabuun ykn jecha afaan biroo sana haammattuu keessa kaa’ufiin nibarbaachisa. Yoo kaayyoo kana fakkaataniif hintaane, Afaan Oromoo kana qulqullina dhabsiisaa deema. Gara guddisuutti osoo hintaane gara kufaatiitti geessuu danda’a. Kanaafuu of eeggannoofi kaayyoodhaan yoo ta’e malee callisanii waliin makuun ykn jijjiiruun afaanicha miidhaa deema jedheen yaada.

6. Afaan Oromoo yeroo barsiiftu jechoota ergifannaa ni fayyadamtaa? Yoo fayyadamta ta’e afaanota kam kam fa’irraa ergifatta? haalleen akkam akkamii keessatti ergifatta?

Eyyeen nifayyadama. Baay’inaan Afaan Ingiliziiti. Haalli ani keessatti fayyadamus jechicha fayyadamuun barbaachisaa ta’ee yoo argamu garuu jechi sun jecha Afaan Oromootti durumaa dabalamee kan jiru ykn kan hinjirres ta’uu kan maluudha. Fkn. ‘Haxawwan’ kan jedhu yemmuun digirii baradhu Afaan Ingiliziitiin ‘teekinikoota’ akka ta’e baradheen ture. Haata’u malee, jechi kun waan waalta’ee jiru miti. Kanaaf, kallatumaan jecha A/ Ingilizii ‘teekinikoota’ kanatti dhimma ba’aan jira.

7. Barnoota afaanii keessatti beekuunis ta’e osoo hinbeekiin jechoota arrabsoo (insulting terms) fayyadamtee beektaa? Yoo fayyadamteetta ta’e, haalleeniifi malleen akkam akkamii keessatti fayyadamte?

Fayyadamee nan beeka. Fkn. Guyyaa tokko qormaata osoon qoraa jiru barattoonni tokko tokko axeeraraarraa hojjachuuf jedhanii na rakkisan. Warreen akkasii hundumaarraa eegaa guuraa ture. Ishee takkaa adduma taatee naaf gamsiiste. Jalqaba irraa fudhee, takka turee yemmuun ilaalu lammaffaarrattis gadi fudhattee baafattee irraa hojjachuutti jirti. Sana booda garmalee waan na aarsiteef harka fuudhee hunduma isaanii walitti qabee arrabse. “ Isin amma dhuguma nama digirii barachuuf maleedhaa? Barattanis barachuu baattanis isin gatii hinqabdan! Xiqquma qaaniin sinitti hindhaga’amuu?” jechuudhaan itti dheekkameera.

Silaa sababa nama tokkootiin ykn muraasatiin daree hundaan akkas jechuu hinqabu ture. Ta'us yeroo sanatti kaayyoon koo akka isaan ofitti qaana'an of ilaalaniif. Dareen sun warra akkas godhe 'sababa keessaniin arrafamne' jedhanii akka walcheepha'aniif.

8. Itti fayyadamni afaanii kee jechoota safuufi lagu('taboo' and 'euphemism') irraa hagam bilisadha jettee yaadda? Mee haala itti fayyadama kanaan walqabatee mudannoo yoo qabaatte nuuf qoodi.

Itti fayyadamni afaanii koo jechoota safuufi laguurraa bilisa jedhee yaada. Waan kanaan walqabatee naquunnames hinjiru. Garuu kan yemmuun digirii barachaa turetti barsiisaan keenya. Dr. Fileen nuuf himan tokko siif qooduu nandanda'a. Dhimma hojiitiif gara Baalee? Booranaa? (iddoo sirriitti hinyaadadhu) deemee bakka mana namoota wayii kireeffatee ta'u tokkootti guyyaa tokko osoo maatiiwwan warra sana wajjiin ala taa'anii haasa'aa jiranuu, jaartiin mana sanaa (haati mana sanaa??) gabaadhaa deemtee itti dhufte. Sana booda barsiisaan kun 'Akkoo har'a tamboo gurguraa ooltee dhufte?' ittiin jedhe. Namoonni wajjiin taa'aa turan hundi afaan qabate. Isaan keessaa ammoo ilmi jaartii sanaa mataa qabatee gara manaatti ol fiige. Barsiisichis waan dubbate keessatti dogoggorri wayii akka uumee jiru shakkee, mucicha gaafate. Mucichis, 'tamboo' jechuun jecha lagu ta'uu (qaama hormaataa dubartii) akka ta'e itti hime.

Mudannoo barsiisaan nuuf hime kana anillee deebisee yemmuun waa'ee loogaa barsiisu, akka fakkeeniyatti barattoota kiyyatti nan hima ture.

9. Koorsiilee garagaraa barsiiftu keessatti haalli itti fayyadama jechoota kee walqixxummaa saalaa xiyyeeffannoo keessa kan galchedha jettee yaaddaa? Mee haala itti fayyadama kee akkamitti madaalta?

Xiyyeeffannaa guddaa itti kenne jedhee hinyaadu. Darbee darbee yeroon xiyyeeffannoo itti kennu jiru. Irra jireessa garuu akkuma baratamee jirutti fayyadamuutu na biratti mul'ata.

10. Yaadannoowwaniifi mojuulonni barnootaaf qophaa'an jechoota ogummaa(professional words) haala gidduugala godhataniin hagam kan qophaa'udha jettee yaadda? Mee mudannoofi taajjabbii qabdu ibsi.

Pasantaan 95 ol jechoota ogummaa giddu gala godhatanii qophaa'an jedheen yaada. Darbee darbee hanqinoonni gama Afaan Ingiliziirraa gara Afaan Oromootti hiikaman irratti nimul'atu.

11. Mee walumaagalatti rakkooleen itti fayyadama afaaniin walqabatanii barsiisuus ta'e yaadannoo barnootaaf qopheessitu keessatti si mudatan maal maal fa'idha?
Rakkoon addaa na muudate hinjiru.

Odeef-kennaa 3ffaa

A .Odeeffannoo Waliigalaa

- Maqaa Yunivarsiitii: **Ambo**
- Maqaabarsiisaa: **DameeAbarraa (PhD)**
- Digriifibarnoota itti neebifaman: **Afaan Oromoofi Oguma Barsiisuu**
- Tajaajila: **Waggaa 27**

B. Kaayyoo Qorannichaa

Kabajamaa odeef-kennaa, qorannoon kun sadarka digriisadaffaan (**PhD**) Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuunguuttachuuf geggeeffama ajirudha. Haalumakanaanis, dhaabbil eebarnoota ol'aanaa filataman keessatti haalli itti fayyadamaa faanii (daree barachuuf barsiisu akka masyaadannoo waniif imojulootagaraagaraa qophaa'anneessatti) maalakkafakkaatuxiin xaluunkallatti ifurmaataa isaani iakeekuun rakkooleewaloon qabnu hiikuudha. Odeeffannoona afkenniteef galannisi if qabugudda adha; ulfaadhu!

1. Daree barsiistusta'eyaadannoo wwan barnoota afqopheessitukeessatti looga/loogotakamirrattixiyyeeffachuun barsiifta? Haala itti fayyadamaloo gaakee akkamitti madaalta?

Ani loogan irrattixiyyeeffadhee barsiisu hin qabu. Hangadanda'ameen afaan hundaagalufayya damuuf antattaaffi taasisa. Tarii, namni biraayoo afaanani fayyadamumadaalee, looga Afaan Oromoo keessa tokkoyookaan lama keessatti naramaduudanda'a.

2. Dubbiykn barruutokkeessattiafaanota ykn loogotagaraagaraa bifi footagaraagaraan jijjiiruun hagam fayyadamta (code switching)? Kaayyoo wwanakkamakkamiigalmaga'uuffayyadamta?

Akkakoottidanda'amnaan loogagaraagaraa fayyadamuun miidhagina. Afaangaraagaraa fayyadamu ungaruu, hinta'u. Amalootaafaani keessaa "Afaan hundinuuguutuudha," kan jedhusana fokkisiisa. Kana yemmuun jedhu, bakkahan qinni jirutti jechoota faan biraaf fayyadamuun hindanda'amu jechuukoomiti

3. Afaan Oromooyeroo barsiiftu yaada keeguutummaaguutuutti Afaanuma Oromoon ibsita moo darbe darbeesta'uafaanotagaraagaraan walmakuun barsiifta (code mixing)? Yoowalmaktata'ehaalleen akkamakkamiikeessatti?

Ani Afaan Oromooyoon barsiisu hangadanda'ameen afaanichuman fayyadama. Haata'umalee, bakkayaa drimee addun nyaairratti beekameen walitti hidhuun ifagochuun nabarbaachisetti, afaan biroo ti fayyadamee ifa nan taasisa. Fknya adiddamootay knya axxiinoota beekamoo ibsu irratti Afaan Ingilizii ittimakuunkood irqamata'a.

4. Adeemsa barsiisuukeessattiafaanootni atitasasta'ekaayyoon walmakuun itti fayyadamtukannee nkamkam dha?

- Yeroobaayyee Afaan Ingilizii
- Darbe darbee Afaan Amaaraa

5. Adeemsa Afaan Oromo barsiisuukeessattiafaanotagaraagaraawalmakuunista' ejijijjiiruun fayyadamuunkunfaayidaa moo miidhaa qabajetteeyaadda? Maaliif?

Akkakootti yeroo murteessaata' ettiafaan biro fayyadamuun waan addunyaan irra jirtuun walbarsiisuud hawaanta' ee frakkoohin qabu. Ittibaa yyiisuungaruu, afaan barsiisa ajjirrukun of hindandeenyeta' uu agarsiisa. Kanaafuu, bakka qabnuttikanumakeenya, hanga horannuttikanuma afaan biraatiin ifagochuunka ayoonkeenya akkagalmanuuf ga'utaas isajedheenamana.

6. Afaan Oromo yeroo barsiiftu jechoota ergifannaan fayyadamta?

Yoofayyadamtata' efaanotakamkamfa' irraa ergifatta?

haalleen akkam kamiikeessatti ergifatta?

Eeyyeen fayyadama. Bakkabarbaachisaata' ettin energifadha osoo hintaane, nan fudhadha. Anitakka ajjecha ergifadhee, deebise hin beeku. Yoon boodarra jechanaafta' ufaan kiyyakeessaa argadhe, gateenkiyya fayyadama. Akkuman olitti bseyerooba ayee Afaan Ingilizii irraa' infudha. Bakkabarbaachisaata' etti Afaan Amaaraa irraas akkasuma. Jechootaya adimeefi yaaxxi nootahaara wayknsaayinsaawata' aniin walqabatananfudha.

7. Barnootaafaaniikeessatti beekuunista' osoo hin beekiin jechoota arrabsoo (insulting terms) fayyadamtee beekta? Yoofayyadamteettata'e,

haalleenii fimalleen akkam kamiikeessatti fayyadamte?

Aniamala akkasii hin qabu. Arrabsuunbu'aa qabajedheeshinyaadu. Kanaafuu, jechanbaayyeen angaarama jedhu hin qabu.

8. Itti fayyadamni afaaniikee jechoota safuu filaguu ('taboo' and 'euphemism') irraa hagam bilisadha jetteeyaadda?

Meehaala itti fayyadamakanaan walqabate mudannooyoo qabaattenuuf qoodi.

Akkuman olitti bse jechoota akkasii fayyadamu irratti amal hin qabu. Namoonni looga addaa ddaakeessaa akka fayyadamannan beeka.

Akkakootti bakkatokkottidubartiigara Gololchaatiidhuftetakkaan walbirateen yee bakka jirru tti, mucayyooxiqqoo isheenbaattee jirtutakkaan 'Intaloo' jennaanaartee, "Maaliif intaloo jetta? Ni fuutaa?" naanjette. Anisna'ee, "Intalamitii?" jedheegaafadhe. Isheenis, "intaluma; garuuniitiikeetiimiti," naanjette. Anis, garaagarummaalooga akkata' ehubadheen, "Ani bar obboleetti kootuu 'intaloo' jedheen waamaa," jennaan, "Usbillaah! Eessaadhufte?" naanjette. Itti himanna ankofaltee, dhumairrattiaadaa annoo ishee jirunatti himte.

9. Koorsiile garaagara barsiiftukeessatti haalli itti fayyadamajechoota keewal qixxummaasaalaa xiyyeeffannoo keessak angalchedha jetteeyaadda?

Meehaala itti fayyadamakee akkamitti madaalta?

Ani yeroo dheeraadhaa fbarsiisaaf ileejisa barsiistotaawaananturee, hangadanda'ameenafaandaree barnootaan fayyadamajedheenamana.

10. Yaadannoowwaniifimojuulonnibarnootaafqophaa'anjechootaogummaa(professional words) haalagiddugalagodhataniinhagamkanqophaa'udhajetteeyaadda? Meemudannoofitaajjabbiqabduibsi.

Gama kanaandhimmoonnimataanamadhukkubsanbaayyeetujiru.
Kanaansii fibsuufidhiisundhaba.Ogeeyyiinkeenyadubbachuumaleedhaggeeffachuuhinjalq
abne.Barreessuumalee, dubbisuuttihiin jiran.Barsiisuumalee, barachuuffedhihiinqabani.
Nan beekaamalee, nibeektajedhaniisihinshakkani. Kanaaf,
kanantaajjabebaayyeedhajedheetumadarbuunaafwayya.

11.Meewalumaagalattirakkooleenittifayyadamaafaaniinwalqabataniibarsiisuusta'eyaadannoo barnootaafqopheessitukeessattisimudatanmaalmaalfa'idha?

Yaadrimeetokkoofjechootaaddaaddaafayyadamuufiyaadrimeewwaniifjechootahinmallefa
yyadamuudha

Odeef-kennaa 4ffaa

A .OdeeffannooWaliigalaa

- MaqaaYunivarsiitiiJimmaa
- MaqaabarsiisaaTaaddasaaHirphaa
- Digriifibarnootaaittiineebifaman: AfaaniifiOgbarruuOromooBarsiisuu
- Tajaajila 8

B. KaayyooQorannichaa

Kabajamaaodeef-kennaa, qorannoon kun sadarkaadigriisadaffaan(**PhD**)
AfaanOromoofiOgbarruuBarsiisuunguuttachuufgeggeeffamaajirudha.Haalumakanaanis,dhaabbil
eebarnootaol'aanaafilatamankeessattihaalliittifayyadamaafaanii(dareebarachuufibarsiisuuakkasu
masyaadannoowwaniifimojulootagaraagaraaqophaa'ankeessatti)maalakkafakkaatuxiinxaluunkall
attiifurmaataaisaaniiakeekuunrakkooleewaloonqabnuhiikuudha.Odeeffannoonaafkenniteefgalann
isiifqabuguddaadha; ulfaadhu!

1.Dareebarsiistusta'eyaadannoowwanbarnootaafqopheessitukeessattilooga/loogotakamirrattixiyy
eeffachuunbarsiifta? Haalaittifayyadamaloogaakeekkamittimadaalta?

BaayinaanLoogagiddugaleessaayookiinTuulamaairrattinxiiyyeeffadha.Sababiinisaloogni
Tuulamaabali'inaankanaanfayyadamuuf,jalqabairraaeegaleelooga kana
dubbachaawaananguddadheefta'uu mala.
Haata'umaleebakkajechoonniyaadrimeesanaibsuuirrattiloogagiddugaleessaakeessattikanh
inargamneyoota'eloogaafaanichaakamiyyuukeessaafiladheenhojiirraoolcha.

2.Dubbiiyknbarruutokkokeessattiafaanotayknloogotagaraagaraabifootagaraagaraanjijijjiiruun
hagamfayyadamta(code switching)? Kaayyoowwanakkamakamiigalmaga'uuffayyadamta?

Kaayyooyaadrimeetokkosirriittiibsuuirrattiloogawwanafaanichiqabuwalkeessaafuudhuun
yeroonfayyadamunijiraata.

3. Afaan Oromo yeroo barsiiftu yaada keeguutumaaguutuutti Afaanuma Oromoon ibsita moo darbeedarbeesta 'uafaanotagaraagaraanwalmakuun barsiifta (code mixing)? Yoowalmaktata 'ehaalleenakkamakkamiikeessatti

Yeroo tokkottokkoya adimeen moggasajechoota tokkottokkoha lateekinoolojiif guddinadiinagdeen walqabatee afaanii afaanitti adda addummaannijraata.

Karaa biroo jechoonni aadaan walqabatan, saayinisiin walqabatanyeroo Afaan Oromoo keessa adhi banta 'eafaan biroo sadarkaa jechaatti itti fayyadamuunandanda'a.

4. Adeemsa barsiisuukeessatti afaanootni itasasta 'ekaayyoon walmakuun itti fayyadamtu kannee nkamkamdha?

Afaan Ingiliziiti

5. Adeemsa Afaan Oromo barsiisuukeessatti afaanotagaraagaraa walmakuunista 'ejjijjiiruun fayyadamuun kun faayidaa moo miidhaa qabajetteeya adda? Maaliif?

Afaanotawalitti makuufi waljalafuudhaniif fayyadamuunamala afaanii yoota 'eillee afaan tokko hirkatuma kennee isatokko immoo akka aguutuuta 'etti ilaaluuwaan fiduuf miidhaa qabaataj edheenyaada.

6. Afaan Oromoo yeroo barsiiftu jechoota ergifannaan fayyadamtaa? Yoofayyadamtata 'eafaanotakamkamfa' irraa ergifatta? haalleenakkamakkamiikeessatti ergifatta?

Jechoota ergisaa nan fayyadama. Jechoonni kunis akkuma amala afaanii keessatti mul'atu ofi kanan fedhee barbaadee fayyadamu osoo hintaanesa galeefi jechoonni Afaan Oromoo liqqeffate waan jiruuf bakkabarbaachisanitti jechoota kana fayyadamuuf nandirqamajechuudha.

7. Barnoota afaanii keessatti beekuunista 'e osoo hin beekiin jechoota arrabsoo (insulting terms) fayyadamtee beektaa? Yoofayyadamteettata 'e, haalleenii fi malleenakkamakkamiikeessatti fayyadamte?

Jechoonni arrabsoota 'anitti yaadee fayyadame hin beeku. Garuu immoo jechoonni loogatto keessatti akka arrabsootti fudhataman looga biroo keessatti immoo akka jechoota idileetti ilaalla manyeroon fayyadamunijiraata.

8. Itti fayyadamni afaanii kee jechoota safuufilagu (‘taboo’ and ‘euphemism’) irraa hagam bilisadha jetteeya adda? Meehaala itti fayyadamakanaan walqabateemudannooyoo qabaattenuuf goodi.

Jechoonni safuufilagu yeroobaay 'eehaalahawaasaan walqabatuhaata 'umaleemuudanno ad daayeroodhi hoottinaquunnamehinyaadadhu

9. Koorsiile garaagara barsiiftukeessatti haalli itti fayyadamajechoota keewalqixxummaasaalaa xiyyeeffannoo keessakangalchedha jetteeya addaa? Meehaala itti fayyadamakee akkamitti madaalta?

Hanga danda'ametti jechoota walqixxummaa saalaa, amantaafiaadaagiddu
galeeffatanhojjiirraoolcheenbarsiisa.

10. Yaadannoowwaniifimojuulonnibarnootaafqophaa'anjechootaogummaa(professional words) haalagidduugalagodhataniinhagamkanqophaa'udhajetteeyaadda? Meemudannoofitaajjabbiqabduibsi.

Yeroobaay'eemeshaaleenbarnootaa,moojuloonniaddaaddaaakkaAfaanOromoowajiindee muttiosoohintaaaneafaanotabirooirraaakkakallattiinjijjiirramanfakkaatu.Fakkeenyaafjechaf ookilooriijedhu kana akkaadaahawaasaawaliindeemuttiyjechootaafaaningiliziihaalakanattimadqsaniiifudhachuu caalaosooloogaafaanichiqabukeessaaittiyaadameesosoohojjiirraooleegaariidha.

11.Meewalumaagalattirakkooleenittifayyadamaafaaniinwalqabataniibarsiisuusta'eyaadannoo barnootaafqopheessitukeessattisimudatanmaalmaalfa'idha?

Rakkooleenijoodhajedheeyaadu

- YaadrimeetokkoofimoggaasnijechaawalsimuudhabuufakkeenyaafjechaOgbarru ujedhuyaadrimeemooggaasichaajechakanaanakkawalsimuuttidhiheessuudhabuu
- JechootaafaanbiroonjiranAfaanOromoonwalgituudhabuu
- Rakkooleenwaaltinaanwalqabatanisrakkooleemul'atanidha.

Odeef-kennaa 5ffaa

A .Odeeffannoo Waliigalaa

- Maqaa Yunivarsiitii- **Yunivarsiitii Arsii**
- Maqaa barsiisaa **_Geetinnat Fulla'aa**
- Digriifi barnoota ittiin eebifaman-**Digrii MA Afaan Oromoofi Og-barruun**
- Tajaajila -**Waggaa 18**

B. Kaayyoo Qorannichaa

Kabajamaa odeef-kennaa, qorannoon kun sadarkaa digrii sadaffaan(**PhD**) Afaan Oromoofi Og-barruu Barsiisuun guuttachuuf geggeeffamaa jirudha.Haaluma kanaanis, dhaabbilee barnoota ol'aanaa filataman keessatti haalli itti fayyadama afaanii(daree barachuufi barsiisuu akkasumas yaadannoowwaniifi mojuuloota garaagaraa qophaa'an keessatti) maal akka fakkaatu xiinxaluun kallattii furmaataa isaanii akeekuun rakkoolee waloon qabnu hiikuudha.

Odeeffannoo naaf kenniteef galanni siif qabu guddaadha; ulfaadhu!

1.Daree barsiistus ta'e yaadannoowwan barnootaaf qopheessitu keessatti looga/loogota kamirratti xiyyeeffachuun barsiifta? Haala itti fayyadama loogaakee akkamitti madaalta?

Afaan Oromoorrattin xiyyeeffadha, haalli itti fayyadama koo gaariidha.

2.Dubbii ykn barruu tokko keessatti afaanota ykn loogota garaagaraa bifoota garaagaraan jijjiiruun hagam fayyadamta(code switching)? Kaayyoonwan akkam akkamii galma ga'uuf fayyadamta?

Darbee darbee nan fayyadama. Kanan fayyadamuuf mata-dureen yookiin qabiyyeen ibsaa jiru irra caala barattootaaf ifa ta'uu danda'a jedhee yeroon yaadu. Kaayyoon, barnoota haala salphaafi ifa ta'een dhiheessuufi.

3.Afaan Oromoo yeroo barsiiftu yaadakee guutummaa guutuutti Afaanuma Oromoon ibsita moo darbee darbees ta'u afaanota garaagaraan walmakuun barsiifta (code mixing)? Yoo walmakta ta'e haalleen akkam akkamii keessatti?

Darbee darbee afaanota garagaraan walmakuun nan barsiisa. Haalleen ani keessatti fayyadamu, jechi ykn gaaleen ani ibsu yoo afaan Oromoo caalaa afaan biroo keessatti beekama ykn baratame ta'e akkasumas jechi yookiin gaaleen ani ibsu afaan Oromoo keessatti waan ittiin bakka bu'u yoo qabaachuu baate, makee ibsuuf nan dirqama.

4.Adeemsa barsiisuu keessatti afaanootni ati tasas ta'e kaayyoon wal makuun itti fayyadamtu kanneen kam kamdha?

Afaan Ingilizii, Afaan Amaaraa.

5.Adeemsa Afaan Oromoo barsiisuu keessatti afaanota garaagaraa walmakuunis ta'e jijjiiruun fayyadamuun kun faayidaa moo miidhaa qaba jettee yaadda? Maaliif?

Faayidaas, miidhaas ni qaba. Faayidaansaa, barnoota ifa taasisuuf, aadaa afaanota kaan keessa jiru baruuf, hirmaannaa barattootaa cimsuuf, muuxannoo afaanota garagaraa argachuu kkf ta'uu danda'a. Miidhaansaa, barattoota afaanota garagaraarratti muuxannoo hinqabne miidhuu danda'a. Walmakuun ykn jijjiiruun yoo baay'ate milkaa'ina dandeettii afaanii barachuurratti barattootarratti dhiibbaa fiduu ni danda'a. Dabalataanis, yoo baay'ate akka Afaan Oromoo dhaabbataan hin barsiifamne taasisuu danda'a.

6.Afaan Oromoo yeroo barsiiftu jechoota ergifannaa ni fayyadamtaa? Yoo fayyadamta ta'e afaanota kam kam fa'irraa ergifatta? haalleen akkam akkamii keessatti ergifatta?

Eeyyeen, nan fayyadama. Afaan Ingilizii, Afaan Amaaraa. Haalleen keessatti fayyadamu, jechoota teknikaalaa yeroon fayyadamu walqixxummaan bakka buusuun yoo rakkisaa ta'e, yaada aadaan walqabate ta'ee afaan Oromoo keessa hinjiru yoo ta'e, akkasumas yeroo afaanota jijjiiruun fayyadamu kkf.

7.Barnoota afaanii keessatti beekuunis ta'e osoo hinbeekiin jechoota arrabsoo(insulting terms) fayyadamtee beektaa? Yoo fayyadamteetta ta'e, haalleeniifi malleen akkam akkamii keessatti fayyadamte?

Hin beeku.

8. Itti fayyadamni afaanii kee jechoota safuufi lagu('taboo' and 'euphemism') irraa hagam bilisadha jettee yaadda? Mee haala itti fayyadama kanaan walqabatee mudannoo yoo qabaatte nuuf qoodi.

Bilisa jedheen yaada. Haata'utii garuu, kanaan walqabatee mudannoo koo qooduuf, Afaan Oromoo yeroon jalqabaaf barsiisuu eegalu waan Kolleejjii Barsiisota Roobee keessatti namudatetu ture. Ani bakkin itti dhaladhee guddadhetti jechi '**bukkee**' jedhu jecha safuu miti. Baale keessattimmoo safuu ture, yeroon ani barataan ebeluu bukkee teessu deebisi jedhu, barattoonni saalfataniitu kolfan.

9. Koorsiilee garaagaraa barsiiftu keessatti haalli itti fayyadama jechoota kee walqixxummaa saalaa xiyyeeffannoo keessa kan galchedha jettee yaaddaa? Mee haala itti fayyadama kee akkamitti madaalta?

Eeyyeen. Itti fayyadamni koo fakkeenyaaf jechoota kanneen dhiiraafis dhalafis akka tokkootti tajaajilarra oolan garuummoo sirrii kan hintaane, fakkeenyaaf, **dura taa'aa** kan jedhu yoo fudhanne saala lamaaniif oola ture. Haalli kun Afaan ingiliziin kan sexist language jedhamu yoo ta'u **dura teessuu** kan jedhuun bakka buusuun ittin fayyadama. Kunimmoo barnootuman baradhe keessatti wantoonni akkasiifi kan biroo akka xiyyeeffannaan kennamuuf waanan hubdheef amma naa danda'ametti xiyyeeffannaa keessa akkan galchu na taasiseera. Saala ilaalchisee wantoota walqixxummaa barabaadan irratti xiyyeeffannaa nan taasisa. Kanaaf, madaalliin koo gaariidhan jedha.

10. Yaadannoowwaniifi mojuulonni barnootaaf qophaa'an jechoota ogummaa (professional words) haala gidduugala godhataniin hagam kan qophaa'udha jettee yaadda? Mee mudannoofi taajjabbii qabdu ibsi.

Itti fayyadamni jechoota ogummaa muraasa yaada jedhun qaba. Baay'inaan wantoonni mul'atan barsiistonni akka itti tolutti fayyadamu. Kunimmoo wanti walta'ee kanarra deemuu qabdu jedhu waan hin jirreefi.

Yeroo hedduu Afaan Ingiliziirraa jijjiiruu waan ta'eef, jecha ogummaa walqixxummaa eeggate Afaan Oromoo keessaa argachuun rakkisaa waan ta'eef, yeroo gara Afaan Oromootti hiikamu jecha ogummaa sana gadhiiseetu mul'ata ykn sadarkaa himaatti ibsama. Karaa biraammoo wantin taajjabe barreeffamaafi dubbii addaan baasuu dhabuutu mul'ata. Kun jechuun waanuma afaaniin dubbatamu haala al-idlee ta'een barreessuu, looga/loqoda ofii fayyadamuun barreessuutu jira. Hubachuuf nama rakkisa jechuudha. Mudannoon ani qabu ilaalchisee, yeroo tokko qabiyyeen ani jijjiiree/hiikee itti fayyadamu baay'inaan jechoota ogummaatiin kan guutamanidha. Afaan Oromootti deebisuuf jecha walqixxummaa nan dhabe. Qabiyyichi immoo jechoota ogummaatiin dhiyaachuu qaba. Kanaaf, ibsa dheeraa jechoota ogummaa malee kaa'uu yookiin immoo jechuma Afaan Ingiliziitiin kaa'uutu dirqama ta'e. Kunimmoo akka qabiyyichi dhama dhabu taasisa.

11. Mee walumaagalatti rakkooleen itti fayyadama afaaniin walqabatanii barsiisuus ta'e yaadannoo barnootaaf qopheessitu keessatti si mudatan maal maal fa'idha?

1. Hanqina wabiilee Afaan Oromoon barreeffamanii, kun yeroo qophii yaadannoo rakkina uuma. Fakkeenyaaf, baay'inaan yeroon yadannoo qopheessu, kanarraa kan ka'e , Afaan Ingiliziirraa gara Afaan Oromootti deebisuun dirqama waan ta'eef, hojii nufisisaa yookiin dadhabsiisaa ta'uusaa . Kanaan walqabatee, galmeen jechaa/jechoota standard ta'e dhabamuun hanqina guddaa ta'uusaa
2. Hanqina waaltinaa, hunduu akkama itti tolutti barreessuu. Fakkeenyaaf, garaagarummaa loqodaa/loogaa jiru waaltessuu dhabuu
3. Hanqina jechoota ogummaa yookiin jechoota teknikaalaa afaan Oromoon bakka buusuu, kanaaf baay'inaan akkuma jirutti fayyadamuu.
4. Yunivarsiitota ykn barsiisota gidduutti moojuliis ta'e yaadannoon qophaa'u walfakkaachuu dhabuu. Wanti 'standard' ta'e yookiin eeggate dhabamuu.

Odeef-kennaa 6ffaa

A .Odeeffannoo Waliigalaa

- Maqaa Yunivarsiitii __Bulee Horaa
- Maqaa barsiisaa _Dabalaa Tamasgeen (PhD)
- Digriifi barnoota ittiin eebifaman: __Afaan Oromoo
- Tajaajila 13

B. Kaayyoo Qorannichaa

Kabajamaa odeef-kennaa, qorannoon kun sadarkaa digrii sadaffaan(**PhD**) Afaan Oromoofi Og-barruu Barsiisuun guuttachuuf geggeeffamaa jirudha. Haaluma kanaanis, dhaabbilee barnoota ol'aanaa filataman keessatti haalli itti fayyadama afaanii(daree barachuufi barsiisuu akkasumas yaadannoowwaniifi mojuloota garaagaraa qophaa'an keessatti) maal akka fakkaatu xiinxaluun kallattii furmaataa isaanii akeekuun rakkoolee walaan qabnu hiikuudha.

Odeeffannoo naaf kenniteef galanni siif qabu guddaadha; ulfaadhu!

1. Daree barsiistus ta'e yaadannoowwan barnootaaf qopheessitu keessatti looga/loogota kamirratti xiyyeeffachuun barsiifta? Haala itti fayyadama loogaakee akkamitti madaalta?

Looga barnootaan fayyadama. Akkuma beekamu Oromoon dachee bal'oo Oromiyaa jedhamtu irra qubatee jiraata. Sababa wal irraa fagaatee qubate kanaan immoo looga gara garaa fayyadama. Loogotni garagaraa hawaasichi qabu kun immoo waliigaltee irratti danqaa tokko illee uumee hinjiru. Akka miidhaginaa (aesthetic beauty) tti ilaala. Hawaasichi rakkoo tokko malee walii galuun waliin jiraata. Ani garuu, akka barsiisaa tokkootti, afaan waaltawaa (kan kitaabni barnootaa itti qophaa'u) fayyadamuunin barsiisa. Looga barnootaa ittiin barsiisu kanaan na hubachuufi dhiisuu isaanii, 'asmesment while teaching and post assesment'fayyadamuun madaalaa deema. Haala kana keessatti, qabiyyee hubachiisuu waliin walqabsiisee rakkoon yoo jiraate malee looga daree barnootaa keessatti fayyadamuun, barattoonni kiyyaa na hubachuu kan isaan dadhaban na mudatee hin beeku.

2. Dubbii ykn barruu tokko keessatti afaanota ykn loogota garaagaraa bifoota garaagaraan jijjiiruun hagam fayyadamta(code switching)? Kaayyoonwan akkam akkamii galma ga'uuf fayyadamta?

Loogota gara garaa godinaaleen Oromiyaa garagaraa qaban yeroo tokko tokko nan gargaarama. Wayitan fayyadamus, garaagarummaan loogaa hawaasicha gidduu jiru, akka miidhagina isaa ta'e itti agarsiisuuf kanin fayyadamu. Gama barnootaa waliin walqabsiisee immoo yeroo baay'ee fayyadama jechoota waliin wal qabsiisee nan gargaarama.

3. Afaan Oromoo yeroo barsiiftu yaadakee guutummaa guutuutti Afaanuma Oromoon ibsita moo darbee darbees ta'u afaanota garaagaraan walmakuun barsiifta (code mixing)? Yoo walmakta ta'e haalleen akkam akkamii keessatti?

Afaan Oromoo wayitan barsiisu, Afaan Oromoo qofaanin barsiisa. Haata'umalee, yeroo namoota Afaan Oromoo akka 2ffaatti baratan na mudatan, haalli ani afaan Ingilizii' itti make gargaaru ni jiraata.

4. Adeemsa barsiisuu keessatti afaanootni ati tasas ta'e kaayyoon wal makuun itti fayyadamtu kanneen kam kamdha?

Afaan Ingilizii

5. Adeemsa Afaan Oromoo barsiisuu keessatti afaanota garaagaraa walmakuunis ta'e jijjiiruun fayyadamuun kun faayidaa moo miidhaa qaba jettee yaadda? Maaliif?

Afaanota garagaraa wal makuun barsiisuun miidhaa guddaa qaba jedheen amana. Haata'umalee, loogota garagaraa fayyadamuun barsiisuun immoo faayidaa guddaa qaba. Faayidaan isaas saba tokko tokkoomsuu yookiin walitti hidhuu keessatti qooda olaanaa qaba waan ta'efiidha.

6. Afaan Oromoo yeroo barsiiftu jechoota ergifannaa ni fayyadamtaa? Yoo fayyadamta ta'e afaanota kam kam fa'irraa ergifatta? haalleen akkam akkamii keessatti ergifatta?

Nan fayyadama. Kanin fayyadamu immoo haalota jechoota aadaa hawaasichaa keessaa argachuu hin dandeenyetti. Fakkeenyaaf, jechoonni saayinsii Tekinooloojii waliin nutti dhufan madaqsinee itti fayyadamuun dirqama. Sababni isaa afaan ergifachuun amala afaanii waan ta'eef, barattoota koo hubachiiseen itti gargaarama. Irra caalaa Afaan Amaaraafi Afaan Ingilizii faa irraan ergifadha.

7. Barnoota afaanii keessatti beekuunis ta'e osoo hinbeekiin jechoota arrabsoo(insulting terms) fayyadamtee beektaa? Yoo fayyadamteetta ta'e, haalleeniifi malleen akkam akkamii keessatti fayyadamte?

Nan beeka. Kun immoo jechootni hawaasummaa tokko tokko bakka bakkatti haala garaaraan hubatamuu isaati. Kunis daree barnootaa keessatti osoo hin ta'iin jireenya hawaasummaa keessatti. Fkn, Walloo kamiseetti, jechi "Yaabuu" jedhu jecha safiuti. Godinaalee Oromiyaa birootti 'koruu'akka ta'e beekamaadha. Kun hawaasa keessatti

akka jecha safuutti haa beekamu malee barattoonni isaanii Yaabuun- koruu akka ta'e qaceellootti beeku.

Akkasuams, daree barnootaa keessatti looga barnootaa fayyadamuu dhiisuu irraa kan ka'e, yeroo jecha ceeraa (safuu) ta'e fayyadame nijira. Kun immoo akka barsiisaa afaanii tokkotti jechoota waaltawaa (looga barnootaa) fdhayyadamuu dhiisuu koo irraa ka maddeedha.

8. Itti fayyadamni afaanii kee jechoota safuufi lagu('taboo' and 'euphemism') irraa hagam bilisadha jettee yaadda? Mee haala itti fayyadama kanaan walqabatee mudannoo yoo qabaatte nuuf qoodi.

Kitaabileen barnootaa amma tokko kanarraa bilisa jedheen amana. Anis, jechoota kitaaba barnootaa fayyadamuu dhiisuu irraa kan madde mudannoo keessan oola. Jechoota safuufi lagu kana yoon osoo hin beekiin fayyadames, loogan keessatti guddadhetti akka biraatti beekama waan ta'eefin fayyadame jedheen hubachiisa. Kun immoo jiraachuu akkan qabuufi miidhaa akka hin qabaannen hubachiisaa deema.

9. Koorsiilee garaagaraa barsiiftu keessatti haalli itti fayyadama jechoota kee walqixxummaa saalaa xiyyeeffannoo keessa kan galchedha jettee yaadda? Mee haala itti fayyadama kee akkamitti madaalta?

Korsiilee garagaraa wayitan barsiisu, xiinqooqa hawaasummaa'sirriitti hubannoo keessa galcha. Yeroo baay'ee afaan Ingilizii'irraa jijjiiree waanin barsiisuuf, wayitan jijjiiru xiyyeeffannoon kenna. Yoo barruu Afaan maddaan jiru argadhe immoo, dhimmoota fayyadama jechoota 'gender bias'qaban xiyyeeffannaa gochaan deema. Barsiisaan afaanii immoo jecha sirrii bakka sirriitti fayyadamuun barsiisuun dirqama irra jiraatuudha. Koorsiin dhimma walqixxummaa saalaa irratti garaagarummaa uumuu hin argine. Haata'umalee, barsiisonni ofi eeggannoo gochuu dhabuun garaagarummaa uuman nijiru. Koorsiilee kanneen akka ogbarruu keessatti yoo jiraatan immoo, jiruu hawaasaa keessa jiru calaqqisiisuuf malee gadi aantummaa ykn olaantummaa saalaa mul'isuuf natti hin fakkaatu.

10. Yaadannoowwaniifi mojuulonni barnootaaf qophaa'an jechoota ogummaa(professional words) haala gidduugala godhataniin hagam kan qophaa'udha jettee yaadda? Mee mudannoofi taajjabbii qabdu ibsi.

Hanqinni jira. Moojula haa turuu, kitaabilee namoota dhuunfaatiin maxxanan irratti iyyuu ni mul'ata. Hagas mara rakkoo hamaa ta'ee kan anaafi barattoota kootti mul'ate nan qunnamne.

11. Mee walumaagalatti rakkooleen itti fayyadama afaaniin walqabatanii barsiisuus ta'e yaadannoo barnootaaf qopheessitu keessatti si mudatan maal maal fa'idha?

- ✓ Hubannoofi ga'umsa dhuunfaa- Kun haala waliigalaa Oromoon keessa jiraatu walaaluu irra kan maddeedha.
- ✓ Dogoggoraafi wallaala (errors and mistakes)
- ✓ Kan kootuu caalaa (rigidity)

- ✓ Looga keessatti dhaladhe keessaa ba'ee, looga barnootaatti ofi madaksuu dadhabuu fa'a.
- ✓ Akka waliigalaatti, garaagarummaa loogaatiin walqabatee, waliigalteen daree barnootaa ani barsiisu keessatti yookiin moojula barattootaaf qopheessuu keessatti na danqe hin jiru.

Odeef-kennaa 7ffaa

A .OdeeffannooWaliigalaa

- MaqaaYunivarsiitii YuunversiitJimmaa
- MaqaabarsiisaaBirhaanuuDamee
- DigriifibarnootaattiineebifamanDigiriiLammaffaaXiinqooaan
- Tajaajilabarsiisaa-waggaa 18

B. KaayyooQorannichaa

Kabajamaaodeef-kennaa, qorannoon kun sadarkaadigriisadaffaan(**PhD**) AfaanOromoofiOgbarruuBarsiisuunguuttachuufgeggeeffamaajirudha.Haalumakanaanis,dhaabbi leebarnootaol'aanaafilatamankeessattihaalliittifayyadamaafaanii(dareebarachuufibarsiisuuakka sumasyaadannoowwaniifimojulootagaraagaraaqophaa'ankeessatti)maalakkafakkaatuxiinxaluun kallattiifurmaataaaisaaniiakeekuunrakkooleewaloonqabnuhiikuudha.Odeeffannoonaafkenniteef galannisiifqabuguddaadha; ulfaadhu!

- 1.Dareebarsiistusta'eyaadannoowwanbarnootaafqopheessitukeessattilooga/loogotakamirr attixiyyeeffachuunbarsiifta?Haalaittifayyadamaloogaakeekkamittimadaalta?

YeroobaayyeeloogaleeAfaanOromoohundarrattixiyyeeffachuunyaaladarbeedarbeegaruuloogaT uulamangargaarama.Haalliittifayyadamaloogakoomadaalawaadha. Loogakooloogaaleekaaniiltaaaseehinilaalu.

- 2.Dubbiiyknbarruutokkokeessattiafaanotayknloogotagaraagaraabifootagaraagaraanijijjiiruu nhagamfayyadamta(code switching)? Kaayyoowwanakkamakkamiigalmaga'uuffayyadamta?

Si'abaayyeenfayyadamaKaayyoowwan an ittifayyadamuufbarattootahundagaraagahuufwaaltinaafaanichaafloogaalee hundibarattootabirattifudhatamaakkaargatuufyaannikoobarattootamarabirattiakkahubatamu uf

- 3.AfaanOromooyeroobarsiiftuyaadakeeguutummaaguutuuttiAfaanumaOromoonibsita moo darbeedarbeesta'uafaanotagaraagaraanwalmakuunbarsiifta (code mixing)? Yoowalmaktata'ehaalleenakkamakkamiikeessatti?

Darbeedarbeefaانبiraa nan fayyadamainns yerooyadrimeehaara'abarsiisujechoonniliqiiyeroonaquunnamanyeroomoggaasa/matadureehaa ra'abarsiisuyeroowantinibsubarattootahunadabirattibifawalqixata'eenakkahubatamanbarbaad efa'i.

4. Adeemsabarsiisuukeessattiafaanootniatitasasta'ekaayyoonwalmakuunittifayyadamtukann eenkamkamdha?

AfaanIngliziiti

5. AdeemsaAfaanOromoobarsiisuukeessattiafaanotagaraagaraawalmakuunista'ejijijjiiruunfa yyadamuunkunfaayidaa moo miidhaaqabajetteeyaadda? Maaliif?

Faayidaaqabasababniisaayaanniafaanta'etokkoqofaanhamhubatamuuqabuhubatamuuhind anda'ujechoonniafaantokkooqoftiyaadrimeewwanaddunyaakanarrajjiranmarahinibsan

6. AfaanOromooyeroobarsiiftujechootaergifannanifayyadamtaa?

Yoofayyadamtata'eafaanotakamkamfa'irraaergifatta?haalleenakkamakamiikeessattiergifat ta?

AfaanAmaaraafiAfaanIngliziitiyeroonfaeenyakennuyeroonjarjaruyeroonjechootaafaanmadd aadhabuyeroonmataduree/qabyeehaara'abarsiisufa'i.

7. Barnootaafaaniikeessattibeekuunista'eosoohinbeekiinjechootaarrabsoo(insulting terms) fayyadamteebeektaa? Yoofayyadamteettata'e, haalleeniifimalleenakkamakamiikeessattifayyadamte?

Fayyadameehinbeeu

8. Ittifayyadamniafaaniikeejechootasafuufilaguu('taboo' and 'euphemism') irraahagambilisadhajetteeyaadda?Meehaalaittifayyadamakanaanwalqabateemudannooyoo qabaattenuufgoodi.

Of eeggannooguddaawaanintaasisuufmudannooisaahiqabu.

9. Koorsiileegaraagaraabarsiiftukeessattihaalliittifayyadamajechootakeewalqixxummaasaala axiyyeeffannookeessakangalchedhajetteeyaaddaa?Meehaalaittifayyadamakeeakkamittima daalta?

HammayoonaagamakanaankomiinnaqaqqabewaanhinjirreefwaqixxummaaKoornayaaxiyyeeffa nnookeessa nan galchajedheenyada.

10. Yaadannoowwaniifimojuulon nibarnootaafqophaa'anjechootaogummaa(professional words) haalagidduugalagodhataniinhagamkanqophaa'udhajetteeyaadda? Meemudannoofitaajjabbiiqabduibsi.

Waangiddugaleeffatanhin fakkaatankanarrattimudannoofktaajjabinaniqabumojuloota fiyaadannoowanaddaaddaakeessattijechootaaddaaddaayaad-rimeetokkobsuufnamootaaddaaddaatiin dhimmi ittibahamuuisaaniti.fknjecha 'sample' jedhunamoonnnitokkotokkosaamudawarrikaanddattoo 'morphology' xiinjechaxiilatii 'dictionary' kuusaajechootaa/guuboojechootaa/galmeejechootaaafaakaasuunnidanda'ama.

11. Meewalumaagalattirakkooleenittifayyadamaafaaniinwalqabataniibarsiisuusta'eyaadann oobarnootaafqopheessitukeessattisimudatanmaalmaalfa'idha?

Rakkooloogakamiinyaadannooqopheessuu

RakkoojechootaafaanotabirooAfaanOromootiinbakkabuusuu

Rakkooaafaanwalittimakuu

Rakkooyaadanamootaahubachuudadhabuu

Odeef-kennaa 8ffaa

A .OdeeffannooWaliigalaa

- MaqaaYunivarsiitii BuleeHoraa
- MaqaabarsiisaaWaaqumaa
- Digriifibarnootaittiineebifaman - MA AfaanOromoofiogbarruu
- Tajaajila -waggaa19 (13 sad.2ffaa +6 yun.)

B. KaayyooQorannichaa

Kabajamaaodeef-kennaa, qorannoon kun sadarkaadigriisadaffaan(**PhD**) AfaanOromoofiOg-barruuBarsiisuunguuttachuufgeggeeffamaajirudha.Haalumakanaanis,dhaabbileebarnootaol'aanaa filatamankeessattihaalliittifayyadamaafaanii(dareebarachuufibarsiisuuakkasumasyaadannoowwa niifimojulootagaraagaraaqophaa'ankeessatti)maalakkafakkaatuxiinxaluunkallattiifurmaataaaisaani iakeekuunrakkooleewaloonqabnuhiikuudha.Odeeffannoonaafkenniteefgalannisiiqabuguddaadha ; ulfaadhu!

1.Dareebarsiistusta'eyaadannoowwanbarnootaafqopheessitukeessattilooga/loogotakamirratti xiyyeeffachuunbarsiifta? Haalaittifayyadamaloogaakeekkamittimadaalta?

- BarattoonnikutaaOromiyaaaddaaddaarraakandhufanwaanta;aniif, loogniaddaanixiyyeeffadhuhinjiru.
K anumawaalta'eefisirnibarnootaaittiinqophaa'aatureefjirunfulleeffadha.Darbeedar beehaallakoorsichaabu'uureffachuunloogaaddaaddaa nan maka. Ta'us, haalliittifayyadamaloogaakoo, irracaalaattiwaalta'aaakkata'ettanmadaala.

2.Dubbiiyknbarruutokkokeessattiafaanotayknloogotagaraagaraabifootagaraagaraanjijijjiiruun hagamfayyadamta(code switching)? Kaayyoowwanakkamakamiigalmaga'uuffayyadamta?

- Darbeedarbeenanfayyadama. Sunis, kaayyoowwankoorsoowwanakkaxinjechaa, xinhiikaa, xinhiikhaalaa, ogfaanii, fookilooriifidhimmoottaaadaa, duudhaafiafoolaanwalqabatanbarsiisuukeessattinanfayyadama.

3.AfaanOromooyeroobarsiiftuyaadakeeguutummaaguutuuttiAfaanumaOromoonibsita moo darbeedarbeesta'uafaanotagaraagaraanwalmakuunbarsiifta (code mixing)? Yoowalmaktata'ehaalleenakkamakamiikeessatti?

- GuutummaaguutuuttiAfaanumaOromoonhingargaaramu.
Darbeedarbeeamalootaafikaayyoowwankoorsoowwanirrattihundaa'uunafaanotagaraagaraana ngargaarama. Fkn. Koorsii 'Translation'

barsiisuukeessatti Afaan Ingiliziifi Afaan Amaaraan angargaarama. Akkasumas,
 koorsiiwwan ‘terminolojiin’
 isaanii Afaan Oromootiin hin waalta’ in walbiraqabuun nan barsiisa.
 Fkn Xiin hiikhaalakeessatti: speech act, politeness, implicature, ... yemmuun ibsu

4. Adeemsa barsiisuukeessatti afaanootni itasasta’ ekaayyoon wal makuunittifayyadam tukannee
 nkamkam dha?

- Irracaalaatti A/ Ingiliziyyoota’u, darbeedar bee Afaan Amaaraati.

5. Adeemsa Afaan Oromo barsiisuukeessatti afaanotagaraagaraa wal makuunista’ ejjijjiiruun fayyadamuunkunfaayidaa moo miidhaa qabajetteeya adda? Maaliif?

- Faayidaas miidhaas qaba. Afaan Oromo akka faanguddacha ajiruutti, afaanotarogamaraan irraguddatanii bu’uureffata. Fakkeenyaaf, sadarka adigirii, MA fi PhDTti koorsiiwwan kennaman fudhachuun nidanda’ama. Baay’inaan madda isaanii irracaalaatti Afaan Ingiliziiti. Qorannoowwan sadarkaa adda addaatti qophaa’aniinalatti kitaabileen wabiikoorsii ffaan barsiisuuf Afaan Oromootiin qophaa’anihin jiran jechuun nidanda’ama. Kanaaf, hanga Gabbinniafaanichaarogakanaandhu futti wal makuungargaaramuun fayyada. Miidhaanisaa Afaan Oromo irratticaalaatti hojjatameerakkoolee afaan walkeessamakuuf dirqisiisankanniinyoomak saahindeemneedha

6. Afaan Oromo oyeroo barsiiftu jechoota ergifannaan fayyadamta?

Yoofayyadam tata’e faanota kamkamfa’irraa ergifatta?

haalleen akka makamiikeessatti ergifatta?

- Eyyeen, darbeedar beenan fayyadama. Baay’inaan Afaan Ingiliziiti. Haallianikeessattifayyadamus jechichafayyadamuun barbaachisaata’eeyoo argamu. Kanaafuu, jechoonni gara Afaan Oromootiin hiikaminiif hin madaqingaruu yaadrimeeyyiita’any oonabarbaachisan nan ergifadha.

7. Barnoota faaniikeessatti beekuunista’ osoo hin beekiin jechoota arrabsoo (insulting terms) fayyadamtee beekta?

Yoofayyadamteetata’e,

haalleenii fimalleen akka makamiikeessattifayyadamte?

- Fayyadameen beeka. Koorsii jaarsabarreeffama tokkoffaakeessatti jechootaqaani barsiisuukangaafatu jira. Yoos, beeka barsiisuuf ibarachuunumajira. Darbeedar bees, osoo hin beekiinnan fayyadama. Akkasumas, jechibakkatokkottiqaanii hinta’ingaruubakkabi roottiqaaniita’annamudatu. Fkn. Kaachuu – sagaagalu, ...

8. Ittifayyadamni faaniikee jechoota safuu filaguu (‘taboo’ and ‘euphemism’) irraa hagam bilisad hajetteeya adda?

Meehaalattifayyadamakanaan walqabateemudannooyoo qabaattenuufqoodi.

- Jechootasafuufilaguunbeekuirraafaneega. Garuu,
jechoonnitokkottokkobakkatokkottikanlaguuhintaanebakkabiroottiimmoolaguudha.
Warraakkasiierganfayyadameeboodanbara.
Takkabarraanbakkaafiakkanittifayyadamunanilaalladha.
Mudannooaddaayuunivarsiitiittinaqunnameshinqabu.

9. Koorsiileegaragaraabarsiiftukeessattihaalliittifayyadamajechootakeewalqixxummaasaalaaxi
yyeeffannookeessakangalchedhajetteeyaaddaa?
Meehaalaittifayyadamakeeakkamittimadaalta?

- ittifayyadamajechootaakookeessatti,
waa'eewalqixummaakornayaaeeguuttiyaadeehinbeeku. Garuu,
hagasmakarananwalcaalchisunattihinfakkaatu.

10. Yaadannoowwaniifimojuulonibarnootaafqophaa'anjechootaogummaa(professional
words) haalagiddugalagodhataniinhagamkanqophaa'udhajetteeyaadda?
Meemudannoofitaajjabbiqabduibsi.

- Ammatti, ergakaariikulamniwalfakkaataan(harmonized Curriculum)qophaa'ee as
moojulliqophaa'ehinjiru. Ammoo,
yaadannooleenbarsiisotaaddaaddaankuursiifakkaataairrattihaalaaddaaddaanqopha
a'uufiwalirraafuudhamunijira. Darbeedarbee,
dhaabbataahangadhaabbataattisyaadannookoorsiiwwaniiwaljijjiiruunnimul'ata.
Kana keessattis,
addaaddummaanhaalaqophiifidhiyeessiiqabiyyeetiihangafayyadamajechootaogumm
aattinimul'ata. Haata'umalee,
haallimijataanaddaaddummaakanniindhiphisuufuumamehinjiru.

11. Meewalumaagalattirakkooleenittifayyadamaafaaniinwalqabataniibarsiisuusta'eyaadannoo
barnootaafqopheessitukeessattisimudatanmaalmaalfa'idha?

- JechootaAfaanIngiliziyaadrimeeyyiita'aniifikallattiinAfaanOromootiinwalkiphand
habuudha.
- Jechootahinwaalta'iniifiakkaataaaddaaddaanyaadrimeetokkobakkabu'an
(fkn.dayeessa, tiyoorii, yaaxxina, ...)

Odeef-kennaa 9ffaa

A .Odeeffannoo Waliigalaa

- Maqaa Yunivarsiitii: Arsii
- Maqaabarsiisaa: Maammoo Mangashaa
- Digriifibarnoota ittiineebbifaman: Afaan Oromoofi Ogbarruu
- Tajaajila: Waggoota 18

B. Kaayyoo Qorannichaa

Kabajamaa odeef-kennaa, qorannoon kun sadarkaa digriisadaffaan (**PhD**) Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuunguuttachuuf geggeeffama ajirudha. Haalumakanaanis, dhaabbilee barnoota ol'aanaa filataman keessatti haalli itti fayyadama afaanii (daree barachuuf barsiisu akka sumasya adannoowwanii fi mo'ajumoota garaagaraa qophaa' ankeessatti) maalakkafakkaatuxiin xaluunkallatti furmaataa isaani iakeekuun rakkooleewaloon qabnuu kuudha. Odeeffannoon aafkenniteef galannisiif qabu guddaadha ; ulfaadhu!

1. Daree barsiistusta' eya adannoowwan barnootaaf qopheessitukeessatti looga/loogota kamirratti xiyyeeffachuun barsiifta? Haala itti fayyadamaloo gaakee akkamitti madaalta?

Loogasirni barnoota ittiinqophaa'eef, ani kana qopheessuyoota' eloogaid dootti guddadheef fayyadama. Itti fayyadamni loogaabaay' inaanka numaid doonitti guddadhe irratti xiyyeeffata.

2. Dubbiykn barruutokkeessattiafaanota ykn loogota garaagaraa bi'oota garaagaraan jijjiiruun hagam fayyadamta (code switching)? Kaayyoon wanakkamakkamiigalmaga' uuffayyadamta?

Barattoonni akka itti fayyadamaloo gakiyyaan hin rakkanne Afaan Ingiliziiin maddiikaa'a. Hiika wwan yaadimeewwan qabanjechootaloo gaadda fayyadamuunis nanibsa. Yaadbu'uu rota, yaadimeewwan, himteewwan ibsuuf itti fayyadama

3. Afaan Oromoo yeroo barsiiftu yaada keeguutumaaguutuutti Afaanuma Oromoon ibsita mo' darbe darbeesta' uafaanota garaagaraan walmakuun barsiifta (code mixing)? Yoowalmaktata' ehaalleen akkamakkamiikeessatti?

Walmakaan fayyadama. Keessattuu waytaya adota haara waa ibsu gargaarama.

4. Adeemsa barsiisuukeessattiafaanootni atitasasta' ekaayyoon walmakuun itti fayyadamtu kannee nkamkam dha?

Afaan Ingilizii (baay'inaan), Afaan Amaaraa...

5. Adeemsa Afaan Oromoo barsiisuukeessattiafaanota garaagaraa walmakuunista' ejijiiruun fayyadamuunkun faayidaa moo miidhaa qabajetteeya adda? Maaliif?

Faayidaa qaba. Sababni isaastarii yaada san Afaan Oromoon ibsuun rakkiisaata'a. Fkn. Beekumsa, aadaa, falaasamaa laadhuf ankanniin

6. Afaan Oromoo yeroobarsii ftujechoota ergifannaan ifayyadamtaa?
 Yoofayyadamtata' efaanotakamkamfa' irraa ergifatta?
 haalleenakkamakkamiikeessattiergifatta?

Eeyyeennan fayyadama. Waytanjecha Afaan Oromoo yaada san
 sirriittinaa ibsudhabe. Beekumasammayya awaytan barsiisu, himteewwanala awaytan ibsu,
 yaadrimeewwan, yaadbu' uurota...

7. Barnootaafaaniikeessattibeekuunista' eosoohin beekiin jechoota arrabsoo (insulting terms)
 fayyadamtee beektaa? Yoofayyadamteettata'e,
 haalleenii fimalleenakkamakkamiikeessattifayyadamte?

Sababagaraagarummaaloogatiin osoohin beekin fayyadamee beeka. Waytaa foolabarsiisu,
 sheekkoowwan, sirboota, mammaaksota keessatti...

8. Ittifayyadamni faaniikee jechoota safuuf ilaguu ('taboo' and 'euphemism')
 irraa hagam bilisad hajetteeya adda?
 Meehaal ittifayyadamakanaan walqabate mudannooyoo qabaattenuuf qoodi.

Guutumaanguututti bilisamiti. Yero tokkotokko osoohin beekin ifayyadama. Fkn. Jecha
 'mi'oo' fayyadamaan iddootokkotokkottijechasafuuti...

9. Koorsiile garaagara barsii ftukeessatti haalli ittifayyadamajechoota keewalqixxummaasaalaa
 xiyyeeffannoo keessak angalchedhajetteeya adda?
 Meehaal ittifayyadamakee akkamittimadaalta?

Yeroohundaxiyyeeffannoo keessahingalchu. Sababailaalchahawaasakeessajiruunkoor sotak
 iyyakeessattilleeloogiinsaalaanimuldhata.

10. Yaadannoowwanii fimojuulonni barnootaaf qophaa' anjechoota ogummaa (professional
 words) haalagiddu galagodhatanii hagamkan qophaa' udhajetteeya adda?
 Meemudannoof itaajjabbi qabdu ibsi.

Afaan Oromoo
 keessattijechoonni ogummaa irrattixiyyeefftanii qophaa' anwaalta' anhin jiran. Waytatokkom
 ojuulii Yuunivarsiitii Jimmaadhufeittiin barsiisu undad habe. Loogabarreesaan waanguutame
 efayyadamu hindandeenye.

11. Meewalumaagalattirakkooleen ittifayyadamaafaaniin walqabataniibarsiisuusta' eyaadannoo
 barnootaaf qopheessitukeessattisimudatan maalmaalfa'idha?

Beekmusoota, yaadrimeewwan, yaadbu' uurota Afaan Oromoo
 jechoonni qophaa' anwaan hin jirreefhiikuun olfaataature. Looganaannoo keetiin waan hiiktuuf
 barattoonni iddoobiraatii dhufansihubachuudhiisuumalu

Dabalee E: Ragaalee Af-gaaffii Barattootaa

Ragaaleen bu'uuraa qorataan af-gaaffiin odeeffannoo kennitoota garaagaraarraa guuree xiinxale kanneen armaan gaditti

FURTUU: G= Gaaffii, D= Deebii

ODEEFFANNOO KENNAA 1ffaa

G. Maqaan kee eenyu?

D1. Birhaanuu Guutaan jedhama

G. Looga Afaan Oromoo kam keessatti guddatte?

D1. Gidduugala keessattin guddadhe

G. Looga kam baay'inaan fayyadamta?

D1. Looguman keessatti dhaladhee guddadhe.

G. Yeroo kutaa keessatti hirmaattu looga isa kam fayyadamta?

D1. Loogan keessatti dhaladhee guddadhen fayyadama; adeemsa daree barnootaa keessatti hirmaachuu keessatti yeroon yaada koo ibsu kan irra caalaa natti salphatu kanin keessatti dhaladhee guddadhe dha; kanneen kaawwan hinfayyadamu jechuu miti garuu ofitti amantaa gaariin kanin fayyadamu isa kan naannoo kooti

G. Barsiisoonni kee garaagarummaa loogaa hagam keessumsiiisu jettee yaadda?

D1. Muuxannoon barsiisoota koo qaban tokko miti. Barsiisoonni looga murtaa'aa ta'e tokko fayyadaman jiru; kanneen looga garaagaraa gidduugala godhatanis jiru; garuu, hanga barsiisotaa looga garaagaraa fayyadamanii barsiisanii gad'aanaa dha; barsiisotni garri caalu looga naannoo murtaa'aa tokko ykn kan isaaniirratti xiyyeeffachuun kan barsiisandha.

G. Qajeelfamoota, fakkeenyoitniifi shaakalootni tokko tokko barsiisaan kennu seenduubee garaagarummaa loogaa barattootaa hagam xiyyeeffannoo keessa kan galche dha?

D1. Kan garaagarummaa loogaa barattootaa xiyyeeffannoo keessa galche ta'us hagas mara quubsaa miti. Mudannoon ani qabu akka fakkeenyaatti, gaaf tokko barsiisaan looga naannoo Kibbaarraa dhufe tokko yeroo tokko, "mee sagaleen isin irra caalaa jaalattan maali?" jedhee

shaakala keessatti nu gaafate keessatti, ‘sagalee’ akka nyaataatti osoo hinta’iin afuura ykn qilleensa somba keessaa ba’u akka ta’etti hubadhee yeroottan hirmaadhetu ture ; barsiisaan garaagarummaa jirurratti garuu kaninni hubannoo kenne battalumatti odoo hinta’iin gara boodaati.

G. Looga ati dubbattu malee simannaan ati looga garaagaraa hiriyyoota keetiif qabdu maal fakkaata?

D1. Daree waliin barannu keessatti hiriyyoota looga naannoo garaagaraarraa dhufan hedduutu jira; garaagarummaa gidduu keenya jirus akka miidhaginaatti fudhachuun walkabajuun waliin jiraanna; Kan koo malee kan hiriyyoota koos barachuuf fedhii guddaan qaba; isaanis akkasuma garuu yeroo tokko tokko sababa ilaalchaafi amaloota dhuunfaa hiriyyootni keenyi darbee darbee calaqqisiisaniin looga waliirratti walitti qoosuun kan hinoolledha.

G. Looga barsiisonni kee fayyadamanitti hagam gammadoodha? Ilaalchi ati akka waliigalaatti haala itti fayyadama isaaniin walqabatee qabdu maal fakkaata?

D1. Barsiisotni koo looga hunda fayyadamuun barsiisu garuu ilaachi isaan isa waalta’eefi hinwaaltofneef qaban walqixxee miti; irri caalaan isaanii loogni barnootaaf ooluu qabu isa waalta’aa akka ta’eefi isa hinwaaltofne sana barnootaaf fayyadamuun dirqama akka hintaanetti yaadu. Akka yaada kootti, dhimmi loogaa caasaa afaaniirra kan darbee aadaafi hawaasummaa namootaan kan fakkoomu waan ta’eef sababa garaagarummaa sadarkaan uumameef qooliifamuun tajaajilaan ala ta’uu qaba jedhee hin yaadu. Kanaafuu, ilaalchiifi haalli itti fayyadama barsiisotaa akkasii hafuu akka qabu natti mul’ata.

G. Looga ykn jechoota barsiisonni kee daree barnootaa keessatti fayyadaman hubachuu dhabuun dhiibbaan sirra ga’e turee? Mee yoo jiraate kan akkam akkamiiti?

D1. Dhiibbaan inni geessise hagas mara ta’uu baatus, akkuman armaan duratti ibsetti sababa garaagarummaa loogaan uumameen walhubachuuf hanga ta’e qoramuun keenya kan hinoolledha.

G. Adeemsa itti fayyadama loogaa barsiisotaa keessatti, madaalliin walqabatee hoo dhiibbaan sirra ga’e jiraa?

D1. Eeyyeen jira. Dhiibbaa madaalliin walqabatee sababa loogaan narra ga’e keessaa akka fakkeenyaatti, yeroo ta’e tokko gaaffii madaallii deebiin isaa ‘ala ykn diida ‘ture tokkoof jecha

walmadaalaa ‘badhee’ jedhu fayyadame,yeroo akka deebii sirrii hintaanetti fudhatamuun soraramee yeroottan qabxii argachuu malu dhabetu ture.

G. Barachuufi barsiisuu keessatti haala itti fayyadama loogaan walqabatee gama barsiisotaanis ta’e barattootaan rakoolee uumameera jettee yaaddu eeruu dandeessaa?

D1. Eeyyeen rakkoo loogaan walqabatee uumame tokko nan yaadadha.Akka fakkeenyaatti, barattootni akkuma salphaatti sababa looga isaaniitiin itti qoosameen,dubbiin finiinee sadarkaa walitti bu’iinsaarra erga ga’e booda mummeen gidduu seenee dubbii qabbaneessuu isaa nan yaadadha.

ODEEFFANNOO KENNAA 2ffaa

G. Maqaan kee eenyu?

D2. Nuuruu Nasraddin jedhama

G. Looga Afaan Oromoo kam keessatti guddatte?

D2. Looga Bahaa keessattin dhaladhee guddadhe.

G. Looga kam baay’inaan fayyadamta?

D2. Loogan keessatti dhaladhee guddadhe baay’inaan fayyadama; kaawwanis hagas mara danda’uu ykn fayyadamuu baadhus nan yaala; keessumattuu, kan Kibba Bahaa(Harargee)fi Gidduugalaati; carraan kunis kaninni uumame ergan dhaabbilee barnoota ol’aanaa seenee boodadha.

G. . Yeroo daree barnootaa keessatti hirmaattu looga kam fayyadamta?

D2.Kanin keessatti dhaladhee guddadhen irra caalaa fayyadama; darbee darbee garuu kan naannoo kaaniis haallin itti fayyadamujira..

G. Barsiisoonni kee garaagarummaa loogaa hagam keessumsiiisu jettee yaadda?

D2. Barsiisotni garaagarummaa loogaa barattootaa ni keessummeessu garuu haalli isaan itti keessumsiiisanirratti garaagarummaan guddaa ni jira.Looga waalta’e jedhanii yaadan qofarratti xiyyeeffachuun kan barsiisan jiru;looga waalta’e ykn barnootaa jedhanii yaadan sana cinaan,barsiisotni loogan naannoo murtaa’aa tokko akkasumas looga naannoowwan garaagaraa walcinaa fayyadamanii baruufi barsiisuu geggeessan jiru.Barsiisotni baay’een garuu, looga haala

hunda galeessa ta'een keessummeessuurra irra caalaa kan barnootaaf oola jedhanii yaadaniifi kan naannoo murtaa'aa tokko ykn ofii beekuunis ta'e osoo hinbeekiin yeroo xiyyeeffannoo kennan mul'ata.

G. Haala itti fayyadama looga barsiisoota kee akkamitti sadarkeessita?

D2. Bakka dokimantiin haala itti fayyadama loogaa hinjirretti, barsiisotni irri caalaan looga gara ofii fedhanitti luucceessuun fayyadamuutu jira; kanaafuu, sadarkaan haala itti fayyadama looga garaagaraa barsiisotaa gad'aanaadha jedheen yaada.

G. Barsiisiisotni kee jechoota ati hubachuu hindandeenye fayyadamuun si barsiisanii beekuu? Mee wanti si mudate yoo jiraate ibsi.

D2. Eeyyeen.yeroo tokko daree barnootaa keessatti jecha “**Qilxamuu**” jedhu,haala galumsaanis tilmaamuuf rakkisaa ta'e waan fayyadameef hiriyyaa koo naannoo loogaa sanarraa dhufe yerottan gaafadhee hubadhetu ture.

G. Barsiisootni kee qormaata yeroo qopheessaniifi sororsan dhimma garaagarummaa loogaa hagam xiyyeeffannoo keessa galchu?

D2. Qormaata qopheessuus ta'e sororsuu keessatti,kan harka caalaa xiyyeeffannoo argatu jechoota baramoo barsiisaan daree barnootaa keessaafi yaadannoo keessatti akka fedhiifi muuxannoo isaatti fayyadamudha; Yeroo baay'ee deebiin qormaataa haala barsiisaan sun yaadeen malee haala barataan sun yaadeen hubatamee hinsororamu. .

G. Looga ati dubbattu malee simannaan ati looga garaagaraa hiriyyoota keetiif qabdu maal fakkaata?

D2. Looga garaagaraa hiriyyoota koo ykn naannoo Oromiyaa hundaaf kabaja guddaan qaba; irra caalaa garuu kanin iddoo guddaa qabu kan ofiikootifdha.

G. Haala itti fayyadamaa loogaa barsiisotakeerratti ilaalchi ati akka waliigalaatti qabdu maal fakkaata?

D2. Ilaalcha gidduugaleessa ta'en qaba.Barsiisotni muuxannoowwan loogaa qabaniin gahumsa gaariin barsiisaniifi fakkeenyummaa.qaban jiru; kanneen walirraa barachuufi muuxannoo isaanii babal'ifachuuf qophaa'aa hintaanellee ni jiru.Kanaafuu akka ilaalcha kootti, barsiisotni dhimma loogaa baay'ee salphisanii ilaaluurra, ilaalcha barattootaa qajeelchuufi milkaa'ina isaan barnoota

keessatti argatan dhugoomsuu keessatti gaheen inni taphatu ol'aanaa waan ta'eef xiyyeeffannoon kennamuufqaba.

G. Barachuufi barsiisuu keessatti haala itti fayyadama loogaan walqabatee gama barsiisaanis ta'e barataan rakoolee uumameera jettee yaaddu eeruu dandeessaa?

D2. Rakkooleen bifa garaagaraan mul'atan jiraatanis kanneen dogoggora ilaalchaan walqabatee beekuunis ta'e osoo hinbeekiin calaqqisiifaman irra caalaa mul'atu.Fkn.”kana fayyadami sana dhiisi, kun sirriidha sun garuu sirriimiti ykn fudhatama hinqabuufi kkf “ jechuun rakkoolee barnoota Afaan Oromoo gufachiisan keessaa isa bu'uuraati jedheen yaada; ilaalchi akkasii kun hafuu qabaan yaada kooti.

ODEEFFANNOO KENNAA 3ffaa

G. Maqaan kee eenyu?

D3. Jaatanii Jaldeessoon jedhama

G. Looga Afaan Oromoo kam keessatti dhalattee guddatte?

D3. Looga Afaan Oromoo naannoo Kibbaa keessattin dhaladhee guddadhe.

G. Looga kam irra caalaa dandeessa ykn fayyadamta?

D3. Looguma koon baay'inaan fayyadama garuu kaawwanis xiqqoo xiqqoo nan yaala; loogota naannoo garaagaraa akka dabalataatti barachuufis kan irra caalaa haala naaf mijeesse yunivarsitii galuu kooti.

G. Yeroo daree barnootaa keessatti hirmaattu looga naannoo kamii fayyadamta?

D3. Daree barnootaa keessatti yeroon hirmaadhu looga makaan fayyadama; irra caalaa kanin haala idilawaa ta'een fayyadamu garuu kanin keessatti guddadhedha; kaawwan kanin fayyadamu yoo haalli tokko tokko na dirqisiise qofaadha.

G. Barsiisoonni kee dhimma garaagarummaa loogaa akkamitti ilaalu? hagam ammoo keessumsiiisu?

D3 Barsiisotni hedduun, garaagarummaan loogaa xbarnoota Afaan Oromoo keessatti xiyyeeffannoo kan argachuu qabu ta'uu isaa afaaniin kan dubbatan ta'us, haalli qabatamaa itti

fayyadama isaanii garuu kan qabatamaan waan afaaniin dubbatan sana mirkaneessu miti; wanti afaaniin dubbatan sun raawwii isaanii kan walgitu mitii.

G. Haala itti fayyadama loogotaa barsiisoota kee akkamitti sadarkeessita?

D3. Akka waliigalaatti yoo madaalamu, sadarkaan haala itti fayyadama isaanii gaariis yaraas otoo hintaane gidduugaleessadha garuu akka dhuunfaatti, barachuufi barsiisuu keessatti loogni naannoo anni irraa dhufee hagas mara tajaajila barnootaaf yeroo oolu hinlaalle; qoolifamaadha; qorattootni naannoo sanaa tokko tokkos kanaan dura itti fayyadama ykn hirmaannaan looga naannoo kanaa laafaa ta'uu bifa garaagaraatiin kan ibsan ta'us ammallee xiyyeeffannoo hinargatiin jira; kanneen murtaa'aa ta'antu irra caalaa barnootaaf oolaa jira..

G. Qajeelfamoota, fakkeeniyotaafi shaakalootni garaagaraa barsiisaan kennan kan seenduubee loogaa barattootaa hagam xiyyeeffannoo keessa kan galche dha?

D3. Qajeelfamoota, fakkeeniyotaafi shaakaloota barsiisaan kennu keessatti, yeroo baay'ee hiika jechoota tokko tokkoo hubachuun na rakkisa ;haalli itti fayyadama barsiisotaa hnda hammataa miti; irra caalaa gara looga naannoo muraasaatti luucca'edha..Barsiisotni, daree barnootaas ta'e yaadannoo qopheessan keessatti, qajeelfamoota, fakkeeniyotaafi shaakaloota bifa garaagaraan kennan keessatti isa tokko ykn muraasa qofa filachuun fayyadamuurra otoo looga walmakanii fayyadamanii gaarii dha jedheen yaada.

G. Looga ati dubbattu malee simannaan ati looga garaagaraa hiriyyoota keetiif qabdu maal fakkaata?

D3. Simannaa gaariin qaba; namni na barsiisu yoo jiraate barachuufis fedhii guddaan qaba; kan koos barsiisuuf qophaa'aadha; sababni isaas, namni afaan ittiin dhalate kessa qofa jiraachuu hindanda'u; walbarsiisuufi muuxannoo walii qooduun walhubannoo bal'isuudha; tokkummaa keenyas cimsuudha.

G. Haala itti fayyadamaa loogaa barsiisota keetti hagam gammadda? Ilaalchi ati akka waliigalaatti qabdu maal fakkaata?

D3. Ilaalcha gad'aanaa ta'en qaba. Barsiisaan yeroo baay'ee looga barnootaa ykn murtaa'oo ta'an irratti qofa xiyyeeffata; looga garaagaraa barattootaas otoo walcinaa fayyadame gaariidha, barsiisaan tarkaanfii akkasii yoo fudhate, gama tokkoon ilaalchota itti fayyadama loogaan

walqabatanii calaqqisiifaman ni hir'isa; gama kaaniin ammoo, kaayyoo barnootaafi milkaa'ina barnootaa barattootaas mirkaneessuudha jedheen yaada.

G. Sababa garaagarummaa loogaan jechoota hubachuu dhabuunrratti dhiibbaan sirra ga'e turee? Mee yoo jiraate mudannoo qabdu qoodi?

D3. Eeyyeen dhiibbaa narratti uumeera. Jechootni barsiisotni tokko tokko yaadannoo barnootaaf nuuf qopheessu keessatti fayyadaman hubachuuf narakkisa; baay'ee isaanii haala galumsa qabaniin hiikee hubachuuf nan yaala garuu haala carraan akkasii hinjirre keessatti hiriyyoota koo gaafachuunin hubannoo koo cimsa.

ODEEFFANNOO KENNAA 4ffaa

G. Maqaan kee eenyu?

D4. Gammachuu caalchisaan jedhama

G. Looga Afaan Oromoo kam keessatti guddatte?

D4. Looga Afaan Oromoo naannoo Dhiyaa keessattin dhaladhee guddadhe.

G. Looga kam baay'inaan fayyadamta?

D4. Looguma naannoo koo(Dhiyaan) baay'inaan fayyadama.

G. Yeroo daree barnootaa keessatti hirmaattu hoo isa kam fayyadamta?

D4. Looga makaan fayyadama garuu yeroo baay'ee kanin fayyadamu, kanin keessatti dhaladhee guddadhe dha.

G. Barsiisoonni kee garaagarummaa loogaa barattootaa hagam keessumsiiisuu barsiisu jettee yaadda?

D4. Barsiisotni akkaataa garaagarummaa loogaa barattootaan barnoota madaqsuun barsiisan jiru garuu kanneen haala kanaan barsiisan baay'ee xiqqoodha. Harki caalaan barsiisotaa wa'ee garaagarummaa loogaa barattootaatiif baay'ee hin dhiphatan; salphisaniis ilaalu[muuxannoo isaaniif bal'ifachuun beekumsa qaban cimsachuufis baay'ee qophaa'oo miti.

G. Barsiisotni kee jechoota ati hubachuu hindandeenye fayyadamuun si barsiisanii beekuu? Mee wanti si mudate yoo jiraate ibsi.

D4. Loogni barnootaa irra caalaa loogan ani irraa dhuferratti kan xiyyeeffate dha waan ta'eef, hagas mara hubachuuf wanti na rakkise hinturre garuu darbee darbee mudannoowwan salsalphoo na mudatee hinbeeku jechuu miti; anaaf hagasmara yaaddeessaa ta'ee natty hinmul'anne.

G. Barsiisootni kee qormaata yeroo qopheessaniifi sororsan garaagarummaa loogaa barattootaa hagam xiyyeeffannoo keesssa galchu?

D4. Barsiisotni hanga isaanii muraasa ta'e qofti yeroo qormaata qopheessanis ta'e sororsan garaagarummaa barattootaa xiyyeeffannoo keessa galchu garuummoo yeroo baay'ee barsiisota hedduu biratti dhimmi garaagarummaa loogaa xiyyeeffannoo keessa hingalu; dhimmi akkasii kun salphaa fakkaatus, madaallii keessatti gaaffii loogaan walqabatee ka'uuf garuu sababa yeroo ta'u taajjabuu danda'eera.

G. Looga ati dubbattu malee simannaan ati looga garaagaraa hiriyyoota keetiif qabdu maal fakkaata?

D4. Looga kan koo malee loogawwan naannoo Oromiyaa keessa jiran hunda barachuudhaaf fedhii guddaan qaba. Keessumattuu, hiriyyoota koo doormii tokko waliin galu waliin looga waliirratti qoosna; qoosaan sun garuu waan hamaaf nu saaxilu miti; adeemsuma sana keessammoo walbarsiifna; muuxannoofi mudannoowwan qabnu hunda waliif qoodna; barnoota idileen walqabatees waan ifa nuuf hintaane waliif ibsuun walhubachiifna; qabata loogaanis waa'ee safuu, aadaa, naannoo, hawaasummaaf kkf keenya walirraa barra jechuudha.

G. Haala itti fayyadama loogaa barsiisota keetti hagam gammadoodha? Ilaalchi ati akka waliigalaatti qabdu maal fakkaata?

D4. Haala amma jiruun hagas mara gammadoo miti; hojiin manaa nu hafu hedduudha jedheen yaada; barsiisotni hedduun dhimma loogaa kana akka laayyootti ykn salphisuun ilaalu garuummoo fakkoommiiwwan loogaan walqabatani dhimmoota aadaa, duudhaa, safuufi sona hawaasummaa waliin walqabatani barnoota keessatti muuxannoofi beekumsa garaagaraa gabbisan jiru waan ta'eef, barattootniifi barsiisotni ilaalchota dogoggoraa isaanii sirreessuun xiinsamuu walii miidhuurra ijaaruu qabu yaada jedhun qaba.

ODEEFFANNOO KENNAA 5ffaa

G. Maqaan kee eenyu?

D5. Hasan Aabbuun jedhama

G. Looga Afaan Oromoo kam keessatti guddatte?

D5. Looga Bahaa keessattin dhaladhee guddadhe.

G. Looga kam baay'inaan fayyadamta?

D5 Loogni ani irra caala ykn baay'inaan fayyadamu kanin keessatti guddadhe ykn looga naannoo Arsii Baaleeti.

G. Yeroo daree barnootaa keessatti hirmaattu looga kam fayyadamta?

D5. Looga naannoowwan kaanii hanga ta'e nan yaala; keessumattuu al-idileen ykn barnootaan alatti hiriyyoota koo waliin taanee dhimmoota garaagaraa kaafnee yeroo waliin haasofnun fayyadama garuu yeroon daree barnootaa keessatti dhimmoota barnootaan walqabatanirratti yeroon hirmaadhu kanin keessatti dhaladhee guddadhe sana dha.

G. Barsiisoonni kee garaagarummaa loogaa hagam keessumsiiisu ykn simatu jettee yaadda?

D5.Barsiisaadhaa barsiisaatti garaagarummaa qaba.Akkuma maleenya barnootaa(pedagogy) keessattis ibsametti, loogni seenduubeewwan garaagarummaan barattootaa bakka bu'an keessaa isa tokkodha.Barnootni fedhiifi garaagarummaa barattootaa haala gidduugala godhateen geggeeffamuu qaba.Haaluma kanaan barsiisotni qubaan lakkaa'aman malleen barsiisuu isaanii akkaataa garaagarummaa barattootaan jijijjiiruufi madaqsuun barsiisu, kaawwan garuu sanaaf dhimma hinqaban;.karoorama ofii baasaniifi mala gogaa ta'een barsiisu.

G. Haala itti fayyadama looga barsiisoota kee akkamitti sadarkeessita?

D5.Barsiisotni hedduun adeemsa itti fayyadama isaanii keessatti, loogota bilisaan fayyadamuurra gara ofii yaadanitti luuceessuun ykn gara isa baramaa/barnootaa jedhamutti masakamuun yeroo barsiisan mul'ata; .Kanaafuu,sadarkaan haala itti fayyadama loogotaa naannoo garaagaraa gad'aanaadha jedheen yaada.

G. Kan ati dubbattu ykn fayyadamtu malee simannaan ati looga naannoo garaagaraa hiriyyoota keetiif qabdu maal fakkaata?

D5. Loogotni Afaan Oromoo keessa jiran hunduu kanuma keenya; hundeen isaanii tokkuma. Loogawwan naannoo garaagaraa hiriyyoota koo barachuuf fedhiin ani qabu ol'aanaa dha; ilaalchi ani qabus gaarii dha garuu kanneen 'kan koo qofatu sirriidha; kaawwan dhiisi' jechuun, isa tokko ol kaasuun kaawwan gadi qabuu warra barbaadan balaaleeffachuu qabna jedheen yaada.

G. Garaagarummaan loogaa garaagarummaa walhubannoo uumeera moo hinuumne jettee yaaddaa? .

D5. Ni uuma jedheen yaada. Hubannoo keenya kan murteessu haala itti fayyadama keenya dha jedheen yaada. Akkuma beekamu, garaagarummaan loogaa jiraachuun isaa beekamaa dha. Itti fayyadamni garaagarummaa bal'isu yoo jiraate hubannoon keenya ni dhiphata garuu itti fayyadamni keenya garaagarummaa dhiphisaa yeroo dhufu haalli walhubannoo keenyaas bal'achaa deema. Taateen yeroo ammaa barachuufi barsiisuu keessatti ta'aa jirus kan kana mirkaneessudha.

G. Haala itti fayyadama loogaa barsiisota keetti hagam gammadoodha? Ilaalchi ati akka waliigalaatti qabdu maal fakkaata?

D5. Hagas mara gammadoo miti. Barsiisotni irra caalaa, yaadannoo barnootaaf qopheessanis ta'e daree barnootaa keessatti yeroo barsiisan jechoota isaan fayyadaman looga naannoo murtaa'erratti kan xiyyeeffatedha; raawwiin akkasii kun ammoo, isa qoolifameefi xiyyeeffannoo hinarganne sana ni dallansiisa. Barsiisotni isa idilawaa walcinaan loogoota garaagaraa gidduugala godhachuun barsiisan jiraatanis hanga isaanii xiqqaa dha..

G. Haala itti fayyadama loogaa barsiisotaan walqabatee madaalliirratti hoo dhiibbaan sirra ga'e jiraa?

D5. Eeyyeen; madaallii bifoote garaagaraan kennamu keessatti, yeroo tokko tokko jechoota hubachuuf rakkisoo ta'antu na mudata; barsiisaanis kanin ani fayyadame sana na hubachuuf yeroo rakkatu taajjabeera.

Haaluma walfakkaatuun barsiisotni tokko tokko qormaata yeroo nu qoran "kallattiidhaan jechan ani fayyadame fayyadamuu qabdu ykn akkan ani yaadetti barreessuu qabdu" jedhu. Kan isaan

irratti xxiyyeeffataniin ala looga keenya gidduugala godhachuun jechoota walmadaalaa garaagaraan yaada keenya yeroo ibsinu, barsiisotni dhimma loogaaf osoo hindhiphatiin qormaaticha sororsu waan ta'eef, hanga qabxii galmeessisiisurratti hanga ta'e dhiibbaa uumeera.

ODEEFFANNOO KENNAA 6ffaa

G. Maqaan kee eenyu?

D6. Nibras Mohammadin jedhama

G. Looga Afaan Oromoo kam keessatti guddatte?

D6. Looga Kibba Bahaa(naannoo Harargee) keessattin guddadhe.

G. Looga naannoo kamii baay'inaan fayyadamta?

D6. Looga naannoo koon irra caalaa fayyadama..

G. Adeemsa hirmaannaa daree barnootaa keessatti looga kam fayyadamta?

D6. Hunda nan yaala garuu kanneen kaawan akka kan koo sanatti bilisa ta'uufi ofitti amantaa gaariin qooda fudhachuurratti laafaa waanin ta'eef, daree barnootaa keessatti irra caalaa looga naannoo koo fayyadamuunin hirmaadha.

G. Barsiisoonni kee yeroo barsiisan garaagarummaa loogaa hagam keessumsiiisu jettee yaadda?

D6. Barsiisotni hedduun garaagarummaan loogaa kabajamuu akka qabu afaaniin dubbatu; simannaa gaariis qabu garuu lafarratti haalli raawwii qabatamaa isaanii garaagarummaa kan xiyyeeffannoo keessa galche miti.

G. Barsiisiisotni kee jechoota ati hubachuuf si rakkisu fayyadamuun si barsiisanii beekuu? Hagami?.

D6. Eeyyeen; taateen akkasii kun yeroo hedduu na mudateera. Keessumattuu, yaadannoowwan barsiisotni barnootaaf qopheessan keessatti ni mudata; Dubbisa, shaakalootaafi qajeelfamoota kennaman garaagaraa keessatti mul'ata. Akka kootti, burjaaja'a kana salphisuuf yoo xiqqaate ibsi hiika jechootaa(glossary) jiraachuun silaa fala; rakkoolee hubannoo garaagarummaa loogaan walqabatee jiru hanga ta'e ni hir'isa garuu barsiisotni haala kanaan yaadannoo barnootaa qopheessan kan qubaan lakka'amandha.

G. Barsiisootni kee qormaata yeroo qopheessaniifi sororsan dhimma garaagarummaa loogaa barattootaa hagam xiyyeeffannoo keesssa galchu?

D6. Irra caalaa looguma baramoo ta'anirratti xiyyeeffatanii qormaata qopheessu; adeemsa sororuu keessattis garaagarummaa loogaa barattootaaf dhimma hinqaban. Xiyyeeffannoon looga barattootaatiif kennamu gad'aanaa dha.

G. Kan ati fayyadamtu malee simannaan ati looga garaagaraa hiriyyoota keetiif qabdu maal fakkaata?

D6. Simannaa gaariin qaba; loogawwan hunda baruufis ta'e barachuuf kaka'umsaafi fedhii guddaan qaba. Hundaa'uu kabajan ani qabu ol'aanaa dha. Haaluma walfakkaatuun, hiriyyootni koos kan naannoo koo osoo simataniifi walirraa barannee baay'ee natty tola.

G. Garaagarummaan gama loogotaan mul'atu walhubannoorratti garaagarummaa uumeera jettee yaaddaa? Mee mudannoo ati barnoota keessatti qabdu ibsi.

D6. Ni uuma; anumtiyyuu dhimma kanaan walqabatee mudannoon qaba. Mudannoowwan hedduu qabaadhus isaan keessaa tokkn siif hima: kan barsiisaan keenyi Afaaniifi xiinqooqa nu barsiisaa ture tokko yeroo ta'e fakkeenya nuuf kenne keessatti himni **“Tolaan fardaan deeme”** jechuun ibse, kallattii hubannoo koo jijjiireera; akka looga naannoo keenyaatti 'fardaan deeme' inni jedhu safuudha

G. Looga barsiisotni kee fayyadamanitti hagam gammadoodha? Ilaalchi ati akka waliigalaatti qabdu maal fakkaata?

D6. Baay'ee itti gammaduu baadhus homaanjedhu gaariidhuma; ilaalchota dogoggoraafi komeewwan gama qaamota garaagaraan calaqqisiifaman hambisuuf, qaawwa itti fayyadama loogaan walqabatee barsiisotarratti mul'aturratti hojjachuun barbaachisaa akka ta'e natti mul'ata

Dhaamsa: Barachuufi barsiisuu keessatti loogota murtaa'oo ykn kan barnootaa jedhamanii yaadaman qofarratti otoo hinta'iin, loogoota garaagara gara waaltinaatti dhufanirratti hojjachuu qabna; sababni isaas, looga garaagaraa barattootaa fayyadamuun, barattootni looga isaaniitiin yaada isaanii ibsachuun, barnoota isaaniin akka milkaa'an akkasumas loogni dhimma duudhaa, aadaa akkasumas eenyummaa barattootaati waan ta'eef, barattootni hiriyyootaafi barsiisota isaniirratti ilaalcha gaariis qabataniin xiinsammuu walii ijaaruuf isaan fayyada waan ta'eef jajjabeeffamuu qaba jedheen yaada.

ODEEFFANNOO KENNAA 7ffaa

G. Maqaan kee eenyu?

D7. Bilisaa Jamaalin jedhama

G. Looga Afaan Oromoo kam keessatti dhalattee guddatte?

D7. Looga naannoo Bahaa keessattin guddadhe

G. Looga naannoo kamii baay'inaan fayyadamta?

D7. Loogan keessatti dhaladhee guddadhe kanan baay'inaan fayyadama.

G. Yeroo kutaa ykn daree barnootaa keessatti hirmaattuhoo isa kam fayyadamta?

D7. Looga garaagaraan fayyadama; kan naannoo kootiifi looga barnootaa jechuun kan barsiisotni itti dhimma ba'an sanan fayyadama. Loogni baay'inaan ykn irra caalaa fayyadamu garuu kan naannoo kiyya sanadha.

G. Barsiisoonni kee garaagarummaa loogaa hagam keessumsiiisu ykn haalli simannaa isaanii maal fakkaata?

D7. Irri caalaan barsiisoota keenyaa, daree barnootaa keessatti yeroo nu barsiisanis garaagarummaan loogotaa kabajamuu akka qabutti faarsu garuu raawwiin lafarratti mul'atu sana kan dhugoomsu miti. Yaadannoo barnootaaf qopheessan keessattis dhimmi garaagarummaa loogaa waan xiyyeeffannoo argate hinfakkaatu. Kanaafuu, akkuma faranjoonni **'walk the talk'** jedhan sana, haalli itti fayyadama barsiisotaa afaanirra darbee raawwii qabatamaan mirkanaa'uu qaba jedheen yaada..

G. Haala itti fayyadama loogaa barsiisoota kee akkamitti sadarkeessita?

D7. Akkuman armaan duratti kaasuuf yaale sana, barsiisotni hedduun isaanii looga naannoo garaagaraa barattootaa simachuun hojiitti hiikuurratti laafaadha; looga murtaa'aa (kan barnootaa jedhamanii kan yaadaman qofa) tokko ykn naannoo isaaniirratti xiyyeeffatu. Kanaafuu, haalli itti fayyadama isaanii gaarii kan jedhamu miti.

G. Madaalliiwwaniifi sororsa qormaataa garaagaraa keessatti dhimmi garaagarummaan loogaa hagam xiyyeeffannoo argata?

D7. Qabiyyeewwan qormaataa sadarkaa'ee adda addaan qophaa'anis ta'e sororsa qormaataa keessatti, dhimmi garaagarummaa loogaa hagas mara hinyaadatamu; haalli itti fayyadama loogaa amalaafi fedhii barsiisota nu barsiisaniirratti kan xiyyeeffatedha.

G. Looga naannoo kee malee simannaan ati looga barnootaa naannoo garaagaraaf qabdu maal fakkaata?

D7. Simannaa gaariin qaba. Kan koos barsiisuuf, kan kaawwanii barachuuf fedhii guddaan qaba. Loogawwan naannoo garaagaraa keessaa, keessumattuu, loogni dhiyaafi gidduugalaa, kan barsiisotni hedduun itti dhimma ba'aniifi kan irra caalaa barnootni ittiin geggeeffamu dha; kanarratti mormii hinqabu garuummoo kaawwanis osoo ofkeessatti hammatee gaariidha jedheen yaada jedhamee waan yaadamuuf, fedhiin ani kanneen barachuuf qabu daran ol'aanaadha.

G. Garaagarummaan loogaa walhubannoorratti garaagarummaa uumeera jettee yaaddaa? Uumeera yoo jette, mee yaada kee ragaadhaan deeggari.

D7 Garaagarummaan loogaa walhubannoorratti garaagarummaa ni uuma. Akka fakkeenyaatti, jechi 'Qunxee' jedhu akka naannoo keenyaatti jecha hiika qajeelaa qabudha akka naannoo looga naannoo kaawwaniitti garuu safuudha [gama kaaniin, jechi 'bukkee' jedhu akka looga naannoo keenyaatti safuudha akka kaawwaniitti garuu qajeelaadha; kanaafuu, taateewwan akkasii kunneen dhimmoota safuun walqabatani walhubannoorratti dhiibbaa uuman keessaa akka fakkenya tokkootti kaasuun ni danda'ama.

G. Haala itti fayyadama loogaa barsiisotakeetti hagam gammadoodha? Ilaalchi ati akka waliigalaatti isaaniif qabdu maal fakkaata?

D7. Sadarkaan gammachuu koo gidduugaleessadha. Haalli itti fayyadama loogaa barsiisaadhaa barsiisaatti garaagarummaa ni qabaata; kan 'looga barnootaa' jedhamu sana qofa fayyadamuun kan barsiisu jira; kan barnootaa sanaafi kan naannoo isaa walduukaa fayyadamuun kan barsiisu jira; kan barnootaafi loogawan garaagaraa barattootaa walduukaa fayyadamuun barsiisu jira. Walumaa galatti, haalli itti fayyadama isaanii kan tokkummaa hinqabneefi akka feetummaan hojiirra oolu waan ta'eef dhimma tarkaanfii barbaadu dha jedheen yaada.

G. Barachuufi barsiisuu keessatti adeemsa itti fayyadama loogaa keessatti gama barsiisotaanis ta'e barattootaan rakkooleen mudatan jiruu?mee yoo jiraatan yaada kee qoodi.

D7. Adeemsa barachuufi barsiisuu keessatti haalli itti fayyadama garaagarummaa barattootaa xiyyeeffannoo keessa hingalchine,madda rakkoolee ilaalchaa,hubannoofi madaallii barattootaa ta'aniiru.Kunneen immoo,barattootni fedhii,hamilee fi kaka'umsa gaariin akka barnoota isaanii hin hordofne gufuu ta'u.Akka barataa afaaniitti mudannoo koofi kan hiriyyoota koorraa ka'uun wantootni ani taajjabe,barattootni sababa rakkoolee isaan mudataniin, yeroo mara ta'uu baates darbee darbee walitti bu'uu,qabxii madaallii barattootaa hanqisuu,miira ol'aantummaafi gad'aantummaa calaqqisiisuufi eeruun ni danda'amaKanaafuu, .rakkooleen akkasii kunneen osoo hinfiniiniifi hincimiin dura sadarkaa kanaan yoo fala argatan malee nageenyiifi milkaa'inni baruufi barsiisuu wabii hinargatu jedheen yaada.

ODEEFFANNOO KENNAA 8ffaa

G. Maqaan kee eenyu?

D8. Shallamaa Mulugeetaan jedhama

G. Looga Afaan Oromoo kam keessatti dhalattee guddatte?

D8. Looga Afaan Oromoo naannoo gidduugalaa keessattin dhaladhee guddadhe

G. Looga kam baay'inaan fayyadamta?

D8. Looguma koon baay'inaan fayyadama garuu ergan yunivarsiitii galee adeemsa hiriyyoota ykn namoota kaawwan waliin hariiroo uumuu keessa hanga ta'e carraa loogawwan kaawwanis baruu ykn fayyadamuu argadheera.

G. Yeroo daree barnootaa keessatti hirmaattu hoo looga kam fayyadamta?

D8. Hirmaannaawwan daree barnootaa keessatti bifa garaagaraan godhaman keessatti, marii gareewwanii, gaaffiifi deebiirrattis ta'e dhiyeessa abbaltiiwwan garaagaraa keessatti looguma naannoo koo bilisaan fayyadamuunin hirmaadha.

G. Barsiisoonni kee garaagarummaa loogaatiif ilaalchi qaban maal fakkaata ykn hagam keessumsiiisu?

D8. Barsiisotni keenyi hedduun garaagarummaa loogaa haalaan keessumsiisuu ykn simachuu isaanii afaaniin dubbatu; ilaalchi qabanis qajeelaa ta'uu ibsu garuu ammoo kun raawwii isaanii keessatti kan qabatamaan mul'atu miti.

G. Haala itti fayyadama garaagarummaa looga barsiisoota kee akkamitti sadarkeessita?

D8. Hangi isaa walcaalus, barsiisotaa seenduubee garaagarummaa loogaa barattootaa gidduugala godhachuun barsiisan muraasa dha; muraasni hafan kaawwan gara ofiitti ykn murtaa'aa ta'e tokkotti luucceessuun barsiisu. Kanaafuu, sadarkaan haala itti fayyadama isaanii gaariis yaraas otoo hinta'iin gidduugaleessadha yaada jedhun qaba.

G. Barsiisootni kee qormaata yeroo qopheessaniifi sororsan dhimma garaagarummaa loogaa barattootaa hagam gidduugala godhatu?

D8. Barsiisotni hedduun qormaata qopheessuus ta'e sororsuu keessatti fhaalli itti fayyadama loogaa isaanii harka caalaa looga naannoo dhiyaafi gidduugalaarratti kan duufedha.

G. Kan naannoo kee malee simannaan ati looga garaagaraa hiriyyoota keetiif qabdu maal fakkaata?

D8. Loogan ani keessatti dhaladhee guddadheen ala fedhiin ani loogawwan garaagaraa hiriyyoota koo barachuuf qabu akkasumas kabajni ani isaaniif qabu ol'aanaa dha garuu barnoota keessatti muuxannoo loogoota garaagaraa gabbifachuuf carraan jiru hagas mara bal'aa miti.

G. Garaagarummaan loogaa walhubannorratti dhiibbaa uumeera moo hinuumne jettee yaadda? Yoo uumeera jette, mee ragaafi fakkeenyaan deeggari.

D8. Kun gaaffii hinqabu. Hanga garaagarummaan loogaa jirutti garaagarummaan walhubannoos ni jiraata; battala garaagarummaan itti fayyadama loogaa bal'achaa deemutti haalli walhubannoos akkasuma bal'achaa deema; haalli qabatamaa dareefi qophii yaadannoo barnootaas kan kana mirkaneessudha garuu taateen akkasii kun kaninni mul'atu darbee darbeeti

G. Looga barsiisotni kee fayyadamanitti hagam gammadoodha? Ilaalchi ati akka waliigalaatti haala itti fayyadama isaaniirratti qabdu maal fakkaata?

D8. Haalli itti fayyadama loogotaa barsiisotaa irra caalaa loogoota murtaa'oo ta'anirratti kan duufedha; dhimma seenduubee garaagarummaa loogaatiif xiyyeeffannoon kennamu

gad'aanaadha.Kanaafuu, haala itti fayyadama isaaniirratti ilaalchi ani qabu gaariis yaraas otoo hintaane gidduugaleessadha.

ODEEFFANNOO KENNAA 9ffaa

G. Maqaan kee eenyu?

D9. Guddisaa Baqqalaan jedhama

G. Looga Afaan Oromoo kam keessatti guddatte?

D9. Gidduugala keessattin guddadhe

G. Looga kam baay'inaan fayyadamta?

D9. Looguma koon baay'inaan fayyadama.

G. Yeroo kutaa keessatti hirmaattu looga isa kam fayyadamta?

D9. Loogan keessatti guddadhen fayyadama; sababni isaas,fayyadamiinsa loogaa barsiisotaas irra caalaa loogan ani keessatti guddadherratti kan hirkate waan ta'eef daree keessatti hirmaachuuf haala naaf mijeessuu danda'eera.

G. Barsiisoonni kee garaagarummaa loogaa hagam keessumsiiisu jettee yaadda?

D9. Muuxannoon barsiisoota koo garaagara dha.Barsiisoonni looga murtaa'aa ta'e tokko fayyadaman jiru; kanneen looga garaagaraa gidduugala godhatanis jiru; garuu, hangi barsiisotaa looga garaagaraa fayyadamanii barsiisanii gad'aanaa dha; barsiisotni garri caalu looga naannoo isaaniirratti duufuun kan barsiisani dha..

G. Barsiisootni kee qormaata yeroo qopheessaniifi sororsan dhimma loogotaa hagam xiyyeeffannoo keesssa galchu?

D9. Haalli fayyadamiinsi isaanii hagas mara garaagarummaa loogaa kan xiyyeeffannoo keessa galche miti Kitaabnis harka caalaa kan itti hirkate ykn itti barreeffamu looga naannoo dhiyaafi gidduugala dha waan ta'eef,qormaata yeroo qopheessans ta'e sororsan irra caalaa loogawwan naannoo kanneenii ka'umsa godhataniiti.

G. Qajeelfamoota,fakkeeniyotaafi shaakalootni barsiisaan kennu seenduubee oogaa barattootaa hagam xiyyeeffannoo keessa kan galche dha?

D9. Haalli fayyadamiinsa loogaa barsiisota qubaan lakkaa'amanii,kan seenduubee garaagarummaa loogaa barattootaa xiyyeeffannoo kessa galchu dha.Barsiisotni baay'een isaanii kan looga murtaa'e tokko ykn naannoo isaaniirratti xiyyeeffatani dha.Mudannoon ani qabu akka fakkeenyaatti,gaaf tokko barsiisaan looga naannoo Baharraa dhufe tokko gaaffiin filannoo inni shaakala daree keessaaf nuuf kenne keessatti,kaninni "yaadni dhara ta'e kami?" jechuun nu gaafate, hiikni jecha'dhara' jedhu maal akka ta'e gaafannaan, "innumtuu qaama shaakalaati" jechuun natti hinhimiin waan hafeef,'dhugaa' isa jedhuun bakka buusuun yeroottan deebii dogoggoraa kennetu ture.

G. Looga naannoo kee malee simannaan ati looga naannoo garaagaraa hiriyyoota keetiif qabdu maal fakkaata?

D9. Looga naannoo koo malee kaawwan barachuuf fedhiin ani qabu ol'aanaa dha; kun kaninni ta'u garuu,hiriyyoota koo looga naannoo kootiif ilalcha ykn kabaja gaarii qabaniif dha.

G. Garaagarummaan loogaa walhubannoorratti garaagarummaa uumeera moo hinuumne jettee yaaddaa? Mee mudannoo ati qabduun walqabsiisuun fakkeenyaan deeggari.

D9. Eeyyeen walhubannoorratti garaagarummaa ni uumas uumeeras.Haala hubannoo keenyaa kan murteessu,akkaataa fayyadamiinsa loogaa keenyaati. Garaagarummaan hubannoo waliin walqabatu,gama tokkoon,hiika jechichaa siruma hubachuu dhabuu yeroo ta'u,gama kaaniin ammo,haala yaadameen otoo hinta'iin haala biroon hiikuun hubachuu fa'i dha.Mee mudannoowwan anaafi hiriyyoota koo, haala birootiin hubachuun hiikuurratti nu mudate akka fakkeenyaatti haa kaasu.

Fkn.jechi naannoo Gujiitti **ceera** jedhamu shawaatti **qaanii dha**.Gama kaaniin,kan iddoo kaanitti **bassoon** akka gosa nyaataa garbuurraa hojjatamutti fudhatamu,Gujiifi booranatti akka **safuu ykn qaama saalaatti** fudhatama.Garaagarummaan hubannoo akkasii kun, adeemsa fayyadamiinsa keessa anaafi hiriyyoota koo mudate dha.

G. Haala itti fayyadama loogaa barsiisota keetti hagam gammadoodha? Ilaalchi ati akka waliigalaatti qabdu maal fakkaata?

D9. Barsiisotni looga waalta'aa ta'e fayyadamuun barsiisan jiru; loogawwan waalt'aa jedhaman kunneenis irra caalaa naannoowwan loogaa muraasa ta'an qofa kan hammatani dha.Kanneen isa

waalta'eefi hinwaaltofne jedhmu walcinaa fayyadamuun barsiisanis ni jiru. Anaaf, gama lachaniinuu barsiifamuun isaa mijataa dha waan ta'eef ilaalcha gaariin qaba.

G. Adeemsa itti fayyadama loogaa keessatti madaalliin walqabatee hoo dhiibbaan sirra ga'e jiraa?

D9. Eeyyeen jira. Yeroo waggaa tokkoffaa turre, jechi **irreessa** jedhu qormaataarratti nuu dhufee ture; akka Gujiitti **Tulluu** ykn **bakka awwalchaati**; akka naannoo keenyaatti garuu ani **malkaa bu'anii bakkatti galateeffatani dha** jedhee yaadeen ture garuu dubbisa keessatti haalli galumsaafi kallattiin jechichaa haala jireenya hawaasummaa naannoo Gujii waliin walqabata waan ta'eef, jechicha akkan ani yaadetti hiikuun milkaa'uu waan hindandeenyeef qabxiin argachuu malu osoo hinargatiin hafeera.

G. Barachuuuufi barsiisuu keessatti dhimma loogaan walqabatee gama barsiisotaanis ta'e barattootaan rakoolee uumaman jettee yaaddu eeruu dandeessaa?

D9. Eeyyeen rakkoon uumame ture. Akka fakkeenyaatti, barattootni akkuma salphaatti sababa looga isaaniitiin itti qoosameen, dareedhaan alatti lolli garee adda addaa gidduutti uumameen sadarkaa finiinuurra yeroo ga'etu ture

ODEEFFANNOO KENNAA 10ffaa

G. Maqaan kee eenyu?

D10. Masuud Abdulwaahidn jedhama

G. Looga Afaan Oromoo kam keessatti guddatte?

D10. Looga Baha keessattin guddadhe garuu Harargeen, naannoon ani keessatti dhaladhee guddadhe, Baalee (Ginnir), waan daangeessuuf, loogni ani dubbadhu walmakaa (looga bahaafi kibba baha) dha.

G. Looga kam baay'inaan fayyadamta?

D10. Loogan keessatti guddadhe baay'inaan fayyadama; looga Kibba Bahaarrattis haalli fayyadamiinsi koo gidduugaleessa dha; kaawwanis baay'eellee danda'uu baadhu haga tokko sadarkaa dubbiitiin ninyaala (Fkn. Kan Gujii, Gidduugalaa...); keessumattuu carraan kun kaninni uumame ergan dhaabbilee barnoota ol'aanaa galeeti.

G. Yeroo kutaa keessatti hirmaattu isa kam fayyadamta?

D10. Looga walmakaa(Bahaafi Kibba Bahaa) fayyadama.Dhiyeessa abbaltiirrattirratti jechoota ykn loogan ani keessatti guddadhe fayyadamuun yeroon dhiyeessu barattootni yerootti natti koflantu ture.

G. Barsiisoonni kee garaagarummaa loogaa hagam keessumsiiisu jettee yaadda?

D10. Garaagarummaa loogaa barattootaa ni keessummeessu garuu looga keessumsiiisuuratti garaagarummaan barsiisota gidduu jira.Looga waalta'e qofarratti xiyyeeffachuun kan barsiisan jiru;looga waalta'e ykn barnootaa sana cinaan,barsiisotni loogan naannoo ofii fayyadaman akkasumas looga naannoowwan garaagaraa walcinaa fayyadamanii baruufi barsiisuu geggeessan jiru.Barsiisotni baay'een garuu, isa barnootaa cinaan xiyyeeffannoon isaan garaagarummaa loogaatiif kennan hagas mara waan garaa nama ga'u miti.

G. Fayyadamiinsa looga garaagaraa barsiisoota kee akkamitti sadarkeessita?

D10. Loogawwan garaagaraa barattootaarra,barsiisotni loogawwan baay'ee murtaa'oo ykn muraasa ta'anirratti xiyyeeffachuun barsiisu waan ta'eef,gama kootiin,sadarkaan fayyadamiinsa loogaa garaagaraa barsiisaa gad'aanaa dha yaada jedhun qaba.

G. Barsiisiisotni kee jechoota ati hubachuu hindandeenyeen si barsiisanii beekuu?
Mee wanti si mudate yoo jiraate ibsi.

D10. Eeyyeen.yeroo tokko yaadannoo barsiisaan qopheesse keessatti jecha “**bacaa**” jedhu wallaalee hiriyyaa koo naannoo loogaa sanarraa dhufe yerottan gaafadhetu ture.

G. Barsiisootni kee qormaata yeroo qopheessaniifi sororsan garaagarummaa loogaa barattootaa hagam xiyyeeffannoo keessa galchu?

D10. Qormaata qopheessuus ta'e sororsuu keessatti,kan harka caalaa xiyyeeffannoo argatu kan idilawaa ta'e sanaafi looga naannoo barsiisaati.Sadarkaan fayyadamiinsaa garaagarummaa loogaa gadi bu'aa dha.

G. Qajeelfamoota,fakkeenyyotaafi shaakaloota barsiisaan kennu kan seenduubee garaagarummaa barattootaa hagam kan xiyyeeffannoo keessa galche dha?

D10. Loogoota garaagaraa haala gidduugala godhateen barsiisuuratti mudaan jira.Akka fakkeenyaatti mudannoon ani qabu,Gaaf tokko barsiisaan daree barnootaa keessatti “**caalaan**

wadaroo bite” jechuun fakkeenya nuuf kenne keessatti, yeootan harka koo baasee “barsiisaa wadaroo jechuun maal jechuu dha” jedhe nan yaadadha. Nu biratti “**funyoo**” jedhamuun beekama.

G. Looga ati dubbattu malee simannaan ati looga garaagaraa hiriyyoota keetiif qabdu maal fakkaata?

D10. Yeroon jalqaba dhufu, naannoowwan Oromiyaa garaagaraarraa waan dhufneef “kaawwan waliin waliigaluurratti rakkachuu danda’aa laata” yaada jedhuun xiqqoo rifadheen ture. Gara yunivarsiitiitti dhufuun ergan hiriyyoota kootti hiiqee walbareen booda, loogawwan hiriyyoota koo irra caalaa faayidaarra oolaa jiran jedhamanii yaadaman, looga dhiyaafi gidduugala, ergan barachuu jalqabee natti fure Loogawwan naannoo Oromiyaa hunda barachuuf fedhii guddaan qaba; barachaatis jira.

G. Garaagarummaan loogaa hubannoorratti garaagarummaa ni uuma moo hinuumu jettee yaaddaa? Mee mudannoo ati qabduun walqabsiisuun fakkeenyaan deeggari.

D10. Eeyyeen ni uuma; akka ilaalcha kootti haalli fayyadamiinsi loogaa walhubannoorratti garaagarummaa ni uuma yaada jedhun qaba. Waan haasa’amu tokko otoo hinhubatiin hiika biroo itti kennuun miira hintaane keessa galuun barbaachisaa miti. Akka fakkeenyaatti, waggaa jalqabaa hiriyyaa koo Booranarraa dhufe waliin doormii tokko keessa jiraannu, “kaaffee haa deemnu” naan jennaan, “aboo maa hanjamta nurraa dhaabi” jedheen; ani akkanni hinariifanneefi obsaan na eegge walumaan deemnu barbaadeen sana jedhe; inni garuu, arraba ykn qeeqa wayii itti fakkaate aaree na biraa tare; ergasii isa hubachiiseetan waliigallee walitti dachaane.

Inni biroo, Hiriyyaan koo osoo daree keessatti hojii gareerratti mari’ataa jirruu, ‘dhaqi ishee bukkee taa’i’ naan jennaan, gar-malee aareetan hiriyyaa koo sana arrabse.” Nama waa’ee oromummaa, aadaafi safuu baraturraa kun hineegamu” jennaan, baay’ee rifatee booda, “Dhiifama akka naannoo keessanitti safuu ta’uu hinbarre; “ishee cinaa taa’i jechuu barbaadeen **bar**” naan jedhee booda araaramne.

G. Looga barsiisotni kee fayyadamutti hagam itti gammadda? Ilaalchi ati akka waliigalaatti qabdu maal fakkaata?

D10. Ilaalcha gidduugaleessa ta’ en qaba. Barsiisotni yeroo nubarsiisan, looga naannoo tokko ykn lamarratti qofa xiyyeeffachuurra, loogota garaagaraa Oromiyaa keessa jiran hunda xiyyeeffannoo

keessa galchuufi walbira qabuun, Naannoo kanatti maal jedhama? Naannoo biraattihoo? Naannoowwan garaagaraa gidduu garaagarummaa haaldubbiifi aadaawwan akkam akkamiitu jira?Jechuun nu barsiisan jiru garuummoo kanneen haala kanaan barsiisan barsiisota qubaan lakkaa'amani dha.Osoo hunda ta'uu baatanis irri caalaa isaanii haala kanaan nu barsiisan jiraatanii silaa gammachuun koo dacha ta'a ture.

Akka fakkeenyaatti,firri du'ee gara biyyaa deemeetan yennaan deebi'u,qormaata na jala darbeef sababa dhiyeessuuf “namni nurraa duunaanin hafe” jedhee itti himadhe jennaan na lole.”namni kabaja qaba,namatu nu jalaa du'e ykn gaddarran ture jedhama malee akkana hinjedhamu” naan jedhe.Kun ammo,aadaafi haala fayyadamiinsa loogaa naannoo korratti muuxannoo dhabuurraan kan dhufe dha.Loogni naannoo koo fudhatama hinqabuu jechuu dhaa? Sirrii mitii? Hanquu dhaa? Gaaffiilee jedhan kaasuuf dirqisiifameera. Kun ammoo, loogoota kaawwanii gadi akka ta'eefi haala idilawaa ta'een ittiin waliigaluuf gahumsa akka hinqabnetti akkan tilmaamu na taasiseera

G. Looga ykn jechoota barsiisotni kee daree barnootaa keessatti fayyadaman hubachuu dhabuun dhiibbaan sirra ga'e turee? Mee yoo jiraate kan akkam akkamiiti?

D10. Fayyadamiinsa loogaa barsiisaa hubachuu dhabuurraan kan ka'e dhiibbaa uumameen,beekumsaafi dandeettiin ani koorsiin baradhuu san keessatti argachuu malu hir'isuu danda'ee jira.

G. Sababa fayyadamiinsa loogaa barsiisaan madaalliin walqabatee hoo dhiibbaan sirra ga'e jiraa?

D10. Gaaffii qormaataa barsiisaan hiikni jechamaa “madaa saree” jedhu maali jedhee gaafate keessatti,barsiisaan akka filannootti “kan dafee fayyu” isa jedhu fayyadamuurra “kan dafee inu” isa jedhu akka filannoo gaaffichaatti fayyadamuun isaa,hiika looga naannoo isaarratti xiyyeeffate wallaaluun qabxii argachuu malu yeroottan dhabetu ture

G. Baruu fi barsiisuu keessatti fayyadamiinsa loogaan walqabatee gama barsiisaanis ta'e barataan rakoollee uumameera jettee yaaddu eeruu dandeessaa?

D10. Rakkoolleen ilaalcha fayyadamiinsa loogaan walqabatee koorsiilee afaanii tokko tokko keessatti mul'atu,hariiroon barattootaafi barattoota gidduu jiru akkasumas hariiroon barattootaafi

barsiisota gidduu jiru akka daanga'u taasiseera.Kunis,barattootni loogni keenyi dhiibame jedhanii yaadan,loogni naannoo keenyaa maaliif gatii dhabe? Akka warren kaanii maaliif faayidaarra hin oolu? Gaafiilee jedhan kaasuun walitti bu'iinsa uumamuun rakkoolee uumamani dha.

Dhaamsa: fayyadamiinsi loogni naannoo garaagraa milkaa'ina baruufi barsiisuu keessatti gahee guddaa qaba.Looga naannoo dhabamsiisuu ykn balleessuu hin dandeenyu; dhimma aadaafi eenyummaa keenya waliinis walhidhata qaba waan ta'eef.Kanaafuu,walirraa barachuufi walbarsiisuu qabna yaada jedhun qaba.

ODEEFFANNOO KENNAA 11ffaa

G. Maqaan kee eenyu?

D11. Milkiyaas Dukkalleen jedhama

G. Looga Afaan Oromoo kam keessatti guddatte?

D11. Looga Gujii keessattin guddadhe.

G. Looga kam baay'inaan fayyadamta?

D11. Looguma koon baay'inaan fayyadama garuu kanneen kaanis hanga tokko nan yaala innis ergan gara yunivarsitii kana galeeti.

G. Yeroo kutaa keessatti hirmaattu isa kam fayyadamta?

D11. Looga makaan fayyadama garuu irra caalaa kanin fayyadamu,kanin keessatti guddadhe yeroo ta'u,loogawwan kaawwan darbee darbee yoo ta'e malee hinfayyadamu.

G. Barsiisoonni kee garaagarummaa loogaa hagam keessumsiiisu jettee yaadda?

D11. Keessumattuu,yaadannoo qophaa'u keessatti barsiisaan loogoota garaagaraa fayyadamus irra caalaa loogni fayyadamu looga naannoo tokkoo(Wallaggaa)ti;loogni kun looga idilawaa ta'eefi afaan gidduugalaati jedhamee waan fudhatamuuf natti fakkaata.

G. Fayyadamiinsa looga garaagaraa barsiisoota kee akkamitti sadarkeessita?

D11.Akka yaada kootti, sadarkaa fayyadamiinsa isaa gad'aanaa dhan jedha.Sababni,barsiisotni irri caalaa isaanii looga naannoo tokkoorratti qofa xiyyeeffatanii barsiisuu isaaniiti.Gama

tokkoon,gara looga naannoo isaaniitti kan luucceessan yeroo ta’u,gama kaaniin,gara looga waalta’e jedhamu sanatti duufuu isaaniiti.

Akka fakkeenyaatti mee waanin taajjabe tokko isiniif haa qoodu.Bara nuti barnoota seenne,ijoolleen Booranaa, “kitaabotni Afaan Oromoo looga naannoo tokkoorratti qofa xiyyeeffatee barreeffame” ilaalcha jedhu duruma waan qabaniif, muummee Afaan Oromoo galuurra muummee kaan galuu akka filatan boodarra natti himan..

G. Barsiisotni kee jechoota ati hubachuu hindandeenyeen si barsiisanii beekuu? Mee maaltu sitti dhaga’ame?Mee wanti si mudate yoo jiraate ibsi.

D11. Eeeyyeen ni beeka.Yeroo kana miira gaddaatu natti dhaga’ame.Barsiisaan looga naannoo kaanirratti hundaa’ee jechoota ani hubachuu hindandeenye fayyadamuun barsiisuun isaa,loogni ani keessaa dhufe faayidaarra ooluu kan hindandeenyeefi gad’aanaa akka ta’ettan tilmaame.

G. Barsiisootni kee qormaata yeroo qopheessaniifi sororsan garaagarummaa loogaa barattootaa hagam xiyyeeffannoo keessaa galchu?

D11. Barsiisootni keenyi hedduun isaanii kan isaan qormaata qopheessaniifi sororsan, harka caalaa looga kataabni itti barreeffamu(looga barnootaa jedhamee yaadamu),looga naannoo wallaggaa xiyyeeffannoo keessa galchuuni dha.

G. Qajeelfamoota,fakkeeniyotaafi shaakaloota barsiisaan kennu kan seenduubee garaagarummaa barattootaa hagam kan xiyyeeffannoo keessa galche dha?

D11. Qajeelfamoota,fakkeeniyotaafi shaakaloota barsiisaan kennu keessatti, yeroo baay’ee hiika jechoota tokko tokkoo hubachuun na rakkisa ;keessumattuu haalli fayyadamiinsa looga naannoo koo ykn Gujii baay’ee gad’aanaa dha; hinjiru jechuun ni danda’ama.Barsiisotni, daree barnootaas ta’e yaadannoo qopheessan keessatti otoo looga walmakanii fayyadamanii gaarii dha.

G. Looga ati dubbattu malee simannaan ati looga garaagaraa hiriyyoota keetiif qabdu maal fakkaata?

D11. Simannaa gaariin qaba;barachuufis fedhii guddaan qaba sababni isaas,namni afaan ittiin dhalate kessa qofa jiraachuu hindanda’u.

G. Garaagarummaan loogaa walhubannoorratti garaagarummaa ni uuma moo hinuumu jettee yaaddaa? Mee mudannoo ati qabduun walqabsiisuun fakkeenyaan deeggari.

D11. Garaagarummaan loogaa walhubannoorratti garaagarummaa ni uuma jedheen yaada. Hanga garaagarummaan loogaa jirutti garaagarummaan hubannoos ni jiraata. Loogni kiyya looga barnootaa ta'uu dhabuurraan kan ka'e yeroo mara barattootnis ta'e barsiisotni jechootan ani fayyadamu hinbeekani ykn hubachuuf rakkatu; haaluma walfakkaatuun, kan isaaniitiinis hubachuuf nan rakkadha.

G. Looga barsiisotni kee fayyadamanitti hagam itti gammadda? Ilaalchi ati akka waliigalaatti qabdu maal fakkaata?

D11. Ilaalcha gidduugaleessa ta'en qaba. Barsiisaan yeroo baay'ee looga barnootaa ykn murtaa'oo ta'an irratti qofa xiyyeeffata; looga garaagaraa barattootaas otoo walcinaa fayyadame, baruufi barsiisuu milkaa'aa ta'e geggeessuu danda'a jedheen yaada.

G. Looga ykn jechoota barsiisotni kee daree barnootaa keessatti fayyadaman hubachuu dhabuun dhiibbaan sirra ga'e turee? Mee yoo jiraate kan akkam akkamiiti?

D11. Eeyyeen dhiibbaa narraan ga'eera. Yeroo baay'ee yeroon qo'adhu, sababa haala fayyadamiinsaa jechootaa barsiisaatiin jechoota hedduu hubachuu dhabuurraan kan ka'e yeroottan tilmaama ykn hiika hinmadaalle kennaa turetu ture; yeroo kun na mudatu, baay'inaan hiriyyoota koon gaafadha ture.

Dhaamsa: Looga barnootaa cinaan, looga naannoo tokkoo qofa gidduugala godhatanii barsiisuurra, fayyadamiinsi loogaa daree keessaas ta'e yaadannoo barsiisaan qopheessu keessatti, otoo jechoota garaagaraa loogoota naannoo Oromiyaa gidduugala godhatanii gaarii dha jedheen yaada.

ODEEFFANNOO KENNAA 12ffaa

G. Maqaan kee eenyu?

D12. Tasfaayee Geetaachoon jedhama

G. Looga Afaan Oromoo kam keessatti guddatte?

D12. Looga Dhiyaa keessattin guddadhe.

G. Looga kam baay'inaan fayyadamta?

D12. Looguma naannoo koon baay'inaan fayyadama.

G. Yeroo kutaa keessatti hirmaattu isa kam fayyadamta?

D12. Looga makaan fayyadama garuu yeroo baay'ee kanin fayyadamu, kanin keessatti guddadhe dha. Kitaabotni barreeffamaniifi fayyadamiinsi loogootaa barsiisotaas irra caalaa looga naannoo koorratti kan hirkate dha waan ta'eef, hirmaannaan ani baruufi barsiisuu keessatti qabu daran naaf mijeessee jira.

G. Barsiisoonni kee garaagarummaa loogaa hagam keessumsiiisu jettee yaadda?

D12. Barsiisotni garaagarummaa loogaa barattootaa kanneen simatan jiru; kan hinsimatiinis jiru. Kanneen simachuun barsiisan, loogoota naannoo garaagaraa walcinaa fayyadamuun barsiisan jiru garuu kana kana godhan barsiisota qubaan lakaa'amani dha.

G. Barsiisotni kee jechoota ati hubachuu hindandeenyeen si barsiisanii beekuu? Mee maaltu sitti dhaga'ame? Mee wanti si mudate yoo jiraate ibsi.

D12. Loogni barnootaa irra caalaa loogan ani fayyadamurratti kan duufe dha waanta'eef, anaan hagas mara hubachuuf wanti na rakkise hinturre garuu hiriyyoota koo keessumattuu looga naannoo Boorana, Gujiifi Harargeerraa dhufanii yeroo mara hubachuuf yeroo rakkatan garuu taajjabeera.

G. Barsiisootni kee qormaata yeroo qopheessaniiifi sororsan garaagarummaa loogaa barattootaa hagam xiyyeeffannoo keesssa galchu?

D12. Barsiisotni yeroo qormaata qopheessanis ta'e sororsan garaagarummaa barattootaa xiyyeeffannoo keessa galchu garuummoo yeroo baay'ee hiriyyootni koo naannoowwan loogaa Bahaafi Kibbaarraa dhufanii yeroo himatan nan dhaga'a.

G. Looga ati dubbattu malee simannaan ati looga garaagaraa hiriyyoota keetiif qabdu maal fakkaata?

D12. Looga kan koo malee kaawwan barachuudhaaf fedhii guddaan qaba. Yeroo tokko, naannoo kaaffee dhimma wayii raawwachiisuuf yeroon dhaqu, qaamni na keessumsiiisu sun “**namootni bacaa waan jiraniif booda deebi’i**” naan jedhe; ani garuu battalmatti waaninni naan jedhe otoo hinhubatiin callisee biraa deeme. Sana booda, nama dhalataa naannoo gujii ta’e “**bacaa** jechuun maal jechhudha?” jedhee gaafannaan “baay’ee ykn hedduu” jechuu dha naan jedhe. Ergasii looga Gujiis ta’e kaawwan baruuf fedhiin horadhe. Achumaanis itti fufuun, jechootni tokko tokko naannoowwan garaagaraatti maal maal akka jedhaman walbira qabuun barachuun eegale. Kabajni ani loogawwan garaagaraa Oromiyaa keessa jiraniif qabu ol’aanaa dha.

G. Garaagarummaan loogaa walhubannoorratti garaagarummaa ni uuma moo hinuumu jettee yaaddaa? Mee mudannoo ati qabduun walqabsiisuun fakkeenyaan deeggari.

D12. Walhubannoorratti garaagarummaa ni qabaata. Kanaaf ammoo mudannoon koo armaan olitti kaase kun fakkeenya guddaa ta’a jedheen yaada

G. Looga barsiisonni kee fayyadamanitti hagam itti gammadda? Ilaalchi ati akka waliigalaatti qabdu maal fakkaata?

D12. Haala amma jiruun, anaaf haalli fayyadamiinsaa loogaa barsiisaa natti toleera garuu loogawwan garaagaraa barattootaa xiyyeeffannoo kessa galchuun barsiisuurratti wanti hafu akka jirutti natti mul’ata.

Dhaamsa: Oromoofi Afaan Oromoon galaana. Afaanuma tokko fkn. Afaan Oromoo keessa garaagarummaan fayyadamiinsaa ni jiraata. Rakkoolee ilaalchaan akkasumas hubannoon walqabatan furuuf, loogni ,garaagarummaa haala gidduugala godhateen waalta’uu ykn gar-tokkotti dhufuun baruufi barsiisuurratti faayidaarra ooluu qaba.

ODEEFFANNOO KENNAA 13ffaa

G. Maqaan kee eenyu?

D13. Abdii Asfaawn jedhama

G. Looga Afaan Oromoo kam keessatti guddatte?

D13. Looga Dhiyaa keessattin guddadhe.

G. Looga kam baay'inaan fayyadamta?

D13. Osoo gara yunivarsitii hindhuftiin dura looguma naannoo koon fayyadamaa ture; ergan yunivarsitii galee loogawwan kaanis adeemsa keessa baruun hanga ta'e fayyadamuun jalqabe garuummoo loogni ani irra caala ykn baay'inaan fayyadamu kanin keessatti guddadhe sana dha.

G. Yeroo kutaa keessatti hirmaattu looga kam fayyadamta?

D13. Yeroo tokko tokko, daree barnootaa keessattis ta'e daree barnootaan ala waaniin ani jedhe hiriyyoota koo loogawwan kaanirraa dhufan birattis akkanni hubatamu, jechoota muraasa ani beeku haala walmakaa ta'een walfaana nan fayyadama garuu yeroo baay'ee kanin ani hirmaannaa keessatti fayyadamu, kanin keessatti guddadhe dha.

G. Barsiisoonni kee garaagarummaa loogaa hagam keessumsiiisu jettee yaadda?

D13. Barsiisotni yeroo nu barsiisan garaagarummaa loogaa xiyyeeffannoo keessa ni galchu; kana jechuun garuu haalli fayyadamiinsa isaanii quubsaa ykn gahaa dha jechuu miti.

Fkn.Koorsiilee barannu keessatti, keessumattuu, koorsiilee dandeettii keessatti garaagarummaan loogaa xiyyeeffannoo argatu; fayyadamiinsi akkasii kunis kaninni mul'atu barsiisota baay'ee muraasa ta'an biratti dha.Koorsiilee kaawwan keessatti garuu xiyyeeffannoon garaagarummaa loogaatiif kennamu gad'aanaa dha.

G. Fayyadamiinsa looga garaagaraa barsiisoota kee akkamitti sadarkeessita?

D13. Barsiisotni loogawwan garaagaraa jiran keessaa kan isaan hedduuminaan fayyadaman looga naannoo keenyaa(dhiyaa)fi gidduugala dha; keessumattuu,haalli fayyadamiinsaa loogawwan Bahaafi Kibbaa gad'aanaa dha.Kanaafuu,sadarkaan fayyadamiinsa isaa gidduugaleessa dha yaada jedhun qaba.

G. Barsiisaan kee jechoota ati hubachuu hindandeenyeen si barsiisee beekaa? Mee wanti si mudate yoo jiraate ibsi.

D13. Yeroo baay'ee miti garuu darbee darbee ni mul'ata. Mee mudannoo hiriyyaa koo tokko isiniif haa qoodu; yeroo ta'e, barsiisaan looga naannoo dhiyaarraa dhufe tokko, barataan barfatee dhufe tokko yeroonni olseenuuf karra rukutu '**lixi**' jennaan, barataan looga Bahaa irraa dhufe, barsiisaan '**deemi**' waan isa jedhe se'ee hinseeniin hafe tokko nan yaadadha. Egaa kun rakkoo walhubannoo garaagarummaa loogaatiin uumame dha jedheen yaada.

G. Looga ati dubbattu malee simannaan ati looga garaagaraa hiriyyoota keetiif qabdu maal fakkaata?

D13. Afaanuma tokko keessatti loogatu adda adda ta'e malee hunduu kanuma keenya; hundeen isaanii tokkuma. Loogawwan hiriyyoota koo kaawwan barachuuf fedhiin ani qabu ol'aanaa dha; ilaalchi ani qabus gaarii dha.

G. Garaagarummaan loogaa walhubannoorratti garaagarummaa ni uuma moo hinuumu jettee yaaddaa? Mee mudannoo ati qabduun walqabsiisuun fakkeenyaan deeggari.

D13. Ni uuma jedheen yaada. Hubannoo keenya kan murteessu haalli fayyadamiinsa loogaa keenya dha jedheen yaada. Haala fayyadamiinsaa keessatti ammo garaagarummaan loogaa jiraachuun isaa beekamaa dha. Fkn. jechi naannoo Harargeetti **akka safuutti** ilaalamu, naannoo keenyatti **sirrrii ykn idilawaa** dha jechuu dandeenya. Kanafuu, jechoota naannoowwan loogaa garaagaraa unkaan walfakkaatanii hiikaan adda adda ta'an jiru; yoo haala fayyadamiinsa jechootaa loogawwan naannoo kanneenii yoo barre malee hubannoon nuyi qabaannu adda adda ykn dogoggora ta'a jechuu dha. Gama kaaniin, akka fakkeenya dabalaatti, hiriyyaa koo looga naannoo biraarraa dhufe; doormii tokko keessa waliin jiraachaa turre tokko, "**bishaan naa qici**" naan jedhe jennaan, hubachuu dadhabeen maal jechuu akka ta'e yeroottin gaafadhetu ture; boodarra '**qici**' jechuun '**buusi**' jechuu dha naan jedhe. Kun mudannoon ani qabu keessaa isa tokko ture.

Inni biroo, fayyadamiinsi loogaa barattoota naannoo loogaa garaagaraarraa dhufan mitiitii, barattootuma naannoo loogaa walfakkaatu keessaa dhufan gidduuttillee garaagaraummaan walhubannoo ni uumama. Akka fakkeenyaatti, Ogeessootni hedduun isaanii looga Wallaggaafi Jimma akka looga lixaatti garee tokko jalatti ramadu; garuu loogi jimmaafi wallaggi tasuma

walhinargu Fkn.Kan wallaggatti ‘**gaarii dha**’ jedhamu,jimmatti ‘**baroodha**’ jedhama;kana wallaggi hin beeku;

G. Looga barsiisotni kee fayyadamutti hagam itti gammadda? Ilaalchi ati akka waliigalaatti qabdu maal fakkaata?

D13. Hangi gammachuu kootii gidduu galeessa dha.Akka yaada kootitti,barsiisotni looga idilawaa jedhaman fayyadamuun barsiisuutu irraa eegama ta’a;barsiisotni guutummaa guutuutti isa idilawaa fayyadamuun nu barsiisan hanga isaanii baay’aa xiqqaa dha.Barsiisotni isa idilawaa walcinaan loogoota garaagaraa gidduugala godhachuun barsiisanis haaluma walfakkaatuun hanga isaanii xiqqaa dha.Barsiisotni irra caalaa looga naannoo murtaa’e tokkorratti xiyyeeffachuun nu barsiisan garuu hanga isaanii ol’aanaa dha.

G. Sababa fayyadamiinsa loogaa barsiisotaan, madaalliin walqabatee hoo dhiibbaan sirra ga’e jiraa?

D13. Eeyyeen dhiibbaa ni qabaata.Mudannoon ani qabu, yeroo ta’e, barsiisaan keenya jechi “**manaaba**” jedhu hiikni isaa maal akka ta’e qormaataarratti nu gaafatee hubachuu dahabee deebii sirrii osoo hinargatiin hafeera. Hiriyyootni koo naannoo Harargeerraa dhufan garuu milkaa’uu danda’aniiru.

Barsiisotni tokko tokko qormaata yeroo nu qoran “kallattiidhaan jechan ani fayyadame fayyadamuu qabdu ykn akkan ani yaadetti barreessuu qabdu” jedhu.Kan isaan irratti xxiyyeeffataniin ala looga keenya gidduugala godhachuun yaada keenya yeroo ibsinu,barsiisotni kunneen seenduubee garaagarummaatiif osoo hindhiphatiin qormaaticha sororsu waan ta’eef, hanga qabxii argachuu mallu sana hinargannu ykn yerootti dhowwatamnutu ture.

Dhaamsa: Rakkoolee fayyadamiinsa loogaa waliin walqabatee uumamu hanga ta’e furuuf,ogeessotni xiinqoqaafi kaawwan walitti dhufanii garaagarummaa loogota gidduu jiru dhiphisuuf ykn afaan ammallee waalteessuun carraa walhubannoofi waliigaltee bal’isuuf,’hawaasarraa yaada fudhatanii irratti hojjachuu ykn qorannoo geggeessuu qabu’ yaada jedhun qaba;anallee ta’u gama kootiin akka ogeessa afaaniitti irratti hirmaachuuf qophaa’aa dha. Naannoowwan loogaa garaagaraa mitii warruma looga tokko jalatti ramadaman gidduullee garaagarummaan ni jira.Kanaafuu,barataa duuba hawaasni waan jiruuf,jecha haaraa ykn looga nama baratee qofa waalteessanii fayyadamuurra,dhimmi loogaa hawaasa hinbaratiinis xiyyeeffannoo argachuu qaba.

ODEEFFANNOO KENNAA 14ffaa

G. Maqaan kee eenyu?

D14. Haji Ahimad Idris jedhama

G. Looga Afaan Oromoo kam keessatti guddatte?

D14. Looga Kibba Bahaa keessattin guddadhe.

G. Looga kam baay'inaan fayyadamta?

D14. Sababa barnootaan dhufee loogawwan Oromiyaa garaagaraas fayyadamuuf carraan uumamus baay'inaan garuu kanin keessati guddadhen fayyadama.

G. Yeroo kutaa keessatti hirmaattu looga kam fayyadamta?

D14. Daree barnootaa keessatti haala hunda galeessa ta'een waalteessee fayyadamuu nan yaala garuu isa akka kan koo sanatti haala si'aahaa ta'eefi qindoomina qabuun daddaffiin fayyadamuun na rakkisa waan ta'eef irra caalaa looga naannoo koo fayyadamuunin hirmaadha.

G. Barsiisoonni kee garaagarummaa loogaa hagam keessumsiiisu jettee yaadda?

D14. Barsiisotni garaagarummaa loogaa ni keessumsiiisu garuu irra caalaa fayyadamiinsi isaanii looga naannoo murtaa'aa ta'e tokko ykn looga naannoo isaaniirratti kan duufe dha.

G. Barsiisiisotni kee jechoota ati hubachuu hindandeenyeen si barsiisanii beekuu?

Mee wanti si mudate yoo jiraate ibsi.

D14. Eeyyeen.Koorsii tokko,'sakatta'iins ogbarruu Oromoo'jedhamu, seenaa Onasmoos Nasiib waliin walqabatee yeroo barannu, barsiisaan.....addoofi gajaraa qabatani.....jechuun ibse keessatti jechi “**gajaraa**” jechuun fayyadame tokko yerootti hubachuuf na rakkisetu ture.Akka naannoo keenyaatti “**mencaa**” jedhama.Kun akka fakkeenyaatti waanin taajjabe keessaa isa tokko dha.

G. Barsiisootni kee qormaata yeroo qopheessaniifi sororsan garaagarummaa loogaa barattootaa hagam xiyyeeffannoo keessaa galchu?

D14. Irra caalaa looguma barnootaa ykn looga murtaawaa barsiisaan irra dedddeebiin fayyadamurratti kan xiyyeeffate dha. Xiyyeeffannoon garaagarummaa loogaa barattootaatiif kennamu gad'aanaa dha.

G. Looga ati dubbattu malee simannaan ati looga garaagaraa hiriyyoota keetiif qabdu maal fakkaata?

D14. Loogawwan hunda baruuf kaka'umsaafi fedhii guddaan qaba. Hundaafuu kabajan ani qabu ol'aanaa dha. Waliigalteefi walhubannoon ani hiriyyoota koo waliin qaburraa ka'uun, barattootni hedduun isaanii waanin Harargeerraa dhufefaa itti hin fakkaatu.

G. Garaagarummaan loogaa walhubannooratti garaagarummaa ni uuma moo hinuumu jettee yaaddaa? Mee mudannoo ati qabduun walqabsiisuun fakkeenyaan deeggari.

D14. Ni uuma yaada jedhun qaba. Mudannoon koo armaan duratti (**Fkn....gajaraa...**) ibse sun ragaa tokko ta'uu danda'a.

G. Looga barsiisotni kee fayyadamutti hagam itti gammadda? Ilaalchi ati akka waliigalaatti qabdu maal fakkaata?

D14 Hunda jedhuu baadhus barsiisotni muraasni haalli isaan itti baruufi barsiiuu keessatti garaagarummaa loogaatiif xiyyeeffannoo itti kennan na gammachiisa. Akka waliigalaatti ilaalchi ani qabu gidduugaleessa dha.

Dhaamsa: Baruufi barsiisuu keessatti loogoota Afaan Oromoo waalta'an qofa fayyadamna jennee yoo yaadne rakkisaa dha. Loogoota hin waaltofnes fayyadamuun akkatti gara waaltinaatti dhufanirratti hojjachuu qabna; sababni isaas, looga garaagaraa barattootaa fayyadamuun, barattootni looga isaaniitiin yaada isaanii ibsachuun, barnootaafi madaallii isaaniirratti akka milkaa'an akkasumas loogni dhimma duudhaa, aadaa akkasumas eenyummaa barattootaati waan ta'eef, barattootni hiriyyootaafi barsiisota isaniirratti ilaalcha gaariis qabatanii akka ba'an haala mijeessa waan ta'eef jajjabeeffamuu qaba jedheen yaada.

ODEEFFANNOO KENNAA 15ffaa

G. Maqaan kee eenyu?

D15. Jaalalloo To'ashaan jedhama

G. Looga Afaan Oromoo kam keessatti guddatte?

D15. Looga Bahaa keessattin guddadhe

G. Looga kam baay'inaan fayyadamta?

D15. Loogan keessatti guddadhe, looguma koon, baay'inaan fayyadama.

G. Yeroo kutaa keessatti hirmaattu isa kam fayyadamta?

D15. Looga naannoo koo tiifi looga barnootaa sanan fayyadama. Loogni baay'inaan ykn irra caalaa fayyadamu garuu looga naannoo ani keessatti guddadhe dha.

G. Barsiisoonni kee garaagarummaa loogaa hagam keessumsiiisu jettee yaadda?

D15. Barsiisootni keenyi yaadannoo qopheessanis ta'e daree barnootaa keessatti yeroo nu barsiisan, garaagarummaa loogaa barattootaa ni keessumsiiisu garuu barsiisotni hedduun kan irra caalaa ykn baay'inaan gidduugala godhachuun nu barsiisan looga naannoo isaanii ti.

G. Fayyadamiinsa looga garaagaraa barsiisoota kee akkamitti sadarkeessita?

D15. Akkuman duratti kaasuuf yaale, barsiisotni keenyi hedduun isaanii looga garaagaraa barattootaarratti xiyyeeffachuun barsiisuurra, looga murtaa'aa tokko ykn naannoo isaaniirratti xiyyeeffatu. Kanaafuu, hangi fayyadamiinsa isaanii gad'aanaa dha yaada jedhun qaba.

G. Barsiisiiisotni kee jechoota ati hubachuu hindandeenyeen si barsiisanii beekuu? Mee wanti si mudate yoo jiraate ibsi.

D15. Eeyyeen. Yeroo tokko barsiisaan keenyi looga naannoo lixaarraa dhufe tokko yeroo nu barsiisu, daree barnootaa keessatti jecha'eegoo' jechuun ariitiidhuma keessa akka tasaa fayyadame, nu biratti hin beekamu waan ta'eef hubachuuf rakkadhee yeroottan barsiisaa gaafadhetu ture. Booda garuu barsiisaan 'kan intala ykn ilma hangafaatti aanee dhalatu/ttu ykn quxisuu' ta'uu isaa erga natti himee garuu hubachuu danda'eera.

G. Barsiisootni kee qormaata yeroo qopheessaniifi sororsan garaagarummaa loogaa barattootaa hagam xiyyeeffannoo keesssa galchu?

D15. Qabiyyee qormaata baasanii keessattis ta'e qormaata sororsuu keessatti, barsiisotni baay'een isaanii irra caalaa looga naannoo isaanii yeroo gidduugala godhatanin taajjabe.

G. Looga ati dubbattu malee simannaan ati looga garaagaraa hiriyyoota keetiif qabdu maal fakkaata?

D15. Simannaa gaariin qaba. Kan koos barsiisuuf, kan kaawwanii barachuuf fedhii guddaan qaba. sanas gochaan jira. Loogawwan naannoo garaagaraa keessaa, keessumattuu, loogni dhiyaafi gidduugalaa afaan irra caalaa barnootni itti kennamu dha jedhamee waan yaadamuuf, fedhiin ani kanneen barachuuf qabu daran ol'aanaadha.

G. Garaagarummaan loogaa walhubannoorratti garaagarummaa ni uuma moo hinuumu jettee yaaddaa? Mee mudannoo ati qabduun walqabsiisuun fakkeenyaan deeggari.

D15. Walhubannoorratti garaagarummaa ni uuma. Kanin duratti daree barnootaa keessatti na mudate jedhee armaan duratti kaase kanaaf fakkeenya ta'uu danda'a

G. Looga barsiisotni kee fayyadamutti hagam itti gammadda? Ilaalchi ati akka waliigalaatti qabdu maal fakkaata?

D15. Fayyadamiinsi loogaa barsiisaadhaa barsiisaatti garaagarummaa ni qabaata; kan barnootaa sana qofa fayyadamuun kan barsiisu jira; kan barnootaa sanaafi kan naannoo isaa walduukaa fayyadamuun kan barsiisu jira; kan barnootaafi loogawan garaagaraa barattootaa walduukaa fayyadamuun barsiisu jira. Walumaa galatti, fayyadamiinsa irra caalaa barsiisotaa bu'uura godhachuun sadarkaa gammachuu koo yeroon sadarkessu, gidduugaleessa yaada jedhun qaba.

G. Sababa fayyadamiinsa loogaa barsiisaan, madaalliin walqabatee hoo dhiibbaan sirra ga'e jiraa?

D15. Haga ammaatti gama kootiin wanti na mudate hinjiru.

G. Baruu fi barsiisuu keessatti fayyadamiinsa loogaan walqabatee gama barsiisaanis ta'e barataan rakoolee uumameera jettee yaaddu eeruu dandeessaa?

D15. Baruu fi barsiisuu keessatti, fayyadamiinsi loogaa garaagarummaa barattootaa xiyyeeffannoo keessa hingalchine, madda rakkoolee ilaalchaa, hubannoofi madaallii barattootaa ni

ta'u.Kunneen immoo,barattootni fedhii,hamilee fi kaka'umsa gaariin akka barnoota isaanii hin hordofne sababa ta'u.Akka barataa afaaniitti mudannoo koofi kan hiriyyoota koorraa ka'uun wantootni ani taajjabe,barattootni sababa rakkoolee isaan mudataniin, barsiisaafi koorsii baratan jibbuu,walitti bu'uu,qabxii waliigalaarratti milkaa'uu dhabuufi kkf yeroo garaagaraatti saaxilamuu danda'uu isaaniiti.Rakkooleen kunneen ammoo rakkoolee barnoota afaanii keessatti xiyyeeffannoo argachuu qabaniifi fala barbaadani dha.

Dhaamsa: Fayyadamiinsa keessatti garaagarummaa bal'aa gama loogaan mul'atan dhiphisuun, kaayyoo baruufi barsisuu milkaa'ina qabu dhugoomsuun kan danda'amu,hanga danda'ametti jechoota hunda galeessa ta'an fayyadamuun ykn ammallee afaan gara waaltinaatti fiduun, rakkoolee garaagaraa barnoota afaanii keessatti mudatan hir'isuun ni danda'ama.

ODEEFFANNOO KENNAA 16ffaa

G. Maqaan kee eenyu?

D16. Koosaan TLoluun jedhama

G. Looga Afaan Oromoo kam keessatti guddatte?

D16. Looga Afaan Oromoo gidduugalaa keessattin guddadhe

G. Looga kam baay'inaan fayyadamta?

D16. Looguma koon baay'inaan fayyadama garuu ergan yunivarsiitii galee hanga ta'e carraa loogawwan kaanis baruu ykn fayyadamuu argadheera.

G. Yeroo kutaa keessatti hirmaattu isa kam fayyadamta?

D16. Gaaffiifi deebiirrattis ta'e dhiyeessa abbaltiiwwan garaagaraarratti yeroon hirmaadhu, looguma naannoo koon fayyadama.

G. Barsiisoonni kee garaagarummaa loogaa hagam keessumsiiisu jettee yaadda?

D16. Barsiisotni garaagarummaa loogaa ni keessumsiiisu; yeroon kana jedhu garuu barsiisota hundatu haala walfakkaatuun keessumsiiisu jechuu miti; fayyadamiinsa loogaan walqabatee, barsiisota gidduu garaagarummaa guddaatu jira

G. Fayyadamiinsa looga garaagaraa barsiisoota kee akkamitti sadarkeessita?

D16. Hangi barsiisotaa garaagarummaa loogaa barattootaa gidduugala godhachuun barsiisanii muraasa dha.Kanaafuu,sadarkaan fayyadamiinsa isaanii gidduugaleessa dha yaada jedhun qaba.

G. Barsiisiisotni kee jechoota ati hubachuu hindandeenyeen si barsiisanii beekuu? Mee wanti si mudate yoo jiraate ibsi.

D16. Fayyadamiisi loogaa garri caalu gara looga naannoo kootti kan duufe dha waan ta'eef,darbee darbee yoo ta'e malee hagas mara jechootni hubachuuf na rakkisan hinturre.

G. Barsiisootni kee qormaata yeroo qopheessaniifi sororsan garaagarummaa loogaa barattootaa hagam xiyyeeffannoo keesssa galchu?

D16. Barsiisotni loogawwan garaagraa fayyadaman jiru garuummoo qormaata qopheessuus ta'e sororsuu keessatti fayyadamiinsi loogaa isaanii harka caalaa looga isa dhiyaafi gidduugaleessaa xiyyeeffannoo keessa kan galche fakkaata.

G. Looga ati dubbattu malee simannaan ati looga garaagaraa hiriyyoota keetiif qabdu maal fakkaata?

D16. Loogan ani keessatti guddadheen ala fedhiin ani loogawwan garaagaraa barachuuf qabu akkasumas kabajni ani isaaniif qabu ol'aanaa dha.

G. Garaagarummaan loogaa walhubannoorratti garaagarummaa ni uuma moo hinuumu jettee yaaddaa? Mee mudannoo ati qabduun walqabsiisuun fakkeenyaan deeggari.

D16. Kun gaaffii hinqabu.Hanga garaagarummaan loogaa jirutti garaagarummaan hubannoos ni jiraata jedheen yaada.

G. Looga barsiisotni kee fayyadamutti hagam itti gammadda? Ilaalchi ati akka waliigalaatti qabdu maal fakkaata?

D16. Barsiisotni loogota Afaan Oromoo garaagaraa haala giddugala godhateen ykn haala hunda galeessa ta'een barsiisuun,baruufi barsiisuu haala salphaa ta'eefi mikaa'ina qabuun geggeessuun kan baay'ee nama boonsan jiru;Kunneen garuu barsiisota qubaan lakaa'amani dha;baay'een isaaanii garuu faallaa kanaan hojiin isaanii kan baay'ee nama hingammachiifne dha.Kanaafuu,sadarkaan gammachuu koo gad'aanaa dha.

Dhaamsa: Baruufi barsiisuu keessatti,Oromoon afaan tokko haasa'aa sababa garaagarummaa loogaan walhubachuu dhabuun isaa rakkoo guddaadha waan ta'eef,dhimmamtootni garaagaraa

barnoota afaanii keessatti kallattiinis ta'e alkallattiin qooda fudhatan, garaagarummaa kana guutummaa guutuutti gara tokkotti fiduu baatanis dhiphisuurratti hojjachuu qabu. Kanneen waaltina afaaniirratti hojjatanis hojiin manaa guddaan akka isaan eeggatutti natti dhaga'ama.